# Yunivarsiitii Addis Ababaa

# Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaa, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii


## AFSEENESSOOTA IJAARSA EENYUMMAA TORBAN OBOO: YAAXXINA IJAARSA HAWAASUMMAATIIN

**Waraqaa Qorannoo Digirii Doktorummaa Falaasamaa Afaan Oromoofi Fooklooriin**


**Qorataan : Girmaa Dachaasaa**



**Hagayya, 2017/25**

**Finfinnee, Oromiya**

**AFSEENESSOOTA IJAARSA EENYUMMAA TORBAN OBOO: YAAXXINA IJAARSA HAWAASUMMAATIIN**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Doktorummaa Falaasamaa Muummee Afaan Oromoofi Fooklooriitti kan Dhihaate**

Ittiin Guuttannaa Digirii Doktora Falaasamaa Afaan Oromoofi Fooklooriin

**Qorataan: Girmaa Dachaasaa**

**Gorsitoonni: Asafaa Tafarraa ( Ph D)**

**Addunyaa Barkeessaa (Ph D)**

**Yunivarsiitii Addis Ababaa, Finfinnee**

**Hagayya, 2017/25**

## Ibsa

Qorannoon ani mataduree ‘Afoolaafi Eenyummaa: Af-Seenessoota Ijaarsa Eenyummaa Torban Oboo: Yaaxxina Ijaarsa Hawaasummaatiin’ jedhu irratti geggeesse kun hojii dhuunfaa koo akka ta’eefi yunivarsiitii kamituu kan hindhihaatiin ta’uu isaan ibsa. Hojiileen namoota biroo qorannoo kana keessatti waabeffataman hundi immoo beekamtii kennuun wabii keessatti tarreeffamuun mirgi abbummaa isaanii eegamee jira.

Maqaa: Girmaa Dachaasaa ____________

Bara: 2017/25

Bakka: Yunivarsiitii Addis Ababaa

## Mirkaneessaafi Mallattoo

Akka miseensa boordii qorannootti, waraqaa xumuraa PhD Girmaa Dachaasaa Mootii mata duree "Afseenessoota Ijaarsa Eenyummaa Torban Oboo: Yaaxxina Ijaarsaatiin" jedhu irratti dhiheesse dubbisnee madaaluu keenya ni mirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa Digirii Doktorummaa Falaasamaa(PhD) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiin ulaagaa guuttachuu isaan fudhatameera.

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Eebba Boodaa

______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Xilaahun Taliilaa (Haala mijeessaa)

______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Taaddasaa Jaallataa (Qoraa Keessaa)

______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Ashannaafii Balaay (Qoraa Alaa)

_________________ ______________

Mallattoo Guyyaa

Hojii qorannoo kana gorsaafi qajeelcha keenya jalatti gaggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa PhD guutee kan dhihaate ta'uu mirkaneessineerra.

Dr. Addunyaa Barkeessaa

______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Asafaa Tafarraa

______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

## Galata

Galma ga'insaa qorannoo kanaatiif namoonni kallattii garaagaran gargaarsa naaf taasisan hedduudha. Kanneen keessaa jalqabarratti gorsitoota koo waraqaa kana dubbisuun yaadaafi qajeelfamoota barbaachisoo gabbisuu danda'an gargaarsa olaanaa naaf godhan Dr. Asafaa Tafarraafi Dr. Addunyaa Barkeessaaf galata guddaan qaba.

Itti dabalee, qorannoo kana dubbisuun gulaallii barbaachisaafi gargaarsa yaadaa naaf gochuun qorannoo kanaa keessatti qooda fudhate miiltoo hojii koo kan ta'e Duulaa Kafanaa (PhD) guddaan galateeffadha. Itti aansuun, haadha manaa koofi ijoollee koo yeroo barnootaa dheeraa kana nuffa malee na waliin turaniif galanni koo guddaadha.

Kanneen malee, obbolaan koo Mallasaa Dachaasaafi Bookaa Dachaasaa kallattii garaagaraan gargaarsa olaanaa naaf taasisaniifi namoota dirreewwan qorannoo ragaaleen irraa funaanamanitti ana waliin bobba'uun gargaarsa ogummaa ragaalee waraabuufi qindeessuudhaan deggersa garaagaraa naaf taasisan: Dagaagaa Daadhiifi Tamasgeen Filee baay'een galateeffadha. Akkasumas, maatii koo haadha manaa koo aadde Araggaash Moosisaa, ijoollota koo Kennaafi Naata'aa yeroo turtii barnootaa kana keessatti hamilee naaf kennuun na waliin turuu keessaniif galatoomaa.

Dhumarrattis, raghimtoota ragaalee qorannoo naaf kennan, hawaasa Torban Oboo Shawaa Bahaa, gandoota aanaa Boosat qorannoon kun irratti geggeeffamee, akkasumas, hojjettoota Waajjira Bulchiinsaafi Aadaafi Turizimii aanaa Boosat hundaaf galata guddaan qaba.

# Baafata

Qabiyyee Fuula


***Axeerara*** **..... 11**

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1**

1.1. Seenduubee ..... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 5

1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa ..... 10

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ..... 10

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 11

1.6. Daangaa Qorannichaa ..... 12

1.7. Hanqina Qorannichaa ..... 13

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ..... 15

1.8.1. Oromoo Tuulamaa ..... 15

1.8.2. Torban Oboo ..... 17

1.8.3. Argama Bakka Qorannoo ..... 20

1.8.4. Aadaa, Amantiifi Amantaa Torban Oboo ..... 21

1.8.4.1. Sirna Irreechaa ..... 23

1.8.4.2. Sirna Gadaa ..... 24

1.8.4.3.. Sirna Araaraafi Nagaa ..... 26

1.8.4.4. Sirna Gaa'elaa ..... 29

1.8.4.5. Aadaa Guddifachaa ..... 30

1.8.5. Dinagdee Torban Oboo ..... 31

1.9. Qindoomina Qorannichaa ..... 34

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 35**

2.1. Seensa ..... 35

2.2. Yaadrimee Eenyummaa ..... 35

2.2.1. Gosoota Eenyummaaa ..... 37

2.2.2. Akkaataa Ijaarsa Eenyummaa ..... 41

2.2.3. Ilaalchawwan Eenyummaa ..... 43

2.3. Eenyummaa Oromoo ........ 44
2.3.1 Qixxee Gosaafi Firaafi Eenyummaa ........ 45
2.3.2 Safuufi Eenyummaa ........ 46
2.3.3. Daangaafi Eenyummaa ........ 48
2.4. Yaadrimee AfSeenessa ........ 51
2.4.1 Faayidaa AfSeenessaa ........ 52
2.4.2. Afseenessaafi Ijaarsa Eenyummaa ........ 54
2.4.3. Gosoota AfSeenessaa ........ 56
2.4.3.1. Raagamtaa ........ 58
2.4.3.2. Afseenaa ........ 60
2.4.3.3. Sheekoo/Durdurii ........ 60
2.4.3.4. Geerarsa ........ 61
2.4.5.5. Faaruu/Weedduu ........ 62
2.4.5.6. Himtee Hidda Dhalootaa ........ 62
2.5. Yaaxxiinaaleefi Maleenyaalee Qorannichaa ........ 64
2.5.1. Yaaxxiina Ijaarsa Hawaasummaa ........ 64
2.5.2 Yaaxxiina Eenyummaa Hawaasaa ........ 66
2.5.3. Yaaxxiina Hiika Fakkoomii ........ 69
2.5.4. Maleenya Qorannichaa ........ 71
2.4.4.1. Gaaffii Seenessaa ........ 71
2.5.4.2. Maleenya Afseenaa ........ 73
2. 5.4.3. Maleenya Seenaa Garee Xiqqaa ........ 75
2. 5.4.4. Seenaa Maatii ........ 77
2.6. Qorannoolee Aantee ........ 77
**BOQONNAA SADII : MALA QORANNICHAA ........ 81**
3.1 Seensa ........ 81
3.2 Falaasamaafi Saxaxa Qorannichaa ........ 81
3.3. Madda Ragaalee ........ 82
3.4. Jamaa Qorannichaa ........ 83
3.5. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 83
3.6. Tooftaalee Funaansa Ragaa ........ 85
3.6.1. Af-gaaffii ........ 86

3.6.2. Marii Garee Xiyyeeffataa ........ 87
3.6.3 Dawwannaa ........ 88
3.7. Muuxannoo Dirree Qorannoo ........ 90
3.7.1. Sakkoo Qorannichaa ........ 90
3.7.3. Gabaasa Raawwii Dirree Qorannoo ........ 92
**BOQONNAA AFUR : AKKAATAA AFSEENNESSOONNI EENYUMMAA ........ 95**
**TORBAN OBOO IBSAN ........ 95**
4.1 Seensa ........ 95
4.2. Afseenessa Hidda Dhalootaafi Eenyummaa ........ 95
4.3. Ijaarsa Qixxee Gosaafi Firaa ........ 113
4.3. Afseenessa Safuu Hawaasaa ........ 117
**BOQONNAA SHAN: AFSEENESSA EENYUMMAA ABBUMMAAA ........ 122**
**LAFAAFI EEGUMSA DAANGAA ........ 122**
5.1. Seensa ........ 122
5.2. Lafti Akka Qabeenya Hawaasaatti ........ 123
5.3. Lafa Baasuufi Eeguu ........ 131
5.4. Ayyaantummaa Qabaachuufi Baabsaa Bobbaasuu ........ 136
5.5 Haqaafi Qulqullummaa Qabaachuu ........ 141
5.6. Waadaa Eeguufi Aadaa Abbaa Jabeessuu ........ 143
5.7. Ilaafi Ilaammee ........ 154
5.8. Tokkummaa Qabaachuu ........ 156
**BOQONNAA JA'A: FAKKOOMII AFSEENESSA EENYUMMAA ........ 159**
**HARIIROO NAMAAFI UUMAMAA ........ 159**
6.1 Seensa ........ 159
6.2. Hariiroo Namaafi Garreen ........ 160
6.3. Hariiroo Namaafi Mukkeen ........ 170
6.4. Hariiroo Namaafi Bineensotaa ........ 180
6.5 Hariiroo Ujubaafi Namaa ........ 189
**BOQONNAA TORBA: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 196**
7.1. Cuunfaa ........ 196
7.2. Argannoo ........ 197
7.3. Yaboo ........ 199

**Wabiilee** ........................................................................................................................ **201**
**Dabaleewwan**.................................................................................................................. **214**
Dabalee 1. Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoo ........................................................................ 214
Dabalee 2- Qabxiilee Daawwanna.................................................................................................. 216
Dabalee 3- Gaafiilee Afgaaffii........................................................................................................ 218
Dabalee 4. Odeeffannoo Raghimtootaa ......................................................................................... 220
Dabalee 5 –Suuraawwan Adda addaa............................................................................................ 222

## **Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Gara Afaan Ingilizzii**

| | |
|---|---|
| Afoola | folklore |
| Afseenessa | Oral narrative |
| Afsenaa | Legend |
| Eenyummaa | Identity |
| Ujuba | Grave yard |
| Maleenya | Approach |
| Raagamantaa | Myth |
| Fakkoomii | Symbolism |
| Gaaffii seenessaa | Narrative inquery |
| Eenyummaa hawaasaa | Social Identity |
| Yaaxxina | Theory |
| Raghimtoota | Informants |
| Ragaa | Data |

### **Jibsoo**

| | |
|---|---|
| Baabsaa | Garee foollee yeroo hunda daangaa eeguuf qophaa'oo ta'an |
| Walaansaa | Warra Gadaa yeroon gadooma isaanii xumuran |
| Afseenessa | Seenessa hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu |
| Ijaarsa Eenymmaa | Haala hawaasni ykn gareen beekumsa , ilaalchaafi amantaa isaa tursiisee dhaloota itti aanutti dabarsu. ibsatuufi kanneen biroon ibsamu |
| Eenyummaa | Akkaataa gareen hawaasaa ykn namni dhuunfaa ittiin of beekuufi of hubatu; qaama biraanillee hubatamu |
| Qixxee goasaa/firaa | Walitti qabama gosaa ykn firaa firoomaan, aadaafi ilaalchaan walfakkaatanii hawaasummaa keessatti walijaaranii jiraatan |
| Ujuba | Bakka/ooyruu owwaalcha dhaloota duraanii ayyaanni abbootaa biratti argama jedhamee amanamu |

### **Gabaajee**

| | |
|---|---|
| AfsTO | Afseenessa Torban Oboo |

## *Axeerara*

*Qorannoon kun mataduree Af-Seeneffamoota Ijaarsa Eenyummaa Torban Oboo irratti kan bu'uure yoo ta'u, kaayyooleen qorannichaas: akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa hawaasaa Torban Oboo ibsan adeessuu, haala afseenessoonni daangaa eenyummaa Torban Oboo addeessan adda baasuufi afsenessoonni Torban Oboo hariiroo uumama naannoofi eenyummaa Torban Oboo agarsiisuu keessatti qaban adda baasudha. Kaayyoolee kanneen galmaan ga'uufis goodinaafi aanaa qubsuma Oromoo Tuulamaa, Torban Oboo ta'an keessaa mala akkayyoon Goodina Shawaa Bahaa naannoo aanaa Boosat fudhachuun daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannootti dhimma ba'uun qoratichaan ragaaleen funaannataman. Maddeen ragaalee qorannoo kanaas: maanguddoota, abbootii Gadaa, foolleewwaniifi hawwan bakka maddaarraa kan filatamn yommuu ta'an, malli akkayyoofi malli darbaadabarsaa immoo malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amanidha. Kana malees, odeeffannoo kana walitti qabuuf dhiyaattinnii dhimma bahame, maleenya gaaffii seenessaa, hidda dhalootaa, seenaa maatiifi kanneen biroos ni jiru. Akkasumas, ragaaleen funaanaman yaaxxiina ijaarsa hawaasummaa, eenyummaa hawaasaafi hiika fakkoomiitti bu'uureffachuun mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahame xiinxalame. Malli qorannoo kunis beekumsa hawaasaa, hiikaa seenaafi hawaasummaarratti kan ijaaramedha. Saxaxni qorannoo kanaa immoo akkaataa ibsaan seenessuufi hiikatti kennuun kan dhimma ba'amedha. Af-seeneffamoota walitti qabamanirraa argamanitti, argannoowwan ijoon qorannoo kanaas:hawaasni Torban Oboo eenyummaa isaanii cimsachuuf hawaasni Torban Oboo achi as dhuftee isaanii dhaloota dhuftuuf tooftaa itti dabarsan ta'uu mul'isa. Hiddi dhalootaa kunis dhiiraafi dubartiin kan barsiifamu ta'uun isaa kan mirkanaa'edha. Dabarsa hidda dhalootaa kana caalmaaatti qabatama taasisuuf sirna 'Dikee'jedhamu ijaarratanii qabu. Dabalataanis,hawaasichi dhimmoota lafaafi daangaa lafaa walqabataniinis akkatatti naannoosaa hubatu hedduu kan qabudha. Laftiifi daangaan lafaa hawaasa kana biratti iddoo guddaa qaba, seera sirna Gadaan kan to'atamudha. Kunis daangaan waan uumamaan jiruu olitti akkaataa yaaduu hawaasaa, gochaalee hawaasaa,ilaalchaafi adeemsa jireenyaa mara kan walitti hidhu ta'uusaa mul'isa. Akkasumas, daangaan lafaafi lafti guddina siyaasaafi dinagdee hawaasa tokkoon kan walqabatu ta'uusaa kan mul'isudha. Itti dabalee, hawaasichi afseenessaan dhimma ba'ee uumama naannoo adda addaa fakkoomiin ibsuun eenyummaa isaa barootaa hanga barootaatti tursiifatee jira. Kunis, hawaasni Oromoo Torban Oboo qabeenyaalee uumamaa naannoo isaanii jiraatan kunuunsuufi ittiin eenyummaa isaa ibsuu keessatti safuu, safeeffannaafi duudhaa hawaasichi qabu cimsuuf haala adda addaan fakkoomiin ibsu. Gosoonni mukkeeniifi bineensotaa adda addaa safuu isaanii eeggatanii akka kunuunfamaniif fakkoomii walhormaataafi bilchina umurii walqabsiisuun sanyiin mukkeen badnaan, sanyiin namaa illee jiraachuu akka hindandeenye cimsuuf gargaaramaniiru. Gaarreeniifi ujubnillee mul'istuu eenyummaa, bakka argama uumaafi ayyaanni abbootii waliin walargan waan ta'eef, uumaamni kunneen bannaan eegereen hawaassichaa baduu akka danda'u ifoomee jira.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Dhalli namaa oguma adda addaa uumee jiruufi jireenya isaa ittiin ibsata. Ogumni dhalli namaa ittiin of ibsu keessaa tokko afseenessa. Afseenessi seenaa yookiin gocha afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu yoo ta'u beekumsa, shaakala, dhala namaafi uumama naannoo karaa beekumsa bal'aa ittiin argachuun danda'amudha (White ,1981). Afseenessi durdurii kaasee waan hawaasni tokko akka gareetti yookiin akka dhuunfaatti qabu kan jechaan ibsu, tartiiba qindeessu, gochoota bifa gabaabaa ta'een kan ibsuufi addeessuudha. Kunis, eenyummaan hawaasa tokkoo kan inni hundaa'u afseenessa wantoota aadaa hawaasichaa ijaaruu danda'an garaagaraa dagaagsuu irrattidha(Oring, 1994). Itti dabaluun, afseenessa keessatti warreen beekamoo ta'an weedduu, mammaaksa, durdurii, raagamtaafi himteen eenyummaa hawaasaa isa gadi fagoo mul'isuu danda'uusaati(Sumner,1996). Afseenessi gosoota fookloorii kanneen biroo caalaa dhimmoota hawaasaa (aadaa, hawaasummaa, siyaasa, dinagdee, eenyummaa, ilaalchaafi kanneen kana fakkaatan) mul'isuudha. Ijaarsi eenyummaa beekumsaafi hubannoon hawaasaa afseenessaan ibsaman keessaa tokko yoo ta'eyyu, eenyummaan ijaaramee jiru afseenessaan ibsama; dhalootattis darbaa deema.

Qo'annoofi qorannoon saayinsii hawaasaafi namoomaa akka agarsiisutti, afseenessoonni ijaarsa, tursaafi ibsa eenyummaa hawaasaa keessatti iddoo guddaa qabu. Hawaasni haala keessa jiraataa ture, kan keessa jiraachaa jiruun walqabsiisee kan keessa jiraachuu barbaadu mijeessachuuf seenessamotatti akka gargaaramu qo'annoofi qorannoon hedduun ni mul'isu. Fakkeenyaaf, seenessi hawaasa Girikii keessattillee eenyummaa isaanii baranii tokkummaan akka jiraatan taasiseera. Freeman and Brockmeier (2001), Archakis and Tzanne (2005) aadaa Girikii keessatti seenessi isaan abboota isaaniirraa dhaalan haga fedhe garaagarummaa yoo qabaatanillee dhimma eenyummaa waloo isaanii dagaagsuurratti

afseenessi dhaga'anii guddatan ga'ee olaanaa akka qabatee jiru ibsaniiru. Kunis, eenyummaan isaan akka garee xiqqaatti afseenessaan walitti himan eenyummaa waloo jaalala, waliif birmannaan qabaniifi eenyummaa aadaa hawaasaa (sociocultural identity) Girikummaa dagaagfachuuf isaan gargaareera (Archakis and Tzanne,2009).

Akkasumas, biyya Fiinlandi keessatti kuufamni fookloorii Kalevala seeneffammaan dhiyaatu hawaasichi eenyummaa isaa baree bilisummaa akka gonfatuuf ga'ee olaanaa ba'eera. Vento (2010: 1) "The *Kalevala* was instrumental in the development of the Finnish national identity and the intensification of Finland's language strife that ultimately led to Finland's independence from Russia in 1917." Kunis kalevalaan guddina eenyummaa, artii, ogabarruu, dhahaa cimsuun hawaasa onnachiisee biyyittiin kolonii Raashiyaafi Iswidin jalaa akka baatuuf gumaachuu isaa ibseera. Kun immoo afseenessi hawaasa tokkoo eenyummaa hawaasichaa gama hundumaan kan mul'isuufi tursiisee kan dhaloota barsiisuu ta'uusaa agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Juma(2016) qorannoo gaggeesseen akka agarsiisetti ardii afrikaa biyya Keeniyaatti immoo gosa hawaasa Abaluhya kan ta'an garee Baantuu keessaa sabni Bukusu jibbaafi jaalala, ciminaafi jabina, amala gaariifi gadhee afseenessaan eenyummaa isaanii akka ibsatan hima. Akkasumas, Juma(2016:9) "Bukusu oral narrative in order to unravel the role they play in constructing Bukusu perceptions on communal coexistence" . Yaadni kun immoo, sabni Bukusu hawaasichi gosa baayyee ta'ee osoo jiruu afseenessaan hubannoo waliin jireenyaa ijaarratee tokkoommaan jiraachuu cimsachuu isaa agarsiiseera.

Itti dabalee, biyya Itoophiyaa keessatti immoo haawaasni Oromoos ta'e kanneen biroo seenaa, aadaafi barsiifata isaanii afseeneffama isaaniin gargaaramanii tursiisuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa jiru. Haaluma kanaan uummanni Oromoos afseenessaan waliin jireenya, aadaa, tokkummaa, safuu hawaasaa, uumamaafi uumama, naannoo isaa kunuunsuufi dhuftee isaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa turuu isaa

namoonni ni ibsu.  Eshete(2008:9 ) faayidaa afseenessi jiruufi jireenya hawaasa Oromoo biratti qabu qabu yoo addeessu,

> Oral narrative  is a medium for transmitting historical knowledge and as an inseparable part of history in the making it has a timeless quality in that it reflects truths of all time of a particular historic moment. In terms of the reconstruction process, the Oromo verbal narrative deals with general historic conditions and cultural events, a sense of reality of those events that can validate the continuity of traditions and history, the relationship of the two, and the way they serve as literary tools that help manipulate the images of the past.

Yaaadni afee armaan olii afseenaan  meeshaa beekumsa seenaafi dhugaa seenaa keessatti raawwate haala yeroon osoo hindaanga’iin dhalootaa dhalootatti dabrsudha.  Adeemsa ijaarsa keessatti afseenessi Oromoo kan xiyyeeffatu  haala seenaa akka waliigalaafi dhimmoota aadaa, miira  dhugaa seenaafi aadaan akka fufsiisuurrattifi walitti dhufeenya seenaafi aadaa gidduu jiru dhugaa hawaasa  darbe keessatti mul’ataa ture kan baatee adeemu ta’uusaa agarsiiseera.

Kana malees, akkuma uummattoota Afrikaa kanneen biroo, qorannoon seenaa Oromoo aadaa afaaniin ibsamurratti akka  hundaa’e (Gada Melba, 1999) ni ibsa. Kun immoo, ijaarsi  eenyummaa dhuunfaa, waloofi garaagarummaa keessoo  saba Oromoos karaa  seeneffama gosoota  fookloorii adda addaan ibsamuu akka danda’u mul’isa. Akkasumas, gareen hawaasa naannoo tokkoo  seeneffama gochaan deeggaramutti gargaaramee eenyummaasaa afseenaassaan ibsata; duudhaan isaas dhalootaa dhalootaatti akka ce’u taasisa. Itti dabaluun, miseensi hawaasichaa  ilaalcha maddummaa (originality) qaban cimsachuuf yookiin immoo  yaada faallaa aadaasaa ta’e seeneffama  mataa isaaniitti gargaaramanii mormu.

Akkasumas, Geremew and Chala (2018) Oromoon Harargee goorowwan ogafaanii addaa addaatti garagaaramee amantaa,ilaalcha, miiraafi gachaalee waloo ibsachaa akka ture addeessu. Itti dabalees,

akkaataan hawaasichi addunyaa kana keessatti walitti dhufeenya wantoota dhala namaa hintaane addeessu oguma isaanii keessatti mul'atee akka jiru himu. Dabalataanis, afseenessa yookiin ogafaan isaaniitti dhimma ba'uun beekumsa, duudhaa,barsiifataafi amantaa uumaafi uumama waliin qaban akka addeessan mul'isaniru.

Itti dabalee, Workineh (2010:138) sabni Oromoo kallattii beekumsa dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture yommuu ibsu "The Oromo also convey their knowledge through a variety of oral media. They have used folktales, songs, riddles, and proverbs to entertain and instruct young children for centuries." Kunis hawaasni Oromoo karaa dubbii afaaniin beekumsa xabboo waa'ee kunuunsa naannoo isaa qabu karaa dur-durii, mammaaksaa, hibboofi weedduun dhaloota barsiisaa turuusaa addeessa.
Kun immoo hawaasni ogbarruu barreeffamaan hindagaagne tokko ogafaaniin durii kaasee wantoota bu'uuraa jiruufi jireenya isaa keessatti dabarse: seenaa, muuxannoo, falaasama, duudhaafi eenyummaa isaa calaqisiisan osoo hindagatiin dhalootaa dhalootatti dabrsa. Akaakuu ogafaanii ijaarsaafi dabarsa eenyummaa hawaasichaa keessatti ga'ee guddaa taphatan keessaa tokko afseenessaa. Yaada kana Bukegna(1994) yoo ibsu hawaasni tokko akkaataa jiruufi jireenya hawaasummaa, aadaafi ilaalcha addunyaaf qabu kuufatee, af-seenessaan waraabee dhaloota itti aanuuf akka dabarsu ibsa. Akka (ፍቃዴ:1991)tti af-seenessi aadaa hawaasa tokkoo kuusuun madda ragaa uummata kuusee tursiisu ta'uusaa ibsuun, hawaasni afseenessa isaan deegarsaafi mormii ibsata; isa darbe yaadata; isa har'a ittiin jiraata; kan dhufu ittiin tilmaama; icciitiifi dhoksaa hammeenya mul'atullee ittiin qeequu akka danda'u agarsiiseera.

Dorson(1972:8) "Folklore can be a unifying and nationalizing factor when utilized by a repressed people seeking to establish their political and cultural identity against an alien ruler." Kana jechuunis, fooklooriin meeshaa hawaasni eenyummaa siyaasaafi aadaa ittiin ijaarratuufi kan ormaan akka hinliqinfamne taasisuu danda'u akka ta'e mul'isa. Kunis, tajaajila fooklooriin eenyummaafi aadaa

tiksuufi tursiisuu keessatti qabu mul’isa. Dameewwan fookloorii keessaa immoo afseenessi isa tokko waan ta’eef eenyummaa ibsuu keessatti ga’ee mataa isaa ni qaba.

Itti dabaluun, gahee afseenessi ijaarsa eenyummaa keessatti qabu Moriarty (2005: 19) “… identity is constituted and reconstituted in the process of narrating it.” Hiikni isaa, eenyummaan hawaasaa seenessaan hundaa’a; adeemsa seenessaanis deebisee akka ijaarratu mul’isa . Kunis, seenessi hawaasni tokko gargaaramu ijaarsa eenyummaa keessatti gahee akkka qabu agarsiisa.

Kunis, afseenessi eenyummaa odeeffannoo hiikaa, duudhaa, seenaa, aadaa waliiniifi muuxannoo jireenya hawaasummaaf tajaajiluun alatti, gochaalee fedhii waloofi garee tokko ceesisuuf fuulduratti raawwatamanillee cimsuu akka danda’u agarsiisa(Moriarty, 2005) . Akkasumas, af-seeneessi ijaarsa eenyummaa miira walitti dhufeenyaafi firooma garee hawaasaa tokkoofi kanneen biroo gidduu jirullee ni ibsa (Oring, 1986; Badone, 1987; Georges and Jones 1995; Hinchman 2001).

Haata’u malee, gareen hawaasa Oromoo Tuulamaa akka waliigalaatti kan Torban Oboo immoo addatti, eenyummaa waliigalaa safuu, duudhaa, seenaa naannoo, daangaan waloo yoo qoratamanillee af-seeneffamni eenyummaa isaani mul’isu hinqoratamne. Kanaaf, qorannoo kun yaadota armaan oliirratti bu’uureffachuun, ‘*Xiinxala Afseenessoota Ijaarsa Eenyummaa Torban Oboo’* irratti kan xiyyeeffatedha. Afseenessoonni ijaarsa eenyummaa hawaasa Torban Oboo immoo seenaa duriifi ammaa mul’isuuf gama dhuftee, aadaa, dinagdee, siyaasa, daangaa, hariiroo uumama naannoofi ijaarsa hawaasummaa mul’isuurraatti gahee isaan qaban daran olaanaadha.

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Hawaasni Oromoo dhimmoota bu’aa ba’ii jireenyaa muudateefi beekumsa muuxannoorraa kuufatan afseenessaan waliif qoodu; dhalootas barsiisu. Afseenessoonni adeemsa jireenyaa haala miidhagina qabuun dhiyaatu immoo jireenya hawaasaa bakka bu’ee eenyummaa hawaasichaa waan ibsuuf

barreeffamaatti jijjiiranii kaa’uun barbaachisaadha. Af-seeneffamni hubannaa hawaasaa, ilaalchafi xiin-sammuu hawaasaa kan calaqqisiisudha. Af-seeneffama hawaasa tokkoo hubachuun immoo waa’ee hawaasa beekuu waan ta’eef, ilaalcha hawaasa baruuf immoo af-seeneessa hawaasichaa qorachuun barbaachisaa ta’uusaadha. Kunis, eenyummaa aadaa, siyaasaa, saboonummaafi tokkummaa hawaasaa ijaaruu keessatti fooklooriin akka waliigalaatti, gahee olaanaa akka qabu mul’isa(Finnegan,1992). Fookloorii keessaa immoo af-seenessi addatti dhuftee hawaasaa karaa adda addaa ibsuudhaaf bakka olaanaa qaba.

Qabxiileen armaan olitti ibsamanirraa ka’uun mata duree kanarratti qorannoo kana deemsisuuf kanneen ka’umsa naaf ta’an qabxiilee afurtu jiru.

Inni *tokko*, walga’ii Waldaa Torban Oboo’ gaafa 12/02/2012 magaalaa Oolanciittiitti qabanirratti akkan hirmaadhuuf gorsaan koo Asafaa Tafarraa(PhD) haala naaf mijeesseen argameen ture. Bakka walga’ichaattis beekumsa af-seenessa hawaasni Oromoo Torban Oboo abbootiin qaban Qixxee Gosaafi Qixxee Firaa gargaaramanii barsiisaa jiraachuun isaanii eenyummaan isaanii akka tursiiseeru hubadheen afeenessi akkamiin eenyummaa saba tokkoo ceesisuufi eeguu danda’uu isaa qorachuuf fedhii horadhe. Akkasumas, ijaarsi eenyummaa akkasii hawaasa Oromoo bakka biroo birattis yoo beekame gaarii ta’uun isaa waan na amansiiseef dhimma af-seenessa ijaarsa eenyummaa irratti qorannoo akkan adeemsiisuuf na kakaseera.

Ka’umsi lammaffaan immoo, garaagarummaa yaadaa beeektoota gidduutti dhimma eenyummaa afseeneffammaan ijaaramuurratti mul’atudha. Kunneennis, Abreham (2012) mata duree ‘Narrating Local Identity Among The Southwestern Oromo Of Ethiopia: The Case Of The Jimma And Gera’ Jornaalii ‘African Study Monographs’ jedhurratti maxxansiiseera. Gaaffii bu’uuraa gareen hawaasa Oromoo Maccaa akkamittiifi bu’uura maaliin garee Oromoo kanneen biroorraa adda ofbaasanii jedhu qabatee qorannoo gaggeessee ture. Xiyyeeffannoon qorannoon isaa akkaataa gareen hawaasa Oromoo

tokko, garee biroorraa adda ta’ee eenyummaa isaa seenessu, seenessa eenyummaa gareen Oromoo Jimmaa kan Geerarraa adda taasisu walbira qabbiin kan addessu ture. Bu’aan qorannoo isaa kanaan akkaataa Oromoon Jimmaa of ilaaluufi Oromoon Geeraa of hubatu garaagaara ta’uusaa agarsiisuun yaada armaan gadii kana kenne. Innis, Oromo could hardly have maintained their ethnic identity or existence as an ethnic group or people in the multi-ethnic context of Ethiopia.(fuula 7.) yaada jedhu kaa’e. Yaadni waraabbii qorannoo armaan olii Oromoon eenyummaa sabummaa yookiin akka garee hawaasaatti Itoophiyaa sabdaneessa keessatti tokkummaa isaa qabatee akka hinjirre hime. Kun eenyummaa Oromoo isa durii jalqabee tokkummaafi walitti dhiyeenya aadaafi eenyummaa hundee godhatee ture kan haaludha. Kanaaf, qorannoon isaa seenessa eenyummaa hawaasa Oromoo Jimmaafi Geeraa agarsiisuu haa yaaluyyu malee, yaada bu’uuraa tokkummaa Oromoofi eenyummaa Oromoo hincimsineen ibse. Kun immoo, garaagarummaa hawaasa tokko ta’ee waliin jiraataa tureefi jiru kan bal’isu malee kan walitti fidu miti.

Faallaa kanaa immoo Alamaayyoo (2008) yaadaafi ilaalcha dhugaa hawaasa Oromoo yoo ibsu, sabni Oromoo haga fedhe walirraa fagaatee haa jiraatu malee, yaada siyaasaa walfakkataafi qindoomina jarmiyaa tokko qabaachuusaa mul’iseera. Addaa addummaan yaadaa qorattoota kanneenii keessaatti mul’ate keessaa kamtu sirrii akka ta’e ragaadhaan mirkaneessee agrsiisuun qorataatti kaka’umsa waan uumeef qorannoo kana geggeessuuf fedhii itti horee jira.

Ka’umsa qorannoo kanaa inni *sadaffaa*, af-seeneessi eenyummaa hawaasaa ibsu saba Oromoo biratti beekamaa ta’ullee, ga’ee isaan ijaarsaafi dabarsa eenyummaa hawaasichaa keessatti qaban gadi fageenyaan waan qoratame hinfakkaatu. Dirreen qorannoo dhimmoota Oromoorratti haga yoonaatti gaggeeffamaa ture irra caalaatti aadaa, afaaniifi siyaasarratti waan xiyyeeffatee tureef, afseenessaaf bakki kenname xiqqaa ture. Akkasumas, hanga ani beekuufi sakatta’ee ilaaletti qorannooleeen af-seeneffamoota ijaarsa eenyummaa Torban Oboorratti sadarkaa digirii sadaffaarratti yookiin qorannoo

gadi fageenyaan ta’e waan hinagarreef, mata duree kanarratti qorannoon yoo gaggeefame, ijaarsa eenyummaa beekumsa xabboo Oromoo mul’isuu danda’a yaada jedhurraa ka’een qorannoo kana adeemsisuuf kaka’e. Kanaaf, beekumsa xabboofi ilaalcha hawaasaa kun yoo qoratamee ifa ba’e sirna bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdeefi barnootaa yeroo ammaa keessatti shoorri isaan taphatan guddaa ta’uu mala. Qorannooleen adda addaa eenyummaa Oromoo ilaallatee hayyoota garaagararaan gaggeeffaman qaawwa isaan agrsiisan yoo ta’u, haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

Girma Geda (2018) seenaa hawaasa Torban Oboo ilaalchisee mata duree “A History Of The Torban Obo Oromo In Boset Woreda, 1855-1991” jedhurratti ragaa qorannichaaf ta’u mala afgaaffiifi dokimentii durii kaasanii jiran erga walitti qabee booda seenaa isaanii addeesseera. Kunis, seenaa hawaasichi erga gita bittaa mootummoota Habashaa jala galee asitti rakkoolee isaan mudateefi jiruufi jireenya isaanii haala aadaa hawaasummaa, diddaa garbummaa agarsiisaa turan, amantaafi dhiibbaa sirnoonni darban jijjiirama aadaa isaanirratti fide qorannoo ragaarratti hundaa’een mirkaneessee ture. Haa ta’u malee, seenaa hawaasa Torban Oboo yoo qorateyyu afseenessa eenyummaan hawaasichaa ittiin ijaaramee jiru hinmul’ifne. Qorannoo kun garuu eenyummaa hawaasichaa ijaaramee jiru akkaataa afseenessaan ibsamurratti xiyyeeffatee jira.

Gemetchu’n (1993) mata duree ‘Knowledge, Identity and The Colonizing Structure: The Case of The Oromo in East and Northeast Africa’ jedhu irratti qorannoo geggeesseera. Xiyyeeffannoon qorannichaas waa‘ee beekumsa xabboo Oromoo, eenyummaafi haala qindoomina sirnoota darbanii ta’a.

Qorataan kun qorannoo kana keessatti dhimmoota ayyaana, dhaha Oromoo , sadarkaalee gadaa, waa‘ee gosaafi fira uummata Oromoo, waa‘ee sirna Gadaafi kannen biroo ibseera. Qoronnoon kallattii hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaafi seenaatiin ilaalchaafi amnataa Oromoon mul’isuurratti kan xiyyeeffate ture.

Qabxiileen qorannoo kana keessatti mul'atan gochaaleen uummanni tokko raawwatu eenyummaa hawaasaa hawaasaa ibsuuf bu'uura ta'uu isaati. Haata'u malee, qorannoon kun ibsa eenyummaa jedhu hammatee yoo dhiyaateyyu, kallattiidhaan akkaataa afseeneffamoonni ijaarsa eenyummaa mul'isuurratti kan fuulleffate miti. Dhimmoota eenyummaa waliin walqabatan yoo kaaseyyu, afseenessa ijaarsa eenyummaafi hariiroo uumamaa kan walqabate hinturre. Qaronnoon kun immoo xiyyeeffannoodhaan kan ilaalame gahee afseenessi ijaarsa eenyummaa keessatti qabudha.

Asafa (2007). 'The Concept of Oromummaa and Identity Formation in Contemporary Oromo Society. Journal of Oromo Studies,' jedhu keessatti dhimmoota eenyummaa aadaafi Oromummaa ibsee jira. Yaadni ijoo barruu kana keessatti mul'atan Warraaqsi sochii Oromummaafi eenyummaa aadaa taasifame Oromoonni ofirratti dammaqanii mootota koloneeffattota Itoophiyaarratti akka fincilan taasisee jiraachuu isaa agarsiiseera.

Gaggeessummaa siyaasaafi sabboonummaan jijjiirama hawaasaarratti gama qorsammuu, bilchina sammuufi sochiilee amalaa haala hawaasni Oromoo irra jiru hubachuun barbaachisaa ta'uusaa ibseera. Akkasumas, garaagarummaa ilaalcha siyaasaa, gama illeenyaan, tarsiimoon jiru simachuun Oromummaa dagaagsuun akka danda'amu addeessee jira. bu'uurri Oromummaa immoo walabummaa dhuunfaa, dimookiraasii sirriifi bilisummaa namoomaa ta;uusaa ibsuun, garaagarummaa keessatti tokkummaan jiraachuun barbaaachisaa akka ta'e ibseera. Haa ta'u malee, dhimmoota ijaarsa eenyummaa hawaasaa qorannoo kana keessatti mul'ate xiyyeeffannoo kennuun hinibsine.

Dimshaashatti, qorannoon qorattoota armaan oliin gaggeeffaman, xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e afseenessoota ijaarsa eenyummaa xiinxaluu irrattti kallattiidhaan xiyyeeffatanii hinjiran. Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraafi kaayyoleen, akkasumas, yaaxxiinootaafi maleenya qorannoon qorannoowwan qorattoota kannenirraa addadha.

Kanaaf, qorannoon kun sababoota olitti dhihaatan kanneen ka'umsa taasifachuun qawwa afseenessa ijaarsa eenyummaa beekumsa xabboo hawaasichaa dhimmoota hidda dhalootaa, daangaa lafaa, seenaafi kkf waliin walqabatan ilaalchaafi gochaalee ijaarsa eenyummaa seeneffama Oromoo Torban Oboo mul'iseera.

### 1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Yaadolee ka'umsa armaan olii bu'ura godhachuun qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuuf adeemsifamee jira.

- Afseenessoonni akkamiin eenyummaa Torban Oboo ibsu?
- Daangaan Torban Oboo afseenessoota eenyummaan akkamiin ibsama?
- Afsenessoonni akkamiin walitti dhufeenya uumama naannoofi eenyummaa Torban Oboo agarsiisu?

### 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo ijaarsa eenyummaa hawaasa Oromoo Torban Oboo afseeneffamootaa qabuun dhimmoota adda addaa haala itti ibsachaa tureefi jiru xiinxalee mul'isuurratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kanas kaayyoo gooroofi gooree armaan gadii galmaan gahuuf kan adeemsifamedha

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa afseeneffamoonni Torban Oboo akkamiin eenyummaa Torban Oboo, daangaafi hariiroo uumama naannoofi eenyummaa Torban Oboo agarsiisan ibsuun hiikuudha. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiitti ta'u.

- Akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa hawaasaa Torban Oboo ibsan addeessuu.
- Haala afseenessoonni daangaa eenyummaa Torban Oboo agarsiisan adda baasuu.
- Akkaataa afsenessoonni hariiroo uumama naannoofi eenyummaa Torban Oboo agarsiisuu keessatti qaban ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Baarbaachisummaa qorannoo kanaa gama sadiin ilaalama: gama yaaxxinaa, xiinmalaafi hojiirra oolamaati. Gama yaaxxinaan beekumsa qorannoo ijaarsa eenyummaarratti gumaacha kennu ni qaba. Addatti immoo tooftaa ittiin hawaasni afseenessaan eenyummaa isaa tursiisu xiinxaluuf gargaaruu danda'a. Akkasumas, qorannoowwan afoola irratti adeemsifaman akkaataa itti hawaasni afoola sanatti gargaaramu sun yaadu, amantaalee, rakkoolee, sodaa, yaaddoo, hawwiifi fedhii hawaasa sanaa akka hubatan nama taasisu. Gama xiinmalaan immoo, akkaataa aadaan hawaasaa eenyummaasaa tursiisuuf tajaajilu, yaada dhokataa mul'isuuf gargaara. Kanneen malees, qorannoon kun dhaloonni amma jiruufi booda dhufu afseeneffamoota jireenya hawaasaa kanneen akka safuu, amantaa, falasama, ilaalcha, duudhaafi siyaasa Oromoo Torban Oboo akka hubataniif galtee kenna.

Itti dabaluun, aadaafi eenyummaa uummata Oromoo akka waliigalaatti, addatti immoo kan Torban Oboo beeksisuuf gahee kan ba'u ta'a. Hojiin qabatamaa qorannoo kanaa gama hawaas-aadaa, beekumsa eenyummaa Torban Oboo yoo ta'u, bu'aan qorannoo kanaa dhaloonni dhufu eenyummaa, aadaafi hawaasummaa isaanii caalaatti beekanii akka eeggatan yookiin kunuunsaniif gargaaruu danda'a. Qorannoon kun humna barsiisuufi ga'eewwan afseenessoonni jiruufi jireenya Oromoo Torban Oboo keessatti qabu waan ibsuuf qopheessitoonni sirna barnootaallee, afseenessa eenyummaa ijaaruu danda'an qabiyyee barnootaa keessatti hammachiisuun seenaa Oromoo ittiin barsiisuuf gargaaruu danda'a jedhamee yaadama. Akkasumas, bu'aan qorannoo kanaa qorattoonni hawaasa Oromoo bakka biroo afseeneffamoota ijaarsa eenyummaa cimsan tursiifatan iirraatti qorannoo biraa gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannoo tokkootti gargaara.

Barbaachisummaan qorannoo kanaa inni biraan immoo dhaloonni bu'aa qorannoo kanaa dubbisu ammayyummaa keessatti ijaarsa eenyummaa kan abbootii beekee osoo hindagatiin akka itti fufsiisuuf gumaacha kennu qaba. AfSeenessi eenyummaa ilaalcha Oromoo, faalasmaafi of beekuu kan ibsu waan

ta'eef, qorannoon kun yaada eenyummaa Oromoon gama kanaan qabu beeksisuuf tajaajila. Itti dabaluun, afseeneeffamma eenyummaa afaaniin qofa dhalootaa dhalootaatti darbaa ture, qoratamee barreeffamaan yoo ol taa'e, jaarmiyaafi dhaabbanni dhimmi kun ilaallatu hawaasni Oromoo naannoo biroollee beekumsa kana akka argatan yoo taasise , itti fufinsaa eenyummaa seenessaan argamu isa ofii qaburratti dabalee dhalootaasaaf dabarsuu mala. Kanneen malees, qorattoota xiinhawaasaa, xiinaadaa, qorsammuu, amantii, seenaafi falaasmaaf akka ragaa tokkootti gargaaruu danda'a. Walumaagalatti, qorannoon kun haala jireenyaa hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee, amantii, safuufi falaasama hawaasa Oromoo Torban Oboo af-seenessa ijaarsa eenyummaa keessatti mul'atu xiinxaluun hubachiisa.

Kanaaf, af-seenessi dhaloota itti aanee dhufutti darbaa jiru kun, yoo qoratamee barreeffamaan olkaa'ame bu'aa qabeessummaan isaa na amansiiseera. Akkasumas, beekumsaafi amantaa abbootii, dhaloonni haaraa beekee kan itti aanaanutti yoo dabarse malee, seenaan dagatamaa waan deemuuf qoratamee oltaa'uun barbaachisaa ta'a

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyeefi bakkaan daangeffamee jira. Gama qabiyyeetiin afeseenessoota eenyummaa Torban Oboo agarsiisan ragamantaa, durdurii, mammaaksa, weedduu, geerarsaafi himtee irratti daangessame. Kunis, gooroowwan fookloorii garaagaraa hawaasni Torban Oboo jiruufi jireenya isaanii ittiin ibsatan hedduu qabaatan keessaa afseeneffama ijaarsa eenyummaa hawaasichaa irratti kan daanga'eedha. Sababiin isaa afoola hawaasni kun ittiin tajaajilamu hundarratti qorannoon osoo gaggeeffamee bu'aa olaanaa fiduu danda'a ture. Haata'u malee, qabiyyeewwan og-afaanii hunda qorachuun immoo yeroo bal'aafi qorannoo kan biraa waan gaafatuuf qorannoon kun, af-seeneffamoota ijaarsa eenyummaa irratti daanga'eera.

Gama bakkaan qorannoon kun Oromoo Tuulamaa keessaa naannoo Torban Oboo heddummatanii jiraatan qofarratti kan daangeffame ta'a. Oromoon Torban Oboo kunis goodinaalee Shawaa Kaabaa, naannoo Finfinneefi Shawaa Bahaa keessa kan jiraatan yoo ta'an haala qubsuma Oromoo Torban Oboo kanneen keessaas mala akkayyootti gargaaramuun kanneen goodina Shawaa Bahaa, aanaa Boosatiifi naannoo sana jiraatan filatamaniiru. Sababiin filannoo bakka qorannoo kanaa inni tokkoffaa, gosti hawaasa Oromoo Torban Oboo hundi bakka kanneen biroo caalaa aanaa Boosatiifi naannoo kanatti heddummaatanii waan argamaniif ragaan dhimmi hawaasicha ilaallatu qorannoo kanaaf ga'aa ta'e argamuu danda'a jedhamee amanameera. Lammaffaa, haalota rakkisaa keessa yoo jiraataniyyu, eenyummaa, aadaafi daangaa isaanii eeggatanii tursiisanii waan jiraniif haala ijaarsa eenyummaa isaanii beekuun bu'aa qabeessa ta'a jedhamee abdatama. Sadaffaan, hawaasni Torban Oboo naannoo aanaa Bosat, Gadaa Oromoo Tuulamaa jalatti ofdanda'anii sirna Gadaa mataa isaanii ijaarratanii jiru.

Itti dabaluun, af-seeneeffamoonni ijaarsa eenyummaa kunneen, akka guutuu Oromiyaatti osoo qorataman bu'aa gaariin argamuu danda'a ture. Haa ta'u malee, af-seeneffamoota uummata Oromoo bal'aarrattti qorannoo gaggessuun immoo maallaqaafi yeroo ramadameen qorannoo adeemsisuun waan ulfaatuuf, qorannoon kun Oromota Torban Oboo Godina Shawaa Bahaa, aanaa Boosatiifi naannoo sana keessa jiraatan qofarraa ragaa walitti qabuufi xiinxaluurratti daanga'e .

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun afseeneffamoota eenyummaa Torban Oboo agarsiisan addeessee jira. Akkasumas, ijaarsa hawaasichi dhuftee isaanii ittiin dhaloota barsiisan, daangaa isaanii kabachiiftanii tursiisan, haala ijaarsa garee hawaasummaa adda addaan tokkummaa isaanii cimsatanii jiran xiinxaluun ibsee jira. Haata'u malee, qorannoon kun haalaafi yeroo keessatti geggeeffamerraa kan ka'e hanqinoota armaan gadii kanneen ni qabaata.

Fakkeenyaaf, agahimtoonni filtaman ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu soda malee beekumsa guutuu qaban kennaniiru yaada jedhu shakkiin qaba. Sababiin isaas, yeroon ragaan kun funaaname Waraana Bilisummaa Oromofi loltoota mootummaa Itoophiyaa gidduutti walwaraanisi hamaa naannoo sana jiru waan ta'eef, odeef- kennitoonni deeggartoota dhaaba siyaasaa kan biroon shakkamna jedhanii waan yaadaniif sodaachaa odeeffannoo kennaa turan. Haalli nageenyaafi siyaasa hawaasa qorannoo kanaa rakkisaa ture kun immoo ragaa bu'aa qorannoo kanaa cimsuu danda'u hambiseera ta'uu danda'a. Kunis, ragaaleen kanneen amma qorannoo kana keessatti dhimma ba'amanii alatti kan biroon osoo itti dabalaman yaadaafi ilaalacha hawaasa qorannoo kanaa caalatti bal'isanii ibsuu danda'u turan. Haata'u malee, qoratichi rakkinoota sodaa odeef-kennitoota qaban furuuf , ragaan walitti qabamu qorannoof qofa malee, dhimma biraaf akka hinoolle ifa taasisuun, qorataadha malee miseensa dhaaba siyaasaa kamiyyu bakka bu'ee akkan hinjirre ofbeeksisuun sodaafi shakkii isaan qaban hambisuun raga qorannoo kanaaf barbaachisu hunda walitti qabdheen jira**.** Akkasumas, yeroo ragaan qorannoo kanaa funaaname, tatamsa'ina dhibee koronaa(Covid-19)fi yeroo walwaraansaa sana waliin waan walirra ooleef sirnoota hawaasaa hedduu jiran keessaa muraasarratti qofa argamuun ragaan walitti qabame. Itti dabalees, sirnoonni hawaasa muraasni kanneen seeneffamoota eenyummaa ijaaruuf oolan, yeroo qorannoon kun raawwatamuu keessatti kan hingaggeeffamiin hafaniiru. Garuu waggaa itti aanutti deebi'ee ragaalee barbaachisoo hafan jedhee yaadu hammachiiseera.

Inni biraan immoo, yaadoleen bu'uuraa afseeneffamoota ijaarsa eenyummaa qorannoo kana keessatti xiinxalamanii qorannoo kanaan ibsaman hawaasa barreessuufi dubbisuu kan hindandeenye waan ta'eef sirrummaa yaada kennanii qorannoo kanaan xiinxalaman ragahimtootaaf dubbifame hubachuu dhiisuu dandaa'u yaada jedhun qaba. Garuu bu'aa xiinxala argannoo kanaa qorataan hawaasichaaf ibsee waan jiruuf yaadni argame ragaafi ilaalcha isaan kennanirraa waan fagaate miti.

Itti dabaluun, qorannoon kun afseeneffamoota hawaasa Oromoo Tuulamaa hinta'iiniifi gosa Oromoo Tuulamaa kanneen biroo eenyummaa  ijaaruuf gargaaran haala walbira qabbiin qorannoo maadaallii gaggeessuurratti hinxiyyeeffanne. Akkasumas, Oromoo Torban Oboo godinaalee biroo keessa jiraatan daangaa qorannoo kana keessatti hinhammatamiin hafaniiru. Qabxiileen armaan olitti akka hanqinaatti ka'an qorannoolee dabalataaaf kan daandii agarsiisan ta'uusaanii agarsiisu.

### 1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Kutaan seenduubee keessaa mata dureen kun ibsa sanyaabsaa hawaasa Oromoo Torban Oboo dhiyeessa. Ibsi kunis kan xiyyeeffatu hidda Latinsaafi qubannaa, horteewwan Torban Oboo, argama bakka qorannoo, haala teessuma lafaa, aadaafi amantii, bakka maddaa, caasaalee hawaasaa , haala dinagdee hawaasa qorannichaa, walitti dhufeenya hawaasa Torban Oboo gosoota Oromoofi saboota kanneen biroo waliin qaban ta'a.

#### 1.8.1. Oromoo Tuulamaa

Yaada maddi Oromoo Walaabu jedhu ilaalchisee yaadolee lamatuu jiru. Isaanis: kan jalqabaa Oromoon Kaabarraa gara Kibbaatti socho'ee naannoo kana qubatee bakka giddugala Gadaafi amantaa godhatee bara hedduuf achi jiraataa erga turee booda achirraa ka'ee kallattii adda addaatti socho'ee qubachuun jiraachaa jira. Kanaaf jarreen kun Walaabuu baane jedhu. Ilaalchi inni lammaaffaan immoo afoolli Oromoota Gujiirraa walitti qabame waa'eee Madda Walaabuu yoo ibsu seera uumamaarraa jalqaba. "Jalqaba Hawwaafi Haadaan Madda Walaabuutti dhalatan; duraan garuu homtuu lafarra hinjiru ture. Waaqayyo dura Haadaa uume. Haadaan ganama hirribaa yeroo ka'u madda gamatti dubartii arge. Dubartii arge sana hawwiidhaan waan argeef maqaa ishii Hawwaa jedhee moggaase. Isheenis haadaan (funyoodhaan) laga gama dhaabbattee waan ofitti harkisteef maqaasaa Haadaa jedhamee mogaafame" jedhanii ibsu (Dirribii, 2016).

Madda Oromoo ilaalchisee yaadolee garaagaraa jiran kanarra hubachuun akka danda'amutti Oromoo uummattoota Baha Aferikaa keessaa uummata seenaa umurii dheeraa lakkofsise (seenaa buleessa) qabu ta‟uu isaati. Akkasumas, maddi Oromoo akka barreessitoonni habashaa Oromoon jarraa 16ffaa keessa ala dhufe jedhan osoo hintaane Oromiyaa akka ta‟e hubachuun nidanda‟ama.

Har'a immoo uummanni Oromoo uummata bal'aa Oromiyaan ala kutaalee Itoophiyaa garaagaraa keessaafi biyyoota akka Keeniyaafi Sumaalee keessaas jiraataa jirudha. Uummanni Oromoo hidda latiilee (qacceewwan) gurguddoo shanittis (5) qoodamu. Isaanis, Tuulamaafi Maccaa, Siikoofi Mandoo, Sabboofi Goonaa, Raayyaafi Asaboofi Ituufi Humbanna (Gammatchuu, 1993).

Tuulamni latiinsa Oromoo damee Booranaa hidda dhaloota Raayyaati. Ilmaan Raayyaa lamaan Maccaafi Tuulamni kan dhalatan Tullu Eegduu irratti. Ilma hangafaa kan ta'e Tuulamni, lafa abbaa isaa Raayyaatti qubate. Oromoon Tuulamaa dame gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis, Daaccii, Bachoo and Jiillee. Tokkon tokkoo dameelee kunneenis gosootaa, manaafi balbalootaa xixiqqaa adda addaa ofjalatti qabatanii jiru. Isaanis, sadan Daaccii jalatti ja'an Galaan, Torban Oboofi sdadan Sooddoo yoo rgaman, gosoonni ja'an Bachoo immoo sadan Iluu, Saddeettan Meettaa, salgan Waajjituu, salgan Garasuu, sadan Keekuufi salgan Uuruu fa'i. Gosoonni ja'an Jiillee immoo salgan Gonaa, shanan Gusaa, sadan Looyyaa, sadan Waaree, Ja'an Sibaa, turban Gindoodha.

Sadan Tuulamaa keessa Daaccii daangaa bal'aa Sooddoo Guraagee hagaa Booraanaafi Wallootti babal'atee kan jiraatudha. Gosti Jiillee immoo naannoo Haroo Baatuu, Laga Maqii,fi Wanjii qubatanii jiru . Gosti Oromoo Tulama Bachoon baal'innaan naannoo Shawaa Lixaa, aanaalee Bachoofi Ejeree jiraata jiru( Alemayehu, 2009).

Tuulama kibbaan Haroo Dambal haga kaabaan Walloofi Raayyaatti kan qubatee jiruudha. Bahaan Karrayyu haga Lixaan Walisoo qubate. Tuulamni Godinoota Oromiyaa Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa

Lixaa, Shaggar Naannoo Finfinne, Shawaa Kaabaafi Shawaa Bahaa keessa warra qubate. Godinoota naannoo Amaaraa Shawaa Kaabaa, Godina Oromiyaafi Walloo Kibbaa keessa Oromoota Tuulamaa Doobbaa, Waayyuu, Laaloo, Maammaa, Geeraa, Gishee Baasoofi Warana, Liche, Alkoo Bar, Majatee, Sanbatee, Qawaati, Jilleefi Dhummuugaa kan jiraataniidha. Akkasumas, naannoo Tigraay keessas ni jiru( Alemayehufi kaawwan, 1998/2006). Qomoowwan Oromoo Tuulamaa Daaccii keessaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu Torban Oboo kanneen naannoo aanaa Boosat keessa jiratanirratti.

### 1.8.2. Torban Oboo

Hawaasni Oromoo Tuulamaa Torban Oboo gareelee Booranaa ta'ee baayy'inaan godina Shawaa Bahaa keessa qubatanii kan jiraachaa jiranidha. Bakki isaan bal'inaan qabatanii jiranis Karaa Bahaa magaalaa Oolancittii hanga ganda Borcataa kan naannoo daangaa saba Amaaraa , karaa kaabaa Ejeree gidduu yoo ta'u, gandoolee aanaa Boosat jalatti argaman hunda keessatti tamsa'anii argamu. Gosoota Daaccii keessaa bakka bal'aafi baay'inaan Galaanitti aanee kan argamu Oboodha. Akka (Tsegaye,2002) itti gosoonni Torban Oboo kanneen akka Gumbichu, Gullalle, Yaayyaafi Obori yeroo amma kana Salaale keessallee kan jiraataa jiran jiru. Hawaasni Oromoo Torban Oboo daangessanii argaman karaa Bahaa Karrayyu, Kibbaan Oromoo Arsiifi Kaabaan saba Amaaraadha. Hawasni Oromoo Torbaan Oboo damee Oromoo Tuulamaa yoo ta'u gidduu galeessa Shawaa keessatti babl'atanii kan jiraatanidha. Kunis, Shawaa Lixaa, Shawaa Kaabaafi naannoo Finfinnee keessa qubatanii jiru.

Gosoota Oromoo Tuulamaa Torban Oboo ilaalchisee Alemayehu (2014)fi Girma (2018) akka ibsanitti gosoota torba kan manaafi balbalootaa adda addaa of jalatti qabatanii jiru.

Isaanis, Gumbichuu isa angafa. Gumbichuun Gosoota Torban Oboo kanneen biroorra kan adda isa taasisu naannoo aanaa Boosat alatti bakkoota sadii keessa bal'inaan qubatee jira. Kunneenis, Kabaafi Baha Shawaa gidduu naanoo Caancoo,Warsabii gidduu, Muloofi Jiddaa ,akkasumas, haga Qarree

Gowaatti qubatanii jiru. Dabalataanis, Gumbichuun Torban Oboo keessatti hangafa waan ta'eef abbaa seeraa jedhamee waamama (Alemayehu ,2014).

Gosti Oboo inni biro Gullalleedha. Gullalleen maatii yookiin balabala baayyee yoo qabaatu, isaaniis dameewwan lama jalatti hammatamu. Dameewwan kunneen maatii Beeroofi Aabuu jedhamanii beekamu. Haalli qubannaa Gullallee kan Yaayyaa waliin walqabata. Gosoonni kun lameen Laga Mogar karaa mirgaarraan socho'anii Muloofi Gimbichuu gidduu qaxxaamuranii naannoo Finfinnee qubatan. Sochii tamsa'ina Kibba Finfinneerraan itti fufanii gosoota Galaan walakkaa qaxxaamuranii Adaamaa haga Karrayyuufi Fantaalleetti naannoo Obbolota isaa Torban Oboo jiraatanitti makamanii jiraachaa jiru (Alemayehu , 2014).

Torban Oboo keessaa inni tokko gosa Eekkaa jedhama. Bakki qubannaa Eekkaa bakka qubannaa Galaaniifi Gullallee laga Qabbannaa baha Finfinneen hanga naannoo qubannaa Gumbichuufi Jiddaatti babal'atedha. Eekkaan gosoota sadii yookiin Sadan Eekkaa jedhamanii beekamu. Isaanis, Eekkaa Doodee, Qarsaa Booleefi Gawwasaa jedhamanii waamamu. Gosootni Torban Oboo Kanneen hafan keessaa Oboriifi Yaayyaan bakki qubannaa isaanii naannoo Boosatiin alatti naannoo Kaaba Shawaafi aanaalee Jiddaa Oborii keessa babal'atanii jiru. Gosoonni Oboo Gaamuufi Digaluun immoo gosoota Torban Oboo kanneen biro waliin bakka adda addaatti walkeessaa jiraachaa jiru (Alamaayyoo , 2014) .

Walumaa galatti, hawaasni Oromoo Torban Obo godinaalee Shawaa bakka adda addaatti haala qubannaa garaagara keessa tamsa'anii haa jiraatan malee, Shawaa Bahaa aanaa Bosatiifi naannoo sana yeroo dheeraaf tokko ta'anii waliin qubatanii jichaa jiru. Akka Girmaa(2018) ibsetti gosoonni Torban Oboo Gumbichu, Gullalle, Ekka, Obori, Digalu, Yaayyafi and Gamu aanaa Boosat keessatti hundaa isaanii aragchuun ni danda'ama. Qorannoon kunis, kan Torban Oboo naannoo aanaa Boosatirratti kan xiyyeeffate gosoota Oboo hunda bakka kanatti argachuun waan danda'amuu




Taattoo: Maatii Torban Oboo Alamaayyoo (2014) hundaa'uun Kan fooyya'ee kan dhiyaate

### 1.8.3. Argama Bakka Qorannoo

Akkuma daangaa qorannichaa keessatti ibsamuuf yaalametti, qorannoon kun kan adeemsifamu Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Boosat. Aanaan Boosat aanaalee godina Shawaa Bahaatti argaman keessaa tokko yommuu taatu, Magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinneerraa gara Bahaatti kiilometira dhibba tokoofi digdamii shan (125km); akkasumas, magaalaa Godina Shawaa Bahaa , Adaamaa irraa gara bahaatti kiilomeetira digdamii shan (25km) fagaattee argamti. Haala argama birqabaan aanaan Boosat , kaabaan naannoo Amaaraa, Bahaan aaanaa Martii, Kibbaan Godina Arsii , Lixaan Aanaa Adaamaatin daangeffamtee argamti. Uummattoota naannoo kana jiraatan keessaa 95% Oromoo, 5% sabaafi sablammiilee adda addaa ta'u ( WQAB, 2008 ALH).

Aamantiidhaan immoo, 40% waaqeffataa, 25% pirootestaantii, 20% Ortodoksii, 15% Islaama. Haalli qilleensaa 79% gammmoojjii, 19% badda daree,1% baddaadha( WQAB, 2008 ALH)




Fakkii- Anaa Boosatiifi Gandoota keessatti argaman (CSA 1994)

### 1.8.4. Aadaa, Amantiifi Amantaa Torban  Oboo

Oromoon Torban Oboo irra caalaatti hordoftootaa amnatii waaqeffannaati. Waaqa tokkichatti amanu; Waaqni madda uumama hundumaafi bokkaa, nagaafi walhormaata kan kennu ta’uusaatti amanu. Kunis waaqa lageen jiidhaafi tulluu uume kabajii isaanii mul’isa.  Sabni bakka qorannoo kun utubaalee amntii waaqeffannaa Oromoo shanan Waaqaa waaqeffachuu, ulfeessuu , safeeffachuu, kan inni hineeyyamne lagachuufi hooda uumaa simachuu akka hammatu (ብሩ ፀጋዬ: 2008) ibsa.

Haata'u malee, amantiin Oromoo Torban Oboo yeroo mootummoota abbaa gonfoofi abbaa hirree baayyee dhiibamee ture. Yeroo sana hawaasichi abbootii siyaasaan dirqisiifamanii amantaa Orodoksii akka hordoofan taasifamaa turuu isaanii (Tsegaye,2002) ibseera. Kanaas yeroo mootummaa Hayilesillaasee keessa dirqisiisanii amnatii isaanii yoo hinjijjiirratan ta'e lafa isaaniirraa buqqa'anii warra gabbaran akka ta'an gochaa turan .Yeroo sana dirqisiifamanii callee, caaccuufi kallacha isaanii akka tuffatanii gatan bulchitoota yeroo sanaan dirqisiifamaa turan.

Akkasumas, adeemsa sirna gadaa malee dhaqna akka qabatanifillee dirqiisiisfamaa turuu isaanii hawaasichi seenessa. Haata'u malee, amantii Ortodoksii cinatti sirnoota waaqeffannaa isaanii adeemsifachuu hindhiifne. Lubni Ortodoksii bu'aalee adda addaa looni irraa argaman yeroo soomaa akka hinyaannee yoo abboomeyyu, isaan immoo mana isaanii keessatti fayyadamuu hindhiifne . Akkasumas, meeshaalee yeroo sirnoota adda addaa gargaaraman akka itti hinfayyadamne isa taasifaman kanneen akka Caallee, Caaccuu and Kallachaa yeroo sirnoota garaagaraa raawwatan fayyadamuu ittuma fufan(Tseggeye,2002).

Itti dabaluun, Oromoon Torban Obo Gaara Boosat Karra Torbaa bakkka jedhamurratti kadhaannaa isaanii raawwatu. Boosat Karra Torbaa gosoota Torban Oboo hunda kan bakka bu'u yoo ta'u bakka kanatti hawasasni Torban Oboo hundi haalaa walqixxa ta'een bakka tokkotti ba'anii Waaqa galateeffatu. Kanaaf, bakki kun hawaasa Torban Oboo gidduutti bakka baayyee kabajamaafi ilaalchi olaanaan kennamuufiidha. Waqtiileen eegatanii Waaqa isaanii galateeffatu. Kunis waqtii Birraafi Arfaasaa eeganii sirnoota adda addaa raawwatu. Bakki Gaara Boosat Karra Toorbaa itrratti irreeffatan kun hawaasicha akka eeguufi hamaa akka isaan oolchutti amanu. Kanas, Waaqni Toorbanii dhibee hundumaa akka isaan oolchutti fudhatu. Akkasumas, bakka kanatti ba'anii waa'ee omishaa midhanii, nagaa, badhaadhummaafi fayyina ijoollee isaaniif walitti qabamanii kadhatu(Girma, 2018). Bakka raawwii sirnaa kanatti gaheen qaallichaafi qaallittii guddaadha. Isaanii hordoftoota isaanii bakka galma

isaaniitti walitti qabamnii waaqessu. Eebbi isaanii karaa ayyaanaa dhufaaf. Ayyaanni qaamaan waan itti hinmul'anneef karaa qaallichaafi qallitti ergaa isaa waaqeffattoota sanaaf darba. Akka H.S Lewis(1990) ibsetti sochiin qaalluu ayyaana irratti kan hirkatu yoo ta'u, hafuurichi immoo Waaqa waliin akka walitti hidhatutti amanu. Ayyaaanni kun safuu, jiruufi jireenya hawaasichaa guyyaa guyyaa keessatti gahee akka qabutti amanu. Humni ayyaanaa kun kallattiidhaanis ta'e al kallattiin eebbisuufis ta'e abaaruuf gahee guddaa qaba.

#### 1.8.4.1. Sirna Irreechaa

Hawaasni Torban Oboo hirmaattota sirna Irreechaa yoo ta'an, sirni kunis adeemsa Waaqaaf tuklluufi malkaa naannoo lagaatti dhiyaatudha. Akka Dirribii (2011) ibsetti Irreechi Malkaa kan yeroo birraa kabajamu yoo ta'u; Irreechi Tulluu immoo yeroo Arfaasaa kabajama. Irreechi Malkaa bokkaan gannaa erga dhaabbatee ji'a Fulbaanaa keessa yoo kabajamu, akka guyyaa gammachuu addaatti ilaalama. Kunis, walitti dhufeenyi sababa guutinsa laggeeniifi lolaarraa ka'e addaan cite ture wayitii eegaludha. Irreechi Tulluu immoo yeroo Arfaasaan dhufu bokkaan akka malee roobee, bubbeen akka isaan hinballeessineef yookiin bokkaan dafee roobuu didee hongeen akka uumama naannoo isaanii jiru hinmiineef tulluutti olba'anii Waaqaa isa uumaa isaanii ta'e yeroo kadhatanidha.

Torban Oboon naannoo aanaa Boosat jiraatan kunneen Irreecha Malkaa naannoo laga Xabbootti marga qabatanii waaqa bokkaa Gannaa hamaa keessa isaan dabarsee ifa Birraa isaan agarsiise galateeffatu. Hirmaattonni marga magariisaafi daraaraa walitti makanii qabatanii faarsaa Maree woo jechaa Waaqa galateeffachaa gara lagaatti bu'u. Margiifi daraaraan walmakanii qabatanii adeemna kunneen fakkoomii walhormaataafi bu'aaa qabeessuummaa agarsiisuuf.

Gama biraan Irreechi Tulluu kan raawwatu immoo bantii Gaara Boosat irratti yeroo Arfaasaa raawwatama. Hirmaattooni Irreecha Tulluu Gaara Boosat irratti raawwatamuu akka gosoota Torban

Obootti korma torba qabatanii bakka  galma Waaqeffannaa karra Torbaatti walitti qabamu(Girma,2018). Tulluu kanarratti galmi waaqeffannaa qophaa'ee jiru maqaa gosoota Torban Oboon balabala torba qabateeti. Bakka galmaa kanatti korma qabatanii ba'an qalanii aarsaaf dhiyeessu(Maammoo,2020) ibsa.

#### 1.8.4.2. Sirna Gadaa

Gadaan Sirna bulchiinsa  Oromoon jaarmiyaa umuriifi dhalootaan ijaaramee; siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa isaa ittiin murteeffatu, ittiin bulaafi walbulchaa ture; tooftaa ummanni Oromoo aangoo walirraa fuudhanii biyya bulchuufi diina ofirra ittisuuf akka isaaniif tolutti kan mijjeeffataniidha (Tesema, 2016; Asmarom, 1973).  Akkasumas, kan miseensi sabichaa mirgaafi dirqama isaa beekee ittiin walii galu wabii tokkummaa saba Oromooti. Ittiin bulmaataa dimokraatawaa haala walqixxummaa qabuun kan keessatti qooda fudhatu jireenya umriifi dhalootan kan ijaarame waggaa saddeet saddeetiin bulchiinsa waliif dabarsu itti gaafatamummaa waraanaa, siyaasaa, dinagdeefi dhimmoota jilaan walqabatan kara walqixxummaa qabuun kennu sirna bulchiinsa Oromooti (Asmarom, 1973).

Akka Gadaa (1988) ibsetti miseensa umurii dhaloota tokkoo sadarkaalee miseensonni garee Gadaa tokkoo keessa darban hiree saba Oromoo guutuu kan ittiin murteeffamu, kan guddinni xiinsammuu keessatti dhugoomudha. Akkasumas, Gadaan jireenya Oromoo kallattii maraan sakatta'udha (Alamaayyoo, 2007).  Sirni Gadaa kana keessatti miseensonni sabichaa bakka itti beekumsa hawaasaan ga'aa ta'u, sirna qoqqooddaa dhalootaa akkaataa dhimmoota siyaasaa, waraanaa, murtii haqaafi itti gaafatamummaa aadaa bahuu danda'anitti hojiirra kan oolu sirna bulchiinsa dimmookiraatawaa saba Oromoo ta'uusaa dabalee ibsa. Sirni Gadaa jaarmiyaa hawaasa Oromoo namni dhuunfaanillee akkaataa sochiilee siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi amantii hawaasa keessa jiru itti baru ta'ee tajaajila. Akkasumas, sirni kun  tooftaa  hawaasummaa, barnoonni , amantii ibsatan , nagaan eegamu, walitti dhufeenyi cimuufi birmadummaafi walqiccummaan itti labsamudha.

Shaakalliifi beekumsi sirna Gadaa immoo karaalee adda addaa dhalootaa dhalootatti darba. Kunneenis, sadarkaa manaatti maatiin afaaniin safuu, gochaafi sirnoota ijoollee isaanii dhimma aadaa Gadaa barsiisuun dabarsu. Ilmi erga sirna Gadaa keessa galee garee waliin sadarkaalee gadaa shanan keessa darba. Isa booda abbaan raagaa ilmaanota sana arga dhageettiin waa'ee seenaa, seera, ragmtaa, amalootaafi barbaachisummaa sirnichaa barsiisa .

Asafa (2010) immoo Gadaan qaroomina uummata Oromoo bakka of ilaallee jiruufi jireenya ummata Oromoo durii, ammaafi kan egeree hammatee, heeraafi seeraan kan utubameedha. Kanaaf, sirna bulchiinsa diinagdee, siyaasa, hawaasummaa, amantiifi loltummaa saba Oromoo to'atudha. Kana malee, siyaasaafi seera caffee ta`ee dhaloonni wal harkaa fuudhuun kan itti gaafatamummaa isaa bahaa turee fi bahaa jiru, gara fuulduraatti bahuu danda'u sirna bulmaata saba Oromooti. Sirna Gadaa yeroo caaseffamu karaa bilchinaa , rakkoolee siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa hawaasaa hiikuu danda'uun kan ijaaramee sirna walxaxaa aadaa, seenaafi amantii Oromoo kan hammatee ta'uu hayyoonni walii galu. Akkasumas, sirna mirgi namummaa saba biraa illee kabaju dirqama sirnicha keessatti barbaadamu akka bahuuf carraa kennuu aadaafi seenaa cululuqaa saba Oromoo qabate sirna bulciinsa diimmookiraatawaadha. Akka walii galaatti Oromoon sirna bulchiinsa isaa keessatti seeroota hedduu baafatee bifa gaarummaafi amanamummaa qabuun kan waliin jiraatu daawwitii ummatichaa kan keessatti eenyummaa ofii argan sirna Gadaati.

Gadaa uummata Oromoo gosaan yookiin gitaan otoo gargar hin baasiin Gadaa shanitti gurmeessee akka dabaree wal bulchu kan taasisedha. Gadaan Oromoo Gadaa shan jalatti gurmmayee dabaree darbuun waggaa saddeet saddeetiif kan ittiin wal bulchudha. Gadaan shanan kunis Booranatti: Moggisaa, Sabbaaqaa, Daraaraa, Fullaasaa fi Makkuulaadha. Oromoo Gujii: Muudana, Halchiinsa, Dhallana, Harmuufaafi Roobaleedha. Gosa Oromoo Karrayyuu biratti Gadaan Shanan: Roobalee, Melbaa, Birmajii, Michilleefi Halchiisa. Gosa Oromoo Maccaa fi Tuulamaa keessatti Shanan Gadaa: Horata,

Michillee, Duuloo, Roobalee fi Birmajiii dha (Dirribii, 2012). Sirni kun ijoollee miseensa Gadaa aangoo irra jiru, waggaa saddeettan aangoorra turu keessatti dhalatan miseensa Gadaa sanaa taasisuun aangoo Gadaa marsaa itti aanu isa waggaa afurtama keessa naanna'ee dhufuuf qophii jalqabsiisu. Ijoollee umuriin isaanii hanga waggaa saddeetii ta'e eegalee sadarkaa shan keessa dabarsee, tooftaa adda addaa fayyadamuun leenjii barbaachisaa ta'e kennuun beekumaafi safuu hawaasni kun qabu barsiisee, duudhaasaa erga qaabachiiseen booda miseensa sana keessaa ilaalanii angoodhaaf kaadhimu. Sadarkaa jahaffaa irratti filannoo bilisa ta'een dandeettifi beekumsa irratti hundaa'uudhan filatamanii muudamu. Waggaa saddeetiif erga biyya bulchaniin booda sadarkaalee gorsitummaa keessa darbuun hanga dulloomanii jaarsomanitti hojjatu. Oromoon bifa kanaan bulaafi walbulchaa ture osoo jiru weerara nafxanyaatiin Gadaan bakkeewwaan muraasa biratti laafuu eegale(Alamayyoo2007). Sirni Gadaa kun sababoota siyaasaafi kanneen biroon laafus Oromoo Tuulamaa Torban Oboo haga ammaatti ittiin walbulchaa jira. Akkuma boqonnaa afur qaacceessa keessatti ibsametti gaheen warri Gadaa eenyuummaa daangaa ijaaruufi qabeenya uumamaa naannoo ofii  kunuunsuu keessatti qaban baayyee olaanafi murteessaa ta’uusaa haalaan mul’ateera.

### 1.8.4.3.. Sirna Araaraafi Nagaa

Sirni Gadaa jaarmiyaalee adda addaa kallattii rakkoo hawaasaa, dinagdeefi siyaasaa ittiin hiiku ni qabaata. Sirna kanatti gargaaramanii warri Torban Oboo rakkoolee garaagaraa isaan mudatan haala nagaafi tasgabbii qabuun hiiku. Sirnoonni rakkoon adda addaa ittiin furmaata argatan kunneenis Jaarsummaa, Gumaa Baasuu, Siinqee, Kallacha, Caaccuu, Bokkuufi Qaalluudha( Alemayehu,2009).

Jaarsumman mala rakkoo furuu Oromoo akka walii galaatti , Torban Oboo immoo addaatti gargaaramaa jiru. Kunis jaarsoolii hawaasaa waldhabdee garee adda addaa gidduu uumame  yookiin rakkoo  maatii hiiku(Dirribii,2011) addeessa. Jaarsooliin gahee araaraa kana karaa jaarmiyaa Jaarsa Biyyaa   itti gaafatamummaa isaanii bahu. Araarri karaa jaarsummaa jaarsolii biyyaan raawwatu waldhibdee  abbaa

manaafi haadha manaa gidduu, namoota dhuunfaa, maatii gidduutti uumame furu. Waldhibdeen sadarkaa jaarsolii biyyaa kanattti furmaata hinargatiin yoo hafe gara Hayyuu Gosaatti darba. Hayyuun gosaa beektota gosa hawaasa sana keessaa ba'anidha.

Kanaaf, jaarsoliin Torban Oboo rakkoo hawaasa gidduutti uumame furuun nagaa uummatichaa ijaaruu keessatti shoora olaan taphatu. Jaarsolii kunneen adeemsota rakkoo furuu hunda gargaaramanii waldhibdee gareelee giduutti uumame furu. Adeemsi kunis kan raawwatu murtoo ifaafi fudhatamummaa qabu akka argamsiisuutti raawwatam.

Tooftaan Torban Oboo rakkoo hawaasa gidduutti uumame furu inni biraan Gumaadha. Kunis, waldhabdee lubbuu namaa ajjeessuu waliin walqabata. Akka aadaa hawaasichaafi sirna Gadaatti lubbuu namaa ajjeessuun bayyee dhorkamaafi kan balaaleffattamudha. Haa ta'u malee, sababoota adda aaddaarra kan ka'e namni tokko lubbuu namaa yoo base, namichai lubbuu baase kun gumaa kaffaluu qaba. Yoo gumaa hinkaffalu ta'e hawaasicha keessa jiraachuu hindanda'u. Kanaaf, hawaasni Torban Oboo adeemsa harka baafannaa gargaaramu araaraa buusu yookiin rakkoo furuu. Kunis, lubbuu darbeef gumaa kaffaluu ta'a. Inni lubbuu ajjeese sun haga gumaan kaffalamutti maatii isaarra adda ba'ee nannoo gosti jiratan bakka biraatti baqatee jiraata. Akkasumas, sirni hawaasichaa adabbii muru qaba. Sirna gumaa keesssatti beenyaan warra lubbuu jalaa badeef kaffalamu jira. Namni lubbuu balleesse sun qabeenya guddaa yoo qabateyyu, beenyaa lubbuu bade horii isaarra hinkaffalu.Maatiin namicha lubbuu ajjeessee bakka gosti jiran hunda naanna'anii kadhatanii lubbuu badeef beenyaa kaffalu. Tooftaan kunis qaama lubbuu balleesse sana kan ittiin adabaniidha.

Sirni Gumaa armaan olitti ibsame kun adeemsa hordofu qaba. Kunis, inni lubbuu balleesse mana ofii dhiisuun jaarsolii biyyaatti gabaasa. Itti aansuun, maatiin isaa jaarsolii kabajamoofi hawaasa keessatti simatan gara maatii lubbuun jalaa badeetti ergu.

Jaarsooliin kunneen haga deebii argataniitti warra maatii lubbuun jalaa bada waliin walii galtee uumuu yaalu. Adeemsi ittiin deebii eeggatanTorban Oboon  Izgootaa jedhu. Adeemsi kanaan jaarsooliin haga deebii argatanitti guyyoota hedduuf itti fufu. Kunis, guyyoota shanii haga sagalii ta'a. Sabna booda, maatiin lubbuun jalaa bade yeroo mariifi araaraa qabaatu. Itti aansuun, beenyaan lubbuu bade akka qajeelfama Gadaatti kennama. Maatii lubbuu balleesseefi kanneen lubbuun jalaa bade gidduutti yeroo harka Baafannaa kakuun waliif galama. Jaarsoliin adeemsa kaaffaltii gumaa kana Shanan Goomoo jedhu. Kunis, loowwan shanii haga sagliitti kaffaltii gumaaf oolan jechuudha.  Loowwan kanneen keessaa murasni bakka araaratti kan qalaman yoo ta'an kanneen hafan nimmoo maatii lubbuun jalaa badeef kennamu.

Malli biraa ittiin Oromoon Tuulamaa rakkoo ittiin furan Siinqeedha. Siinqeen ulee dubartiin heerumteetti qabattee kan adeemtu yoo ta'u mallattoo hormaataa waan ta'eef baayyee kabajama. Gama biraan immoo, fakkoomiin Siinqee  meeshaa aadaarra taree akka jaarmiyaa hawaasaatti tajaajila. Sababiin isaa mirgi siyaasaafi eenyummaa dubartootaa kan inni bakka bu'uufi eegamu  jaarmiyaa kanaan. Itti dabaluun,Siimqeen meeshaa gochaalee hawaasa keessatti dubartoottarratti miidhaa geessisu dhaabsisuuf tajaajila; kana malees, gama dinnagdeen hojii garee waliin hojjechuuf ittiin waldadammaksuuf oola(Kuwee,1997).

Akkasumas, dubartiin siinqee qabattee adeemtu kabajamtuu waan taateef angoo waldhibdee garee yookiin nama dhuunfaa gidduutti uumame dhaabsisuu dandeessi(Jeylan,2006). Yeroo amma kana fayyadamni Siinqee xiqqaachaa yoo deemeyyu, haati siinqee Torban Oboo dhimmoota armaan oliif gargaaaramti.

Kanneen armaan oliitti dabaluun, Torban Oboon waldhabdee hiikuu keessatti Kallacha gargaaramu. Akka amnataa Torban Obootti Kallachi sibila bakakkaarraa argame ta'uu isaahimu. Hawaasichi

Kallacha kana rakkoo gareelee gidduutti uumamefi dhimmoota siyaasaa furuuf tajaajilamu. Hawaasni Torban Oboo Kallachaaf kabaja guddaa waan kennaniif, akka ta'utti hinkunuunsan taanan miidhaa geessisuu danda'a amantaa jedhu qabu (Dirribii,2011). Kanaaf, yeroo gumaan ba'uufi waldhabdeen namoota gidduu uumamu furuuf gargaaramu. Sabaabiin isaa hawaasichi ulfina kennuurra darbee Kallacha baayyee waan sodaatuuf.

Inni biraan Torban Oboo biratti Bokkuun kabaja guddaa qaba. Innis adda Abbaa Gadaarratti kan hidhatamu yoo ta'u, mallattoo abbaa angummaa agarsiisa. Abbaan Bokkuu angoo waldhabdee garee yookiin namoota dhuunfaa gidduutti raawwate dhaabsisuuf angoo waan qabuuf kan inni jedhe raawwachuu diduun akka hindanda'amne (Dirribii,2011) dabalee ibsa.

#### 1.8.4.4. Sirna Gaa'elaa

Torban Oboo akkuma Oromota bakka biroo adeemsaalee sirna gaa'elaa itti raawwatan kanneen akka irra yaasaa, dhaala, hawwii, buttaafi kadhaadha ni raawwatu. Maammoo (2016)) irra caalaatti sirni gaa'eelaa Torban Oboo keessatti beekaman kadhaadha ta'uusaa ibsuun sirni gaa'elaa warra gurbaa isa fuudhuufi warra intalaa gidduutti raawwatudha. Sirni gaa'elaa kun fedhii maatii gama gurbaafi intalaarratti hundaa'a. Jarri gaa'eela raawwatanis yaada karaa maatii dhiyaate kana ni fudhatu. Yaada kana Girma (2018) yoo ibsu Sirni gaa'eelaa kun osoo hinraawwatamiin haalonni mijeeffamuu qanban ni jiru. Haalota mijeeffamuu qaban keessaa inni tokko uumoodha. Uummoon adeemsa jaarsoolii mana intalaatti eerguu yoo ta'u , jaarsooliin ganama ganama irra deddeebi'anii warri intala ilmasaaniif akka kennaniif gaafachuu akka ta'e ibsa. Jaarsooliin kunneen ulee waddeessaa qabatanii karra maatii intalaarra dhaabatanii kadhatu. Firriifi maatiin intalaa haalota tokko tokkorratti erga mari'atanii booda gaaffii dhiyaate sana simachuu isaanii yookiin diddaa isaanii guyyoota afur booda mul'isu(Maammoo, 2016)).

Itti dabaluun, Girmaa (2018) hawaasa naannichaa irraa ragaa argateen ibsetti sirni gaa'eelaa inni biroon hawaasa Torban Oboo keessaatti beekamaa ta'e Rakoodha. Rakoon intala heerumtee dhufteef hoolaa yookiin re'ee osoo isheen mana haaraatti hingaliin dura qaluudha. Kunis akka mallattoo gaa'eela haala gaariin fiixaan ba'eeti. Dubarri heerumtee dhufteef rakoon qalameefii kabaja dubartummaa ishee agarsiisa. Adeemsi raawwii kun ijoollee booda dhalataniifis ta'e jara walfuudhan lamaaniif hawaasa keessatti kabaja akka argatan taasisa. Sirna rakoo keessatti intalliifi gurbaan gaa'ela raawwatan adda isaaniitti dhiigaa hoolaa qalamee waltuquun isaanii kakuu dhiigaa kan eenyuuyyu hinjijjiirre ta'uusaa agarsiisuun egeree jireenya isaanii cimsatu(Negaso,1984).

### 1.8.4.5. Aadaa Guddifachaa

Alemayehu (2009) akka ibsetti Tuulamni akkuma Oromota kan biroo jaarmiyaa guddifachaatti dhimma ba'u. Kanas Moggaasaafi Guddifachaan gargaaramuun kanneen hawaasa Oromoo hinta'iin gara miseeensota maatii isaaniitti dabalu. Torban Oboo gosoota Tuulamaa keessaa tokko kan ta'es sababoota adda addaaf guddifachaa gargaaramu. Inni tokko firoottan keessaa kan dhala hinqabne yoo ta'e, ijoollee firoottan keessaa tokko fudhatee guddifachuun carraa mucaa godhachuu akka qabaatu taasisu. Inni biraan immoo garee biroo miseensota maatii ala jiran ofitti dabaluuf kan dhimma ba'amudha. Gosti guddifachaa kun namoota rakkataniifi qofaa ta'aniif daa'oo ta'uuf tajaajila (Maammoo, 2016). Kanaaf , guddifachaan inni maatiitti guddifame miseensota maatii waliin mirga walqixxa ta'e waan qabuuf hojii salphaa miti.

Gochaaleen yeroo sirna guddufachaa raawwataman ni jiru. Sirni raawwatamu kun yeroo labsii miseensummaa namni guddifamu sun garee maatii itti guddifamuu ta'a. Kanas akkaataa armaan gadiin kakuu raawwatu.

Yeroo guddifachaan ofitti dabalan haala armaan gadiin kakachiisanii waadaa galchu
Kan isin jibbitan nan jibba

Kan isin jaallattan nan jaalladha

Diinni keessan diinakooti

Diinni koo diina keessan

Kan isin loltan sin waliin lolla

Carraa sin mudate nan qooddadha

yeroo nagaafi waraanaatti

Yeroo badhaadhummaafi rakkinaatti(Abreham,2015:117)

jechuun waadaa hindiigamneen inni guddifame sun ilmaan gosaatti dabalama. Itti fufuun hidda dhalootaa gosa itti guddifametti lakkoowwachuu eegala.

Erga sirni guddifachaa kun xumuramee inni guddifame sun akka miseensa maatii sanaatti of fudhatee waliin jiraata.

Sirni guddifachaa kan biroon Torban Oboon biratti hojiirra oolu sirna Moggaasaa yoo ta'u, hawaasa kan biroo Oromoo hinta'iin gosa ofiitti dabaluuf gargaaramu.Sirni kun rakkoolee siyaasaafi hawaas-dinagdee hawaasa naannoo isaanii jiraatan waliin qaban furuuf tajaajilaa jira.

### 1.8.5. Dinagdee Torban Oboo

Oromoon Torban Oboo duratti horsisiisee bulaa ture. Osoo qonni akka ammaa kan hinbabl'atiin daangaan hawaasichaa guutummaatti naanna'ee bosonaan kan uffisame ture. Kun immoo loon horsiisuuf mijaataa waan tureef dinagdee hawaasichaa bu'aalee horsiisaa loon, re'eefi hoolaarraa argamanirratti kan bu'uureffate. Itti dabaluun , Tsegaye(2002)akka ibsetti Oromoon Tuulamaa akka waliigaalaatti horsiisee bulaa ture. Wallakkeessa jaarraa 19ffaa keessa qeyeen warra Tuulamaa kun kan horsiisee bulaa waliin walfakkaata. Yeroo sana lolli karaa daangaa Amaaraa irra deddeebi'ee waan isaan rakkiseef omishni isaanii jalaa manacaa'aa ture; kana jalaa ooluuf loon isaanii oliif gadi oofanii tikfachuu qonnaa caalaa filatanii akka turan ibseera. Haata'u amalee, Oromoo Torban Oboo suutuma

suutaan naannoo 1940 keessaa kaasaanii qonnaa wiirtuu dinagdee isaanii godhaatanii turan. Isaaniis gosoota midhaanii nyaataafis ta'e gabaaf dhiyaatan kanneen akka xaafii baayyinaan omishuu eegalan. Akkasumas, garbuu qamadii, mishingaa, boqqolloo, kuduraafi muduraa omishaa turan. Garuu omishinni isaanii bokkaa gannaarratti qofa kan hundaa'e ture. Itti dabaluunis, naannoon hawaasni Oromoo Torban Oboo jiraatu goginsaafi hongeen irra deddeebi'ee rukkutamaa waan tureef bara 1970 keessa omishinni qonnaa isaaniifi loon isaanii hedduun jalaa manca'an; hawaasichis rakkoo hanqina nyaataan baayyee hubame.

Kanneen olitti dabalee, lafti loon isaanii irra tikfatan sababa babal'inna indaastirii qonnaa sulula Awwash mootummaa Itoophiyaa yeroo sanaa irraa fudhannaan bakkicharraaa dirqamaan godaanan. Kunis sochii jiruufi jireenya isaanii guyyaa irratti dhiibbaa fidee ture. Sochiin dinagdee isaanii inni biroo immoo ijaarsa Baaburaa Ethio-Djiboutii irraa kan ka'ee magaalootiin toora daandii sana qabatanii hundeeffamman ijaarsa dinagdee isaanii gamaa daldalaan qaban guddiseera. Hawaasicha keessaa muraasni sochii daldalaa kana keessa galuun omisha naannoo sana jiru bakkaa bakkaatti geejibanii dinagdee isaanii guddifataniiru (Girma, 2018).

Bu'uurri diinagdee hawaasa Oromoo Torban Oboo aanaa Boosatiifi naannoo ishee yeroo ammaa immoo qonnaafi loon horsiisuudha. Aanaan Boosat gandoota baadiyyaa soddomii sadii , gandoota qonna magaalaan hundeeffaman (Ganda/kebele formed by Agro-industry) afuriifi gandoota magaala sadi (5) kan qabduudha. Irra caalaan uummata aanichaa lafa qotuufi loon horsiisuun jireenyasaanii akka gaggeeffatan ragaan waajjira qunnamtii aanichaa ni mul'isa. Akka Aanichaatti Oomishni midhaanii garbuu, qamadii, xaafii, mishingaa, boqqoolloo, kuduraafi muduraalee oomishuun bakka olaana qaba.

Hawaasni Torban Oboo dinagdee isaa guddisuu waliin walqabsiisee lafaafi daangaa lafaa irratti xiyyeeffannoo kennuun seenessa. Afseenessa hawaasaa kana keessatti bakka hundumaatti dhimma

lafaafi daangaa hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee walqabsiisanii kaasu. Qorannoo kana keessatti dhimma dinagdee hawaasa Oromoo Torban Oboo baruun haala kamiin eenyummaa isaa dinagdee keessaatti akka ijaarratee tureefi jiru baruu tajaajiluu danda'a jedhamee amanama( WQAB, 2008 ALH).

### 1.8.4.7. Hariiroo Torban Oboo Hawaasaa Kanneen Biroo Waliin

Oromoon Torban Oboo uummatoota naannoo isaanii jiraatan waliin nageenyaanis ta'e wal lolaa jiraataa jiru. Fakkeenyaaf, hawaasni Torban Oboo kallattii kaabaan durii kaasee saba Argobbaafi Amaaraa irra deddeebi'anii wal lolu turan. Sababni lola isaanii irra caalaatti bakka dheedumsa looniirratti ture. Kana malees, saamichi looniis sababa biraa ture. Kunis, warri Argabboo irra deddeebi'anii loon hawaasa Karrayyuufi Torban Oboo waan saamaniif ka'umsa lola isaaniif sababa isa guddaa ture. Kun immoo lubbuu namoota baayyee dhabamsiiseera. Kanarraa kan ka'e saba Oromoo Torban Oboofi Argobbaa gidduu lolli gurguddaa yeroo dheeraaf adeemsifamaa ture; ammas darbee darbee adeemsifamaa jira. Walitti bu'insi saba kana gidduutti uumame kun diinummaa waan uumeef guddina dinagdee hawaasichaarrtti dhiibbaa guddaa fideera(Buli,2006).

Gama biraatiin immoo hawaasni Torban Oboo Oromoo Karrayyuu waldaangessanii olla yoo ta'aniyyu, walitti dhufeenya gaarii uumanii jiraachaa akka jiran ragahimtoonni ni himu. Yeroo ammaa kana hawaasa Karrayyuu, Arsii,Adaamaafi Torban Oboo jaalala uummachuun yeroo hongeefi beelaatti akka walitti birmataniif isaan gargaareera. Itti dabalee, Oromoon Torban Oboo hawaasa Oromoo kanneen waliin nageenyaan jiraachuun daldalaafi guddina dinagdee isaanii keessatti gahee guddaa ba'uu isaa (Buli,2006) dabalee ibseera. Qorannoo kana keessatti dhimma daangaa ofii eeggachuu waliin walqabatee afseenessi hawaasichaa maal akka fakkaatu xiinxalameera. Sababiin isaa afseenessa hawaasichaa keessatti eegumsa daangaafi akkaataa kunuunsa qabeenyaa uumamaafi namtolchee qabanillee afseenessa isaaniin ibsaniiru.

### 1.9. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee ja'aatti qoodamuun dhiyaate. Boqonnaan jalqabaa seenduubee qorannichaafi tajaajila afseeneffamani akka addunyaatti, Afrikaafi Oromoo biratti eenyummaa ijaaruuf gumaache xiinxaluufi sakatta'uurratti xiyyeeffate. Kunis haala ijaarsa eenyummaa Torban Oboo beekuuf gargaareera. Kana malees, boqonnaan kun ka'umsa, gaaffilee bu'uuraa, kaayyolee, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa qabatee dhiyaate. Boqonnaa lammaffaa jalatti immoo sakattaan barruulee dhimmoota yaadrimeewwan bu'uuraa kanneen akka eenyummaa, goosoota eenyummaafi haala ijaarsa eenyummaa, akkasumas, maalummaa, faayidaafi gosoota afseeneffamootatu haala qorannoo kana waliin qindaa'anii dhiyaataniiru. Itti dabaluun, boqonnaa kana keessatti yaaxxinotaa, maleenyaaleefi sakattaa barruuwwan walfakkii qorannoo kana waliin deeman dabalamanii ibsamaniiru. Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo kana gaggeessuuf dhimma ba'aman xiinxalamanii dhiyaataniiru. Kanneen malees, boqonnaa kana keessatti yaadonni haguugaman faalasama, saxaxaafi mala qorannoo yoo ta'an , tooftaalee raghimtoonni itti filataman, tooftaalee ragaan ittiin guurameefi adeemsa ittiin qindaa'e qabatee dhiyaate.

Boqonnaa arfaffaan immoo maddaafi bakka ka'umsa, hidda latinsaafi qubsuma Oromoo, seenaafi aadaaTuulamaafi Torban Oboo ibsamaniiru. Itti dabaluun, horteewwaniifi hidda latinsa Torban Oboofi bakka argama isaaniitu qorannoo kana waliin walqabatanii addeeeffamanii jiru. Akkasumas, haalli dinagdeefi walitti dhufeenya Torban Oboon hawaasaa Oromoofi kanneen biroo waliin qabanillee ibsamee. Boqonnaa shanaffaafi ja'affaa akkaataa afseenessoonni eenyummaa Torban Oboo ibsan, hariiroofi fakkoomii uumamaafi namaa gidduu jiru ragaaleen deeggaruun, bu'uura yaaxxina ijaarsa hawaasummaafi hiikkaa fakkoomiin xiinxalamanii dhiyaataniiru. Itti aansuun, boqonnaa torbaffaa keessati immoo yaada cuunfaafi argannoon qorannichaatu, yaada yaboo waliin cuunfamanii dhiyaatan.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Seensa

Boqonnaa kana jalatti barreeffamoonni garaagaraa dhimma qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban cuunfamanii kutaalee sadiin dhiyaataniiru. Bu’uuruma kanaan kutaan jalqabaa yaadrimeewwan bu’uuraa qorannichaaf barbaachisan kan dhiyeesse yoo ta’u, qabxiilee bu’uuraa mata duree qorannoo kana waliin walitti hidhatinsa qaban yaada hayyoota adda addaan dabaalamee dhiyaateera. Kunis, jechootaa bu’uuraafi hiikni dhimmoota fookiloorii, og-afaanii, eenyummaa, afseensessa goosoota isaaniifi barsiifata hawaasa Oromoo Torban Oboo waliin walqabatantu dhiyaateera. Kutaan lammaffaa, yaaxxiinootaa qorannoon kun irratti hundaa’ee adeemsifameefi maleenya qorannoo kana keessatti dhimma ba’ametu ibsamee jira. Itti fufuun, qorannoolee walfakkii dhimmoota ijaarsa eenyummaafi afseenessaa mul’isantu bu’aawwan qorannoo kanaaf kennan waliin qabatanii qindaa’anii jiru.

### 2.2. Yaadrimee Eenyummaa

Eenyummaan akkaataa qaamni dhuunfaafi garee walitti dhuufeenya gareefi dhuunfaa keessatti kanneen biroorraa adda ofbaasee ittiin ilaalu yookaan ittiin ilaalamudha. Hiikni eenyummaa kun kan irratti xiyyeeffatu qaamni dhuunfaa yookiin gareen tokko kanneen biroofi ofwaliin walbira qabee garaagarummaafi tokkummaa jiru ittiin hubatu agrsiisa (Jenkins, 2008). Akkasumas, eenyummaan akkaataa qaamni dhuunfaafi gareen bu’uura amantii, sanyii, afaaniifi aadaarratti ofiin of ibsaniifi kanneen biroon ibsaman. Haala kanaan eenyummaan kan ittiin ofiin of ilaalluufi kanneen biroo nu ilaalan ta’uu isaa mul’isa. Weeks(1990) gama isaan eenyummaan waan gareen tokko hawaasa tokko waliin qabuufi kanneen biroorra ittiin adda ba’uufi dhimma walfakkeenyaafi garaagarumma garee yookiin dhuunfaa gidduutti mul’atuudha. Kana jechuunis eenyummaan dhimma walfakkeenyaa garee tokkoofi garaagarummaa miseensota garee sanaati.

Hiikni armaan olitti ibsame akka agarsiisutti eenyummaan kan inni tokko ofiisaa yookiin garee biraarraa kan ittiin adda ofbaasu ta'uusaati. Kunis, kallattii garaagarummaa hawaasni ittiin dhaabbataan of ijaaranii jiraniifi of ibsan akka ta'e mul'isa. Qorannoo kana waliin walqabtee immoo hiikni eenyummaa yaadrimee akka hubannoo keenyaatti maaliifi eenyu akka taaneefi maaliif kan biraa akka hintaane,hubannoo waa'ee ofii keenyaa qabnuufi hubannoo kanneen biroo waa'ee keenyaaf qaban agarsiisa. Qorannoo kana keessatti hiikaan eenyummaa akkaataa Torban Oboo haala galmoo xabboo isaaniitti of ijaarratanii jiraniifi ofhubatan addeessa.

Itti dabaluun, eenyummaan karaa hawaasni yookiin qaamni tokko kan biraarraa ittiin adda ba'udha. Kunis, namni tokko karaa walitti dhufeenyaa, ga'umsa qabuun, hirmaannaa gochaalee adda addaa keessatti taasisuun isa kaniirra adda ba'udha(Devine, 1996 ; Mills, 2007). Stevenson (1989) immoo eenyummaan amala yookiin barsiifata namni tokko yookiin gareen ittiin ibsamu ta'ee kan qaamaa biraan yookiin ofiin hubatamu ta'uusaa addeessu. Hall( 1996) immoo eenyummaan qoodama hawaasaa ta'ee amala yookiin hubannoo maalummaa hawaasaafi ofi qabaachuudha jedha. Itti dabaluun, yaadrimee eenyummaa walfakkeenyaafi garaagarummaa ta'uusaa dabalee hima. Kunis walfakkeenya keessalee garaagarummaan eenyummaan akka jiru dabalee ibsa(Hall, 1996). Akkasumas, eenyummaan qoodama garee hawaasaa amala garee yookiin nama dhuunfaa tokkoo kan ibsamu ta'uusaa agarsiisa. Eenyummaan kunis, ofiin yookiin nama dhuunfaan hubatamuu danda'a. Itti dabalee cimsuun, eenyummaan waan amma taaneefi fuuldurattillee ta'uu dandeenyu kan barannu, waan agarrufi dhageenyuurraa sammuu keenya keesaatti hidda godhatee kan jiratu mul'isa (Hall, 1996). Karaa biraa immoo, Athes(2010) adeemsa barbaachisummaa ijaarsa eenyummaa ammayyaa ibsuun, eenyummaa dhuunfaa ijaaruun kan danda'amu aadaafi barsiifata hawaasaa dursee kalaqame ta'uu akka malu mirkaneessa.

Gama biraan, eenyummaan dameelee beekumsaa kan akka herregaa, dinagdee, falaasamaa, xiinhawaasaafi qorqalbii keessatti gahee ni qaba. Smith immoo eenyummaan miira hawaasummaa aadaafi seenaa keessatti mul'atudha malee, kan ilaalcha dhuunfaa yookiin waloo mitii jechuun morma (Smith,1995).

Akkasumas, Hall (1996).eenyummaan qoodama hawaasaa amala yookiin barsiifta namni tokko maalummaa isaa ittiin of ibsudha. Eenyummaan abbaa isaafi nama biraan hubatamuu danda'a. Haata'u malee, eenyummaan sadarkaa nama dhuunfaatti yookiin gareetti ibsamuu daanda'a. Akkaataatti eenyummaan ittiin baratamu, ilaalchi, mirrii, gochi, waan arginuufi dhageenyu maalummaa garee yookiin nama dhuunfaa akka mul'isu dabaltee ibsiti. Kanaaf, eenyummaan hawaasa keessaa ba'anii amala dhuunfaa ofii calaqqisiisuu osoo hin taane amala hawaasa bal'aan liqimfamanii hawaasicha keessa jiraachuudha, akkasumas, amaloota walfakkaatoo adda addaa kanneen akka: afaan, aadaa, amantii, daangaa, seenaawwan yaadatamaniifi himteewwan garee kan biroo waliin qabaachuuti. Qorannoo sanyaabsaa keessatti immoo , yaadrimeen eenyummaa galumsa eenyummaa keessatti of-fakkaachuu qofa ibsuuf osoo hintaane, garaagarummaa garee biroo waliin jiru ibsuuf dhimma itti ba'amaa turedha.

Yaada hayyoota armaan oliirraa wanti hubatamu waa'ee eenyummaa ilaalchisee garaagarummaa xiqqaa yoo qabaateyyu, eenyummaan amala, barsiifata , duudhaafi aadaa dhalootaa dhalootatti kan darbu yookiin amaleeffatamu ta'ee namni dhuunfaa yookiin hawaasnii tokko isa biroorraa kan ittiin adda ofbaasee hubatufi inni kaan immoo ittiin adda baafamu ta'uusaati.

### 2.2.1. Gosoota Eenyummaaa

Beektonni adda addaa gosoota eenyummaa haala garaagaran qoodu. Fakkeenyaaf, Austin(1962) hidda dhaalootaafi garee hawaasa ofii beekuurratti hundaa'ee yoo qoodu, goosoota eenyummaa afurtu jiru.

Isaaniis, walfakkeenyaafi tokkummaa, ga'umsa of beekuu yookiin hubachuu, hidda dhaloota yookiin dhuftee ofii adda baasuu, garee hawaasummaa tokko keessatti argamuu.

Gosoota eenyummaa akka (Austin,1962 fi Goffman, 1959) walfakkeenyaafi tokkummaa, ga'umsa of hubachuu, hidda dhalootaafi garee hawaasaa irratti hundaa'uun qoqqoodanitti akaakuu afuriin beekama. Isaaniis: Eenyummaa dhuunfaa, waloo, garee hawaasaafi naannoo jedhamu.

***Eenyummaan dhuunfaa (Personal Identity)*** Eenyummaan dhuunfaa amala ,fedhii,muuxannoo, amantaafi qajeelfama dhuunfaan namni tokko garee hawaasaa keessa jiraaturraa ittiin addda baasee of ilaalu (Fearon,1999) Akkasumas, eenyummaan sadarkaa dhunnfaatti abbuma isaa malee namni kan biraan kamiyyu kan isa fakkaatu kan hinjirre ta'uusaa kan agarsiisuudha. Kunis, muuxannoo, sansakkaafi qaama alaa kan ofii qofa qabaachuu ibsa.. Kanneen garaagarummaa leellisan sadarkaa eenyummaa kanarratti hundaa'uun ilaalchawwan dhuunfaafi dandeettii namaa mul'isuurratti xiyyeeffatu. Haaluma walfakkaatuun, Austinfi Goffman eenyummaan kan ijaaramu waa'ee ofii irra deddeebi'anii seenessuudhaan jedhu. Kunis, eenyummaan dhuunfaa akkaataa namni tokko of hubatuufi kanneen biroon hubatamu ta'uusaa ibsu(Austin, 1962 ; Goffman, 1959)

***Eenyummaa Waloo (Collective)*** Gosti eenyummaan inni lammaffaa miira eenyummaa hidda dhalootaa waliin walqabata. Innis, eenyummaa ofitti gammaduu garee eenyummaa yaad qalbii hidda dhalootaa waliin deema yaada jedhu akka ta'e (Erikson, 1963*)* ibsa. Sadarkaan eenyummaa waliigalaa amaloota namoota hunda walfakkeessu hargansuu, beela'uufi dheebochuu agarsiisutti dhimma ba'uun eenyummaa namoota gidduu garaagarummaan akka hinjirretti ibsuu yaalu. Namoonni ilaalcha eenyummaa sadarkaa kanaarrtti xiyyeeffatan garaagarummaa muuxxannoo, dhuunfaafi garee namoonni addatti qaban xiqqeessanii fudhatu. Eenyummaan kun hidda dhalootaafi dhuftee sanyii dhiigaa waliin walqabata. Eenyummaan hidda dhalootaa duubee eenyummaa dhuunfaa baruufillee ni gargaara.

Eenyummaan kunis hiddi dhalootaa ijaarrsa gosaa, sabummaafi lammii dhuftee garee hawaasa tokkoo mul'isa (Brierley, 2015*)*.

Namni eenyummaa isaa cimsachuuf immoo sanyii dhaloota isaan walitti dhufeenya cimaa hinqabu yoo ta'e,waa'ee hidda dhalootasaa ni dagata *(*Owusu-Bempah, 2007). Akkasumas, hidda dhalootaa ofhubachuun eenyummaa keessatti gahee olaanaa qaba *(*Kramer, 2011b*)*. Yaada kana cimsuun, (Guenther, 2008 *)* guddinni namaa dhunfaa kan eegalu beekumsa hubannoo warra dhaloota duriirraa malee dhalootumaan kan argamu miti. Akkasumas, hidda dhaloota ofii beekuun guddina nama dhuunfaa karaa eenyummaa dhuftee sanyii ofii ittiin beekanidha. Gosti eenyummaa kan akka kanaa kan argamuu yoo seenessa dhuftee ofii sirriitti beekanidha*(*Fearson, 1999)

Walumaagalatti, eenyummaan waloo yoo beekumsafi duudhaa dhaloota duraarra fudhatame malee eenyummaa isa sirrii ofii beekuun akka hindanda'amne agarsiisa.

***Eenyummaa Hawaasaa (Social identity)*** Eenyummaan garee seenessa maatii ofii keessatti argamuun eenyummaa hawaasaa jedhama. Gareen kunis, kan hawaasaa, dinagdee, ogummaa, gosaa, sanyii haadhaafi abbaa ta'uu akka danda'u *(*Green 2013) ni ibsa . Namni tokko eenyummaa garee hawaasaa irraa yoo dhaale, miirri miseensa garee sana keessatti hammatamuufi galmi eegeree itti dhaga'ama. Gareen kun deebi'ee gochaalee siyaasaa, koorniyaafi kkf keessatti gahee olaanaa bahuu danada'a. Kunis yeroo babal'atu eenyummaa waloo ta'uu *(*Cerulo, 1997; Hitlin ,2003).

Gama biroon immoo, eenyumman hawaasaa gareen hawaasaa bakka tokkotti akka isaaniif ta'utti of bocanii jiraatan akka tasiisu ibsuun, eenyummaan hawaasaa keessatti gahee yookiin oguma qabanirratti kan bu'uureffamu ta'ee , kanneen ogummaa barsiisummaa, gaggeessummaafi kkf ta'uu danda'a(Snow, 2001; Fearon, 1999). Eenyummaan sadrkaa garee hawaasaa (umurii, dandeettii, saala ,aadaa, garee sadrkaa dingadeefi sabummaa) ittiin kanneen biroo waliin walnufakkeessu yookaan

addaan nu baasu qabaachuurratti xiyyeeffata. Xiyyeeffannnoon eenyummaa sadarkaa kanaa namni muuxxannnoolee garaagaraa kan qabaatuu haala garee hawaasaa keessa jiraanurratti hundaa'ee akka ta'e ibsu.

Addunyaa dhugaa keessatti immoo sadarkaaleen eenyummaa kunneen ala takkaatti ni jiru; addaan hinba'an. Kanaaf, sadarkaalee eenyummaa kunneen jiraachuun garaagarummaa keessatti walitti dhufeenyi ijaaramuu danda'uusaafi simachuun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Itti dabaluun, Abrams &Hogg (2011*:196*) immoo "Social identity is the individual knowledge that he/she belongs to acertain social groups, together with some emotional and value siginificance to him/her of the membership."jedhanii ibsu. Yaadni hima armaan olii kunis eenyummaan hawaasaa beekumsa nama dhuunfaa garee hawaasa keessatti argamuu ta'ee miiraa, safuufi duudhaa garee miseensa keessatti ta'amee kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti yaada beektota armaan oliirra waan hubatamu, eenyummaan hawaasaa gahee miseensiifi hawaasichi jiruufi jireenya waliin jiraatu keessatti raawwatan kan ialallatu ta'uusaa mul'isa.

***Eenyummaan Naannoo ( Regional Identity)*** Eenyummaa haala naannoo yookiin teessuma lafaa, haala qilleensaa ta'ee, gaaffileee 'Ani eessan dhufe? Ani eessan jira?' (Bakkaafi iddoo) deebisuurratti kan xiyyeeffatudha. Kunis, bakka adda ta'e tokkotti of ramaduu, walitti hidhatinsa bakka tokkoo addatti qabaachuu ; bakkichaan eenyummaa himachuufi bakka sanaaf gumaacha addaa taasisuufi kunuunsuu akka ta'e (Pohl, 2001)ibsa.

Walumaagalatti, gosoonni eenyummaa garaagaraa yoo jiraataniyyu, eenyummaan inni tokko isa biraa ijaaruu keessatti gahee akka qabu mul'isa. Qorannoo kana keessatti eenyummaa hawaasni Torban Oboo

gama adda addaan ijaarrratee jiru bu'aa tokkummaa hawaasichaa eeguu keessatti qabullee xiinxaluuf ooleera.

### 2.2.2. Akkaataa Ijaarsa Eenyummaa

Eenyummaan kan ijaaramu adeemsa yeroo keessatti ta'ee bakkaafi yeroorratti kan hirkatedha. Ce'umsi ijaarsi eenyummaa haala uumamaan yookiin dhalootaan kan kennamu osoo hintaane yaadrimee seenaafi hawaasummaa keessatti kan ijaaramudha yaada jedhudha(Holliday,2010). Eenyummaan kallattii adda addaan ijaarama. Dhalli namaa yeroo guddachaa adeemu amalootaafi sansakkaa isa kaanirraaa adda baasu qabaachaa adeema. Isaan keessa kaan uumama kan immoo jireenya har'aa boruu keessatti waan argaa, dhagaa'aa jiraanu ta'u. Gama biraan immoo, mirrii eenyummaa adeemsa seenaa keessatti qofa kan ilaaluma osoo hintaane, jijjiirama amala hunda galeessummaa hawaasa kami ta'ee adeemsa seenaa keessatti kan ilaalamudha . Kana jechuunis, yeroo murtaa'e tokko keessaatti ,eenyummaan tokko kan biroo caalaa olaantummaan mul'achuu dana'a(Martin, 1995). Itti dabaluun, amalli seenaa eenyummaa kan jijjiiramaa deemu yoo ta'eyyu, amalli hawaasummaa immoo eenyummaan akka itti fufu taasisa(*achuma*).

Akkaataan ijaarsa eenyummaa namoonni adda addaa beekumsaaf muuxannoo isaaniirratti hundaa'anii ni kaa'u. Fakkeenyaaf, Orbe & Spellers (2005) eenyummaan adeemsa muuxannoo aadaa dhala namaarratti jijjiiramaa deema yaada jedhu calaqisiisuun, ijaarsa eenyummaaf aadaan murteessaadha jedhu. Kunis, jijjiiramni eenyummaa dhuunfaa yookaan waloo aadaa gareen tokko qabu waliin deema. Ijaarsa eenyummaa aadaa keessatti maatiin jalqabaa isaan bu'uuraatin kunis, duudhaa, amantaafi amalli waajaallachuufi jibbuu maatii ganamaarraa dhaalama. Garuu eenyummaan kun booda aadaa garee biraa keessatti guddifamanaan jijjiiramuu danada'usaa ibsu. Kanaaf, aadaan ijaarsa eenyummaaf gahee olaanaa qabachuusaa falmu.

Gama biroon immoo, Holliday (2010) ijaarsa eenyummaaf illeenyi hawaasaa ilaalcha addunyaaleessaa seera uumamaafi gahee namni keessatti taphatu ilaallata waan ta'eef ijaarsa eenyummaaf murteessaadha ejjennoo jedhu qaba. Kunis, hubannoo siyaasaafi hawaas dinagdee aangoofi to'annaa dhuunfaan yookaan garee hawaasni tokkoo ba'u irratti hundaa'ee eenyummaan ijaaramaa akka deemu agrsiisa. Akka yaada kanatti eenyummaan isa hoogganuufi hooganamuun ijaaramuu akka danda'utti mul'ata. Illeenyi ijaarsa eenyummaa kun akkaataa ilaalcha hawaasni koorniyaa, sadarkaa dinagdeefi duubee gosaa irratti qabu ijaarsa eenyummaa irratti gahee olaanaa bahuusaa addeessa( Holliday , 2010).

Yaada beektotaafi qorannooleen adda addaa akka agrsiisanitti hundaa'uun eenyummaan kallattii adda addaa ittiin ijaaramu hawaasa keessatti qabatamaan mul'atu haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

*Eenyummaa Sabaa(ethnic identity)* akkaataatti namni dhuunfaa tokko haala garaagarummaa guddinaafi aadaarratti hundaa'ee kanneen biroorra adda godhee of hubatudha.

*Garee Gosaa( Folk-Group)* Akka(Jones ,1997)tti gareen hawaasa tokkoo akkaataa kanneen biroo walitti dhufurraa adda of godhee of ijaareeruuf garaagarummaafi tokkummaa aadaa eeggatee waliin jiraatu ta'a. Hutchinson &Smith'sa immoo *garee hawaasaa akkaataa armaan gadiin ibsu. "A named human population with myths of common ancestry, shared historical memories, one or more elements of common culture, a link with a homeland and a sense of solidarity among at least some of its members*" (1996: 6). Garee hawaasaa jechuun hawaasa raagamantaa, hidda dhalootaa, yaadanno seenaa, yeroo rakkootti waliif birmatuufi aadaa waloo walin qabu . Kunis, gareen hawaasaa hidda dhalootaa, aadaafi waliin jireenya keessatti tokkummaan kan waliin jiraatu ta'uusaa agarsiisa.

Kanneen armaan olii cinatti, gareen gosaa ta'iinsoota hawaasummaa yookiin qorqalbii garee aadaa walfakkaatuun ijaaramedha. defined ethnicity as: "… the subjective symbolic or emblematic use of any aspect of culture [by a group], in order to differentiate themselves from other groups" (DeVos ,1975:

16). Hiikti isaa, gosummaan fayyadama aadaa mallattoo gareen tokko isa kaan irraa adda ofbaasu ta'uusaa ibsa. Burgess(1978) immoo, gosummaan amala, ga'umsa hawaasni tokko garee hawaasaa tokkotti oframadee mallattoo aadaaa, uumamaan,daangaan adda ofbaasee jiraatudha.

Yaada beektoota armaan oliirraa wanti hubatamu ,gosummaan garee hawaasaa aadaa, haala uumamaa daangaa lafaafi kkf akka mallattoo godhatanii eenyummaa isaanii beekanii kan jiraatan ta'uu mul'isa. Qorannoon adeemsifamaa jiru dhimmoota eenyummaa kanneen armaan olitti ibsaman waliin walqabatee eenyummaa hawaasa Torban Oboo ijaaramee jiru afseenessi isaanii akkamiin akka ibsu xiinxaluudhaan kan mul'ise ture.

### 2.2.3. Ilaalchawwan Eenyummaa

Eenyummaa hawaasa tokko hubachuuf ilaalchawwan ijaarsa eenyummaa garaagaraa jiran beekuun barbaachisaadha. Isaanis, ilaalcha jalqabaa(primordial)fi haalawaa yookiin ilaalcha ijaarsaati. Akka Ceyhan (2003) ilaalchi jalqabaa (primordial) kan inni xiyyeeffatu eenyummaan uumamaan kan kennamu, kan hinjijjiiramne, afaan, aadaa, yaadannoo seenaafi fakkoomii hawaasa tokkootti.

Yaada kana waliin walqabsiisee, Clark (2005) ilaalchi jalqabaa ilaalchi jalqabaa eenyummaa akka wanta durii jalqabee jirutti dhaabbataafi itti fufaa qaama tokkoo akka ta'e ibsu. Clark(2005) yaada kana dabalee cimsuun wantoonni uumamaa garreen, laggeen, daangaaleen hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa meeshaaleen sirnoota hawaasaa ittiin raawwatan ilaalcha eenyummaa hinjijjiiramne kan jalqabaa ta'uu isaanii addeessa.

Haata'u malee, yeroo amma kana ilaalchonni eenyummaa dhaabbataarraa jijjiiramaa deemu kan jiru mul'achaa dhufaniiru. Yaada kana waliin walqabsiisee Weeden (2004) eenyummaan bu'aa walitti dhufeenya hawaasaadha malee wantoota dhaabbataa durii qabanii jiran miti jechuun falma. Ilaalchi kun eenyummaan haala yookiin sadarkaa hawaasni yeroo amma irra jiru malee, qabeenya dhaabbataa dursee

uumame akka hintaane ifoomsa. Itti dabaluun, eenyummaan bu'aa dhimma tokkorratti waliigaluu, waliin mar'achuu ta'uu isaa dabalee ibsa. De Fina et al. (2006) immoo hawaasni eenyummaan jiruufi jireenya keessatti hawaasni tokko haala keessa jiraatu, gochaalee raawwatu, walitti dhufeenya isaan garee biraa waliin qabanirratti hundaa'ee kan ibsamudha jechuun falma. Kanaaf, Ochs( 1993) immoo eenyummaan hiikkaa fedhii, gaheefi sadarkaa hawaasni tokko irratti waligalu akka ta'e ibsa.

Hall (1996) amala jijjiiramummaa eenyummaa adeemsa ijaarsa hindhumatiin ta'uusaa addeeessa. Sarup (1996) immoo yaada Hall armaan olii deeggaruun eenyummaan adeemsa ijaarsa walitti dhufeenya hawaasni jarmiyaaleefi gochaalee adda addaa waaliin qabu akka ta'e cimsa. Kunis, ilaalchi garee eenyummaan ijaaramaa deema jedhu yaada eenyummaan amala jijjiiramummaa, irratti walii galamuufi yeroodha gara yerootti aadaafi hawaasummaa waliin ijaaramaa deema jedhu hammata. Kanaaf, ilaachi eenyummaan ijaaraamaa deema jedhu kun yaada wantoonni uumamaa dhaabbataan eenyummaa hawaasa tokko ibsu jedhu mormuun, eenyummaa hawaasati walii galteedhaan ijaarrataa deema deeggara. Qorannoo kana keessatti wantoota uumamaa eenyummaa hawaasa Torban Oboo ibsanitti yoo dhimma ba'ameyyu, hawaasichi haalota adda addaarratti hundaa'ee yeroodha gara yerootti eenyummaa isaa sanyabsa irratti walii galee ijaarrachaa deemuusaatu ilaalama.

### 2.3. Eenyummaa Oromoo

Oromummaan walii gala ibsa guddina seenaa,aadaa, amantaafi falaasama muuxxannoo hawaasa Oromooti (Asaffa, 2012). Oromummaan illeenya bilisummaa, haqa hawaasaa, ofiin ofbulchuu hammata. Oromummaan kan ijaarame,walitti dhufeenya nama dhuunfaa, walwaliiniifi garee hawaasaan. Kunis, beekumsa muuxxannoo Oromoo kuufama jiruufi jireenya jaarraalee heeduuti. Kunis,hawaasni Oromoo ittiin of ijaaree tursiisee mallattoo hawaasichaafi naannoo isaa keessatti mul'ataa jirudha Oromummaan tooftaa sabni Oromoo hawaasa keessatti ofijaaree mallatoo addaa hawaasafi uumama naannoorratti mul'iseeru ta'uusaa dabalee ibsa.. Akkasumas, siyaasni walabummaafi dimmookiraasii mirga bu'uuraa Oromummaa akka yaadxiinaafi gochaatti cimsa.

Bu'uurri Oromummaa inni jalqabaa nama dhuunfaafi garee gidduutti yaadachiifamuun carraa carraa jaarmiyaa uummachuufi tursiifachuuti. Kun immoo hawaasichi garboomfamee harka kennee akka hinjiraanneef gargaareera. Innis, gita bittoonni dinagdee, aadaafi siyaasaafi sammuu hawaasaa akka hinto'anneef gargaareera.

Oromummaan akka illeenya biyyummaatti yoo ilaalamu hawaasa Oromoo akka waliigalaatti dammaksee aadaa, seenaa, eenyummaa, afaanii, bilisummaafi kabaja namummaa biyya hacuucamaa ture keessaatti akka tursiifatuufi kuufatu taaiseera. Akka waliigalaatti ilaalchi biyyi Oromummmaa hawaasichi dhuunfaan, gareefi sabaan ofmurteessee waltumsuu, of beekuun eenyummaa isaa tikfachuuf aarsaa akka oftaasisu gumaacheera. Oromummaan jaatanii hawaasni Oromoo akka sabaatti eegeree isaa karoorfatuufi himaammata ittiin aadaa guddifatu angoomsu ta'ee jira. Qorannoon kun hawaasichi  Oromummaa gonfachuuf gatii kaffalaa turee ofkabachiisee jiraateeru mul'iseera.

### 2.3.1 Qixxee Gosaafi Firaafi Eenyummaa

Gosa jechuun gareelee maatii bal'aa eenyummaa gareefi tokkummaa walii qabaniifi himatan kan qaban  duubee hidda waloo himatanii naannoo tokko keessa waliin jiraatan ta'u.  Itti dabaluun, gosti jaarmiyaa firoomaafi walitti dhufeenyaa raagamantaa waloo, tokkummaa gaa'eelaafi hidda dhalootaan walitti hidhamanii jiranidha. Gosti jaarmiyaa toftaa ittiin waliif birammannafi tumsi gareelee gidduutti uumamu taasisaa (Abbaas, 2014) ibseera . Waliif birmannaafi tumsi dinagdee yeroo rakkinaa, jireenya har'aa boruu keessatti yeroo gaddaafi gammachuutti walitti hidhatinsa firoomaan ijaaramu ta'uusaa dabalee (Abbaasa, 2014) dabalee  ibsa.

Akka Dejene (2002) ibsetti  immoo qixxee gosaafi firaa  jechuun walitti dhufeenya tokkummaa gareelee gosa keessaa tokko ta'an  hawaasummaarratti kan ijaarame firooma dhiigaan caalaatti kan walitti dhiyaatu. Gareeleen kun garee gosa tokkoo yoo ta'aniyyu, sirna gosaan yoo qajeelfamaniyyu, gareen ofdanda'anii bakka hawaasummaa waliif kennanii walhoogganu. Firoomni kun karaa walitti dhufeenya gaa'elaas uumamuu dandaa'a. Akkasumas, qixxee gosaafi firaa miseensonni gosaa yookiin firaa bakka gaggeessaan yookiin hayyuun gosaa argamutti akkaataa firoomaafi gosaatti dhimma waloofi dhuunfaarratti rakkoon yoo uumame bakka tokkotti walitti qabamnii murtoo kennuu (Abbas, 2014). Kunis miseensonni gosaafi firaa akka aantee aantee saanitti

rakkoo maatii, naannoo, gosaa gidduutti uumaame furuufi murtoo keenuuf jaarmiyaa hawaasaa isa gahee guddaa bahudha. Gaheen kun miseensa maatiifi hawaasaa keessaa kan safuu cabsee, kabaja haadhaafi abbaa, hangafaa kan irra darbe haga barbaadeeti akka tuma seeraa duraan qabanitti guddas ta'e xiqqaa adabuu danda'a. Marii qixxee gosaafi firaa keessatti miseensi hawaasaa hundi kan dubbii danda'us ta'e hindandeenye mirgaafi carraa walqixxa qabaata(Abbaas,2014)

Qorannoo kun akkaataa hawaasni Torban Oboo afseenessa eenyummaa isaaniitti gargaaramanii qixxee gosaafi firaan ijaaramanii tokkummaa, jaalalaafi nagaa isaanii eeggataa turaniifi jiran xiyyeeffannoo ilaalee mul'iseera.

### 2.3.2 Safuufi Eenyummaa

Safuu jechuun sirna kabajaafi itti gaafatamummaa hawaasaa Waaqaa sodaatu ; hawaasa yoon maqe Waaqnifi lafti na arga jedhuu ta'ee namarrattis ta'e uumama kanneen biro irratti daba akka hinhojjenneef seera ittiin ofeegguufi wal eegudha (Dirribii ,2012). Kanaaf, Oromoon "Yoon maqe, Waaqni na arga" jechuun safuu hojii gaarummaa, jaalalaafi amanamummaa duudhaa aadaa namaafi uumamaaf qabu. Akka aadaa Oromootti Safuun jiraateennaan hawaasni tokko bilisummaafi amanamummaan jireenya Waaqni jaallatu jiraachuutti fiduu danda'a. namaa saba tokkorraa eegama. Safuun hawaasni tokko uumamni akka kabajamuufi safeeffaannaan gargaaramu taasisa. Kun immoo birmadummaafi walta'insi kan dagaaguu danda'u bakka safuun eegametti ta'uusaa(Dirribii ,2012)dabalee ibsa .

Safuun Oromoo namni fedhii ofittummaa olitti fedhii garee hawaasaa dursisuun ogummaafi kutannoon akka naannoofi biyyaatti hojii amanamummaa fida. Sababoonni safuun Oromoo gadi bu'aa deemu taasisan keessaa hawaasni amaloota jireenyaa miirarratti hundaa'een jijjiiramaa deemu faallaa safuu Oromoo duraan jiru guddifachaa deemuuti( Negasa ,2021).

Akka (Bartels,1989) Safuun gocha nama dhuunfaa yookaan garee qajeelcha. Oromoon immoo hawaasni keessa jiraatan akka eebbisaniif ijoolleen hojii gaarii hojjetanii akka qaama hawaasaatti akka fudhatamaniif barsiisa.

Akkasumas, ijoollonni yoo waan gaarii maatii, hawaasaafi hiriyaa isaaniif hojjetan Waaqni hamaarraa akka eegu isaan jajjabeessa.

Safuun bu'uura amala gaarii gochaan namaa irraa argamu ta'ee kan kallattii sirrii jireenyi lafarraa jiraatamudha. Asebe (2007) yaada kana cimsuun Oromoon hubannoon seera waaqaa , uumamaafi hawaasaan jiraachuun barbaachisaa ta'uusaa amana. Madaalliin nageenya hawaasichaa, bilisummaafi mirgi ofii sarbamarraa kan tikfamu safuun uumaaa, uumamamaafi namaa yoo eegamdha. Kana jechuunis safuun badnaan nageenyi, waliin jiraachuu, mirgaan ba'anii galuun ni bada .

Akka Negasa (2021)tti immoo safuun ilaalchaafi beekumsa hawaasaa irraatti hundaa'ee waan sirrii ta'eefi hintaane ; fudhatamaa fi fudhatamummaa hinqabne mul'isa.. Nagaan walwaraansi dhibuu osoo hintaane, safuu walitti dhufeenyi namaafi waaqaa, naannoo, gosaa baduudha. (Desalegn et al., 2005). Nagaan safuu eeguun argamu madda badhaadhummaa, gammachuufi waliin jireenyaati (Asefa, 2012). Safuu eeganii nagaan kan argamuufi kan jiraatamu seerri Gadaa yoo kabajameefi gaggeessaan dhimma hafuuraa Qaalluun waaqaafi nama walitti fidu,walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsuufi aadaa kan itti fufsiisu yoo sodaatamedha(Asebe, 2007). Goochaaleen safuu cabsan jiraannaan nagaan hawaasaallee waliin miidhaama. Nagaan walitti dhufeenya safuu Waaqaa, uumamaafi namni seera Waaqaa eegee jiraaturratti bu'ureffama.

Itti dabaluun, Dirribii (2009:62) Bartles wabeeffachuun maalummaa safuu yoo ibsu,

Safuun waa heddu ofkeessaa qaba. Safuu eeguun seera.Garuu seerri hundi safuu miti.Seerri namaan tumama, nibaha, nijiga, garuu safuun hin tumamu, hinbahu, hinbu'us.Safuun seera uumamaati.Safuu eeguun ammo dirqama jireenyaati.Yoo safuu cabsan cubbuu hojjetu.Miidhaa fidu.Yeroo cubbuu hojjetan ammo waaqni fuulasaa namarraa garagalchata.Waaqni fuula nama irraa garagalfate jechuun ayyaana dhabuudha.Wanni ayyaana hinqabne ammo, balaatu irra gaha.Kanaaf uumamni marti safuu eeggachuuqaba.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, waaqni gara jabeessa miti. Nama cubbuu hojjate fuula irraa naanneffachuun barsiisa malee hin hubu.Gama biraatiin, bakka safuun jiru waaqni akka jiru, bakka safuun hin jirre ammoo waaqni akka hin jirretti hubatama. Kana malees safuun akka seeraa waan namaan tumamuufi jigu osoo hin taane,

garaagarummaa jirurratti hundaa'uun kan uumaan nama keessatti uumudha.Yaaduma kana Dirribii (2009:18) cimsee yemmuu ibsu

> Uummanni Oromoo, waaqeffataan ammoo, badiin tokko yeroo uumamu, safuu cabetu jiraa falli itti haabarbaadamu;safuu ati yookaan warrikee cabsantu jiraa,faladhuutii waaqa kadhadhu jechuudhan badii uumameef itti gaafatama fudhatee karaa dhugaa ta'een,bakka itti safuun waaqaa cabe barbaadee falachuun sirreeffata. Dhugeeffannoon akkasii ammo adeemsa saayinsii ammayyaa isa, qoradhaati rakkoo jiru hiikaa jedhu waliin walsimata .

Yaadni armaan olii kan agarsiisu uummanni Oromoo warri waaqeffataa ta'an miidhaan ta'e tokko yommuu uumamu abbummaadhaan itti gaafatamaa bakka rakkinicha uumame sanaa of taasisuun qaama ta'e tokkoon safuun cabuu isaa hubatee bifuma saayinsiin ammayyaa rakkoo jiru tokko adda baasuun qoratee rakkichaaf furmaata kaa'a; wayita galteen uumamu dabni jiraachuu arganii waaqa kadhachuun yookiin araarfachuun furmaata barbaaduu isaati.

Yaada kana deeggaruun Desalegn (2013) akka ibsetti aadaa Oromoo keessatti faayyadamni qabeenya uumamaa safuu hawaasichaan to'atama. Duudhaan safuu hawaasa Oromoo qabeenya uumamaallee haala hintaaneen qisaasseessuu hineeyyamu.. Kanarraa kan ka'e Oromoon mukkeenillee akka hintaaneetti daangaa malee hinfayyadamu. Safuun Oromoo walitti dhufeenya mukkeeniifi nama gidduu jiru tiksa. Kanaaf, amanataafi seerri beekumsa xabboo hawaasichaa madaalliin uumamamaallee eegamee akka tursiifamu taasiseera. Dhimma safuu ilaallatee qorannoon kun safuu hawaasni Torban Oboo gama daangaa, uumaa, uumamaafi hawaasni walii waliisaaf qabullee gadi fageenyaan xiinxalamee jira.

### 2.3.3. Daangaafi Eenyummaa

Daangaa lafaa jechuun naannoo lafaa yookiin bakka galaanaa abbummaan isaa kan biyya , saba yookiin nama dhuunfaa ta'e tokkodha. Gama siyaasaan immoo bakka hawaasni yookiin mootummaan tokko bulchu ta'ee iddoo angoofi qabeenyi irratti muyrteessan ta'uusaa mul'isuun

Daangaa lafaa bakka nama dhuunfaan, maatii yookiin gareen to'atamu ta'ee qaama abbummaa irratti qabu sanaan kan eegamu ta'uusaa ibsa. Itti dabaluun Storey (2020:18-19) immoo dhimmoota daangaa waliin walqabatan haala armaan gadiin yoo ka'u

> Rather than viewing them as natural entities, territories might be seen to reflect specific ways of thinking about geographic space; they are products of social practices and processes that link space and society . It follows that territories and territorial strategies are not just visible manifestations of political processes, they are also symbolic. Political power is conveyed, both materially and symbolically, through territorial occupation and the creation and securing of borders. Territory is also intimately bound up with identity and can be used to instil and reproduce a sense of loyalty and affiliation, being central to ideas of the nation.

Daangaa akka qaama uumamaa ilaalamuu olitti haala teessummaa yaaduu, gochaalee hawaasaafi adeemsa hawaasaafi bakka walitti hidhu ta'uusaa ibsa . Akkasumas, daangaafi haalli daangaa adeemsa siyaasaa qofa osoo hintaane, mallattoo hawaasaafi karaa angoo siyaasaa gama qabiyyeefi nageenyaan mul'atu ta'uu isaa ibsa. Itti dabaluun, daangaan eenyummaa, amanamummaafi gidduu gala jaalala hawaasaati jechuun ibsa.

Karaa walfakkaatuun Paasi (2008) immoo daangaan takkaa hundaa'eennaan gochaalee hawaasummaa sabni tokko keessatti of murteessu ta'a. Qabeenyifi daangaa waliin yoo walhidhatan , mallattummaan isaa immoo eenyummaa hawaasaa kan ibsu akka ta'u addeessa.

Itti dabaluun, Maier (2016) daangaafi akkaataan hawaasaan hubatamu eenyummaa hawaasaa ijaaruufi miirri abbummaafi ormummaa akka mul'atu kan taasisan keessaa tokko ta'uu mirkaneessa. Itti dabaluun, daangaan bakka murtoo, eenyummaa hawaasaa ta'ee siyaasaafi aadaa waliin hidhatu. Haaluma yaada kana waliin walitti hidhatuun hawaasnin Torban Oboo dhimma daangaa eenyummaa siyaasaa, aadaafi dinagdee daangaa waliin walqabsiisanii seenessaniif jaarmiyaa sirna gadaa keessatti bakka olaanaa kennanii afseenessaan ijoollee isaanii barsiisu.

Yaadni hayyoota garaagaraan armaan olitti ka'an ilaalcha hawaasni Torban Oboo daangaan isaanii qabeenyaa, eenyummaa siyaasaafi hawaasummaa walitti hidhachuu isaa waan beekaniif lafa baafachuu yookiin daangaa

dabaluu yookiin bal'ifachuun walqabsiisanii afseenessaan eenyummaa isaanii dagaagsan waliin walitti dhufeenya qaba.  Kun immoo, akkaataa sirna Gadaatti daangaa bal'ifachuufi eeggachuun dur durii kaasee haawaasa Oromoo keessatti bakka olaanaa qabaachuu isaa mul'isa. Kanaan walqabatee hawaasichi lola karaa daangaa saba deddeebi'ee isaan mudatu abbootaa gadaan harka jiruun qindaa'uun daangaa isaanii kabachiifatanii jiraachuu isaanii agrsiiseera. Kun immoo daangaan lafaa mallattoo, eenyummaafi aadaa hawaasichaan walqabachuu isaa agarsiisa.

Gama biraan immoo daangaan akka dhimma uumamaatti yoo ilaalameyyu, akkaataa yaaduu teessoo lafa jiraatanii karaalee mul'ifamu yoo ta'u bu'aa gochaalee hawaasaafi adeemsa hawaasaafi bakka walitti kan fidudha(Storey, (2020).  Elden (2013) dabaluun daangaan karaa hawaasummaafi shaakalli siyaasaa gargaarummaafi gareen ittiin addaan ba'u adeemsa kallattii aangoon bulchiinsa garee tokkoo ittiin beekamudha. Sack (1986) Daangaan tarsiimmoo teessumaafi siyaasaa gareen yookiin dhuunfaan keessatti ofmurteessee kanneen biro to'atu yookiin walitti dhufeenya uumu ta'uu ibsa. Akkasumas, daangaan lafaa karaa bakka tokko ittiin to;atan ta'ee diina ofirraa dhorkuun kan angoo ofii itti cimsatan ta'uusaa ibsa . Delaney (2005) immoo daangaan qabeenya uumamaa  qofa osoo hintaane walitti dhufeenya hawaasaa bu'aalee adda hawaasichaa fiixaan baasuuf tajaajilu ta'uusaa addeessa.

Yaada hayyoota aramaan olii cimsuun Maier (2016) akkaataa daangaan itti hubatamu ijaarsa eenyummaa hawaasaafi miira abbummaafi gahee olaan taphata. Kana caalaa, daangaan bakka muurtoon eenyummaa, aadaafi siyaasaa walitti fidudha.  Eenyummaan  hawaasa tokkoo  daangaa isaa waliin mul'atee gidduu gala waallee biyyaaleessaa ta'ee bakkii tokko mallattoo hawaasichi ittiin beekamu ta'a.  Kanaaf, yeroo ammaa kana lafa biyya ofiif  wareegamuun akka gootummaatti  fudhatamaa deemeera; baayyeenis, lafa isaanii eeguuf waamamaniif kan birmatan ta'ee argamaa jira. Hawasni tokko seenaa raagamantaa isaarratti hundaa'ee gareen tokkoon yoo hacuucamu gara foxxoquun of danda'ee gara jiraachhuutti deema( Storey, 2002; Kolsto, 2005) . Daangaan damee jireenya har'aa booruu bocuuf  olu ta'ee miira bakka jirraatoonni eenyummaafi  abbummaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qaba. Itti dabaluun, ilaalchaa, beekumsa hawaasaafi mirga daangaa ofii addaa baasanii kabachiifachuufi eegsifachuu  guddisuu keessatti  gahee qaba. Daangaan jireenya har'aa boruu miira abbummaa bakka bocuu keessatti  gahee olaanaa bahaa jira.

## 2.4. Yaadrimee AfSeenessa

Afseenessi seenaa yookiin gocha afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu yoo ta'u beekumsa, shaakala, dhala namaafi uumama naannoo kitaabileefi kanneen biroorraa kan hinargamne karaa beekumsa bal'aa ittiin argachuun danda'amudha (White ,1981) . Yaada kana deeggaruun, Piquemal (2003) afSeenessi gocha dubbii ta'ee, adeemsa wantoota bakkaafi yeroodhaan tartiibessu, ijaarsa eenyummaa keessatti gahee olaanaa qaba. Sababiin isaa amala waantoota yeroofi bakkaa karaa sochiilee qaamaa dubbii waliin walqabsiisanii dhiyeessuu akka hammatu addeessa. Itti dabaluun, seenessuun seenaa dhugaa addunyaa kana keessatti mul'atu waliin akkaataa walfakkaatuun dhiyaatu hima . Akkasumas, hawaasaa barreeffamaan hindagaagne keeesatti seenaan darbe akka muuxannoo walootti afaaniin akkuma amma raawwataa jirutti himamaa deemuusaa ibseera. Kunis, dhaggeeffataan bashannanaa beekumsa akka argatu taasisa. Hawaasaa keessatti afseenaan raagamantaa, duudhaafi seenaa hawaasni keessa darbe kuusee olkaa'a.

Kanneen malee, afseeneessi aadaa hawaasa tokko keessatti kan himamu dhaloota itti aananii dhufaniif beekumsa dabarsuuf gahee olaanaa qaba. Irra caalaatti seenessuun gochaa dubbii haala walitti dhufeenyaa keessatti ergaa dabarsuu yookiin barsiisuu ta'uusaati. Gama biroon immoo Ryan (2006)fi(Ong 1982) faayidaa seenessuu ijaarsa eenyummaa keessatti qabu kallattii dubbii qofaan ergaa kan dabrsu osoo hintaane, haala naannoo kessatti walitti dhufeenya ijaarsa eenyummaa uumuufillee gahee olaanaa qabachuu walqabsiisanii dhiyeessaniiru.

Akkasumas, afseenessi sirna jireenya har'aa boruu keessatti akkaataatti hiika ijaarruufi ibsinu hubachuuf gargaara. Akka White (1981) ibsetti, seenessi dandeetti uumamaa dhala namaa karaa muuxannoo kuufachuun hiika itti kennan ta'uusaa agarsiisa. Haala walfakkaatuun, Bruner (1990) seenessi karaa namni beekumsa isaa qindeeffatee addunyaa dhugaa keessatti mul'ifatu ta'uusaa eera. Polkinghorne (1988) itti dabaluun, seenessi karaa beekumsi dhala namaa mul'atee hiika qabeessa

ta'udha yaada jedhu kaa'a. Akkasumas, kan nu'i jiraannu seeneffama keessa liqinfamnee waan darbe lakkaa'aa, goochaalee darbaniif hiika barbaadaa, waan fuulduratti ta'ullee tilmaamaa akka jiraan kan nu taasisu ta'uusaa dabalee ibsa. Ochs & Capps (1996) immoo, gochaaleen seenessuu carraa dubbataan ta'insoota addaan ciccitan kan darbe, kan ammaafi addunyaa eegeree mul'isu ta'uusaa ibsu. Walumaa galatti, yaada beektonni armaan olii seeneaarratti ibsa kennanirraa wanti hubatamu, seenessi karaa addunyaa keessa jiraannu ittiin bakka buufannu, jituufi jireenya guyyuu keessattis caasessinu, gochaalee darban, kan ammaafi eegeree ittiin ibsamu ta'uusaati .

### 2.4.1 Faayidaa AfSeenessaa

Seeneffamoonni xabboo hiikaa keennuuf yaada banaa waan qabaniif, daa'immaan adeemsa seeneffama himuu keessatti akka hirmaatan taasisuun , seenaa himamu keessatti hiikaafi ibsa mataa isaanii akka qabaatan taasisu. Kun immoo dhaloonni itti aanu ilaalcha hunda galeessa akka qabaatan daddammaksuun eenyummaa mataa isaaniifi addunyaa keessa jiraataniif akka guddifatan dandeessisa. Beekumsi eenyummaan akkasii immoo, beekumsa xabboo waan qabuuf dhaloonni amma jiruufi dhufu eenyummaa aadaa isaanii abbuummaan qabatanii seenaa isaanii akka dabarsan gargaara(Piquemal, 2003)

Kanneen malee, seeneffamni xabboo hedduun biyyoota dinagdeen dagaagan keessattilee barnoota dabarsuuf gargaaramaa jiru. Fakkeenyaaf, Amerikaa keessatti seenessaan ijoollonni isaanii duudhaa akka baratan ittiin taasisuuf akka gargaaraman himama (Basso, 1984). Akkasumas, aadaa Amerikaanootaa keessattillee seenessa himuun barnoota jireenyaafi duudhaa akka baratan taasiseera. Kunis, maatiin yookiin biyyi isaanii ijoollota irraa maal eegu, akkaataa nagaa nannoo isaanii eeggatanii jiraatan, itti gaafatamummaafi miseensa hawaasaa namuusa gaarii qabu akka ta'an barsiisu(Hodge, & Geishirt-Cantrell, 2002). Aadaa warra Maksiikoo keessatti immoo ga'eessonni dhaloonni isaanii

hirkattummaa akka hinbarre, amanamummaa, garlaafina, abboomamuufi safuu hawaasaa seenessaan barsiisu (MacDonald, M., Dégh & Toelken, (1999).

Karaa biraa , raagamantaa warra biyya Kanaadaa immoo seenessaan ijoollonni addunyaa naannoo isaanii akka baraniifi jireenyaafi hawaasaa waliin walitti hidhatinsa qabaachuu barsiisuurratti xiyyeeffatanii gargaaramaa jiru (Judy,1998).

Maanguddoonni biyyoota dhihaa seenaa himuun ijoollonni dhaggeeffatanii jireenya isaanii keessatti wantoota isaan mudatanirraa ka'anii yaada cuunfaa yookiin goolaba mataa isaanii akka qabaatan taasisa jedhu (Hodge, & Geishirt-Cantrell, 2002). Itti dabaluun, seenessuun ijoollonni jiruufi jireenya haala galma seenaa dhaga'an waliin walitti fidanii akka hiikataniif gargaara; miseensonni hawaasaa seenessuun mala ittiin ijoollonni isaanii beekumsa horatan dhalootaa dhalootatti dabarsan ittiin taasisanidha. Akkasumas, miseensonni hawaasaa ijoollonni isaanii seeneffama dhaga'aniillee hiika itti keennan taasisuu akka danda'u dabalanii ibsu( MacDonald, Dégh& Toelken, 1999).

Qaaccessi seenessuu immoo seenaama hojjetame tokko karaa ittiin xiinxalludha(Riesman, 1993), seenesssuun kallattii ilaalchaafi aadaa nama seenessuu (Cortazzi, 1993). Beektoonni barnootaa, fayyaa, beektonni saayinsii hawaasaafi kannen haala dhimmoota namootaarratti fedhii qorannoo qaban seenessuun dhimma eenyummaa ijaaruu keessatti seenessi gahee olaanaa akka taphatu waliigalu(Bruner, 1990; Davies & Harré, 1990). Seenessi tartiiba gochaalee , ta'insootaa, beekumsaa ,miiraa, yaadaafi amala beekumsa haala adda ta'e tokkoo idileessa . Polkinghorne( 1991)immoo Seenessi caasaa ijaan hinmul'anneefi manaabaa caalaa yaadrimee beekumsa eenyummaa hubannu taasisaa. Seenessi eenyummaa ofii agarsiisuudha Schiffrin (1996) cimsuun dandeettiin waa seenessuu yaada ofii haasdubbiifi muuxannoo akka hafeetti madda eenyummaan irraa waraabamudha . Seenessi uunka namaafi iddoo dhugaa bakka bu'u qofa osoo hintaane , dhugaa ijaaruufillee ni oola.Bruner immoo claims that narrative is a form, not only of representing but of constituting reality as well: Namni

seenessa waa'ee mataasaa dhaga'uu yookiin dubbatuu fakkaachaa yookiin ta'aa deemaa(Bruner, 1987). (Bamberg, 1997) immoo dhugaa kanarraa yoo kaanu, seenessiifi eenyummaan kan addaan ba'uu danda'an osoo hintaane bakka waljijjiiranii tajaajilu . Kunis, seenessi eenyummaa hinmul'ifne qofaa dhaabbatee jiru akka hinjirre mul'isa. Yaada kana cimsuun (Ochs & Capps 1996) seenessi muuxannoofi hiikaa gidduugalummaan kan walitti fidu ta'ee, ta'insoota caalaa mul'istuu dhugaafi hiikaati.

Walumaa galatti, afseenessi yaada dhugaa qabatee hiikaa haalotaa akka hubannu kan nutaasisuufi meeshaa eenyummaa garee maalii akka taane mul'isudha (Schiffrin, 1996). Yaadni kunis, gochaan seenessuu seenaa jireenyi ofii himuu ta'ee, waan darbe hubachuun , gahee ta'insoota amma jiraniif immoo akka bu'uuraa ta'ee tajaajila. Patai (1993) immoo,seenaa mataa ofii himuun wantota darbe irratti hundaa'uun isa har'aa kan mul'isuu ta'uusaafi seenaan jireenya nama tokkoo miira eenyummaa isa barbaachisaa yeroo biraa ta'ee tajaajiluusaa hima.

Yaadni beektoota armaan olii kan agarsiisu, faayidaan seenessuu namoota adda addaan ibsame kan agarsiisuu seenessi haala jiruufi jireenya hawaasaa , ta'insoota uumamaafi namtolchee isa darbe kan ibsu, isa ammaa mul'isu, waan fuulduraallee kan raaguu ta'uusaati. Qorannoon kunis faayidaa afseenessi Oromoo Tuulamaa Torban Oboo eenyummaa isaanii ijaaruu keessatti kenneeru xiinxaluun dhiyeesseera.

### 2.4.2. Afseenessaafi Ijaarsa Eenyummaa

Afseenessi eenyummaa dhuunfaas ta'e kan garee ijaaruu keessatti gahee olaanaa taphata. Namni dhuunfaa eenyummaa miira anummaa seenaa, seenessa muuxannoo jireenyaarraa argateen ijaarrata. Afseenessi eenyummaa duudhaafi walitti dhufeenya hawaasaa miira tokkummaa kan darbe, jiruufi dhufu walitti hidhuu danda'a. Itti dabalee, seenessi eenyummaa hawaasaa cimsuun seenaa waloo, miira hammattummaafi duudhaa ijaaruu danda'a; jireenya keessatti hiikni akka kennamuuf gargaara.

Akkasumas, hawaasni tokko seenaa jireenyaa keessatti haalota adda addaa miirri itti fufinsaa akka jiraatu taasisa( Didion,2009).

Stern(1977)immoo afseenessi aadaa ykn dhuunfaa miira abbummaa walqabsiisuun seenaa waloo, haftee aadaafi duudhaa akka uumu ibsuun muuxannoo ijaarsa eenyummaa waloo kan eenyummaa biyyaalessaaf gumaacha olaanaa akka kenna mul'isa. Akkasumas, afseenessi seenaa akksumaan himamu osoo hintaane, meeshaa karaa ittiin eenyummaa ofii, kanneen biroofi addunyaa naannoo keenyaa eenyummaa dhuunfaafi waloo bocuuf akka gargaaru agarsiisa. Kunis, seenessi dhageenyuufi himnu eenyummaa keenya bocauun eenyu akka taane, kan gatii itti kenninuufi eessaa akka dhufne addeessa. Namoonni jiraachuufi bakka argama isaanii mirkaneessuuf seenessu; kun immoo eemmaa agarsiisa. Kanaaf, seenessi jireenya keenyatti hiika kenninee akka jiraannu, dhugaa mul'isuuf kan tajaajilu ta;uusaati

Kanneen malee, afseenessi dandeettii waa himuu ykn mul'isuu qofa osoo hintaane haaloota rakkoofi bu'aa ba'ii nu mudatee bira tarree eenyummaa keenya caasaa sirrii akka qabsiifnuuf gargaara. Afseenessi addunyaa walxaxaa ta'e keessatti yaadrimee mataa keenyaafi hawaasa naannoo hubachuu dandeenyu bu'uura eenyummaaa waloofi dhuunfaati. Afseenessi hawaasa tokkoo eenyummaa tursuu, safuu barsisuu, aadaa eenyummaafi duudhaa jabeessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Afseenessi hawaasa tokkoo eenyummaa tursuu, safuu barsisuu, aadaa eenyummaafi duudhaa jabeessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Afseenessi bashannansiisuurra darbee shaakala bu'uuraa dhala namaa eenyumma bocu, duudhaa hawaasaafi walitti dhufeenya fidudha(Steven,1989)**.**

Itti dabaluun, ( Steven,1989) gosoonni afseeneffamaa raagamantaa, afseenaa, durduriifi sheekkoon amantaa safuufi duudhaa hawaasaa dabarsuu keessatti eenyummaa dagaagsuuf gahee olaanaa qabu. Gosoonni afseenessaa kunneen aadaa baay'ee keessatti kabaja,gootummaa, haqummaafi kanneen biroo

gargaaruu hawaasa keessa jiru dhalootaa gara dhalootaatti akka darbu taaisuu danda'udha. Walumaagalatti, afseenessi humna eenyummaa ijaarame ibsu, dadammaqinsa hawaasaa kaka'umsa uumuu danda'uufi beekumsa tursiisee dhalootaa dhalootatti kan dabarsuu ta'uusaa agarsiisu ta'uusaati.

### 2.4.3. Gosoota AfSeenessaa

Gosoota afseenessaa qooduuf beektonni aadda addaa ulaagaa mataa isaanirratti hundaa'an garee adda addaatti qoodaniiru. Gergen(2005) qabiyyeelee afseenessaan ibsaman muuxannoo, gochaalee, hirmaannaa hawaasaa ibsuun, hiika uumee kallattii hawaasaarratti hundaa'anii qoodu. Qabiyyeelee armaan oliirratti hundaa'anii gosoota seenessaa bakka sadiitti qoodamu. Isaanis Seenessa maddummaa, seenessa fakkeenyummaafi seenessa qeeqaa jechuun qooda.

*AfSeenessa Maddummaa (Origin Oral narrative)* Af- seenessi maddummaa ijaarsa uumamaa aadaa hawaasaa keessatti waantota amma jiraniif kan bu'uura ta'e seenessuurratti xiyyeeffata. Gergen, (2005) dabalee eeruun hawaasni seenesaa akkasiitti gargaaramuun miira jireenya darbeefi ammaa hubachuun waa'ee egeree akka tilmaamu taaisuuf kan seeneffamu ta'uusaa ibsa. Seenessi kun gaaffilee 'Nu'i eenyu? Eessaa dhufneefi Akkamitti akka har'aa kanatti argamne?fi Jireenya har'aa maali? Akkamitti hojjenna kanneen jedhan beeksisuuf dhiyaatu. Seenessi maddummaa seenessitoonni ta'insoota yeroofi bakkaan walqabsiisanii haala jireenya walii gala yookiin garee hawaasaa walqabsiisuun ibsu. Kanaaf, seenessi maddummmaa ijaarsa garee hawaasaa keessatti aadaa ofhubachuu cimsuuf shoora olaanaa taphata(Gergen, 2005*)*. Seenessi maddummaa kun kaayyoo qorannoo kanaa kallattiidhaan haasawwan Torban Oboo eessaa akka dhufaniifi eenyu akka ta'an agarsiisu madda isaanii duraa beekuuf gargaaruusaa mul'isa.

*AfSeenessa Fakkeenyummaa (Exemplary Oralnarratives*) Af-afseenessi fakkeenyummaa amala gaarii garee hawaasaa keessatti mul'atee akka fakkeenyummaatti fudhatamu agarsiisuuf dhiyaata. Seenessa akkasii keessatti kaayyoon seenessaa duudhaafi safuu hawaasaa , ilaalcha addunyaa garee isaaniifi

kanneen biroo walbira qabuun ibsa . Seenessi kun gochaalee gaggeessitootaa yookiin goototaa gama gaariinis ta'e gadheen fakkeenyummaan ibsaman addeessuurratti xiyyeeffata (Jorn,1987). Afeenessi fakkeenyummaa kun gochaalee hawaasni qorannoo kanaa abbootiin ijoollee isaaniif beekumsa warra durii waliif dabarsaa turaniifi jiran akka fakkeenyaatti gargaaramuun aadaa isaanii cimsatan beekuuf kallattii agarsiisa.

*AfSeenessa Qeeqaa (Critics narratives ('stories of now')* Gosti afseenessa qeeqaa haala aadaafi jireenya ammaa madaaluun qeeqaa seenessa (Gergen, 2005). Seenessi qeeqaa amaloota yookiin gochaawwan miidhaaf nama dhuunfaa yookiin hawaasa saaxiluuf sababa ta'an adda baasuun seenessa. Kunis, mudannoo gadhee yeroo darbee, walabammaa yookiin bilisummaa dahabuu, safuun baduuf kan sababa ta'an seenessuurratti xiyyeeffata. Haalli qoodinsa gosoota armaan olii akka waliigalaatti kaa'e malee gosoota afseeneffammootaa kanneen bu'uura ta'an adda baasee hinkeenya.

Gama biraan immoo beektonni adda addaa ulaagaa mataa isaaniirratti hundaa'anii afseeneffamoota gosoota garaagaraatti qoodaniiru. Fakkeenyaaf, Harry(1972) kaayyoofi dhimma raawwatamurratti hundaa'ee afseenessi durduriifi seenaa qabiyyee aadaa ijaarsa caasaa qabu jechuun qooda. Okpewho(1992) immoo ergaarratti hundaa'ee afseenessa bakka afuritti qooda; a) amalaan bineensotaafi nama;b) qabiyyeefi tajaajilaan yaada gadheefi gaarii safuufi kkf, c)amala seenessaan gowwomsaa, amanamummaa dhabuufi durdurii shakkii,d) haala galmaan shekkoo ji'aafi adamsituu.

Sumner(1996)fi Jenkins(2022) immoo tajaajilaafi kaayyoo itti fayyadamanirratti xiyyeeffachuun gosoota afseenessaa raagamantaa, afseenaa, mammaaksa, weedduu ykn faaruu, hibboo, durduriifi kanneen biroo oguma afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu jechuun qoodu. Itti dabaluun, gosoonni kunneen addunyaa jireenya uummataa har'aa boruu ilaaluuf akka taajaajilan dabalanii himu. Sabaabiin

isaa ogumni hawaasaa tokko jireenyaa guyyuu hawaasichaa keessatti malee qilleensarrtti hojiirra hinoolu.

Qorannoo kana keessatti haala qoqqoodinsa Sumner(1996)irratti hundaa'uun afseeneffamoonni Oromoo haala isaan tajaajilarra oolan qorataan cuunfuun raagamantaa, afseenaa, shekkoo ibsaa ykn durdurii, afseeneffamoota bifa afwalaloon hojiirra oolan kanneen akka faaruu ykn weedduufi mammaaksa kanneen gurguddoo ta'uu isaanii adda baasuun ragaalee hawaasa irraa walitti qabaman boqonnaa shanii irraa eegaluun xiinxalamaniiru. Sababiin isaa hawaasni Oromoo afseenessamoota kunneeniin kallattii adda addaan yeroofi galma garaagaraa keessatti eenyummaa isaa ittiin ibsachaa waan jiraniif.

### 2.4.3.1. Raagamtaa

Raagamtaan raagoo dhimma amantaan walqabatu yoo ta'u moggaafni "Raagamtaa" jedhamu jechoota "raagoo"fi "amantaa" jedhamu irraa madde. Waa'ee amantaa raaguu kan waan jedhu ofkeessaa qaba(Mulgeetaa,1999). Akkuma kanaan olitti tuqame raagamtaan amantaa aadaafi falasama ummataa wajjin kan walqabateefi afseenaa (legend) kan jedhamu irraa adda ta'uun isaas barreèffamicha armaan olii irraa beekameera. Roga adda addaatiin kan ilaalamu taa'uu isaa ni ibsa.

Itti dabaluun, Mulgeetaa (1999) yoo ibsu ilmi namaa lafa kana irra erga jiraachuu jalqabee naannoo isaa, addunyaa keessa jiraatuufi maalumma baruuf gaaffiiwwan adda addaa ni kaasa; deebii barbaada Raagamtaan addunyaan kun akkamitti 'uumamne? Ani 'eessaan dhufee? Akkamittin dhaladhee? 'Eessarraa ka'ee gara kamittiin deema? gaaffiiwwan jedhamaniif hiikkoo kan itti kennu falaasama amantaati jechuun ni danda'ama ((Mulgeetaa,1999). Sabni hundumtuu 'eenyummaa isaa kan ittiin ibsu, amantaa isaa kan ittiin addeeéssu, ilaalchaafi falaasama isaa kan ittiin calaqqisiisu raagamtaa ofiisaa qaba. Garuu, raagamtaan inni qabu akkuma amantaafi aadaa isaatti garaagarummaa ni garsiisa.

Raagamtaan akaakuuwwan gurguddoo sadii akka qaba. Isaanis: Raagamtaa Uumamaa (creation myth), Raagamtaa ergamtootaafi (deity myth) Raagamtaa goobaan galeessaa (hero myth). Raagamtaa Uumamaa wanti tokko akkamitti uumame? Eenyutu uumee? Gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantaatiin kan raagamee itti amanamu. Raagamtaa ergamtootaa immoo waa'ee gocha ergamtoota Rabbii yookaan Waaqaa kan ilaallatu ta'ee, ergamtoonni adeemsa jireenya isaanii keessatti gootummaa agarsiisan, goochaalee boonsaa raawwatan kan raagan raagamtaa ergarntootaa (deity myth) jechuun ni danda'ama (Mulgeetaa,1999).

Raagamtaa goobaan galeessaa keessatti seenaan raagoo kan ittiin fuulduratti tarkaanfatu goobaan galeessa adda ta'eetu nu qunnama. Goobaan galeessi kun fakkaattiiwwan (characters) raagoowwan kaanirraa garaagarummaa guddaa qaba. Goobaan galeessi raagamtaa keessatti uumamu kun yeroo baay'ee dhala namaa ta'eeti argama .Qorsammuu naamaa (human psychology) ni gonfata(Harry, 1976). Raagamtaan adeemsa, jireenyaafi muuxannoo seenaa keessatti kan nama qunnamurraa akka maddu addeessuun akkaataan itti uumamu garuu, namoota kaanirraa garaagarummaa garmalee akka qabaatu ibsiti. Akkasumas, yeroo dhalatu garmalee guddaa yookaan xinnaa ta'uu ni danda'a. Jaamaa yookaan [naafa] ta'uu danda'a. Ummata keessatti umamni isaa ajaa'iba jedhamee kan ilaalamu ta'uu danda'a; sababni ittiin dhalatus ni jiraata. Ragamtaaleen seenefamoota hawaasaan amanamanii fudhataman waa‟ee uumama, amalootaafi argama wantotaafi bineensotaa, achii asi dhuftee du‟aafi kanneen biroo kan ibsudha (Finnegan, 1970).

Qorannoon kun hawaasa Torban Oboo dhimmoota uumama naannoo, tamsa’inaafi abbummaa lafaa waliin walqabatee raagamtaa qabantu haala galmoo aadaa isaaniirratti hundaa’ee eenyummaa isaanii ittin ibsataniin xiinxalamee jira.

#### 2.4.3.2. Afseenaa

Afseenaa (Legend) immoo seeneffama dhaloota darbaniin raawwatame, kan afaaniin daddarbaa dhufe, akka seenaa dhugaatti himamu ta'ee, garuu dhugummaa isaatiif mirkaneeffatama kan hinqabneedha. Afseenaan seenaa darbe tokkorratti hundaa'uun kan himamuudha. Seenessi kun taatee (events) seenaafi namootaati. Namoonni beekamoon afseenaa keessatti argaman isaan waraanaan beekamoofi olaanoo ta'an hirmachisa (Trucker, 2008) . Afseenaan irra caalatti waa'ee moototaa, goototaafi kkf bara jireenya isaanii keessatti gochaalee isaan raawwaatan afaaniin dhalootaa dhalootaatti darbaa dhufe of keessatti hammata. Gochaaleen kunis gaarummaa, hammeenyaafi kkf isaan hojjetan ta'uu danda'a.

Faayidaan afseenaa hawaasa tokkoof kennu seenaa darbe keessatti namoonni bebbeekamoo ta'an gootummaa, gaarummaafi hammeenya dalagan ibsa(Harry, 1976). Itti dabaluun, baba`linaafi eessaa akka maddan, ta`iinsootaafi mudannoo adda addaan maaliifi akkamiin akka raawwatan, eenyuun akka raawwatan, kan hubachiisudha. Kanaaf, kaayyoon seeneeffama gosa akkanaa hawaasichi gootummaafi gaarummaa gootoota kanaan dura jiran himuun barsiisuudhaan faana isaanii akka hordofan gochuudha. Kana malees, eenyummaa hawaasni tokko keessa darbee dhufe kan hubachisuudha.

#### 2.4.3.3. Sheekoo/Durdurii

Sheekoon ykn durduriin(folktales) jecha dimshaashaa (generic term) kan ogafaanota hawaasaan kalaqamanii bifa seenessuutiin dhalootaa dhalootatti himamaa dhufan wantoota akka bineensaafi umama biroo garaagaraatti dhimma ba'uun dhala namaaf ergaa dabarsuuf tajaajiludha(Sumner,1996). Sumner (1996) itti dabaluun, durduriin kan hawaasni tokko ittiin ilaalcha walii isaaf qabu, uumaafi uumamaaf qabu ittiin ibsatudha. Akkasumas, aadaa, seenaa, beekumsaafi ogumaa hawaasichaa kan ibsudha. Durdurii qorachuunis eenyummaa hawaasa sanaa isa gadifagoo qorachuu akka ta'e barreessaan kun ibsee jira. Bascom (1965) akka addeessetti, duduriin gooroo afseenaa akka asoosamaatti yookaan seeneffamaatti ilaalamudha. Haata'u malee, akka seenaatti kan hinilaalamne,

dhimma dhugaan raawwatame yookaan hinraawwatamiin ta’uu kan danda’u, kan sirriitti qalbifatamee hinfudhatamneefi waan durii, eenyu akka kalaqes akka nama dhuunfaatti kan hinbeekamne, afaaniffaan kan daddarbuufi umurii, saala, gareefi bakkaan osoo hindanga’iin qaama hundumaaf kan gargaaruufi aartii baayyee barbaachisaa ta’edha.

#### 2.4.3.4. Geerarsa

Geerarsi gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta‘ee bifa walaloon kan dhiyaatuudha. Walaloon kun dur kan namoonni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, rakkina, quuqama, muuxxannoofi mudannoo; akkasumas, gootummaafi jabina ofii kan ittiin calaqqisiifataniidha; miira uummataa sochoosuufis humna qaban keessaa isa tokko ta’ee, weedduu lolaas ofkeessatti hammat (Finnegan,1977)

Geerarsi dhimmoota hawaasaa garaagaraa qabatee kan dhiyaatuufi qabiyyeewwan adda addaa of keessaa kan qabudha. Qabiyyeewwan kunis siyaasa, hawaasummaafi dinagdee dha. Uummanni tokko rakkoo siyaasaa sirnaan walqabatu, haala ittiin cunqurfameefi dararaa adda addaa geerarsaan waan ibsatuuf geerarsi akkasii qabiyee siyaasaa qaba (Eshete, 2008). Geerarsi dhimmoota gootummaafi dabooma, waa‘ee gosaa, balbalaafi uummataa, hariiroo hangafaafi quxisuu, abbaafi ilmaa, akkaataa hawaasni ittiin haliin jiraatu wajjin walqabatanimmoo dhimmoota hawaasummaa irratti kanneen xiyyeeffatanidha ( Sumner, 1996). Itti dabaluun, qindaa‘inni sagaleefi jechoonni walaloo geerarsaa muraasni ergaa bal‘aa qabiyyee isaa ibsuufi humna guddaa qabaachuu ibsa.

Kana malee, Eshete (2008) geerarsa yoo ibsu geerarsi sagalee saba goota ta‘eeti; gootummaan immoo hundee jireenya biyyaati. Geerarsi Oromoo bakka garaagaraa kanneen akka jigiitti, iddoo cidhaatti, walga’ii gosaatti  geeraramuu danda’a. Hojiin aartii aadaa uummata Oromoo kun, walitti qabaan wayita ilaalamu, hojiiwwan bulchiinsaa, misoomaa, hawaasummaaf siyaasa uummata Oromoo kan ittiin ifa ba’anii mul’atan, duudhaalee aadaa uummatichaa keessaa isa tokko ta’uu mul’isa.

Akkasumas, geerarsaan gammachuun, gaddi, komeen, roorroofi kkf ni ibsama. Gaarummas ta'e miidhaan raawwatamee bara dheeraa lakkoofsise, akka ho'aa amma raawwatameetti, wal-dhabiinsi araaraan hiikamee xumura argatee ture, geerarsa keessa ka'ee nageenyaafi walitti dhufeenya gaarii uumamee dhiyaachuu ni danda'a.

#### 2.4.5.5. Faaruu/Weedduu

Faaruun immoo weedduufi sirba waan ofkeessatti hammatuuf Oromoon haadhasaa, abbaasaa, lafasaa, biyyasaa, firaafi lammiisaa bifa afwalaloon addeessa.

Gabaabumatti, namoonni adda addaa garee hawaasaa tokko keessa seenessoonni gosa addaa akka jiraatan yoo himaniyyu, wanti qabataman hawaasa keessatti mul'atu hawaasichi ilaachaafi amantaa gootaa isaa akka fakkeenyummaatti dhaadata; beekumsa warra duriifi uumama ittiin walbarsiisa; yaada bu'aa hinqabne seenessa isaan qeeqa. Qorannoon kunis mudannoofi jireenya hawaasichi afseenessaan safuu bade ittiin deebisatu, eenyummaafi walabummaa dhiibame ittiin ibsatu afseenessa keessaan agarsiisuu.

#### 2.4.5.6. Himtee Hidda Dhalootaa

Hiddi dhalootaa shaakala eenyummaa dhuunfaafi sabummaa yookiin lammii ofii akka beekaniif riqicha walitti fidudha. Hiddi dhalootaa eenyu akka taateeteefi eessaa akka dhufte duubee ofii beekuuf gargaara. individual identity and ethnicity. Akkasumas, hiddi dhalootaa bakka jireenya maatiifi walitti hidhatinsa haala addunyaalessaa waliin qabu mul'isa.halootaa kallattii walitti dhufeenya lafa, aadaa, bakka jireenyaafi eenyummaa walitti fidee qoratudha. Kana malees, miira anummaafi kan garee hawaasa keessatti argamanii mul'isa(Nash, 2002). Qorannoon kun Seenaa hawaasa qorannoo sana beekuuf karaa hiddi dhalootaa isaan himataniin seenaan isaan keessa darbanii dhufan xiinxaluun muuxannoo ifoomsee jira.

Hiddi dhalootaa walitti dhufeenya lafaa, aadaa, bakkaafi eenyummaa ibsuurratti xiyyeeffata. Hiddi dhalootaa seenaa walitti dhufeenya hawaasummaa, ilaalcha haala teesuma lafaa, miira kallattii, kan bakkaa abbummaan ittiin ibsamudha. Hidda dhalootaa keessatti dameen maatii diyaagiraamii latinsa dhuftee dhalootaa, icciitii maqaafi yeroo beekumsa hawaaschi qabu agarsiisa.

Akkasumas, hiddi dhalootaa gocha arga yaadaa maalummaa ofii isa dhugaa, sabummaafi eenyummaa walitti fidudha. Hiddi dhalootaa namni tokko eenyu akka ta'ee, eessaa akka dhufeefi sanyii dhaloota darbanii mul'isa. Kanneen malees, hiddi dhalootaa eenyummaa waloo adda baasee agarsiisa. Itti dabaluun, eenyummaa nama dhuunfaa tokko sanyii dhalootaa walxaxaa ta'e keessatti seenaa jiru mul'isa."Genealogy locates the individual in 'complex and overlapping, rather than simple, linear histories" (Nash, 2002:39)

Akka Oromootti immoo haalli firoomaa sadarkaa xiqqaafi guddaatti caasaa bu'uura hawaasummaa tti fedhii waloofi fayyadamaafi bulchiinsa qabeenyaaan gaggeessummaa siyaasaafi amantii hawaasa oromoo kan walitti fidudha. Jaarmiyaleen siyaasaafi hawaasummaa Oromo haala firoomarratti kan ijaaramedha. Akka Oromootti firoomaa isa guddaa gosa, gosti immoo qoomoo xixiqqaatti qoodama . Dameen firoomaa sadarkaa xiqqaa immoo mana , balabalaafi warraatti akka qoodamu ibsa(Asafa, 2010)

Alamaayyoo (2008) immoo sanyiin bu'uura hiddi dhalootaati jechuun , qorannoon hidda dhalootaa dhimmaoota sadii kanneen armaan gadiirratti akka xiyyeeffatu ibseera. Isaanis, kan haasaa dubbiidhaan dhalootaa dhaalootatti darbu, kaka'umsa isaaniin hidda dhallotaa isaanii kanneen barreessan kaa'aniifi kanneen sanyii biraatti hirkattummaan sanyii birootti oflakkaa'an akka ta'e mul'iseera.

Yaada hayyoota armaan oliirraa kan hubatamu, qorannoo hidda dhalootaa keessatti dhufteen sanyii duubaa beekuun akka barbaachisuufi eenyummaa waloo hawaasni tokko iddoo jireenyaafi walitti hidhatinsa siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee uummata tokko akka agarsiisudha. Qorannoo kana

keessatti qorataan maleenyi hidda dhalootaa kun haalaafi tooftaa Oromoo Torban Oboo ittiin hidda dhalootaa ijoollee isaa lakkoofsisee bifa hawaasa kanneen biroorraa adda ta'een tursiiseerutu adda baasuuf gargaaramee jira.

### 2.5. Yaaxxiinaaleefi Maleenyaalee Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti yaaxxiinni ijaarsa hawaasaa , yaaxxinni eenyummaa hawaasafi yaaxxinni walitti dhufeenyaafi hiikkaan fakkoomii yaaxxiinoota bu'uuraa qorannoo kana keessatti dhimma ba'aamanidha.. Dabalataanis, dhiyasaannaalee ragaa qorannoo kana ittiin walitti qabaman garee maatii, seenaa maatiifi kanneen biroo qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'amaniifi bu'uureffatamanidha.

#### 2.5.1. Yaaxxiina Ijaarsa Hawaasummaa

Yaad-rimeen ijaarsa hawaasummaa kan inni bu'uureffame saayinsii hawaasaa keessatti bara 1967tti hayyoota Berger fi Luckman jedhamaniinidha (Bruner, 1991). Beekumsi kan walitti dhufeenya dhala namaa gidduutti taasifamuun ijaaramee jiruufi ijaaramaa deemudha. Dhalli namaa walitti dhufeenya jireenya isaa guyyuu keessatti taasisu keessatti yaad-rimeewwan garaagaraa waliif burqisiisa. Yaad-rimeewwan kanas akka qajeelfama jireenya isaatti itti dhimma ba'uun qaama beekumsaa godhatee amaleeffata (Berger & Luckman, 1967).

Bu'uureffamni yaaxxiina ijaarsa hawaasummaa beekumsi galagalcha waanta argamuu osoo hintaane, adeemsa filannoo sammuufi muuxannoon uumamudha. Kana jechuunis beekumsi bu'aa walitti dhufeenya muuxannoofi haalota naannoo irraa gargaarsa miseensota gareetiin ijaarama deemudha. Yaaxxinni kun haala dhiyeenya qajeelfama beekumsi kan ijaaraaamu karaa dalagaaleefi sochii miseensota hawaasaa gidduutti adeemsifamuun ta'ee, beekumsi adeemsa ijarasa hawaasaa keessatti kan cimuufi namni dhuunfaa kan hiika waantotaa hubatu walqunnamtii kanneen biroo waliin, haala naannoofi gochaalee hawaasa keessatti taasisuun. Qorannoon kun gosa qorannoo sanyaabsa ijaarsaa

waan ta'eef, yaaxxiinoota xiinxala ragaalee qorannichaa adeemsisuu keessatti bu'uureffataman keessaa tokko yaaxxiina ijaarsa hawaasummaadha(Bruner, 1991)..

Yaada hayyoota armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti beekumsi kan ijaarame jiruufi walitti dhufeenya dhalli namaa jireenya har'aa boruu keessatti taasisuun babal'achaafi irra deebi'amee ijaaramaa kan adeemudha malee kan uumamaan jiru, yookaan dhimma habuureffamu miti. Akkasumas, beekumsi yookaan dhugaan bu'aa jireenya hawaasummaa akka ta'e yaada qorattoota kanaarraa hubachuun nidanda'ama.

Adeemsa waa'ee hawaasaa hubachuuf taasisifamu keessatti, leellistoonni yaaxxiina ijaarsa hawaasummaa beekumsa akka waan uumaamaan jiruutti osoo hintaanee, akka waan adeemsa jireenyaa keessattii ijaaramuufi uumamuutti ilaalu. Kanaaf, yaaxxiinni ijaarsa hawaasummaa akaakuufi amala beekumsaafi akkaataa ijaarsa isaarratti kan xiyyeeffatudha (Andrews, 2012).

Akkasumas, Bruner (1991) akka ibsetti, dhalli namaa kan yaada walii isaa ijaaru, muuxannoo walirraa horatuufi yaadannoo jireenya isaa har'aa boruu keessaa unkaa seeneffamaan qindeessudha. Seeneffamni kun immoo unkaa walqunnamtii hawaasaa karaa aadaan daddarbudha. Dabalataanis, Schwandt (2003) akka addeessetti, beekumsiifi dhugaan dhimmoota kalaqa hawaasaa ta'anii kan dhaabbatummaa qabanidha malee, kan habuureffamaniifi dhaabbatummaa hinqabne miti. Akka yaada hayyuu kanaattis, beekumsi kan ijaaramee jiruu, ijaaramuufi dhugaa addunyaa kana keessa jiruun firoomina qabudha malee kan tilmaamamu miti.

Akkasumas, yaaxxiinni ijaarasa hawaasummaa dirree hojii garaagaraa keessatti kan itti dhimma ba'amu yoo ta'u, qorannoo ogafaanii bifa dhihaatina sanyaabsaan adeemsifamu keessattis kan bal'inaan itti gargaaramamudha (Bascom, 1983). Qorannoo afseenessaa karaa ijaarsa hawaasummaan taasifamu keessatti xiyyeeffannoon guddaan kan inni kenaamuufis akkamitti akka namoonni ragmtaatti, geerarsatti, sirbootattiifi jechamoota adda addaatti gargaaramuun jireenya guyyuu isaanii ibsan irratti

akka ta’e hayyuun kun ibsee jira. Namoonni kan isaan afseenessatti dhimma ba’an yaada, ilaalchaa, amantaafi safuu isaanii ibsachuuf, akkasumas, walitti dhufeenya hawaasummaa hawaasa isaanii waliin qaban ibsachuufidha (Young, 1979).

Sims fi Stephens (2005) akka ibsanitti, ijaarsi afseenessaa hawaasaa kan akka mala walqunnamtiitti, walitti dhufeenyaatti, adeemsa kalaqaa jijijjiiramaatiifi hurubaatti fudhatamuufi adeemsa beekumsa waljijjiiruutti gargaarudha. Afseenessarratti qorannoo adeemsisuu keessatti, gooroowwan afseenessaa garaagaraa jiran beekumsi hawaasaa ijaaramanii jiraniifi irra deebi’amanii ijaramaa deeman waan ta’aniif, yaaxxinni ijaarsa hawaasummaa yaaxxiinoota qorannoo gooroowwan fookloorii keessatti itti dhimma ba’aman keessaa isa bu’uuraa tokkodha (Anttnon, 2005).

Qorannoon kunis beekumsa hawaasaa gooroowwan fookloorii keessaa afseenessaan ijaaramee jiru qorachuu irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef, yaaxxinni ijaarsa hawaasummaa kun yaaxxinoota akka bu’uuraatti, keessumaa xiinxala qabiyyeefi ergaa afseeneffamootaa taasisuu keessatti itti dhimma ba’aman keessaa isa tokkodha. Kunis maaliif afseenessaan akka eenyummaa barsiisan, eenyu eenyuun akka barsiisu, maaliif akka seenessaniifi galumsa keessatti himan bu’uureffachuun ergaa isaan ittiin waliif dabarsuuf himan xiinxaluu keessatti bal’inaan itti dhimma ba’ame.

Karaa biraan immoo yaaxxiinni ijaarsa hawaasummaa kun qorannoo kana keessatti kan inni itti dhimma ba’ame afseeneffamoota Oromoo Torban Oboo keessatti beekumsi eenyummaa hawaasaa ijaaramee jiru gama hidda dhaalootaa barsiisuufi eenyummaa daangaa tursiisuu keessatti ergaa maalii akka ofkeessaa qabu hiikuuf yoo ta’u, kunis jiruufi jireenya hawaasaTorban Oboo gama hawaasummaa, dinagdee, aadaafi siyaasa isaan walqabsiisuunidha.

### 2.5.2 Yaaxxiina Eenyummaa Hawaasaa

Yaadrimeen ka’umsa dhimma yaaxxina eenyummaa hawaasaa nama Henri Tajfel jedhamuun bara 1970mootaa keessa kan bu’uureffame yoo ta’u xiyyeeffannoon isaa dhimma walitti dhufeenya garee

hawaasaa gidduu jirurratti ture . Bara 1980 keessa immoo adeemsaafi uumama garee hawaasaa bu'uureffate. Yeroo sanaa eegalee yaaxxinni kun yaadota dhiibbaa hawaasaa, safuu garee, hooggansa garee gidduutti ta'u ,kaka'umsa , mormiifi daddammaqinsarratti bu'uureffate yaada hubannoon namni tokko waa'ee mataa isaaf qabu bu'uura garee hawaasaa keessatti argamuurraa madda jedhu qabaate dhiyaate ( Tajfel & Turner, 1979).

Kana malees, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa gahee ilaalchi naamni tokko miseensummaa garee , adeemsa garee qindeessuufi walitti dhufeenya garee hawaasaa gidduu jiru xiinxaluurratti xiyyeeffata. Yaaxxinni kun beekumsa dhimma hawaasaa , kaka'umsaafi walitti hidhatinsa hawaasa gidduutti ijaaramee jiru hammata. Dabalataan, yaaxxinni kun eenyummaan hawaasaa amala garee gidduu jiru irratti dhiibbaa geessisuu akka danda'u ibsuurratti xiyyeeffata. Yaaxxinni kun kan dameelee beekumsaa qoodinsa garee hawaasaa, adda addummaa hawaasaafi dorgommii hawaasaarratti bu'uureffatedha. Itti dabaluun, eenyummaan hawaasaa garee tokko akkaataa itti miseensa garee hawaasaa tokko keessatti gahee isaa ibsatu mul'isa (Hogg & Williams, 2000). Akka ilaalcha yaaxxina kanaatti namni tokko eenyummaa hawaasaa gaarii kan ijaarrachuu danda'u garee keessatti miseensa ta'e cimsachuun kanneen biroorra caalee argamuudha. Kana malee, ga'umsaafi hanqina garee hawaasaa waldorgomsiisuun gareen isaa kanneen biroo caalaa ga'umsaafi ejjennoo akka qabutti amanuun eenyummaa isaa ijaaruu.

Akkasumas, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa kan eegalu namni tokko eenyummaa dhuunfaa kan ibsatu karaa garee hawaasa keessa jiraatuun ilaalcha jedhuun. Kunis eenyummaan nama tokkoo ilaalcha qajeelaa garee hawaasa keessatti argamurratti hundaa'uusaati. Eenyummaa agree ofii kanneen biroorra adda taasisanii simachuu amanta jedhu mul'isa( Turner, Hogg, Oakes, Reicher, & Wetherell, 1987). Itti dabalee, ilaalchi gaarii garee hawaasa keessatti argamanii qabaachuun namni miseensa garee sanaa ta'e

eenyummaa isaa garee sanaan akka ibsatu taasisa. Kunis rakkoon garee sanatti dhufu dhimma dhuunfaa isaatti akka fudhatu taasisa. Namni tokko garee miseensa hawaasaa ta'ee tokko kan jaallatu yoo ta'e aadaafi safuu hawaasichaa kabajee jiraata jedhu agarsiisa(Smith, 2000). Akka yaaxxina ijaarsa eenyummaa hawaasaatti dhimmoonni eenyummaan hawaasaa eenyummaa dhuunfaa caalaa barbaachisaafi bu'aa qabeessa.

Kanneen malees, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa adeemsa guddinna sammuu namni tokko keessa darbee garee ijaaruu adda baasee kaa'eera. Inni jalqabaa, adeemsa qoodinsa hawaasaa namni dhuunfaa keessa darbee garee hawaasaa tokko keessatti of ramadee adduunyaa kana hubatu. Adeemsi kun immoo namaafi of kan ibsinu bu'uura garee keessa jirurratti yaada jedhudha (Abrams & Hogg, 1988; Scheepers et al., 2006). Kunis walfakkeenyaafi tokkummaa hawaasa garee tokko keessatti argamaniifi gareee biroorra garaagara ta'uu ilaalcha jedhu fide. Namni dhuunfaa tokko garee hawaasaa adda addaa keessatti argamuu danda'a; garuu haala irratti hundaa'ee yeroo gareen tokko garee kan biroo caalaa barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'u ni jira(Abrams and A.Hogg, 2011). Adeemsi yaaxxinni ijaarsa eenyummaa garee hawaasaa inni lammaffaa garee miseensa hawaasaa tokkotti of ramaduu ta'a. Kun immoo haalaa,fedhiifi ga'umsa gaggeessaa garee sanarratti hundaa'a. Miseensi garee hawaasaa tokko ga'umsaafi cimina gaggeessa garee sana ilaaluun gara garee fedhii isaafi barbaacha isaa raawwatutti of qooda. Miseensi hawaasa Torban Oboo tokko yeroo lolaa gareen gosa abbaa isaafi haadhasaa keessaa yoo wal lollaan haala ga'umsaa gareefi fedhii isaarratti hundaa'ee isa tokkof garee ta'a(Hogg, 2014).

Yaaxxinni kunneen qorannoo kana keessatti hawaasni Torban Oboo gosa tokko ta'ee garee Gadaa adda addaa keessatti , garee Gaadaa tokko jala ta'anii immoo gosaan garaagara yoo ta'an, yeroo tokko tokko gareen gosaa tokkoo yoo isa kan Gadaa caalaa bu'aa qabeessa isaaf ta'e kan garee Gada dhiisee kan

gosaa waliin maaliif akka hiriiru adda baasanii ilaaluuf tajaajila. Gama biraan immoo gareen Gadaa haala tokko keessatti kan gosaa caalaa filatamaa yoo ta'e kan gosaa dhiisee garee warra Gadaa waliin hiriira xiinxaluuf dhimma ba'ameera.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti dhihaatni ijaarsa eenyummaa hawaasaa kun kan inni itti dhimma ba'ame kaayyoolee qorannichaa keessaa tokko kan ta'e xiinxala afseeneffamoota ijaarsa gareelee hawaasaa Oromoo Torban Oboo jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabanii taasisuu keessattidha. Kunis, galumsoota garaagaraa isaan keessatti himaman bu'uureffachuun maali ijaaruuf akka seeneffaman xiinxala adeemsisuu keessattidha

### 2.5.3. Yaaxxiina Hiika Fakkoomii

Yaaxxinni hiika fakkoomii hawaasni tokko hiika fakkii yookiin mallattoo wanta tokkoo fudhachuun hiikaa waloo ittiin waliif galan bakka buusuun itti gargaaramuu jireenya har'aa booruu keessatti fayyadama yaada jedhu qabatee dhiyaate. Yaaxxinni kun kan xiyyeeffatu akka galma aadaafi ce'umsaatti fakkoomiin aadaafi sirna hawaasa dhugaa uummata keessa jiru ijaaruuf oola. Akkasuams, safuu, amantaa, duudhaafi shaakalli jijjiiramaa yoo deemu hiikni fakkoonmii waliin jijjiiramaa deema (Fakiruddin, 2023).

Yaaxxinni walta'insa fakkoomii uummanni wantoota naannoo isaanii jiran hiikaa mataa isaa kennee kan bakka buufatu yoo ta'u, hiikan kennamallee haala walitti dhufeenya hawaasaarratti hundaa'ee fooyyeessaa adeemuu danda'a. Kunis fakkoomii akkaataa namni dhuunfaa addunyaa kana ilaaluufi hiika itti kennu waliin hidhatinsa qaba ilaalcha jedhu qaba(Carter and Fuller, 2015 ). Akkasumas, yaaxxinni walitti dhufeenya fakkoomii naannoo hawaasni keessa jiraatee eenyummaa isaa ijaaree jiru ibsuufi fakkoomiin hubannaa hawaasni tokko addunyaa, miseensa gareefi waliif qabaniidha(Firth, 1973). Ummaanni naaannoo isaa fakkoomii hawaasaa, safuu waloon qaban yeroo itti dhimma ba'aa

adeeman duudhaafi safuu isaanii sana akka walootti gargaaramuun waliin qooddatu (Varnum and Grossmann, 2017). Yaaxxinni hiikaan fakkoomii kan kalaqameefi bu'uureeffame walitti dhufeenya irra deddeebi garee hawaasa gidduurrattidha ( Carter, M; Fuller, C. , 2016).

Blumer (1969) akkaatummaa yaaxxiina walitti dhufeenya fakkoomii qabxiilee sadiirratti kan bu'uureffame ta'uusaa kaa'a. Isaanis dhalli namaa bu'uura hiikaa wantoonni qabanirratti fudhatu; hiikaan waantotaaf kennamu walitti dhufeenya hawaasummaa kanneen biroo waliin qabanirraa argama yaada jedhuufi hiikaan wantotaa kan hubatamuufi fooyya'u adeemsa namni tokko wantota isa mudaterratti bu'uureffama. Mala qorannoo akkamtaa keessatti yaaxxinni hiikaa fakkoomii wantoota hawaasni bakka buufatuu barbaachisaa akkaa ta'e dabalee ibseera.

Itti dabaluun, Blumer(1969) bu'uura yaaxxina hiikaa fakkoomii hawaasni hiikaa wantoonni isaaf qaburratti hojjeta; hiikaan fakkoomii wantootaa walitti dhufeenya kan uumamu haala galmoo hawaasaafi aadaa uummatarratti hundaa'eetifi hiikti kan argamu walitti dhufeenya namni dhuunfaa garee hawaasaa waliin qabuurratti bu'uureffateeti. Dhumarratti, hiikaan irra deddeebi'ee kan uumamamu adeemsa hiikaa walitti dhufeenya keessatti ta'uusaa addeessa.

Fakkoomiin gidduu galeessa keessoo ofiifi addunyaa alaa dhala namaa keessa jirudha nama keessa jiraata (George F. McLean (2015*)* . Fakkoomiin wanta bakka bu'ee biraa karaa waan ofiin taane ibsuudha. Kana jechuun fakkoomiin ergaa wantonni ofkeessatti qabatanii yaada biraa ibsan akka ta'e(George F. McLean (2015*)* ibsa. Hiikaan fakkoomii miiraafi yaadota ijaan hinargamne qindeessuun erga walitti fidee hawaasni hubannoo addunyaa akka qabaatuuf ilaalchaa, kaayyoofi gocha kakaasuuf ta'uusaa( Bruce K. Ferguson (2023)eera.

Qorannoon kunis beekumsa hawaasaa gooroowwan afseenessaa keessaa akkaataa uummatichi wantoota naannoo isaa jiru fakkoomiitti gargaaramee eenyummaa isaa bakka bu'umsuun ibsatu mul'isuurratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, yaaxxinni hiikaa fakkoomii kun akka bu'uraatti, keessumaa xiinxala

afseeneffama hariiroo uumama naannoofi eenyummaa Torban Oboo akkaataatti hawaasichi bakka buufatee ibsuuf dhimma itti ba'aman keessaa isa tokkodha. Kunis maaliif faakkoomii akka gargaaramu, eenyu maal bakka buusee akka himu, maaliif akka bakka buufataniifi galumsa keessatti bakka buusan bu'uureffachuun ergaa isaan ittiin waliif dabarsuuf himan xiinxaluu keessatti bal'inaan itti dhimma ba'ame.

Yaaxxiinni hiikaa fakkoomii kun qorannoo kana keessatti kan inni itti dhimma ba'ame afseeneffamoota Torban Oboo keessatti beekumsi hawaasaa ijaaramee jiru uumamma naannoofi eenyummaa Torban Oboo argisiisuu keessatti ergaa maalii akka ofkeessaa qabu hiikuuf yoo ta'u, kunis jiruufi jireenya Oromoo Torban Oboo keessatti uumamni naannoo gama hawaasummaa, dinagdee, aadaa, jiruufi jireenyaafi siyaasa isaan qaban walqabsiisuun eenyummaa isaanii xiinxaluuf kan tajaajiludha.

### 2.5.4. Maleenya Qorannichaa

Kutaa kana keessatti ragaa qorannichaa walitti qabachuufi ragaalee argaman xiinxaluuf dhiyaatinaalee adda addaa itti dhimma ba'ametu ibsamanii jiru. Ragaalee adda addaa qorannoo kanaaaf ta'an namoota dhuunfaarraas ta'e gareelee hawaasaa irraa walitti qabachuuf maleenya yookiin akkaataan itti dhiyaadhee maddarraa odeeffannoo guurradhetu ibsamaniiru..

#### 2.4.4.1. Gaaffii Seenessaa

Qorannoo kana gaggeessuuf maleenyi dhimma itti ba'amuuf yaadame, maleenya gaaffii seenessaafi hidda dhalootaa (narrative inquiry and genealogy) ta'a . Sababiin isaa qorannoon kun afseenessa eenyummaafi hidda dhalootaarratti waan xiyyeeffatuuf. Yaada kanas, hayyoonni adda addaa karaa adda addaa deegaru. Fakkeenyaaf, akka Riessman (1993)ibsutti maleenyi qorannoo gaaffii seenessa ( narrative inquiry) dhiyaatu, qorataan akkataa aadaa hawaasichi of ibsutti nama dhuunfaarraa , gareerraa yookiin immoo ijaarsa seenaa hawaasaa waliin walqabsiisuun haala ifa ta'een mul'isuuf tajaajila. Itti dabaluun, afseenessi kallattii adeemsa ijaarsa eenyummaa ibsuun hawasni tokko duri maal akka ture

agarsiisuun, amma maal akka ta'e beekee boru abdii maalii akka qabu mul'isuu akka danda'au kaa'eera.

Goff(1992) immoo maleenyi gaaffii seenessa gaaffii sochiifi miira addeeeffame qabachuun eergaa isa seenaa himu keessatti argamu hubachuu ta'uusaa ibsa. Malleenya kana keessatti kan bakka guddaa qabatu, hubannaa afseenessaafi yeroo yoo ta'u, yeroon jireenya hawaasaa waan darbeefi ammaa keessa jiru afseenessaan akka mul'isu eera. Kun immoo maleenyi gaaffii seenessaa yaada beekumsaa hawaasaa afseenaan dubbatamu keessaan mul'ate, kuufame yookiin tursiifame argachuuf tajaajila

Andrews (2008) yaada armaan olii deeggaruun, maleenya gaaffii seenessarratti xiyyeeffachuun akkaataa seenaan caaseffameefi hojjetu qofa kan hubannu osoo hintaane,eenyu akka kalaqee, mala akkamiin akka fudhataman yookiin simataman hunda argachuuf gargaara . Burner (1986) immoo kaaraa isaa beekumsi gaaffii seenessaa kan uumamu karaa hiika seenaalee muuxannoo jireenyaa mul'aturraatti. Kunis, jireenya dhala namaa walxaxaafi dhokataa ta'e hubachuuf akka gargaaru hima.Itti dabalee yaaduma kana cimsuun maleenyigaaffiiseenessa tooftaa seenaa uummataa himamu ittiin walitti qabannu, qaaccessinu, akkaataa himaamuun hawaasa bakka buufnee ilaalcha warra ammayyummaa dhugaafi beekumsa durii hinfudhanne ittiin morminudha jedha. Akkasumas, gaaffii seenessaa akkaataa namni tokko yookiin hawaasni hiikaa ilaalchaa, duudhaa, amantaafi eenyummaa ijaarratee jiru hubannu kan taasisu ta'uusaa ibseera. Seenessi gaaffii kun qunnamtii hiika argamsiisu; yaada sababaa dhiyeessuu, beekuu, hubachuufi dhugaa ijaaruu ta'a(Burner,1986).

Akka waliigalaatti, gaaffiin seenessafi afseenessi jireenyaa eenyummaa hawaasaa akka waliigalaatti, miseensota hawaasaafi gareelee addatti kallattiidhaan dhugaa, duudhaa, amantaafi kkf mul'isuurratti maleenya qajeelaa ta'uusaa hayyootni kunneen mul'isaniiru.

Kanaaf, yaada hayyoota armmaan oliirratti hundaa'uun, anis maleenya gaaffii seenessaafi (narrative inquiry ) seenessa jireenyaa (life history or genealogy) dhimma ba'uun karaa afgaaffiifi dawwannaan qorannoo ijaarsa afseenessa eenyummaa Oromo Torban Oboo mul'isuuf maleenyi kun dhimma ba'amee jira. Maleenya kanaan akkataa hawaasichi achii as dhuftee, haala ittiin tokkummaafi eenyummaa ijaarratu adda baasuuf gargaarameera.

### 2.5.4.2. Maleenya Afseenaa

Afseenaan uunka afuriin argama. Gaaffii afaanii maddarraa waraabame, kan barreeffamatti jijjiirameefi hiikkkaa ragaalee dhiyaataniiti. Akkasumas, garaagarummaan uunkaalee kanneen gidduu jirus immoo haala sagalee waraabuu, hiikuufi gara barreeffamaatti jijjiiru akka ta'e ibsuun qorattoonni seenaa waraabbii seenessaa dhaggeeffachuufi dubbisuutti gargaaramuun hiikaa kan biraa uumuuf gargaaruusaa cimsa (Abrams, 2010). Akkasumas, maleenya afseenaa dabalee yommuu ibsu*,"Oral history involves communicating with living, breathing human beings. No other history method does this*(Abrams, 2010:27). Yaadni hafee armaan oliis, afseenaan namootaa lubbuun jiran waliin qunnamtii uumuun seenaa darbe argachuurratti kan xiyyeeffate ta'uusaa mul'isa. Qorannoon kunis maleenya afseenaan gargaaramee akkaataa Oromoon Torban Oboo afseenaan eenyummaa isaa ijaarratee dhalootaa dhalloatti dabarsaa ture xiinxalee dhiyeessuuf gargaaramee jira.

Walker (2006) immoo afseenaa jechuun dhimma jireenya darbe odeeffannoo argachuuf adeemsa namoota waliin gaaffii afaanii taasifamuun argamu akka ta'e ibsiti. Akkasumas, afseenaan bu'aa gaaffii afaanii seenessa raawwiilee darbaniiti. Kanaaf, akka malaafi bu'aa adeemsa qorannoottillee

tajaajila. Itti dabaluun , tooftaa dhugaa yeroo darbe keessa raawwateefi amma jiru kan mul’isudha (Bertaux, 1990).

Yaadni kun immoo seenaan afaanii dubbii garlamee seenessaafi qorataan waliin taasisan ta’ee, waallee isaan gidduutti argamu, hiikaafi dhiyeessa raga dhiyaatee ta’uu isaa agarsiisa’. Vansina(1985) immoo afseenaan haalotaafi muuxannoo hawaasni tokko bara jiraatu keessatti arge yookiin wanta raawwate seenessu akka ta’e ibsiteetti.

Barbaachisummaa Afseenaa ilaalchisee Natalie (2015) yommuu ibsitu afseenaan waa’ee seenaa hawaasa tokkoo isa darbee beeksisu ta’uusaa mul’isuun ,gochaalee yeroo darbee odeeffannoofi yaada amansiisa waraabbii, suuraa, xalayaa, kaartaa, meeshaalee seenaafi lakkoofsaan raga dhiyeessuuf tajaajila ta’uusaa agarsiisteetti. Gaafataanillee seenaalee dagataman yookiin irradarbaman gaafachuu danda’a. Yeroo kanatti gaaffiin afaanii madda ragaa waa’ee naannoo, ta’insaafi kan nama tokkoo ta’ee dhiyaata. Akkasumas, afseenaan namni dhuunfaas ta’e hawaasni seenaa tokko akka hunbatuuf gargaara. Kunis, afseenaan ta’insa muuxannoo seenaa darbee sadarkaa nama dhuunfaatti hubannoo gadifageenyaa akka kennu dabaltee himti.

Abrams (2010) immoo afseenaan yeroo adda addaa keessaatti kanneen jijjiiramaniifi akkuma jirutti itti fufan barsiisa. Itti dabalees, afseenaan hawaasni muuxannoo ,dhiibbaa jijjiiramaafi mudannoo jireenya isaanii sadarkaa xiqqaa haga olaanaatti akka ibsan gargaara yaada jedhu qaba. Yaada kana cimsuun, Yeroo gaaffiin afaanii gaggeeffamu seenessitoonni dhimmoota amantaa,duudhaafi aadaa adeemsa jireenyaa keessa darban kan yaadatan mul’isuu danda’u ibsuun, afseenaan wantoota amma keessa jirruufi isa darbe akka yaadannu taasisaa addaeessa . Dhaaloonni egeree immoo muuxannoo isaanii jiraattota ammaa waliin walbira qabuun akka madaalan isaan gargaara. Kunis, Seenaa darbe kunis hiikaa haaraan keessa deebi’amuu akka danda’u dabalee ibsa.

Walumaagalatti, yaada barreessitoota armaan oliirraa wanti hubatamu, afseenaan hawaasni tokko jechoota,sagalee isaan seenaa, muuxannoo mataa isaafi naannoo akkaataa hubannoo qabaniin akka ibsataniif kan gargaaru ta'uusaa mul'isa.

### 2. 5.4.3. Maleenya Seenaa Garee Xiqqaa

Seenaan garee xiqqaa gooroo seenaa barreessuu ta'ee, qorannoo xiqqaa kanneen ta'insa haalaa, hawaasa, qubannaa nama dhuunfaafi kkf irratti xiyyeeffata. Akkasumas, seenaa hawaasaafi aadaa waliin walitti hidhatinsa guddaa qaba. Gama biraan immoo, bakka xiqaarratti gaaffilee hedduu gargaaramuun kan ragaalee seenaa qorannoo tokkoof gumaachu ta'uusaa (Lawler, 2008) ibsa. Dhiyeenyi seenaa xiqqaa kun garee hawaasaa xiqaarratti xiyyeeffachuun waa'ee hawaasa bal'aaf yaada walii galaa kaa'a (Lowenthal, 1985; Lawler, 2008). Maleenyi seenaa garee xiqqaa kun qorannoo kana keessatti kan dhimma ba'ame seenaa garee hawaasa Tuulamaa Torban Oboo sadarkaa gosaafi firaatti ijoollee isaanii barsiisaniii guddisan irraa addatti waa'ee hawaasa Torban Oboo baruun dhimmoota Tuulamaafi Oromoo akka walii galaatti hubachuuf gargaareera.

Seenaaan garee xiqqaa gosa qorannoo akkamtaa ta'ee,waa'ee jireenya dhuunfaa gaaffii afaanii gaafachuu ta'a. Kunis maleenya tokko qofa osoo hintaane hidda dhiigaa, seenaa jireenyaa, seenaa maatiifi dhugaa ba'umsa afaanii hawaasichi dubbatu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, seenaa nama biroo, seenaa jireenya ofii, seenaa maatiifi dhugaa ba'umsa afaanii yookiinseenessaa jireenya hawaasaa hammata.Akkasumas, gosa qorannoo seenaa ta'ee jireenya nama dhuunfaa raga tokkoffaan karaa gaaffii afaanii kan dhiyeessuudha.qorannoo yeroo darbee kan maatii murtaa'aa ta'e tokko waliin walitti hidhatedha

Dhimma seenaaa jireenyaa nama tokkoorratti kan xiyyeeffatu ta'ee qaama biraan kan himamudha. Yeroo baayyee bara jireenya nama tokkoo muuxannoofi bu'aa ba'ii jireenyaa mul'isuurratti

xiyeeffata.Seenaan jireenyaa ijaarsa aadaa ta’ee waallee hawaasaa sadarkaafi garee adda addaan caasessee kaa’a.Akkasumas, eenyummaaa seenessuun gahee of ibsuu taphata.

Jijjiirama yeroo dheeraa gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa argame mul’isa. Walitti dhufeenyaa walxaxaa namootaafi haalota gidduu jiru adda baasuuf tajaajila.

Haalli dhiyeenya seenaan jireenyaa gaaffii afaanii mala akkamtaan ragaa guurrachuu ta’ee gaaffii deebii seenaa jireenya nama tokkoo kan seenessuudha(Olive, 2014). Malli qorannoo seenaa jireenyaa gaaffiin afaanii odefkennitootaaf dhiyaatu yeroo murtaa’e tokko keessatti jireenya maalii akka dabarsan jechoota mataa isaaniin akka ibsataniif gargaara. Seenaan jireenyaa qorataafi ragaa kennitoonni akkaataa ta’insoonniifi haalonni filannoofi gocha nama dhuunfaa bocan baranif gargaara (Ingelaere et al., 2018).

Haalli hojiirra oolmaan mala qornnoo seenaa jireenyaa kan dhiyaatu galmaa(context) adda addaa keessatti akkaataa, yeroofi maaliif hawaasni yeroo seenaa tokko keessatti buqqa’u yookiin godaanu adda baasuuf tajaajila. Fakkeenyaaf, takka takka jijjiirama hiyyummaarrattifi hanqina nyaataa adda baasuuf gargaara (Kothari and Hulme, 2004). Gama biraan immoo dhiibbaa himaammataa bultoo hawaasaa irratti fideefi saaxilama haala qilleensaa mul’ate xiinxaluufillee gargaara. Qorannoo guddina hawaasaa keessatti immoo sagleen hawaasaafi ilaalchi isaanii akka dhaga’amuu taasisuu keessatti ga’ee olaanaa taphata. Akkasumas, ta’insoota jireenya hawaasaa jijjiiran kanneen akka dinagdee, aadaafi hawaasummaa adda baasuu keessatti kan hojiirra ooludha(Kothari and Hulme, 2004).

Seenaan jireenyaa hawaasni tokko ta’insoota darbe walitti akka qabtuufi jijjiirama jiru akka olkaa’uuf gargaara.Sababiin isaa hawaasni ta’insoota isa mudate hundumaa osoo hintaane, kanneen bu’uura ta’an qofa yaadata waan ta’eef. Itti dabalees, hirmaachisaa waan ta’eefmalleen qorannoo kan biroo caalaa odefkennitootaaf bakka olaanaa kenna. Seenaan jireenyaa akka qorannootti waa’ee nama dhuunfaa tokko kanaan dura kan hinhimamneefi hinbeekamne mul’isuuf tajaajila. Waa’ee jireenya nama

dhuunfaa ibsa bal'aa kennuun jireenya nama sanaa addeessa. Ibsa seenaa addaafi gadi fagoo waan kennuuf, akka qorannoo qabatamaafi yaadxiinaatti tajaajiluu danda'a. Maleenyi seenaa jireenya qorannoo kana keessatti dhimma ba'ame eenyuummaa jireenya hawaasa tokko seenaa jireenyaa isaan himatanirraa yookiin qaama dhugaan himurraa baramuu akka danda'amutti amanama. Haluma kanarraa ka'uun qorataan haala ijaarsa eenyummaa Oromoo Torban Oboo beekuuf seenaa jireenya kallattiin qorachuuf maleenya kanatti dhimma ba'ameera.

### 2. 5.4.4. Seenaa Maatii

Seenaan maatii yaadannoo yeroo darbee yookiin seenaa dhaloota hawaasaa keessatti argamnuu mudannoofi muuxannoo isaanii baruuf kan gargaaru ta'uusaa ibsa. Akkasumas, seenaan maatii akka yaadanoo darbeetti kan fudhatamuudha. *Family history, then, can be seen as a form of 'post-memory'* (Kramer, 2011:a). Akkasumas, yaadannoo hawaasummaa ta'ee muuxannoo ta'insootaa garee maatiifi hawaasa tokkorraatti duraan raawwate kan hammatudha(Zerubavel, 1995).

Seenaan maatii haala dhiyeenya qorannoo sanyaabsaa keessatti icciitii dhugaa hawaasni duraan qabatee ture kan laaffisu maal akka ta'e adda baasee dhiyeessa.(Erben, 1991; Basu, 2007). Kunis, seenaan maatii yaadolee bu'uuraa adeemsa jireenya dhuunfaa ofii baruufi duubee dhuftee abbootii mul'isuu keessatti tajaajiala. Seenaan maatii seenessa filatamaafi kalaqeetti hubannaa garee kami keessatti argaman dhuftee eenyummaa duraafi abbummaa irra deeb'ee boccuuf gargaara(Bottero, 2023). Qorannoon kunillee karaa afgaaffii seenaa maatii gargaarame afseeneffamoota hawaasichi ittiin duubeefi achi as dhuftee isaa walbarsiisu xiinxalee dhiyeessurratti kan xiyyeeffatedha**.**

## 2.6. Qorannoolee Aantee

Kutaa kana keessatti qorannoowwan dhimmoota Oromoo adda addaa irratti geggeeffamanii qorannoo kana waliin hidhata qabantu sakatta'amanii jiru. Qorannoowwan kunneen immoo kallattiin ta'uu

baatanillee qorannoo kana waliin hidhata kan qaban qorannoolee sadarkaa garaagraraa keessatti tuttuqmanii jiru. Kanaafuu, qorataan kunis hanga sakatta‘ee argatetti qorannoowwan kan armaan ibsuuf yaaleera.

ቀነኣ ለሚ (2017) mata duree ‘የኦሮሞ ሚቶሎጂ ይዘታዊ ትንተና’ jedhurratti itti guutinsa digirii sadaffaa Yunivarsiitii Addis Ababaa keessatti gaggaasseen, waa’ee raagamantaa Oromoorratti qorannoo tasisee ture. Qorannoon Qana’aa kana waliin isa wal isaan fakkeessu Oromoon Tuulamaa, Maccaafi Boraanaa ragmtaa akkaataa isaan jireenya isaanii seenessaniifi raagamantaa isaan ittiin naannoo isaanii ibsatan maala ittiin seenaafi oguma dhalootatti dabarsan bu’uura godhachuun argannoowwan armaan gadii kaa’eera. Kunis, Oromoonni haala jireenyaafi naannoo isaanii akka raagamantaan ibsatan bu’uureffatee kaa’uun, hawaasni tokko raagamantaan eenyummaafi dhuftee isaa sodaa malee ibsachuu akka danda’uufi akkaataatti qabeenya uumamaa kunuunfatan seenessuuf akka gargaaramu mul’iseera. Haata’u malee, qorannoon kun af-seenessa ijaarsa eenyummaa Oromoo Tuulamaa Torban Oboo adda baasee xiinxalee hinagarsiifne.

Dastaa (2015) “Qo’annoo Faayidaa Afseenessoota Oromoo Tuulamaa” irratti xiyyeeffachuun, durduriis akka gooroo tokkootti fudhatee faayidaa inni Oromoo Tuulamaa biratti qabu qorachuun, durduriiwwan kalaqa qofa osoo hintaane falaasama hawaasni itti dhimma ba’u sanaa barsiisuufi dhugummaa aadaa mirkaneessuuf kan oolu ta’uu argannoo isaan ibsee jira. Dastaan faayidaa afseenaawwan Oromoo Tuulamaa irratti kan xiiyyeefate yoo ta’u, durdurii irratti xiyyeeffachuun faayidaa inni Oromoo Tuulamaa biratti qabu qoratee jira. Yaaxxiinni inni bu’uureffates yaaxxiina faayidaafi dhihaatina galumsaati. Haata’u malee, wanti qorannoo kana irraa adda taasisu bu’aa afseeneffamoonni ijaarsa eenyummaa irratti qaban waliin walqabsiisee argannoo mul’ise hinqabu. Akkasumas, qorannoon kun mata duree, kaayyoofi gaaffilee qorannoon qorannoo ani adeemsisaa jirurraa adda.

Kanneen malees, Abreham (2015) mataduree "Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the South-Western of Ethiopia: a Compartive Study" jedhu irratti qorannoo isaa kan geggeessee jiru yoo ta'u sabummaa garee hawaasaafi eenyummaa naannoo" Kibbaafi Lixa Itoophiyaa Oromoo Maccaa naannoo Jimmaafi Wallaggaa irratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, qorannoo kanarraa wanti adda isa taasisu afseenessoota garaagarummaa hawaasa kunneen gidduu jiru agarsiisu qofarratti xiyyeeffate qorannoo gaggeesse. Qorannoon kun garuu mata duree, kaayyoo, yaaxxiinaafi maleenyi itti dhimma ba'ame kan Abiraamirraa adda .

Adugna (2016/17) "The Discursive Construction And Representation Of The Waata Identity:A Critical Discourse Analysis Of Oral Texts" kaayyolee ergaa seenessi ijaarsaafi bakka ofbuusuu eenyummaa Waataa keessatti qabu addeessuu, hawaasni akkaataa Waataa wallee keessatti of ibsu, tarsiimolee ijaarsa eenyummaa Waataafi humna afaaniifi illeenyi waallee bakka of buusuu eenyummaa Waataa keessatti qabu irratti xiyyeeffatee qorannoo sanyaabsaa hawaasa Waataa naannoo Godina Arsiifi Arsii Lixaa jiraatanirratti qorannoo adeemsise. Bu'aan qorannoo isaa eenyummaan Waataa gahee hojiifi amala isaan hawaasa Arsii keessatti agrsiisaniin akka ofi ibsaniifi hawaasichaan himamaniin akka ta'eefi ilaalchi isaan eenymmaa isaaniif qabaniifi Arsiin isaaniif qabu walfaallaa ta'uusaa addeesseera. Haata'u malee, qorataan kun irra caalatti akkaataa hawaasa Waataa eenyummaa isaanii of ibsaniifi kanneen biroon ibsaman ilaalchisee argannoo yoo mul'isu, qorannoon adeemsifamaa jiru immoo afseeneffamoonni Torban Oboo akkamiin eenyummaa ijaaraa isaanii ijaaree tureeruufi ijaaraa jiru mul'isuurratti xiyyeeffatee jira.

Qorannooleen armaan olitti ibsaman seenaa hawaasa Oromoo akka waliigalaafi seeneffamoota gareelee hawaasa Oromoo muraasa addatti kan naannoolee adda addaa jiraatan ibsaniiru. Qorannoo amma adeemsifamaa jiru immoo addatti a)akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa Torban Oboo agarsiisan

b)hariiroo afsenessoonni Torban Oboo namaa, lafaafi uumama addeessan c)akkaataa itti afseenessoonni walitti dhufeenya eenyummaa Torban Oboofi Oromummaa agarsiisan ibsuurratti kan xiiyyeeffatedha.

# BOQONNAA SADII : MALA QORANNICHAA

## 3.1 Seensa

Boqonnaan kun mala, tooftaafi adeemsaalee funaansa raga qorannoo afseenessa ijaarsa eenyummaa turban Oboo gaaffilee qorannoo boqonnaa tokko keessatti dhiyaatan deebisa. Jalqaba mala qorannoo kana keessatti dhimma ba'aman addeessa. Kunis, falaasamaafi saxaxa qorannichaa ibsa. Akkasumas, madda ragaa, jamaa qorannichaa, iddattoofi tooftaa iddatteessuufi meeshaalee yookiin mala ragaan qorannichaa ittiin walitti qabamee boqonnaa kana keessatti dhiyaataniiru. Itti dabaluun, mala ragaan xiinxalameefi qabatamummaan safartuu meeshaalee dhiyaataniiru.

## 3.2. Falaasamaafi Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon amma gaggeeffamaa jiru falaasama moodela saayisii ijaarsa hawaasaadha (Brewer, 2005). Falaasamni ijaarsaa hawaasaa kunis beekumsa hawaasaa ijaaramee jiru funaanuun, xiinxaluufi qorachuun beekumsa dabalataan immoo dhugoomsuuf kan gargaarudha (Creswell, 2009). Saxaxni qorannoo kanaa immoo maleenya qorannoo akkamtaa ibsaati. Sababnisaa akka (Neuman, 2007) meeshaaleen funaansa ragaalee itti dhimma ba'aman: daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoo waan ta'aniif, ragaaleen meeshaalee kanneeniin funaanaman immoo mala akkamtaan xiinxalamuuf kan mijatanidha. Saxaxni qorannoo, maleenya ittiin ragaan ilaalamuufi xiinxalamuudha. Jechaan yaada dhihaatu akka yaada hawaasichaatti xiinxaluudha. Innis, beekumsa hawaasaa, hiikaa seenaafi hawaasummaarratti kan bu'uureffate ta'ee, ijaarsa eenyummaa hawaasaa, dhimmoota uumama naannoo walqabatan hiikuurratti xiyyeeffata. Akkasumas, hiika muuxannoo dhuunfaafi kan hawaasaa adda baasa (Cresswell, 2009). Itti dabaluun, qorannoo akkamtaa keessatti saxaxni qorannoo qorattoonni hawaasa akka madda odeeffannootti gargaaraman akkaataa galma(context) aadaafi hawaasichi jirattutti akka hubatamuuf gargaara(Myres,2009). Malli qorannoo akkamtaa kun fayyadamni afaaniillee haala galmaarratti akka hubatamuuf tajaajila(Cresswell, 2009). Qorannoo kana keessatti qorataan mala

qorannoo akkamtaa ragalee afseenessa ijaarsa eenyummaa Torban Oboo haala galmaafi ijaarsa jechootaan ibsee jira. Akkasumas, Cresswell (2009) malli qorannoo akkamtaa hiika namoonni dhuunfaafi gareen jireenya hawaasummaarratti qaban bira ga'uun akka gargaaru dabalee ibsa.

Falaasamni qorannoo kanaa ijaarsa jireenya dhugaa hawaasni haala yookiin galama adda addaan ijaarratee jiraatu qorachuuf gargaara. Kun immoo hiikni ijaarsa hawaasummaa kan argamu hawaasni addunyaa jiraatu keessatti akkataa walitti dhufeenya uumu keessaatti argama yaada jedhudha(Punch,1998). Yaadni falaasama kunneen immoo qorannoo kana yeroon gaggeessu beekumsa Torban Oboon ittiin eenyummaa isaanii ijaarratanii jiaran qorachuuf na gargaareera. Saxaxni qorannoon kun ittiin dhiyaate ragaaleen karaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan argaman erga walitti qabamanii yaadoleen argaman akkaataa addeessuu(descriptive)ta'een seenessuu( narrate) gochuufi hiika (interpratation) fakkoomii waantota hawaasichi bakka buufatu itti kennuun kan dhimma ba'amedha.

Ragaalee qorannoo kana keessatti dhimma ba'aman argachuuf maleenyi qorannoo kana keessatti dhimma ba'aman karaa seenaa maatii, hiddadhalootaa, afseenaa, seenaa jireenyaa, seenaa garee xiqqaafigaaffii seenessaa fa'i. Sababiin isaas, odeeffannoon ragaa qorannoo kanaaf walitti qabamu, hawaasicha keessa jiraachuun, maleenya armaan olitti eeraman kunneeniin jiruufi jireenya isaanii har'aa boruu keessatti raawwatan argachuudhaaf waan gargaaraniif.

### 3.3. Madda Ragaalee

Qorannoo kana adeemsisuuf qoratichi ragaalee kan funaannate madda ragaa tokkooffaa irraatti. Sababni maddi ragaa tokkoffaan filatameef, af-seeneffamoonni eenyumma afaaniin dhaalootaa dhalootatti darbaa waan turaniif ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan kallattiidhan hawaasa yeroo seenaan (gochi) sun raawwatame dhaga'anii, arganiifi keessattillee hirmaatan; akkasumas, ka'uumsaafi raawwii dhimma seenaan sun itti hojjatame beekaniin ragaan yoo dhihaate fudhatama guddaa akka

qabutti yaadama. Kanaaf, hawaasni aanaa Boosatiifi naannoo aanichaa madda ragaa tokkoffaa ta'anii odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu haga danda'ame kennaniiru. .

### 3.4. Jamaa Qorannichaa

Jamaan qorannoo kanaa hawaasa Oromoo Torban Oboo Godina Shawaa Bahaa aanaa Boosatiifi naannoo ishee ta'u. Qorannoon kun ummata Oromoo Torban Oboo naannoo aanaa Boosat irratti kan adeemsifamu yommuu ta'u, aanaan Boosat gandoota baadiyyaa soddomii shan, gandoota qonna magaalaan hundeeffaman afuriifi gandoota magaala sadi (3) kan qabduudha. Ragaan waajjira sabqunnamtii aanichaa irraa 2008 ALH argame akka agarsiisutti, baay'inni ummata aanaa kanaa namoota 217132 yommu ta'u, dhiira 118676fi dhalaa 98456tu aanaa kana keessa jiraatu. Kanaaf, anis hawaasa aanaa Boosatiifi naannoo ishee jamaa godhachuun af-seeneffamoota ijaarsa eenyummaa hawaasa Torban Oboo aanaa Boosatiifi naannooshee jiranirraa odeeffannoon walitti qabama.

### 3.5. Iddattoofi Iddatteessuu

Iddattoon bakka bu'oota jamaa qorannoo yommuu ta'an, iddattoowwan kun guutummaa jamaa qorannichaa bakka bu'uu kan danda'an ta'uu akka qaban (Kothari, 2004) ibseera. Dorneyei(2007) immoo baay'inniifi gosti iddatteessuu kaayyoo qorannichaarratti akka bu'uureffatu ibsuun, qorannoon akkamtaa haala gaariin saxaxame odeeffannoo iddetteessuu miti carraa keessaan galma ga'uu danda'a. Akkasumas, Creswell(2007) mala iddatteessuu miti carraa keessaa immoo darba dabarsaa keessatti ragahimtoonni nama biroo qorannoo sanaaf ragaa sirrii ta'e kennuu danda'an dabarsanii eeru yaada jedhu kaa'eera. Haaluma kanaan maddi ragaa qorannoo kanaa hawaasa Torban Oboo naannoo aanaa Boosat yoo ta'an ragahimtoonni bakka maddaarraa tooftaa akkayyoofi darbadabarsaan filatamn. Filannichis akkaataa beekumsa eenyummaa Torban Oboorratti qabanirratti kan hundaa'e ture.

Haaluma kanaan godinaalee Oromiyaa **<u>24</u>** jiran keessaa godinni Shawaa Bahaa qorannoo kanaaf filatameera. Sababiin isaa baay'ina argama hawaasa Torban Oboorratti hundaa'eeti. Hawaasni Oromoo Torban Oboo aanaa Boosat keessa jiraatan maaliif akka filataman 1.3 jalatti dhiyaateera.

Gandoota 42 aanaa kana keessatti argaman keessaa gandoonni akka Garrii, Doonii, Bofaa, Dirree Dagaagaa, Digaluu, Dongoree, Borcataafi gandoota olla waliin jirantu qorannoo kanaaf mala akkayyoon filatamaniiru. Gandooleen kunneen sababa afuriin filataman. Tokkoffaa, gandoota foolleen bara 2013fi 2014 keessaa sagantaalee dhimmoota hawaasummaa adda addaa irratti qabatanii turanidha. Lammaffaa, gandoota warri Gadaa sirnoota adda addaa keessaatti raawwata jiranidha. Sabaabni sadaffaa immoo, gandoota kana keessaa iddoo ayyaantuuwwan itti argamanidha. Inni biraan, gandi galmi Boosat Karra Torba keessa itti argamudha. Gareen hawaasaa kanneen qorannoo kana keessatti hirmaatan maanguddoo, hawwan, shamarraniifi dargaggoonni mala iddatteessuu akkaayyoofi darbaa dabarsaatiin filataman kanneen afseeneffamoota eenyummaa beekaniif barsiisan hammateera. Isaaniis, Abbaa Gadaa, warra dabaree gadaa of harkaa qaban, hawwan, foolleewwan, jaarsoolii raagaaniifi hojjettoota Waajjira Aaadaafi Turizimii irraa ragaa walitti qabachuuf iddatteeffamaniiru.

Walumaagalatti, qoratchi malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaadabarsaatti gargaaramuun raghimtoota **56** fudhatee jira. Kunis, ayyaantuuwwaniifi Abbaa Gadaarraa kan hafe tokkoo tokkoo gosoota Torban Oboo keessaa namoonni lama lama filatamaniiru. Kunneenis, Abbaa Gadaa yeroo ammaa 1fi kanneen bara abbaa gadummaa isaanii xumuran 2, warra gadaa of harkaa qaban 14, foolleewwan 14, hawwan 7, jaarsolii biyyaa 14,warra ayyaantuwwan 2fi hojjettoota waajjiraa aadaafi turizimii keessaa namoota 2 walumaagalatti namoota **56** raghimtoota qorannoo kanaa godhadhee fudheera.

### 3.6. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Kaayyoon qorannoo kanaa mala akkamtaatiin tooftaalee akka af-gaaffii, marii gareefi daawwannaatiin ragaalee hawaasa Torban Oboo ( Tuulamaa) , Shawaa Bahaafi naannoo sanaarraa odeeffachuutiin beekumsa xabboo (local knowledge) hawaasichi ittiin eenyummaa ijaarratu, tumsuufi dhalootatti dabarsu adda baafachuufi xiinxaluu ta’a.

Ademsa hojii qorannoo keessatti odeeffannoon funaanamu gatii guddaa qaba. Kanaafuu, karaa bilchaataa ta’eefi of-eeggannoon raawwatamuu qaba. Ragaan funaanamu argannoo bira gahamuuf deemu waan murteessuuf karaa sirriifi mijataa ta’een funaanamuu qaba. Abrahaam (2007:3); Finnegan (1970:111) wabeeffachuun “Careful data collection and recording is mandatory for any research, so as to arrive at a reasonable conclusion, and reliable findings,” jedha. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, hojii qorannoo kamiifuu odeeffannoon of-eegganoon funaanamuufi kaa’amuu akka qabuufi argannoo qabatamaa bira gahuuf murteessaa ta’uusaati. Yaaduma kana deeggaruun, (Creswell, 2009) odeeffannoon qorannoo funaanamu gatii olaanaa qabaachuufi tooftaa sirriin funaanamuu akka qabu ibseera. Anis, mala iddatteessuu kaayyeeffataafi darbaa dabarsaatiin filachuun odeeffannoo qabatamaafi barbaachisaa ta’e ofeeggannoon funaanuuf tooftaalee funaansa ragaa af-gaaffii,marii garee xiyyeeffataafi daawwannaatti dhimma baha. Sababni tooftaalee funaansa ragaa filatamaniif, namoonni odeeffannoon irraa funaanama jedhee yaadu irra caalaatti kanneen afaaniin seenaa dabarsan ta’uu waan danda’aniif. Ragaaleen raghimtoota irraa argame amanamaafi dhuga qabeessa akka ta’uufi firiin qorannichaas qabatamaa akka ta’uuf malleen funaansa ragaa garaagaraan sadii kanneen armaan gadii fayyadamuun ragaan qabatamaafi haqa qabeessa ta’uusaa mirkaneessaa funaanameera.

### 3.6.1. Af-gaaffii

Qorannoo bu'aawwan fookilooriirratti adeemsifamu keessatti malli funaansa ragaa afgaaffii odeeffannoo bal'aa argachuuf mijataa ta'uu(Bartis, 2002) ibseera. Meeshaalee odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa inni tokko af-gaaffii yommuu ta'u, gaaffileen afaanii gamisaan caaseffamaafi miti caaseffamaa sagal(9) ta'an kan kaayyoo qorannoo kanaa waliin deeman qopheessuun iddattoowwan filatamaniif dhihaataniiru. Sababni afgaaffii gamisaan caaseffamaafi miti caaseffamaa qophaa'aniifis haala namoota odeeffannoo kennanii irratti hundaa'uun gaaffilee jijjiiraa gaafachuun odeeffannoon funaanameera. Akkasumas, waan gadifageenyaan hinbeekne akka gadifageenyaan hubataniif kan nama gargaarudha (Kyale, 1996).

Gaaffileen afgaaffidhaaf dhihaatan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kan qophaa'an ta'anii deebiin iddattoonni qorannoo kanaa kennanis waraabduu sagaleefi suursagaleetiin waraabamanii kan funaanaman yommuu ta'u, ragaawwan waraabaman kunneen dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti erga jijjiiramanii, xiinxalamaniiru. Ragaawwan fookiloorii waraabduu sagaleetiin waraabamuun yookan waraabduu suursagaleetiin waraabanii dhaggeeffatamuun gara barreeffamaatti jijjiiranii xiinxalamuu danda'u(Bartis, 2002) . Adeemsuma kanaan ragaalee argaman waraabuun gara jechaafi himaan barreeffamaatti jiijjiiramaniiru. Dabalataanis, yaadannoo gabaabaa qabachuun yaada ifa hintaane irra deebi'uun gaafachaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu funaaneera.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti qaamota maddeen ragaalee ta'an hunda (manguddoota, foolleewwanfi hawwaniifi kkf) keessaa kanneen raghimtoota bu'uuraa qoratichaa ta'an keessaa dhibbentaa shantama (50%) waliin afgaaffiin taasifameera. Afgaaffiin raghimtoota kana waliin kan inni adeemsifames yeroofi bakka isaaniif mijatuufi filannoo isaanii ta'eefi bakka jiloota adda addaa, sirnoota hawaasaatti bu'uureffachuunidha. Bakka ilaalchisuun immoo kaan waliin dirreefi sirnoonni adda addaa raawwataman itti bobba'uun yoo ta'u, kanneen biroo waliin immoo naannnoo mana

jireenyaa isaanii duratti adeemsifamee jira. Yeroo afgaaffiin adeemsifames baay’inaan sirnoota hawaasummaa eegaluuf yeroo qophaa’aa jiraniifi erga xumuran booda ture. Kunis, warra ayyaantuuwwan yeroo Arfaasaa ji’a Waxabajjii, 2013 ALH bakka ujuba abbootii isaanii Boosat Lumeetti bokkaan caamnaan bakka sanatti hawaasni walitti qabamee isaaniin durasamee yeroo isaan Waaqa kadhachaa turanitti ture. Afgaaffiin foolleewwan waliin taasifame immoo foolleewwan Roobalee, kanneen Gadaa Birmajii yoo ta’an ji’a Guraandhala, Ebla, Caamsaa, 2013fi 2014 bakka dubartii erga abbaan manaa jalaa du’e booda nama biraatti heerumtutti sagantaa qabatanirratti gandoota akka Doonii, Bofaafi Oolancittiitti argamuun wayitii isaan sigabaa muraa turanitti. Ragaan hawwanirraa walitti qabame yeroo isaan ateetee Birraa ji’a Sadaasaafi ateetee Arfaasaa immoo ji’a Waxabajjii keessa naannoo isaaniitti wayita kabajataa turanittidha.

Akkasumas, afgaaffiin jaarsolii biyyaa waliin adeemsifame jaarsolii gosoota Torban Oboo hunda keessaa filataman yoo ta’u, hundumaa bakka sirnoonni hawaasaa adda addaa raawwatamanittiifi qeyee isaanitti iddoo mijataa ta’etti dhimma ijoollee seenaa barsiisuu waliin walqabtee ji’a Guraandhalaa, 2013 jalqabee kan adeemsifamaa turedha.

Walumaagalatti, iddattoowwan dura filataman keessaa Abbaa Gadaa yeroo amma tokkoofi kanneen bara abbaa gadummaa isaanii xumuran lama, warra gadaa of harkaa qaban torba, foolleewwan torba, hawwan torba, jaarsolii biyyaa torbaa, warra ayyaantuwwan afuriifi hojjettoota waajjiraa keessaa namoota sadii mala akkaayyoon filachuun afgaaffii taasisee raga barbaachisu waraabbii sagaleefi suur sagaleefi yaadannoo qabachuun walitti qabdheera.

### 3.6.2. Marii Garee Xiyyeeffataa

Qaamolee hawaasaa qorannoon irratti adeemsifamuu mariisisuun yaada isaan kaasanirraa ragaa fookiloorii argachuun akka danda’amu (Bartis, 2002) ibseera. Bu’uuruma kanaan iddattoowwan filataman keessaa namoota afseeneffamoota hawaasichaa sirriitti himuuf hubannoo qaban marii garee

ja'a ta'an abbootii Gadaafi ogeessota waajjira aadaafi turiziimii irraa kan hafe kan baay'inni miseensota isaanii jaha haga kudhanii ta'an, maanguddoota, dubartoota yommuu ta'an, qabxiilee marii torba keessaa kan garee isaanii ilaallatu qofa kaayyoo qorannichaa milkeessuu danda'an qopheessuun, sagaleefi suursagaleen waraabuufi yaadannoo qabachaa mariisisuun odeeffannoo barbaachisoo ta'an walitti qabamaniiru. Haata'u malee, gareewwan hundi kan qorataan ijaare osoo hintaane, kanneen hawaasummaa adda addaa keessatti ofii isaanii wal ijaaranii jiran turan.Sababni ogeessonni waajjira aadaafi turiziimii filatamanis, qorannoo aadaa hawaasaa kanaan dura aanaa Boosatitti adeemsisan yoo qabatan waa'ee eenyummaarratti yaada kennuu danda'u jedhee waanan tilmaameef.

Akkasumas, maangudddoonnifi hawwoonni beekumsa af-seeneffamoota eenyummaa yeroo dheeraa qabaniin walqabsiisuun yaada kennuu waan danda'aniifi namoota hubannoo addaa addaa qaban kanneen akka iddattootti filataman kunneen hunda akkaataa gahee isaan hawaasa keessatti qabaniin mariisifamaniiru. Sababiin isaa yaada foolleewwan kennaniifi kanneen warra gadaa ofharkaa qabaniifi maanguddootaa hagam akka walfakkaatu mirkaneeffachuuf ture.

### 3.6.3 Dawwannaa

Akka Ian Robertson (2012) keessatti taa'eetti , qorannoon daawwannaan deemsifamu, ta'insa sirna hawaasaa tokko qorannoo gadi fageenyaa gaggeessuu hammata. Gosoota daawwannaa garaagaraa jiran keessaa qorannoo kana keessatti kan itti dhimma ba'ame daawwannaa hirmaachisaafi daawwannaa al-hirmaachisaadha. Akka Dorson(1972)tti daawwannaa hirmaachisaa taasisuu keessatti qorataan dirree sun bakka seenaan sun itti himamuuti, yookaan raawwatamutti argamuun daawwachuutuu irraa eegama. Qorannoon kunis raga madda tokkooffaa barbaachisaa ta'e argachuu waan barbaachisuuf, qorataan hawaasicha keessatti aragamuun yeroo dheeraa fudhadhee gochaalee adda addaa dawwadhee waraabuun yookiin yaadannoo qabachuun ibsa waa'ee naannoos ta'e hawaasichaa caalaatti qabatamaan argachuun danda'ameera . Kunis, sirnoota yookin ayyaanoota hawaasaa , walga'iilee Waladaa Torban Oboo,

marii "Qixxee Gosaafi firaarratti" kallattiin biratti argamuun akkaataa isaanitti achii as dhuftee seenessessuun eenyummaa daangaa naannoo isaanii waliin walqabsiisanmii ijaaran qabatamaan beekuuf qabxiilee dawwannaafi gaaffilee akeektuu **Dabalee 2ffaa** gargaaramuun ragaan yaadota afgaaffiifi marii garee keessatti argaman rog-sadeessuun mirkaneeffadheera.

Walumaagalatti, qoratichi bakkeewwan sirnoonni hawaasaaitti raawwatamaniifi qeyee isaanitti argamuun daawwannaa taasisuun ragaalee isaa funaannatee jira. Daawwannaa taasise keessattis; maalirraatti hundaa'anii akka seenessan, akkamitti akka seenessan, eenyutti akka seenessu, maaliirraa ka'anii akka seenessaniifi maaliif akka seenessan, ga'een dhaggeeffataa/ttootaa maal akka maal akka isaan hojjetan daawwateera.

### 3.6.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Qorataan dhimma aadaa yookan fookiloorii tokko yommuu dirree qorannootti imalu meeshaalee waraabbiif barbaachisan guuttachuun of-eeggannoon ragaa argatu waraabbachuu akka qabu qorataan fookloorii (Bartis, 2002) ni ibsa. Bu'uuruma kanaan anis wayita dirree qorannootti imalu af-gaaffiifi marii gareetiin odeeffannoo funaanutti meeshaalee akka teeppii, sagalee waraabduufi viidiyoo kaameraa fayyadameera. Namoota afseeneffamma eenyummaa haalaan himuu danda'an, eeyyama isaaniin akka himan taasisuudhaan sagaleefi sursagaleen waraabeera. Dhumarrattis, suursagalee raghimtootaa waraaabame sana isaan dhageessisee, daawwachiisuun iddoo itti dabaluun barbaachisetti itti dabalee waraaabbiin raawwatameera. Ragaalee sagaleefi suur-sagaleedhaan waraabaman kunis irra deddeebi'uun dhaggeeffachaa gara barreeffama harkaattii, sana booda gara barreeffama koompiitaraatti jijjiireera.

### 3.7. Muuxannoo Dirree Qorannoo

Qorannoon dirree adeemsa walxaxaa, xiyyeeffannoo olaanaa taasisuufi naamusa gaarii qabaachuu barbaadudha (Sims & Stephens, 2005). Yaada hayyoota kanarraa hubachuun akka danda'amutti, qorannoo diree tokkoof milkaa'ina wantota kennuu danda'an keessaa naamusniifi kabajni hawaasa qorannoon sun irratti adeemsifamuufi raghimtootaaf taasifamu isa ijoo akka ta'edha. Kanneen malees, qorannoowwan dirree kan obsa, xiyyeeffannoo gadifagoo taasisuufi walitti dhufeenya cimaa hawaasa qorannoon sun irratti adeemsifamu waliin uummachuu barbaadudha.

#### 3.7.1. Sakkoo Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo keessatti qorattoonni naamusa isaanirraa eegamu kabajuu akka qaban (Bartis, 2002) (Creswell, 2009)n ibsaniiru. Qorataan qorannoo kanaas, ragaalee funaannachuu osoo hineegaliiniin dura qaamota ilaallatu hundaaf dhimma inni deemuuf ibsu kan Yuunvarsiitii Addis Ababaa irraa barreeffameef isaaniif kennuun eegale. Sana booda, meeshaalee ittiin ragaalee waraabbatu mara qabachuun gara hawaasa sanatti seenuun keessa jiraachuun qaamota madda ragaalee isaaf ta'uu danda'an addaan baafachuun irraa ragaalee isaa funaannateera. Akkasumas, hawaasichi kan haalaan nama simatu ta'uusaa waan argeef, ofitti amanamummaan socho'uun ragaa guutuu ta'e akkan argadhu na dandeessiseera. Kanaafuu, adeemsa hojii qorannoo kanaa keessatti naamusa ogummaa narraa eegamu guuttachuun hawaasa keessa jiraachaa odeeffannoo barbaachisu funaanneera.

Itti dabaluun, qorannoon dirree kan qorataan qaaman dirree qorannichatti argamuudhaan qorannoo gaggeessu ta'uufi odeeffannoo qorannoo sanaaf barbaachisu namoota, fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaafi siidawwan qaamaan bira dhaquun ragaa qabatamaa barbaachisu funaanuuf kan fayyadu ta'uu (Bartis, 2002) ni ibsa. Haaluma kanaan anis namoota afseenefamoota eenyummaa ijaaranirratti hubannoo qaban qunnamuun maqaafi iddoo irraa dhaqe, dhimman dhaqeef hubachiisuun ragaa qorannoo namoota kanarraa barbaadufi sababa barbaadeef itti ibsee warraaabbii eeyyamsiisuun

akkaataa fedhii namoota odeeffannoo kennaniin: kanneen sagalee isaanii waraabsisuuf eeyyaman sagalee isaanii waraabuun, kanneen suursagalee (viidiyoo) waraabsisuuf eeyyaman suur-sagaleesaanii waraabuun, kanneen suura ka'uufi waraabamuu hinbarbaadnemmoo ragaa isaan afaaniin dubbatan yaadannoo dhuunfaarratti galmeessaa odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu funaaneea. Muuxannoo dirree qorannoo kanarratti, namoonni baay'een ragaa kennuuf sodaatanillee hawaasuma kana keessaa namoota kaayyoo qorannichaa hubatan qabachuun shakkiifi sodaa tokko malee ragaan barbaadamu akka funaanamuun taa'eera .

Kanneen armaan olii cinatti, hawaasa keessa yommuu socho'u, akkaataa uffannaa, aadaa nyaataa, amantii, safuu, duudhaa, ilaalchaafi kanneen biroo hawaasa sanaa kabajuu ilaalchisee ofeegaannoon barbaachisaan taasifameera. Akkasumas, itti fayyadama jechootaafi gochaawwan adda addaa ilaalchisees ofeeggannoon cimaan godhameera. Qoratichi aadaafi safuu hawaasa qorannoon kun irratti adeemsifamee dursee adda baaseera waan ta'eef rakkoon addaa gama kanaan isa mudates hinjiru. Eeyyama isaanii bu'uureffachuun maqaafi odeeffannoowwan dabalataa biroon raghimtoota biraas **dabalee** keessatti dhiyaatanii jiru.

### 3.7.2. Xiinxala Ragaalee

Adeemsi odeeffannoo xiinxaluu raagaa funaaname xiinxaluuf akka tolutti qindeessuun qopheessuu, odeeffannoo qophaa'e dubbisuun hubannoo uummachuu, koodii kennuu, ijoowwan uumuu, ijoowwan kana akka barbaachisummaa isaatti bal'isuufi walitti fiduu, ijoowwan adda ba'an addeessuufi hiika itti kennuu irratti xiyyeeffata. Maddi kunis kan inni ibsu ragaa funaaname tokko xiinxaluu adeemsa adda addaa keessa akka darbudha(Creswell, 2012).

Ragaaleen qorannoo tokkoof funaanaman erga barreeffamatti jijjiiraman booda raawwiin itti aansuun dhufu ragaalee sana xiinxaluudha. Ragaalee xiinxaluun ragaaleen funaanaman hedduudha yoo ta'e akkaataa haala qorannichaaf ta'utti xiqqeessuun bu'aa qabeessummaa ta'u gochuudha. Xiinxalli

taasifamus haga ragaalee barreeffamatti jijjiiruu dabalata. Xiinxalli ragaalee adeemsa ragaalee kallattii adda addaan walitti qabaman qindeessuufi hiika kennuuti (Holloway, 2002). Qorannoo kana keessattis, afseenessoota karaa adda addaa walitti qabaman kanneen qorannoo kanaaf barbaachisoo ta'an ibsamaniiru.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti xiinxalli ragaalee kan inni adeemsifame mala akkamtaatti yoo ta'u, yaaxxinni ijaarsaa hawaasummaa, eenyummaa hawaasaafi xiinxalli fakkoommii yaaxxinoota gargaramedha. Ragaaleen tooftaalee funnaansa daawwannaa, marii gareefi afgaaffiin fudhataman mala akkamtaatti fayyadamuun jechaan xiinxalameera. Afseeneffamoota kallattii adda addaan guraman keessaa immoo 43 xiinxalamaniiru.

### 3.7.3. Gabaasa Raawwii Dirree Qorannoo

Hojiin dirree dhimma qabatamaafi naamusaa irratti waan xiyyeeffatuuf adeemsa bal'aa keessa darbuu barbaada. Yaadni qabatamummaa qorannoos yaadota yoomessa, qaamaafi haala itti hojjetamu kan deebisanidha. Dhimmoonni naamusaas dhimmoota kanneen akka: qorataan walitti dhufeenya akkamii raghimtoota waliin qabaa? Qorataan akkamitti raghimtootarraa ragaalee funaannataa. Ragaaleen kunniinis ragaalee maddummaafi qabatamummaa qaban, akkasumas, qorataan bobba'iinsa dirreettii osoo hintaasisiin funaannatamuu kan hindandeenyedha. Ragaalee qorannoo dirree funaannachuun yeroo ,meeeshaalee funaansa ragaaleefi dhimmoota biroos ni barbaada.

Qoratichi ragaalee guuruu osoo hineegaliin dura gandoota aanaa Boosat filataman keessaa muraasarratti habuurraa erga taasisee hojii ragaa walitti qabuu eegale. Akkasumas, raghimtoota bu'uuraa dursee argatee jira. Qaamota hawaasaa garaagaraa waliin walitti dhufeenya uumuunis hubannoofi ilaalcha isaan afseenessoota dhimmoota garaagaraaf qabaniifi sadarkaa itti fayyadama isaanii hubachuuf danda'eera. Gandoonni addaan baafamuun ragaleen irraa funaannatamanis gandoota torbaa hanga sagaliiti. Kunis,

bakka jiloonni hawaasaa adda addaafi bakka abbootiin gadaa argamaniifi naannoo sirnoonni adda addaa itti gaggeeffamanidha.

Adeemsa ragaalee funaannachuu taasifame keessattis akkuma sakkoo qorannichaa jalatti bal'inaan ibsamee jiru duudhaafi safuu hawaasa sanaa ilaalchisee ofeggannoon barbaachisaan taasifamee jira.

Ragaalee funaannachuun kan inni jalqabames ganda Garrii irraa yommuu ta'u, innis Waxabajji 23/2013(ALH) irraa eegaluunidha. Qoratichi tokkoo tokkoo gandootaa keessa waliigalaan torbaanota muraasa ture. Kana jechuunis, qoratichi ji'a tokkofi isa ol aanaa Boosat keessa erga jiraatee booda, keessa deddeebi'ee raga walitti guurrate.

Turtiin dirreewwan qorannoo ji'oota ja'a yoo ta'u, torbanoonni ji'oota jalqabaa keessa jiran immoo yeroo itti daawwannaan waliigalaa gandootaa taasifamedha. Guutummaa waggaa sanaa keessaa ji'oonni hafan immoo turtiiwwan dirreen alaa, garuu yeroo itti ragaaleen funaannataman qindeeffaman, gorsitoonni qunnamamaniifi hojiiwwan dirree taasifaman itti madaalaman turan. Qorannoon kun afseeneffamoota himaman qofarratti osoo hintaane galmoofi akkaataa himama isaanii xiinaluurrattis kan xiyyeeffate waan ta'eef, jechoota dabalataa garaagaraa itti dhimma ba'amaniif gatii guddaa kan kennudha.

Rakkoon biraa raghimtoonni afseeneffama dhimma siyaasaafi waa'ee saboota biraa ta'an akka himan yeroo gaafataman rakkoo biraa narratti qaqqabsiisa jedhanii waan yaadaniif , namoonni muraasni yaada isaanii himuuf fedhii dhaban ni jiru. Dabalataanis, iddoo tokko tokkotti dargaggoota bakka walga'ii foollee jiran bifa waraabbiin ragaalee fudhachuuf yeroo gaafataman dargaggoonni sun uffata alaabaa siyaasaa qabu uffatanii jiran sababeeffachuun waraabamuuf fedhii dhabuu agarsiisaniiru. Haata'u malee, bakkeewwan rakkoowwan kun itti uumaman kanatti qoratichi ragaalee qorannoo isaaf isa gargaaran mala yaadannoon fudhachuutti dhimma ba‟uun fudhatee jira.

Haalli siyaasaa naannoon qorannoo keessa tureefi jirus rakkisaa ta'uun wantota adeemsa ragaalee funaannachuu keessaatti danqaa turan keessaa isa biroodha. Qaamni hidhatee lolu akka baadiyyaatti baanee hawaasa hinhaasofsiifne yoo nu dhorku, qaamni mootummaa immoo baadiyyaa baanee yeroo gara magaalaatti deebinu nu rakkisaa turan. Haa ta'u malee, gandoota deemuu qabu hunda miillaan deemuun ragaalee isaa funaannachuu danda'ee jira.

Kanneen malee, meeshaaleen funaansa ragaalee ittiin dhimma ba'aman: daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree isaan ijoodha. Bakkeewwan daawwannaan irratti taasifamuun ragaaleen funaannataman keessaa muraasnis: sirna jaarsummaa, bakkawwan sirnoonni adda addaa kanneen akka qixxee gosaafi firaa, irreecha arfaasaafi birraa, malkaa bu'uu gaggeeffamaniifi kanneen biroo hojjetanidha.

Akkasumas, raghimtoonni baayyeen afseenessa himuurra weedduuwwanii, sirbootaa, jeekkara, akkasumas immoo seenaawwan kan biroo garaagaraa himuu barbaadan ni mul'atu ture. Haata'u malee, mudannoo akkasii keessatti qoratichi afseenessa waa'ee hawaasichaa dhaga'eeru ofii beeku himuun, waa'ee afseenessa kan isaanii gaaffii gaafachuun akka isaan yaada isaanii xiyyeeffannoon himan gochuun ragaa ragaan barbaachisu walitti qabameera.

Walumaagalatti, turtii dirreewwan qorannoo keessatti rakkooleen garaagaraa olitti eeraman qoraticha mudataniyyu, hawaasni dirree qorannooo sanaa garuu jaalalaafi kabaja cimaa, ragaalee kennuun cinatti wantoota barbaachisoo ta'an gargaarsa godhaniiru.

# BOQONNAA AFUR : AKKAATAA AFSEENNESSOONNI EENYUMMAA TORBAN OBOO IBSAN

## 4.1 Seensa

Boqonnaan kun akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa Torban Oboo ibsan ibsu xiinxaluun dhiyeessa. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaa afseenessi Torban Oboo akkamiin eenyummaa isaanii ijaaree tursiiseeruufi dabarsaa jiru ibsuufi addeessuudha. Akkasumas, qorannoon kun boqonnaa kana keessatti yaaxxina ijaarsa hawaasaa kan dhimma ba'ame yoo ta'u, sababiin isaa akka Schwand (2003)fi(Andrews, 2012) ibsanitti amalli, beekumsaafi akkaataa ijaarsi hawaasaa kan qajeelfamu yaaxxina kanaan. Riessman (1993) gaaffiin seenessaa qorataan akkataa aadaa hawaasichi of ibsutti nama dhuunfaarraa , gareerraa yookiin immoo ijaarsa seenaa hawaasaa waliin walqabsiisuun haala ifa ta'een mul'isuuf tajaajilama waan jedhuuf qorannoo kana keessatti maleenyi dhimma ba'ameera. Boqonnaan kun kutaalee gurguddaa sadii ofjalatti hammatee jira.

Boqonnaan kun, afseeneffamoota hidda dhalootaa seenefamuun eenyummaa ijaaran, raawwii sirnoota achii as dhufteefi adeemsa ijaarsa eenyummaa xiinxalee dhiyeessuurratti xiyyeeffatee jira.

### 4.2. Afseenessa Hidda Dhalootaafi Eenyummaa

Akka ragaan raghimtoota hawaasa Torban Oboo irraa argame mul'isutti akkaataa ittii afseenessi isaanii eenyummaa hidda dhalootaa barsiisuun dabarsuun seenaa isaanii ijaaruu keessatti gahee qabaachuu himu. Afseenessi kunneenis haala achii dhuftee isaanii dhaloota haaraa barsiisan ijoollonni duubee warra isaanii baranii waan abbootiin keessa taran akka hindaganne taasisuufi haala amma keessa jiran waliin walqabsiisanii akka seenessaan agarsiisu.

### 4.2.1 Dhufteefi Sanyii Abbaa Seenessuu

Raagamantaa dhuftee maatii ofii beekuu irraa ka'uun, kan hidda dhalootaa sirriitti beeku jajjabeessuun, kan dagatu immoo qeequun hawaasummaa keessaa baasuun adabu. Akkaataatti afseenessi hawaasni Torban Oboo ittiin hidda dhalootaa ofii beeksisu eenyummaa ijaaruuf akka raagamantaatti gargaaraman hafee armaan gadiin taa'eera. Kunis ijoollonni bakka dhufteefi sanyii abbootaa isaanii akka hindaganneef yeroofi xiyyeeffannoo kennuun sirna adda qopheessuun dhaloota isaanii barsiisu. Kanas haala armaan gadiin afseeneessaan dhiyeessu:

**AfsTO (1)**

Daadhii Qumbii, Dhugoo, Geedoo, Burqaa, Lalisaa, Xumbee, Tamaam, Karrayyuu, Biloo, Jaarsoo, Horoo(Umurii 85)
Warqii Baqqaalaa,Garbii, Tufaa, Jimaa, Moojoo, Fittaal,Qilxuu, Aadam(Umurii 32)
Biiftuu Boruu, Jimaa , Muudaa, Qurree,Xachoo,Illaammoo,Xiixanii,Galmoo, Kuttee, Aqaaqii(Umurii 84).
Jiruu Damee, Dagguu, Sanbatuu, Dinagdee, Bunee, Doobbaa, Birbirsaa, Bilii, Beeroo(Umurii 33).

Bara tokko Torban Oboon naannoo kana qabiyyee godhatee loon isaa oliifi gadii oofee tikfatee yeroo jiraataa turetti akka sirna Gadaatti daangaa isaa gama bahaa biiftuun naannoo Eebbaa (yeroo ammaa Dabirebirahan) jedhamutti babal'ifate ture. Turtii keechaa warri 'Sidaamaa' olla isaanii jiraatan waliin daangaarratti walloluu eegalan. Oromoon jara dhiibbatee daangaa isaa babal'ifatee fagoo deeme. Warri Sidaamni kana arganii Oromoo mo'achuu waan dadhabaniif amalaan waliin jiraanna jechuun ofitti firoomfatanii suutuma suuta walkeecha jiraachuun eegalame. Itti fufanii, tooftaa uumanii gaa'eelaafi kallattii biraan Oromoon walmakan. Aadaa tokkummaafi waliin jireenyaa Oromoo gidduu jiru balleessuu eegalan. Daangaa Oromoo deebisanii fudhatan. Abbootiin Gadaa, hayyoonniifi jaarsoliin rakkoo mudate kana arganii warra ormaafi sanyii isaanii adda baafachuuf hidda dhalootaa lakkoofsisanii warra gosaafi orma ta'an adda baafatanii aadaa isaaniifi eenyummaa isaanii eeggatanii jiraachuu eegalan. Nus haala ammaa kana keessatti ijoollonni sanyii isaanii lakkaa'uu akka baran barsiisaa jirra. Akkasumas, kan hidda dhaloota isaa hinbeekne sirnoota hawaasaa beekuu waan hindandeenyeef sirnoota hawaasaa qabnu keessatti qooda akka hinbane dhorkama. Kanaaf, 'Namni hidda dhaloota isaa lakkaa'uu hinbeekne akka loon marguma dheeduuti' jedhanii mammaaku. Affgaaffii Waxabajji 10,2013, Obbo Biiftuu Boruufi Guraandhala 20, 2014 Daadhii Qumbii irraa fudhatame).

Afeen ragaarraa argame kan agarsiisu, Oromoon akkaataa sirnaafi bulchiinsa Gadaatiin daangaa babal'ifachaa turuusaa agarsiisa. Qabiyyee lafaa yoo babal'ifateyyu sabni warri olla Oromoo mo'achuu akka hindandeenye yommuu baraan abshaalummaan itti dhiyaatanii gaa'elaafi waliin jireenyaan ejjennoofi tokkummaa Oromoo diiguu eegalan. Warri Gadaafi jaarsoliin biyyaa immoo dhimmoota

hawaasaa hordofuufi sirreessuu keessatti gahee waan qabaniif rakkoo uumame kanaaf furmaata barbaaduun kanneen saba biraarraa makamanii aadaa balleessaniifi warri Oromummaa qaban adda baasuuf tooftaa hidda dhalootaa lakkoofsisuu eegalchiisan. Sana booda rakkoo isaan mudateef furmaata argatan.

Kanaaf, hawaasa Torban Oboo keessatti hidda dhaloota ofii himuufi barsiisuun gaheefi dirqama maatii tokkooti. Kanaaf, *Oromoon ilmaan isaa abbaa kudhanii amma kudha lamatti dhiiras ta'e dubara lakkoosisa jedhu*. Lakkoofsisi hidda dhalootaa kunis haga kudhaniifi isaa ol ta'uu qaba. Garuu ijoollonni umurii afurtamaa gadi ta'an haga namoota gurguddoo sana lakkaa'aa hinjiran. Kunis, garaagarummaan abbootiifi ijoollee gidduu jiraachuu isaa agarsiisa. Dhufteen hidda dhalootaa ijoolloonni umurii xiqqaatti yoo ta'u kan barsiifamu dhiirota qofa osoo hintaane dubartoonnis ni barsiifamu. Sababiin isaas dubarrille bakka heerumtetti kan isheen kabajamtuu yoo ofiishee hidda dhaloota ishee beektee ijoolleeshee barsiiftedha. Achi as dhuftee abbaa lakkaa'uu kan hinbeekne nama of yookiin eenyummaa isaa hinbeekne kan yeroof waan kennameefii qofa malee duubaafi fuulduraa isaa hubachuu hindandeenyetti ilaalama . Kana immoo loon waliin walbiraqabanii dhiyeessu. *Namni hidda dhaloota isaa lakkaa'uu hinbeekne akka loon marguma dheeduuti jechuun ibsu.* Loon asiin dhufe; achin deema jedhanii karoora mataa isaaniifi galma tilmaammatanii deeman hinqaban. Loon namaan asiifi achi kan ofaman malee bakka kana oolla jedhanii kaayyeffatanii jiraatan hinqaban. Akkuma kana namni hidda dhaloota isaa hinbeekne ba'ee galuu malee egeree isaa hinbeeku. Hawaasni Torban Oboo immoo dhaloota kaayyoofi dhuftee isaa hinbeekne qabaachuu waan hinbarbaanneefi ijoollota isaa hawaasa kanneen biroorraa addaatti hidda dhaloota isaanii akka baraniif abbaa lakkoofsisa.

Yaadni armaan olii dhalootni hiddaa abbaa lakkaa'uu hindandaa'u yoo ta'e eenyummaa, aadaafi safuu hawaasichaa kan hinbeekne, hinsafeeffanne ta'a. Namni aadaa hawaasichaa hinbeekne maalummaa hawaasicha baruus hindanda'u. Eenyummaafi safuun hawaasa tokkoo aadaa isaa keessaan waan

mul’atuuf kan hidda dhaloota maatiisaa hinbeekne safuu hawasichaas hinbeekuu akka hindandeenye himu. Kun immoo eenyummaafi jireenyi hawaasichaa hidda abbaa lakkoofsisuu keessaan akka mul’ata hubachiisa. Kanaaf, hidda dhalootaa laakoofsissuun yookiin barsiisuun ijaarsa eenyummaa keessatti gahee mataa isaa akka ba’aa jiru mul’isa.

Akkasumas, saboota adda addaa naannoo isaanii jiraatn keessaa Oromoo kan ta’eefi hintaane adda baasuuf tooftaa isaan gargaartaman keessaa tokko abbaa lakkoofsisuudha. *Oromoofi saba kan biroo naannoo keenyaa hamma isaan hidda dhalootaa himataniifi beekaniin adda baafna yaada jedhu himu.* Tooftaa kana kan isaan gargaaraman yeroo kanneen orma ta’an haala daldalaniis ta’e kanneen biroon naannoo sana dhufanii jiraatan aadaafi eenyummaa isaanii jalaa booressaa adeemanidha. Kunis, warri saba biraa ta’an haga fedhe hidda dhaloota yoo himataniyyu abbaafi akaakayyuu qofa himu; Oromoon garuu kudhanii haga kudha lamaatti himuun irraa akka eegamu dubbatu. Eenyummaa hawaasichaa kanneen biroorraa adda baafachuuf mala kana gargaaramu.

Ragaan akka agarsiisutti tooftaan hawaasni Torban Oboo gargaaraman kun firaafi diina adda baafatanii gosaafi firaan waalijaaranii tokkummaa isaanii cimsataniif akka isaan gargaaruutti amantii qaban agrsiisa.

Akka Stephen (2019) ibsutti hiddi dhaloota dhugaa beekuun dhimma nama tokkoofi maatii xiyyeeffannoo keessa galchee seenessuuf tajaajila. Hidda dhaloota abbaa lakkoofsisuu qaaccesssuun latinsaafi hidda dhalootaa hawaasichaa ibsuurraa akka eegalamu ibseera. Ibsi qorannoo kanaa immoo akkaataa Torban Oboo afseeneffamootatti gargaaramee hidda dhaloota isaafi dhuftee isaa dhugaa himuun eenyummaa isaa ijaaraa tureefi jiru kan mul’isuu ta’a.

Saba Oromoo keeessatti beekumsiifi odeeffannoon kan dhalootaa dhalootatti darbu karaa maatii, amantaafi sirnoonni adda addaa yeroo adeemsifaman hidda dhalootaa, dhuftee gosa isaanii karaa afseeneffammoota himamaniin baru. Sababiin isaan kallattii kanaan eenyummaa barsiisan, Oromoon

hidda dhalootaa ijoollee isaa kan barsiisu fedhii qabeenya waloo fayyadamuu, adeemsa dura buutota siyaasaafi amantii dursanii hundeessuuf gargaaramu yaada jedhuun. Kun immoo dhaloota ammas ta'e yeroo dheeraa booda siyaasa, amantii gaggeessaan dursanii leenjisuu, cimsuufi guddisuufi akka gargaaruu beekumsa isaan qaban agarsiisa.

Yaada beektotaafi ragaa argame irraa waan hubatamu afseenessi hawaasa Torban Oboo waliin walfakkaatuun seenaa darbe osoo hinbeekiin jiraachuun amala namaa osoo hintaane amala sa'aa ta'uusaa walbira qabanii ibsu. Saani bakka oofametti oofama malee bakka ga'eefi eessaa akkaa dhufe hinbeeku. Akkasumas, hawaasni tokko eenyummaa isaa qabatee itti fufsiisuuf hidda dhaloota isaa beekee walbarsiisaaa yoo deeme malee wantoota gochaaleefi maalummaa eenyummaa agarsiisan dagataa deemuun ofdhabuu danda'a. Hidda dhalootaa lakkoosisuun hawaasa Torban Oboo immoo hawaasichi aadaa, daangaafi duudhaa isaa eeggatee tursiiftuuf gargaarera.

Yaadni sanyii abbaa ofii yoo xiqqaate kudhan lakkaa'ee nama bira hingeenye hawaasichi akka qoomoosaatti yookiin gosaatti akka hinsimanne agarsiisa. Gosa hawaasa Torban Oboo keessatti hammatamuuf namni tokko ofirraa kaasee haga abbaa kudhaniifi isaa oliitti sanyii abbaa lakkaa'uu qaba. Nama hidda abbaa isaa beekee hinhimanne hawaasicha biratti amanamummaa akka hinqabaanne himu. Kun immoo hawaasni Torban Oboo tokkummaa isaa cimsatee osoo addaan hincicciramiin turuusaaf guddaa gumacheera. Sababiin isaa malli isaan gargaaraman kun akka ormaafi fira adda baafatan taasiseera. Ormaafi fira adda baafachuun diina ta'ee boru kan isaan miidhuu danda'u irraa akka ofeeggataniif isaan gargaaruu isaanii afseenessaan agarsiisu. Akkasumas, hidda dhalootaa lakkoofsisuun tooftaa ijoollonni eenyummaafi seenaa abboota isaanii akka hindaganneefi orma waliin walhinmakne dhorkuuf ta'uusaa hubanna.

**AfsTO (2)**

> Dur tokko nama Diggoo jedhamu tokkotu ijoollee baay'ee qaba ture. Ijoollee isaa keechaa lama godaansaan naannoo biraatti galan. Bakka dhaqanitti fuudhanii walhoran. Obbolaan haa ta'an malee ijoolleen isaanii walhinbeekan turan. Hidda dhalootaa waan hinbarsiifneef ijoolleen isaanii osoo fira ta'uu hinbariin walfuudhanii safuu hawaasaa cabsan; haraamuu hojjetan. Ijoolleen obbolaan walfuudhanirraa dhalatan kan qaama hir'uufi sammuu sirrii hinyaadne taatee dhalatte. Sababa kanarraa kan ka'e, hawaasni biyyaa walitti qabamanii waan akkasii deebi'ee nu keessatti akka hinraawwanneef firooma barsiisuufi hidda dhalootaa lakkoofsisuu akka qaban cimsanii himu*(*Affgaaffii Waxabajji, 2013 ObboNagawoo Boosatiifi Guraandhala, 2014 Daadhii Qumbii irraa fudhatame*)*

Himteen abbaa lakkoofsisan firri fira akka walhinfuuneef hunduu gosa isaa yoo baree ofeeggachuuf gargaara. Kanaaf, *Hidda dhalootaa seeraan hinbeeku taanaan firri fira fuudhuu danda'a. Fira aantee ofii waliin walfuudhuunn immoo safuu hawaasichaa cabsa. Dhalli fira walfuudherraa dhalatu haraamuu ta'a jedhu***.** Dhalli firarraa dhalatellee nama sirrii ta'uu kan hindandeenyedha jedhanii amanu. Kan haala akkasiin dhalate, dhala haraamuu jedhu. Akkasumas, kan fira fuudhe boodaa hawaasummaa keessaa waan baafamuuf dursani akka ofeeggataniif agrsiisuu isaanii mirkaneessu. Itti dabaluudhaan, safuu gaa'eela wajjin walqabatee hawaasicha keessa jiru dhaloota barsiisuuf akka ta'e yaadni raghimtoottarraa argame kunmul'isa. Sababni inni sadaffaa immoo kan *hidda dhaloota isaa hinbeekne sirnoota hawaasaa beekuu waan hindandeenyeef sirnoota hawaasaa qabnu keessatti qooda akka bane dhorkam***a.** Kanneen malees, namni hidda dhaloota isaa sirriitti hinlakkoofne sirnoota hawaasaa adda addaa kanneenn akka sirna Gadaa keessatti abbaa Gadaa ta'ee hinfilatamu; foolleefi malkaa eebbisuu keessatti gahee tokkollee ba'uu akka hindandeenyeef dhorkama.

Yaadni ragaa armaan olii kun hidda dhalootaa beekuun sirnoota hawaasaa adda addaa keessatti gahee bahuufi firaafi orma adda baasuu keessatti shoora oolaan kan bahuu ta'uusaa akan agarsiisuun safuu hawaasaa eeguu dandeessissuuf kan gargaaru ta'uusaaa mul'isa.

Yaada hawaasa kanaan kan walitti dhiyaatu Alamayyoo (2008) hiddi dhalootaa duubatti deebi'amee waan lakkaa'amuuf seenaa abbootii ofii yookiin dhuftee ofii beekuuf akka gargaaru ni ibsa. Akkaataa

kanaan hawaasni Torban Oboon hidda dhaloota isaa hanga jilba kudha lamatti himuun ijoollota isaa barsiisa. Lambert (1996) immoo seenaa hidda dhalootaa ofii qorachuun yookiin beekuun waa'ee ofii amma keessa jiran hubachuun, seenaa abbootii duraan naannoo sana turan baruufi eenyummaa dhaloota duraan turan dhaloonni egeree akka hindagganneef gargaara.

Kunis, yaada Velleman(2005: 376) *)* “While those who are unaware of their biological origins can have the sense of not knowing important stories about themselves and their biological origins.*”* jedhee ibse waliin walfakkaata. Yaadni kunis ka'umsa waa'ee matii ofii beekuu dhiisuun, eenyummaa, seenaa madda ofiif ilaalcha gaarii qabaachuuf gargaara. Dagaaginni eenyummaa beekumsa ofii kuufachuu qofa osoo hintaane, jireenya keessa dabarse beekumsaan seenessuu barbaada. Seenessi akkasii immoo miira hiika eenyummaa siirri ta'e akka nama keessatti daagaagu taasisa. Hiddi dhalootaa yookiin firoominni madda seenessi eenyummaa irraa ijaaramu ta'uusaa yaadni afee armaan olii nu hubachiisa. Kanneen madda hidda dhaloota isaanii hinbeekne, seenessa sirrii waa'ee mataa isaanii guddifachuu hindanda'an. Kanaaf, haga madda hidda dhalootaa baranitti jireenya isaanii keessatti kan bu'aa isaaniif qabu tokko dhabu.

Yaaduma armaan olii cimsuuf mammaaksonni yeroo dawwannaa isaan hidda dhaloota walbarsiissanfi walga'ii gosaa keessatti fayyadamanillee qorataan walitti qabame kan agarsiisu nama sanyii abbaa hinbeeknee akkaataa armaan gadiin ibsu.

**AfsTO (3)**

*a) Abbaa hinqabdu akkaawwiif boossi jedhu*
*b) Gowwaan intalaa warra dhiirsaa dhiiftee*
*Haadha kan ormaa bultee jetti*

Mammaaksi afee armaan oliin ibsame, hawaasichi yeroo dhimmoota aadaa, qixxee gosaafi firaa irratti mar'iachuuf walga'an ijoollonni isaanii dhimmoota faayidaafi bu'aalee yeroo caalaa, waa'ee dhuftee isaanirratti iddoo olaanaa akka kennaniif yeroo barsiisan gargaaramu. Kunis abbaa ofii beekuun nyaata waan guyyaa tokko ittiin oolan akka caalu agrsiisuuf akka dhimma ba'an mul'isa. Hawaasicha keessatti

dhaloonni waan hunda caalaa dhimma sanyii ofii beekuurratti xiyyeeffachuu akka malu agarsiisuuf gagaaramuu isaanii himu. Waan nyaatanii bulaniifi oolan amma duubee ykn dhuftee ofii beekuu akka hingeenye agarsiisuuf *abbaan* bu'uura jiraachuu isa ta'eefi akaayii *akaawwii* waan yeroo hinquubsineef faayidaan isaa xiqqaa ta'e waliin walbira qabuun addeessu. Sababiin isaan yaada kana waliin qabsiisanii ibsan, namni sanyii isaa beeku yoo beela'eyyu fira isaa biraa dhaqee rakkoo kan oolu ta'uusaa argsiisuuf fayyadamu.

Yaadni amantaafi ilaalchi hawaasa Torban Oboo kan hubachiisu waa'een dhuftee abbaa ofii beekuun faayidaalee guyyuun argamu akka caalu mul'isa. Kunis, namni naannoo isaa baree kunuunsuufillee aadaa abbaafi dhuftee beekuun waan yeroof argatanii itti gargaraman caalaa guddaafi barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Akkasumas, dhaloonni duubee isaa hinbeekne wantoota yeroof fayyadan fakkaatanii eenyummaa isaanii dagachiisaniin akka hinliqinfamne barsiisuuf haala kanaan akka ibsan hubatama. Kun immoo akka Torban Obootti ilmi tokko kan sanyii abbaa isaa beeku taanaan, yoo rakkate, lubbuun harkatti bade, gosni hundi kallattii garaagaraan waltumsee haalaan kan walcinaa dhaabbatu ta'uusaa mul'isa.

Mammaaksi armaan olii sarara sadaffaafi arfaffaan immoo Torban Oboo keessatti kan hidda dhallotaa lakkaa'uu malu dhiira qofa osoo hintaane dubarrillee beeku akka qabdu (4.2.1) olii keessatti ibsame akkuma agarsiisu intalli heerumtee jirtu hidda dhaloota kan ishee irraaa tartee kan maatii abbaa manaa ishee beeku akka qabdu ibsu. Mammaaksa kana kan gargaaraman yeroo hawaasichi dhimmoota amantaa, walga'ii gosaafi kkf waliitti qabamanitti, dhaloonni isaanii firoota aanteefi gosa isaanii caalaa orma naannoo isaanii jiruuf bakka olaanaa kennanidha. Kanarraa ka'uun, hawaasichi intala gowwaa ishee sanyii hinbeekneen walbira qabee mammaaksaan ibsa. Kan warra dhiirsaa dhiiftee orma bultee jettu, aadaafi ilaalcha sanyii abbaa manaa wallaaluu ishee agarsiisuuf. *Gowwaa----Orma* kan jedhan jireenyaafi safuu hawaasicha waliin hindeemne agarsiisuuf. Kanneen malee, dhaloota waan gaarii kan

mataa isaa dhiisee kan ormaa barbaadu jechuu isaanii akka ta’e himu. Hawaasichi dursi aadaa ofii akka ta’e mul’isuuf yaada kana akka fayyadaman addeessu.

Ibsi hwaasa Torban Oboo mammaaksa olii keessatti mul’tau kan agarsiisu namni dhiiras ta’e dubartiin aadaafi eenyummaa hawaasichaa hinbeekne, eenyummaa isaa dagatee ta’uusati. Osoo haala maatiin barsiisaniin eenyummaa ofii qabattee/tee jirti/jira ta’e haala kanaan hinmammaakan. Kanaaf, eenyuummaa ofii beekuun firaafi orma adda baasanii isa dursi kennamuu maluuf dursa kennuun akka barbaachisu hubanna.

Walumaagalatti, hawaasni Torban Oboo ilaacha hayyoota kanaa waliin haala walfakkaatuun, dhaloonni booda dhufan duubee achii dhuftee isaanii akka beekaaniif dursanii barsiisu; hidda abbaa lakkoofsisu. Dhimmi hidda dhalootaa kunis eenyummaa dagaagsuu keessatti gahee oolaanaa qabaachuu mul’isa. Aadaan hawaasichaa namni kamuu hiddaa dhalootaa seeraan lakkaa’ee bira ga’uu hindandeenye taanaan ormatti laakkaa’a. Ormi haga seera guutee Oromummaatti guddifamutti miseensa gosoota Torban Oboo kamiyyuu ta’uu hindanda’u; sirnoota hawaasaa keessatti qooda hinfudhatu; dhalmaa qabeenyaa, hoogganasa jaarmiyaa hawaasaa karaa qixxee gosaas ta’e qixxee firaa kamiyyu argachuu hindanda’u. Kanaaf, beekumsi hawaasaa hidda dhalootaa lakkoofsisuu kun tokkummaafi eenyummaan Torban Oboo cimsee tursiseera.

**AfsTO (4)**

> Dubartiin Oromoodha. Oolancittiirraa(Walanciitirraa) achi gara Minjaar deemte, hojii barbaacha. Achi takka jiraattee biyyaatti deebite. Si’a deebitu mucaan garaatti hafe ; booda ilma deesse. Waan ittiin guddiftu dhabdee, niitii Oromoo ka biroof akka guddifattuuf laatte, ilma deesse sana. Guddisa seera hinguunne ture. Akka seeraafi aadaa Torban-Obootti, seerri biyyaa, silaa gosa ilmoo guddifamuufi gosa itti guddifamurraa walitti baheeti, wal mariisiseeti, qaleeti, naqeeti, eebba fudhateeti seera guuta. Sun hintaane; gurbaan erga guddatee dhaala falme. Biyyi/gosti hinlaannu jedhe. Sanuu nama Amaarummaa fudhatee dhufe, dhaala falmuuf. Biyyi akkasiin bahee, akka guddisi seera hinguutin dhugaa baheetu,

> akkasiin gurbaan warratti deebiyee galuu didee humnaan dhiibee taahee, qotate. Sun aadmalee waan tahe ture (*Madda Odeeffannoo, Jaarsa biyyaa Gobanaa Soolee , Ebla 5, 2017,)*

Afeen armaan olii sochii hawaasummaa hawaasa tokkoo gara biraatti kan deemsifamaa ture ta'uusaa mul'isa. Garuu dubartiin hojii barbaacha Minjaar deemte haga fedhe qeyeerraa fagaattus hojii ishee hojjettee galuu qabdi malee, kan aadaa ishee hinbeekneefi sanyii ishee waliin hinqooddanne waliin dhala godhachuuf of eeyyamsiisuu hinqabdu ture. Gaadaa Oromoo keessatti immoo ilma dhalate kan deesse ykn kan dhalche guddisuu yoo dadhabe ykn dhabduu dhala hinqabneef guddisa kenna. Seerri Torban Oboo qaamni guddisa kennus ta'e, guddisa fudhatu gosa gamaa gamana walitti yaasee, akkaataa sirnaa Gadaatiin elaafi eelaammeen qalee, naqee walnyaachisee, waleebbiseetu seera guutee fudhata malee kan gostiifi firri hinbeekne guddisas hinkennu; hinfudhatus. Gurbaaan erga guddatee qabeenya warra biratti guddatee dhaala falme. Dhaalli waanuma qeyee tokkotti guddataniif kennamu miti. Qabeenyiifi lafti kan firaafi kan gosaati; kan dhaalchisus ta'e dhaala dhowwatu biyya. Biyyi akka aadaasaatti waan isarraa eegamu raawwate. Gurbaan orma waan ta'eef aadaa hawaasaa hinbeekiin guddate. Kaan aadaa hinbeekne immoo safuufi safeeffannaa hawaasaa hinbeeku; hinkabajus. Kan aadaa hawaasaa hinbeekne, kabaja hinbeeku. Aaadaa Oromoo keessatti kan seeraan hinguddifamne, safuu aadaa sanaaf hinabbomamu. Hawaasni Torban Oboo sanarraa ka'aniiti kan isaan seera aadaa isaanii hineegne dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi biyya bulchuu keessatti qooda akka hinfudhanne murteesse.

Dhimmoonni xiyyeeffannoo hafeen armaan olii himtee Torban Oboo keessatti mul'ate uummanni tokko sochii dinagdeefi hawaasummaa hawaasa kan biraa waliin yeroo taasisu sirniifi barsiifanni hawaasa ofii cabuu hinqabu. Aadaa Torban Oboo keessatti nama sanyiin lakkaa'amee bira hinga'amneefi duubni isaa hinbeekmne waliin gaa'ela raawwachuun sirrii akka hintaane nu hubachiisa. Gama biraan immoo

Oromoon aadaa keessatti saba isa jaallatee waliin jiraachuu barbaadu ormayyu adeemsa guddifichaa keessa darbee osoo hindabarbiin ofitti firoomsee waliin hinjiraatu.

Lafaafi qabeenya qeyee dhaalchisuun gahee nama tokkoo osoo hintaane, murtoo gosaafi firaa ta'uu qaba. Akkasumas, dhaala fudhatu kan eebbifamee, hawaasa bal'aan beekamti argate malee, waan uummanni bal'aan hinbeekne fudhatama hinqabu. Kanarraa ka'uun akka aadaa Torban Obootti kan dhaala argatuufi dhimmoota hawaasummaa keessatti qooda fudhatu nama hidda dhalootaa lakkaa'ee himuu danda'u qofa ta'uu akka malu murtoon darbuu isaa amanama.

Geerarsi armaan gadii geerarsa eenyummaa nama lammii dagatee ibsuuf ta'ee, gantuun bu'aa argachuu hindandeenyee fudhachuuf carraaqu kan agarsiisudha.

**AfsTO (5)**

*Mukti heexoo Ganna jibbaa*
*Akka waan Bona ba'uu*
*Lammiitu lammii dagataa*
*Akka waan biyyaa ba'uu*
*Akka waan mootii ta'uu*
*Akka waan gooftaa ta'uu*

Geerarsa armaan olii kana keessatti heexoon muka beekaamaa naannoo Torban Obootti beekamu ta'ee ganna jibbuufi lammii lammii jibbu bifa walbira qabbiitiin dhiyaate. Heexoon biqiloota keessaa kan ganna hinjaallanneefi yeroo bokkaan roobu balli harca'udha. Yeroo bona immoo akka malee lalisudha. Haa ta'u malee, caamsaan yoo dheerate carraa goguu isa mudachuu nidanda'a. Kana jechuun heexoon ganna haa jibbu malee, caamsaan yoo dheerate bonnis mijachuufii dhiisuu nidanda'a. Akkasumas, geerarsa armaan olii sarara sadaffaa hanga shanaffaatti kan jiru lammiin waan lammii isaa jibbeef gooftaa hinta'u jedha.

Gama biraan immoo tooftaan mootummoonni biyya kanaa karoora siyaasaa isaanii ittiin milkeeffatan keessaa tokko basaastuu sadarkaa adda addaatti ramaduudha. Yeroo baay'ee immoo akka basaastuutti

kan isaan fayyadaman orma osoo hintaane, garee basaasu sana keessaa gantuufi nama iccitii baasee kennuufii danda'udha. Akka Oromoon amanutti namni akka basaastuutti hojjetu nama eenyummaa isaa gadi fageenyaan hinbeekne, kaayyoo ifa ta'e hinqabneefi faayidaa dhuunfaaf dursa kennudha. Kana irraa kan ka'e Oromoon geerarsaan ―Lammiitu lammii jibba, akka waan biyyaa ba'uu, akka waan gooftaa ta'uu‖ jedha. Geerarsi kun gantuuf akka geerarame kan ibsu toora ―Akka waan gooftaa ta'uu‖ jedhudha. Kana jechuun immoo basaastuun aangoo ol'aanaa qabachuu akka hindandeenyedhe.

Akka geerarsa armaan oliitti basaastuun faayidaa waan argatu itti fakkaachuun hawaasa isaa dabarsee diinaaf kenna. Kunis, karaa tokkoon uummata isaa irra adda ba'ee jiraachuu akka waan danda'uu lammii isaa basaasee diinaaf saaxila. Karaa biraa immoo, qixa warra basaasuuf sanaa ta'uu akka waan danda'uutti of amansiisee bobba'a. Haata'u malee, fedhii basaastonni giddu galeessa taasifatanii hojii akkasii irratti bobba'aniifi bu'aan isaan argatan yeroo baay'ee wal hingitu. Kanaafuu, Oromoon geerarsa fayyadamee eenyummaa basaastummaa balaaleffatee' kanneen faayidaa uummata isaaniif dursa kennan immoo nijaja. Walumaa galatti basaastuun gooftaa ta'uu akka hindandeenye geerarsa armaan olii irraa hubachuu nidanda'ama.

### 4.2.2. Sirna Achii As Dhuftee

Dhimma dhufteefi eenyummaa ilaalchisee Alamayyoo (2008)fi Lambert (1996) akka ibsanitti Oromoo Maccaafi Tuulamaa keessatti xiyyeeeffannoo guddaa argatee akka jiru hubanna. Hawaasni Torban Oboo gosa Oromoo Tuulamaa kan ta'es sirna kanaaf bakka guddaa kennee ijoollota isaa barsiisaa jiraachuusaa ragaan qorannoo kanarra argame mul'isa. Kunis marii garee jaarsolii biyyaafi foolleewwan waliin taasifamerraa ragaan argamne haala armaan gadiin ibsamee jira.

**AfsTO (6)**

> Yeroo tokko ijoollonni keenya hidda dhalootaa barsiifne dhibaa'ummaan ilaaluu eegalanii dagachaa deeman. Kanaaf, duubee sanyii isaanii akka beekaniif kan ittiin cimsinu sirna dhaabbanne . Innis 'Sirna Dikee' jedhamu qopheessinee ijoollee keenya barsiifna. Ijoollonni hidda dhalootaa sirriitti himan loon tiksan keessaa badhaafamu; kan hinhimne hinargatu. Kana cinatti, ijoollonni loon keenyaa hinjiran taanaan jireenyi akka hinjirre cimsina. Namni ameessa hinqabne harki gogaadha jechuun xiyyeeffannoo looniif qabnu agarsiifna. Sana booda loon sana argachuuf jedhanii hamilee guutuudhaan hordofanii seenaa baruu eegalan.*(Marii garee jaarsolii irraa argame)*

Afee yookiin himtee armaan olii keessatti hidda dhalootaa barsiisuuf addatti sirna mataa isaanii qopheeffatanii gargaaramuu isaanii mul'isaniiru. Sirnichis 'Sirni Dikee' jedhama. Sirni kun erga loon gara qeeyetti yookiin bakka buufataatti deebi'anii booda ijoollotaa tiksaa oolanis ta'e kanneen mana turan walitti qabuun kan raawwatmu yoo ta'u dikee loonii walitti qabameerra taa'uun hidda dhalootaaa hawaasichaafi hojimaataa yookiin bultoosaa kan ta'e loon horsiisuuf xiyyeeffannoo jiru waliin hidda dhalootaafi seenaa isaanii akka barsiisan himu. 'Sirna Dikee' kana keessatti seenaa ni himu; irra deebi'anis ni gaafatu. Kan gaaffii gaafatame sirriitti deebise loon achi jiran keessaa ni badhaafama; kan wallaale immoo kennaa malee hafa. Inni badhaasa sana hinfudhatiin hafe yeroo itti aanuutti seeraan ofqopheessee dhufa. Kun immoo hidda dhalootaa barsiisuu keessatti ittiin bulmaanni hawaasichaa ga'ee guddaa akka qabu agrsiisa. Caalaatti immoo ijoolloonni hidda dhaloota isaanii sirriitti adda baafatnii cimsuu akka danda'aniif gargaaruu isaa addeessu. Kunis, hawaasichi eenyummaasaa dhaloota dabarsuuf xiyyeeffannoo inni gochaa jiru agarsiisa.

Hidda dhalootaa kanaan waalqabsiisanii waa'ee looniif ilaalcha qaban ibsuufi bu'uura dinagdee isaanii ta'uu yeroo agrsiisan mammaaksa *Namni ameessa hinqabne harki gogaadha* jedhanii mammakuun faayidaa loonii eenyummaa dinagdee walqabsiisanii addeessu. Kunis, kan loon hinqabne abdii jireenya kan hinqabne ta'uu agarsiisu. Haalli kun immoo loon qaban yoo kunuuunsan malee ofii jiraachufis ta'e dhaloota boodaa dhalchisuun kan hindanda'aamne ta'uusaa agarsiisuuf gargaaramu. Itti dabaluun, jiraachuu looniif lafti, margiifi biyyee naannoo isaaniif kunuunsa gochuu akka malan addeessu.

**AfsTO ( 7)**

> Yeroo hidda dhaloota himnu duudhaa keenya barsiifna . Fakkeenyaaf, maqaan Cuqqaalaa yoo ta'e sanyiin akaakilee durii Cuqqaalaatti dhalachuufi achii dhufuu barsiifna. Hawaasi yoo ta'e immoo abbootii naaannoo laga Hawaas jiraachaa turuu argsiifna. Kanan immoo bakka dhaloota abbootii keenya duriif kabajaafi safeeffannaa malu ittiin mul'ifna; akkasumas, qabiyyeen lafa naannoo sanaa kan keenya ta'uusaa akka baranii eeggataniif gargaaramna(Marii Garee jaarsoliifi abbootii Gadaarraa ji'a Waxabajji, 2013 fudhatame*)*.

Afseenessaan eenyummaa dhuftee isaanii barsiisuuf hawaasichi ijoolleen isaanii hidda dhaloota isaa akka hinirraanfanneef uumama naannoofi bakkeewwan dura jiraataa turaniin bakka buusanii addeessu. *Kanaanis duudhaa keenya barsiifna . Fakkeenyaaf, maqaan Cuqqaalaa yoo ta'e sanyiin akaakilee durii Cuqqaalaatti dhalachuufi achii dhufuu barsiifna.* Kunis ijoollonni abbootiin durii naannoo kam jiraachaa turuu isaaniif maaliif bakka sana dhiisanii akka deeman mul'isuuf gargaaramuu isaanii himu. Dhaloonni haaraan bakka maatiin isaanii turan akka safeeffataniifi kunuunsan , duudhaa, safuufi safeeffannaa, gootummaafi aadaa ofii eeganii tursiisuun garee itti aanutti dabarsuun barbaachisaa ta'uusaa mirkaneessu. Kanneen malee, naannoon lafaa habaabbileefi akaakileen ittiin waamaman sun qabeenyummaafi abbummaan kan gosaafi fira isaanii ta'uu baranii daangaa isaanii eeggachuun kan irraa eegamu ta'uusaa cimsaanii agarsiisuuf *bakka dhaloota abbootii keenya durii beeknee iddoo sana akka eegnuufi safeeffannu ittiin mul'ifna jedhu*. Ayyaanaafi aayyaantummaa, safuufi safeeffaannaa namoota achi jiraachaa turanii beekanii kunuunsuufi tikfachuu gahee dhaloota haaraa ta'uusaa agarsiisuuf *Safuu abbootii duriifi kabaja ayyana isaaniifi bakka isaan jiraachaa turaniif qabnu barsiisuuf gargaaramnee* eenyummaa cimsuufi barsiisuudha jedhu. Kanas, yaadni maree garee maanguddootaafi dargaggoota waliin taasifame akka mul'isuttis hidda dhalootaa barsiisuun gahee abbootii yoo ta'u barachuun immoo dirqama ijoollotaa ta'uu agarsiisa.

Dhugaa kana mirkaneessuuf ijoollonniifi dargaggoonni akkaataa barsiifamaniin aadaa isaanii eeggatanii osoo hojiitti jijjiiranii qorataan daawwannaa taasise keessatti argeera. Wantoonni yeroo daawwannaa

kanaatti mul’atanis, ijoollonni xixiqqoo sirnaafi garee isaan ilaallatu keessatti foolleefi irreeffannaa warra Gadaa arfaasaa keessatti yoo isaan qooda fudhatan argeera. Akkasumas, lafti yeroo dukkanaa’u loon qeeyeetti galchanii manatti osoo hingaliin abbootiin ijoollee loon tiksaa oolaan xiqqaa haga guddaatti dhufteefi hidda dhalootaa barsiisaa akka of hindaganneef onnaciisa adda addaa kennuun cimsuu isaanii argeera.

Dhugaan ragaa hawaasa Torban Oboorra argame kun kan mul’isu hawaasichi naannoo bakka dhaloota abbootiifi habaabilee dur jiraachaa turan ijoollota isaanii barsiisuun eenyummaa, safuu, safeeffannaafi aadaa hawaasichaa barsiisaa akka turaniifi jiran agrsiisa.

Walumaa galatti, qabxiileen afseeneffamoota hawaasa Torban Oboo armaan olitti ibsaman kan nu hubachiisan, hawaasichi hidda dhalootaa barsiisuun eenyummaa isaa cimsee eeggachaa tureera. Akkasumas, eenyummaa kana barsiisee lafa qabsiisuuf sirna mataa isaa qopheessee haala hindagatamneen ijoollota iddoo abboonni jiraachaa turaniifi malkaa adda addaan walqabsiisee barsiisaa turuun bakkaafi ayyaana abbootii kabajuu akka qaban cimsee dhalootatti dabrsaa ture.

Ragaan waraabbii geerarsa yeroo dawwannaa walga’ii qixxee gosaafi firaa warra Gamuu waraabame akka mul’isutti, hawaasni Torban Oboo yeroo ijoollee isaa dhuftee barsiisu sirna qopheesse keessatti haala arman gadiin geerarsaan dhuftee isaa mul’isa.

**AfsTO ( 8)**

*Insilaaleen lattee waatoon latuu diddee* *oohoo oohoo*
*Warra zariin badde wareen baduu diddee* ‘’
*Boora sanbatuu yaa eegee boora sanbatuu* ‘’
*Sanyiin waan facaasan biqiltii* “
*Ilmi sirnaa bakka abbaa hin hanqatuu* ‘’
*Jabaa jabaa caaluu*(Dawawwanaa Waxabajji,2013 walga’ii Qixxee firaa, gosa Oborii)

Ragaan armaan olii geerarsaan mul'ate akka agarsiisutti hawaasichi hidda dhalootaa barsiisuuf sirna qopheesse keessatti himteetti dabalee ogwalaloowwan adda addaa keessaa geerarsaanis eenyummaa barsiisuu cimsee akka itti fufeeru agarsiisa. Kunis, biqiltuun insilaalee yoo murameyyu latuu akka danda'uufi namni yoo du'eyyu dhala isaa hidda dhalootaa seeraan barsiiseera taanan seenaan akka hinbanne agrsiisuuf gargaaramuu isaanii ibsu. Akkasumas, sanyiin waan facaasan akka biqiltee itti fufaa adeemtu, ilmi abbaan sirnaan waa'ee dhuftee barsiise hamma abbaan hidda lakkaa'uu malu yoo beeke dhufteen isaanii akka hindagatamne mirkaneessu.

Beekumsi hawaasaa armaan olitti ibsame kun kan agarsiisu ijoollonni jalqabamuma hundeerraa sanyiifi dhuftee isaanii seeraan barsiifamaniiru taanaan barootaa hanga barootaatti eenyummaafi aadaan hawaasichaa osoo hinbadiin akka itti fufee jiraatu kan taasisan ta'uu isaa mul'isa. Kun immoo akkauma isaan *Sanyiin waan facaasan biqiltii ;ilmi sirnaa bakka abbaa hinhanqatuu* jedhan sana eenyummaa abboonni xiyyeeffannoo kennanii ganama lafa qabachiisan baduu akka hindandeenye agarsiisa. Kunis, mammaaksa 'Waan warri waarii odeessan ijoolleen waaree eeddssiti jedhan waliin walfakkaata. Kanaaf, eenyummaan hawaasa tokkoo osoo hinbadiin itti fufee waan booddeen isaa ija gaarii fidu dursanii facaasuun barbaachisaa ta'uusaa mirkaneessa. Yaadni *Warra zariin badde wareen baduu diddee* jedhu immoo maatiin yookiin abbootiin warri duraa hinjiran yoo ta'eyyu maatiin ijoollota isaanii hundeedhaan seenaa barsisaniiru yoo ta'e eenyummaafi aadaan hawaasichaa haalota siyaasaa, ammayyummaafi kkf keessatti dandamtee jiraachuusaa agrsiisa.

Yaada afee armaan olii kana caalaatti cimsuuf, mammaaksa hawaasichi yeroo walga'ii qixxee firaa haasa'anirraa argame mul'isa.

**AfsTO (9)**

a) *Seenaa bara dhibbaa baruuf*

*Bara dhibba jiraachuun dirqama miti*

*b) Ijoolleen maqaa warraa barte tuta keessaa waamti*

**c**) *Wallalaan warra hinqabu,*

*Du'us gumaa hinqabu*

*d) Lafti abdatan sanyii nyaatee*

*Namni abdatan lammii nyaate*

Afeen armaan olii a) yaada geerarsa AfsO(7) mul'atee deeggaruun dhiyaatee jira. Kunis hawaasni Torban Oboo mammaaksa yeroo walga'ii qixxee firaa keessatti ilaalcha guddina seenaa isaa cimsuuf gargaaramu agarsiisa. Kanaaf, *seenaa bara dhibbaa baruuf, bara dhibba jiraachuun dirqama miti jedhu*. Akka ibsa hawaasichaatti sababiin isaan kana jedhan abboonni duraa seenaa isaanii seeraan gadi fageessanii barsiisuun dhalootaa dhalootatti dabarsaniiru taanaan ijoolloonni amma jiran waa'ee abbooti jilba kudhaniifi isaa olii himuu danda'u. Akkasumas, eenyummaa gama adda addaan hawaasicha keessatti mul'achaa ture kan durii eegalee jiru akka beekan taasisa.

Kun immoo jiruufi jireenyi hawaasa Torban Oboo sababootaa adda aaddaan jijjiiramaa yoo deemeyyu, beekumsaafi eenyummaa abbootiin duraan turan itti jirachaa turan hundeedhaan qabatanii jiraachuu isaanii agarsiisa. Kana mirkaneeffachuuf afgaaffiin ijoolleefi foolleewwanirra argadhe akka mirkaneessutti ijoollonni xixiqqoonillee seenaa abbootii isaanii durii haalaan beekuu isaanii mirkaneeffadheera. Itti dabalee, mammaaksi armaan olii kun kan nu hubachiisu hawaasni tokko eenyummaafi jireenya isaa dursee ijoollee isaa barsiiseera taanaan beekumsi hawaasa sun osoo hindagatamiin kan itti fufu ta'uusaa mul'isa. Akkasumas, hawaasni tokko seenaa, safuufi eenyummaa dursee dhaloota barsiiseera taanaan umuriin xiqqaachuufi guddachuun beekumsa isaan waa'ee dhalootaa qaban kan hindaangessine ta'uusaa hubachiisa.

Akkasuams, mammaaksa armaan olii b) gargaaramuun abboonni ijoollota isaanii seeraan seena barsiisan jajjabeessuuf dhimma ba'u. Dhimmi isaan mammaaksa kana keessatti mul'isan ijoollonni seenaafi dhuftee maatii isaanii dursanii baratanii jiran, bakkaafi haala kam keessattu gosaafi hidda dhaloota isaanii akka isaan hinwallalle himu. Kunis, hagaa fedhe sanyiin yoo baayyateyyu, yeroon isaan lafarra jiraatan fagoo ta'es dubarri tokko beekumsa hidda maatii ishee sirriitti beekteeti taanaan soda malee himuufi seenessu akka dandeessu addeessu.

Ergaan afee kanarraa hubatamu, beekumsi hawaasaa dursamee ijoollota keessatti hundee godhatee jira taanaan, waa'ee maatiifi dhuftee isaanii beekuun barootaafi haalootaan kan hindaangofne ta'uusaa nuuf mirkaneessa. Gama biraan immoo, ijoolleen dhuftee warra ishee seeraan hinbeekne bakka deemtu hundatti rakkoofi gadi aantummaaf akka saaxilaman hawaasni Torban Oboo dabalanii addeessu. Yaada kanaas haala mammaksa gadiin himu.

Hawasni Torban Oboo nama ijoollee isaa seeraan seenaa hinbarsiifneefi ijoollee seenaa hinbeekneen *Wallaalaan warra hinqabu* jechuun qeequ. Himni kun kan seenaa maatii ofii hinbeekne akka nama abbaafi haadha malee dhalateetti ilaaluu isaanii mul'isa. Akkasumas, sababa warra isaa wallaaleef, yoo rakkoon isa mudate gosa waan hinbeekneef dhibee sana keessatti kan gargaaru akka hinjirre addeessu. Nama haala kanaan guddate immoo *du'us gumaa hinqabu* jedhu. Akkaa aadaa Torban Obootti namni tokko akka tasaa yoo lubbuun namaa harkatti bade kan gumaa baasu gosadha malee maatii miti. Kanaaf, warra qabaachuun jireenya hawaasummaa har'aa boruufis ta'e, dhimmoota rakkisoo keessa darbuuf barbaachisaa akka ta'e argisiisu. Akkasumas, haaluma yaada kana fakkaatuun nama lammii isaa irraanfateefi lafa midhaan biqilchuu dhiise akkaataa armaan gadiin mammaaksaan ibsu.

Yaada mammaaksa d) keessatti hawaasni Torban Oboo ijoollee isaa eenyummaa barsiisan haala isaan barbaadaniin hidda dhaloota hinibsine yoo ta'e akka ijoollee isaanitti yella'an himu. Kanas, ijoolleen itti aanaanii dhufan aadaafi eenyummaa abbootaa dagatee of ibsuu hindandeenye, lafa sanyii facaasanan

osoo hinbiqilchiin hafee yookiin erga biqilee ija sirrii hinkenniin hafeen walbira qabanii ibsu. Akkuma namni tokko lafa qotee facaaserraa oomisha bu'aa guddaa qabu barbaadu yoo dhabe gaddu yookiin kasaaraan isa mudatu,akkasumas, yeroo itti aanutti immoo maatii isaa beelaaf saaxilamuu danda'an, dhalli ofii abdatanii seenaa,aadaafi eenyumma ofii barsiisanii guddisan yoo imaanaa sana hojiitti hinjijjiiru ta'e, akka nama lammii nyaateeti ilaalamuu isaa addeessu. Kun immoo ilaalchaa, beekumsa aadaa hawaasichi dhalootaa dhalootatti darbaa ture dagachuufi xiyyeeffannoo kennuu dhiisuun akka lafaa sanyii nyaateetti fakkeessanii agarsiisu.

Walumaagalatti, afseenneffamoonni Torban Oboo kallattii dhuftee hiddadhalootaafi sirnoota achii as dhuftee agarsiisuu gargaaramuun eenyummaa isaanii ijaaarratanii akka turan mul'isaniiru.

### 4.3. Ijaarsa Qixxee Gosaafi Firaa

Qixxeen gosaafi firaa jechuun walitti dhufeenya tokkummaa gareelee gosa keessaa tokko ta'an hawaasummaarratti kan ijaarame firooma dhiigaa caalaatti kan walitti dhiyeessudha. Gareeleen kun garee gosa tokkoo yoo ta'aniyyu, sirna gosaan yoo qajeelfamaniyyu, gareen ofdanda'anii bakka hawaasummaa waliif kennanii walhoogganu. Firoomni kun karaa walitti dhufeenya gaa'elaas uumamuu dandaa'a.

Itti dabaluun, qixxee gosaafi firaa jaarmiyaa firoomaafi walitti dhufeenyaa raagamantaa waloo, tokkummaa gaa'eelaafi hidda dhalootaan walitti hidhamanii jiranidha. Gosti jaarmiyaa tooftaa ittiin waliif birammannaafi tumsi gareelee gidduutti uumamu taasisaa (Abbaas, 2014) ibseera. Waliif birmannaafi tumsi dinagdee yeroo rakkinaa, jireenya har'aa boruu keessatti yeroo gaddaafi gammachuutti walitti hidhatinsa firoomaan ijaaramu ta'uusaa dabalee (Abbaasa, 2014) dabalee ibsa. Hawaasni Torban Oboo tokkummaa isaanii cimsatanii jiraachuuf, rakkoon dhuunfaa ykn garee yoo isaan mudate walitti birmachuuf, fira safuu cabse bakkatti deebisuufi akkaataa sirna Gadaan

hoogganamuufi waltiksuuf qixxee gosaafi firaan walqindeessanii tokkummaafi jaalala isaanii cimsatanii jiraatu. Haaluma kanaan raagamantaafi weedduun ibsatu

**AfsTO (10)**

> Namichi hiyyeechi tokko sanyiin Oboodha; nama olla isaa jiraatu waliin waldhabdeen uumamnaan lola keessatti gosa Oromoo kan biroo lubbuun harkatti badde. Yoo gumaan hinbaane walajjeechaa waan itti fufuuf warri Abbaa Bokkuufi jaarsoolii taa'anii gumaa muran. Namichi hiyyeecha waan ta'eef gumaa baasuu dadhabee biyya baqate. Haata'u malee, firoottan ajjeessuun itti fufe. Isa booda gostiifi firri walitti walta'anii gumaa namicharraa eegamu hunda baasanii biyyatti deebisan. Yeroo sanaa eegalee yoo gosti ykn firri gumaa baasuu dide ajjeechaan maatiirra darbe kan gosaa akka ta'utti murtaa'e. Kanaaf, qixxee gosaafi firaan murtoo darbe fudhachuufi hawaasummaa hunda keessaatti qooda fudhachuun dirqama ta'e. Erga sanaa jalqabee gareen qixxee gosaafi firaa gumaa waliin baasu; nama abbaa, obboo, haadha, niitii miidhe;amantii hawaasaa yoo ganes ni dhaanu; korma irraa qalu; bakkaatti deebisu*(*Afgaaffii Abbaa Gadaa Baqqalaa Biiftuu, *Bitootessa 2014).*

Himteen olii kun aadaan hawaasa Oboo keessatti hiyyeessiifi sooressi naannoo tokko nagaa yoo jiraataniyyu walitti bu'insi akka jiru ibsa. Akka seera aadaatti nagaan waliin jiraachuun barbaachisaadha. Walitti bu'insi yoo jiraateyyu, araara buusanii ilaafi ilaammeen jiraachuun ilaalchaafi amntaa hawaasa Oromoo keessatti bakka olaanaa qabudha. Akkasumas, tasa dogoggorri uumamee lubbuun nama harkatti yoo badellee akka sirna Gadaatti gumaa baasanii araaraan jiraachuun dirqama. Gumaan baafamee walajjeechaan hindhaabbatu yoo ta'e lubbuu balleessuun darbee itti fufa. Namni lubbuun harkatti bade sun hiyyeessa yoo ta'eyyu , gosti nama dogoggora hojjetee hundi walitti qabamee gumaa lubbuu bade baasee hawaasa gidduutti nagaan akka bu'u taasisuu qaba. Kun immoo Oboon ykn Oromoon sanyii tokko ta'e walajjeessee akka walhinmiineef, gumaa fixuun gahee gosa hundaa ta'ee Oboo keessatti hojiirra oolee haga ammaatti tajaajilaa jira.

Wanti afee armaan olirraa hubatamu, Oromoon durii hagam araaraafi waliin jireenyaaf iddoo olaanaa qabaachuu isaati. Akkasumas, namni tokko yeroo rakkoofi gammachuu keessatti waliif tumsee jiraachuu isaa agarsiisa. Itti dabalee, hawaasa Oromoo biratti lubbuu namaa gatii guddaa qabaachuusaafi ofeeggannoon barbaachisaa akka ta'e mul'isa. Jireenya hawaasaa kana keessatti

gosaafi firaan ijaaramuun gama dinagdeefi hawaasummaa keessatti bakka olaana waan qabuuf, rakkoo uumame hatattaamaan furuuf angoo qaba. Kunis, ijaarsi hawaasummaa gosaafi firaa hinjiru taanaan namni tokko rakkoofi dhibee mudate jalaa ba'uu akka hindandeenye agarsiisa. Gama biroon immoo ijaarsi gosaa siyaasa hawaasichaa keessattillee bu'aa qabeessa ta'uusaati. Ijaarsi gosaafi firaa haala kanaan jireenya namaa tumsuuf qooda erga fudhatu ta'ee, aadaafi safuu hawaasaa cimsuuf ittiin bulmaata hawaasaa keessaa akka hinbaaneef, yakkamaa qabanii adabanii iddootti deebisu, tokkummaafi eenyummaa waloo dhalootaa dhalootatti dabarsuuf tajaajila guddaa kennaa jiraata.

Weedduun armaan gadiillee barbaachisummaa firaarratti xiyyeeffatee yeroo walgahii qixxee gosaafi firaa weeddifama.

**AfsTO (11)**

*Yaa firaa woo*
*Fira gaafa rakkoo*
*Yaa firaa waliin jirra*
*Leenci sanyiin boona*
*Yaa firaa woo lammiin lammiin boona*
*Yaa fira woo kan lammii dhabu immoo boo'a*
*Gaara ba'ee gaara ba'e*
*Ejersi gaara ba'e*
*Gurra qumbee fira barbaacha dhufne*
*Nama fira beeku taanee*

Weedduun armaan olii kun barbaachisummaa gosaafi firaa **AfsTO (13**) keessatti ka'e tumsuuf yeroo walga'ii hawaasaa kan weeddifamudha. Kunis, firri gaafa rakkoos ta'ee yeroo nagaa barbaachisaa akka ta'e mul'isa. Kanaafi *Yaa firaa woo, Fira gaafa rakkoo* jechuun weeddisu. Firri rakkoo namni dhuunfaa tokko keessa darbuu hindandeenye namaaf birmatee nama oolchuu akka danda'u ibsu. Leenci bosana jiraatu akkuma waliif birmatee, bineensota kan biroolee adeemsee ykn sodaachisee jiraatu, namni lammii qabu lammii isaan boonee jiraachuu akka danda'u addeessu. Sababiin isaa, yoo dhibeen tokko isa mudate, lammii isaa abdatee jiraata; lammiifis jiraata. Faallaa kanaa immoo kan lammii hinqabnee qaama gargaaree dhibee keessaa baasu akka hinqabne mul'isuuf, kan lammii dhabe qofaa ofii rakkoo

tokko keessaatti kan gargaaru waan hinjirreef, boo'aa siqiqiifi yaaddoo keessa kan jiraatu ta'uusaa agarsiisa.

Akkasumas, afeen armaan olii mukti ejersaa haga fedhe jabaataa ykn cimaa ta'eyyu, sanyii isaa malee hinjiraanne, namni fira hinqabne guddaa yoo ta'eyyu, fira barbaaduun dirqama ta'uusaa mul'isa. Kunis, ga'umsi nama miseensa hawaasaa ta'e tokkoo kan ittiin madaalamu, gatii inni firoomatti kennuufi gosa barbaadurratti. Hawaasichis nama gosaafi fira hinbarbaanne simatee waliin akka hinjiraanne ibsu.

Yaadni ragaa armaan oliirra hubatamu miseensa gosaafi firaa ta'uun eenyummaa dagaagsuufi cimsuu keessatti gama hundaan bu'aa qabeessa ta'uusaati. Sabaabiin namni firaafi gosa qabu akkuma leenci yeroo bineensa ajjeesse kanneen biroo waliin nyaatu, kan firaafi gosa qabuufi beeku jiruufi jireenya keessatti rakkoo isa mudatu hunda birmannaa firaafi gosaan akka keessa darbamu mul'isa. Kanaaf, immoo namni hundi lammii barbaaduufi dhimmoota hawaasaa keessatti qooda fudhachuun barbaachisaafi dirqama ta'uusaa agarsiisa. Itti dabalee, kan firaafi gosa hinbeekne eenyummaa isaa waan baruu hindandeenyeef, jaarmiyaa tokkummaafi hawaasummaauummaticha keessa jiru simatee, tumsee jiraachuun irraa kan eegamu ta'uusaa mul'isa.

Akkaataa qubannaafi bakka jireenyaa ilaachisee immoo yaadniifi amantaan hawaasichi qabu geerarsa armaan gadiin ibsamee jira.

**AfsTO (12)**

*Balbalaan dabaala Oromoon kan bulu gosaan*
*Garri kun Yaayyaadha, gadii Gamuu jira goodaan*
*Labbaa gaaraa qabee irkatee taa'a Oboriin*
*Guute ega marrillee gosa hunda qabdi Garriin*
*Fuudhaafi heeruma gurgura hidda wliin*
*Dhaddachaan jalqabee Gumbichuuti baay'ata nu keecha*
*Garri kun Eekkaa ganda Goyyootu jira keechaa(*Maammoo Gadaafi Biiftuu, Caamsaa,2014*)*

Geerarsi armaan olii kun Oromoon jaarmiyaa Gadaa cinatti gosaan walqindeessee kan jiraatu ta’uu isaa ibsa. Hawasni Torban Oboo yeroo ammaa kana, eenyummaa, tokkummaa isaa eeggachuufi balaa nam-tolcheefi uumamaa waltumsee jalaa ba’uuf, daangaafi eenyummaa isaa waalijaaree tursiisuuf gosaafi firaan qindaa’ee jiraata. Gosaan walqindeessee haa jiraatu maalee, haalli qubannaa walkeessa akka ta’e mul’isa. Gamni gosa tokko yoo ta’e gamni biraan immoo gosa biraa ta’uu daanda’a. Kunis, yoo dinni dhufes birmatanii walta’anii looluufi tokkummaa isaanii eeggatanii waliin akka jiraataniif isaan gargaaruu isaa ibsu. Akkasumas, fuudhaafi heerumnillee firri aanteen akka walhinfuuneefi aantee isaanii baranii, gosa irratti hundaa’anii hidda dhalootaa lakkaa’anii raawwatu malee tasa hingodhan.. Yaadni AfsTO**2**[ffaa] keessatti ibsamellee yaada kana mirkneessa. Firri yoo fira dhiyoo fuuudhe aadaan akka cabuufi dhalli dhalatellee nama sirrii akka hintaane waan beekaniif of eeggannoo guddaa taasisu.

Dhimmi xiyyeeffannnoo hawaasa Torban Oboo afee armaan olii gosa gosaan qindaa’ee qubatee haa jiraatu malee tokkummaanfi waltumsee akka jiraataa jiru nu hubaachisa.

### 4.3. Afseenessa Safuu Hawaasaa

Safuun hawaasni tokko uumamni akka kabajamuufi safeeffaannaan gargaaramu taasisa. Safuun Oromoo namni fedhii ofittummaa olitti fedhii garee hawaasaa dursisuun ogummaafi kutannoon akka naannoofi biyyaatti hojii amanamummaa fida. Sababoonni safuun Oromoo gadi bu’aa deemu taasisan keessaa hawaasni amaloota jireenyaa miirarratti hundaa’een jijjiiramaa deemu faallaa safuu Oromoo duraan jiru guddifachaa deemuuti( Negasa ,2021). Safuun bu’uura amala gaarii gochaan namaa irraa argamu ta’ee kan kallattii sirrii jireenyi lafarraa jiraatamudha. Oromoon hubannoon seera waaqaa , uumamaafi hawaasaan jiraachuun barbaachisaa ta’uusaa amana(Asebe, 2007). Hawaasni Oromoo addatti immoo, Torban Oboo safuu ittiin hawaasummaafi dhimmoota adda addaa tikfatu ni qaba. Afeewwan armaan gadii safuu hawaasa Torban Oboo dhimmoota abbaafi haadhaa, hangafaafi quxusuu haala armaan gadiin xiinxalamanii jiru.

**AfsTO (13)**

Abbaan safuu qaba
Haati safuu qabdi
Abbaa jalaa fiiganii hindheechan, abbaa duras hinciisanii; dura dhaabataniis hineegan
abbaa dura yoo ciisan na tuffateeti jedha.Yoo jalaa fiiganii humna godhatee humna na baasee
Yoo abbaa dura dhaabbattee na tuffatee siin jedha. Kanaaf, abbaan yoggaa aare dura hinciisan, hindhaabbattanis. Abbaa jalaa hindheessan, hinfagaatan, abbaan suuta sussukee yoo si rukkutee ykn yoo aggate aarii ba'aa; aariin itti qabbanaa'a waan jedhaniif abbaan akka yakku kan taasise sidha jechuun yoo ilmi abboomame Ana caalaa buli, ana caalaa bulchi jedhanii eebbisu. Kun safuu abbaa, haadhaafi hangafaati(Afgaaffiifi yeroo daawwannaa qixxee firaafi gosaa. Ebla, 2014 fudhatame).

Aadaan Oromoo safuu kabaja hangafaafi quxusuu, abbaafi haadhaa qaba. Abbaaf kabajni waan barbaachisuuf, hojii abbaan hojjetu simachuun durqama ijoolleeti. Osoo abbaan hin rafiin dura rafuun, jala dhaabbatanii falmuun dogoggora; yoo kana taasisan tuffii abbaa ofii tuffachuu agarsiisa. Abbaan haga fedhe beekaas ta'e wallaalaa hintuffatamu. Akkasumas, ijoolleen humna qabatanii fiiganii abbaa jalaa ba'uu osoo danda'anii dhaabbatanii abbaaf reebamu. Kun immoo, abbaan haga fedhe ilmoo isaa reebeyyu, miidhuu hindanda'u; qajeelchuuf malee malleessuuf akka hinadabne mul'isa. Gama biraan immoo, abbaafi haati akka samiifi lafaatti waan ilaalamaniif madda maatiiti; ilmoon gaarii hojjennaan abbaan aadaafi eenyummaa waan beekuuf dhala isaarratti dabaan waa hinhojjetu.

Kallatti biraan immoo yaadaafi fedhii abbaa ofii eeguun egeree dhalootaaf bu'aa qaba. Kunis, kan abbaafi haadha kabaju, safeeffattuufi abboomamu eebba qaba. Eebbiifi abaarsi aabbaafi haadhaa kallattiidhaan ilmoorratti darbee ijoollee isaaniirratti akka raawwatu aadaan Oromoo mul'isa. Eebbi safeeffannaa abbaafi haadha ofiirraa argamu immoo dhalli ofii umuriin, angoo, beekumsaafi dinagdeen caalanii akka argamanidha. Kun immoo qabatamaan hawaasicha keessatti mul'ata.

Yaadni ijoo afee armaan oliirraa hubatamu seera Oromoo keessatti oboofi cooraa bakka olaanaa qabaachuu isaati. Kun immoo aadaa Oromoo keessatti gatii abbaan, haatii, hangafni qaban agarsiisa. Oromoon abbaan madda beekumsaa, seenaafi seera dhaloota barsiisu ta'uusaati. Haatii immoo guddisee waan taateefi kabajniifi seefeeffannaan akka barbaachisu mul'isa. Mammaaksi Oromoollee akkauma

ibsutti kan ‘Kan abbaafi haadhaan abaarameefi midhaan akaayame hinmargu’ jedha. Midhaan dhakaayame biqilee ija godhachuu akkuma hindandeenye , dhalli abbaafi haadhaan abaarame sanyii darbee itti fufuu kan hindandeenye ta’uusaa mul’isuufi mammaaksa kanaan walbira qabanii ibsu. Akkasuams, sanyiin hidda dhaloota darbee itti fufuuf immoo namni tokko hala qabaachuun barbaachisaa ta’uusaa agrsiisa.

Gama biraan immoo, safuun abbaa, haadhaafi hangafaa jiraannnaan faallaa abaarsaa eebbi akka jiru hubanna. Kunis, akka seera Oromootti kan kabajni maluuf kabana yoo kenname eebbi umuriin bara dheeraa jiraachuu, dhageettii qabaachuufi hawaasa keessatti kabaja argachuun bu’aa karaa eebbaa maatii mul’atu ta’uusaa agrsiisa. Akkasumas, hawaasa keessatti namni tokko haalli jireenya isaa gaarii ykn gadhee ta’uun isaa yoo argamu abaluun haadhatu abaareera ykn abbaafi haadhatu eebbisaniiru jedhu. Walii galatti aadaa Oromoo keessatti afseenessi safuu haadhaa, abbaafi hangafaa eenyummaa hawaasni eebbaan hidda dhalootaa fufsiisuufi abaaramee sanyii addaan kutu agarsiisa. Safuun eeguun bu’uura jireenya hawaasa tokko kana agarsiisu ta’uusaa mul’isa.

**AfsTO (14)**

> Duri waggoottan dheeraa dura dubartii abbaan manaa irraa du’e kan ilma tokko qabdu turte. Namni biraa ishee baree osoo firoota hinbeeksisiin dhoksaan sigabaa itti galee waliin jiraachuu eegale. Osoo waliin jiraatanii halkan yeroo rafan ilmi dubartittii kan abbaa manaa ishee duraa umuriin sadarkaa fincaan qabachuu hindandeenyerra waan jiruuf yeroo hunda waan fincaa’uuf namichi sigaabaa gale sun gurbaa sana jibbe. Kanaaf, akka itti hinfincoofneef tufurroo(qaama hormaataa) gurbaa hidhee bulche. Ashumaan gurbaan akkatti fincaa’u dhabee bokokee du’ee. Kanarraa kan ka’e sanyiin namicha dura dhalchee du’ee itti hinfufiin hafe. Sana booda warri Gadaa namni dubartii abbaan manaa du’etti galu osoo foolleetti beeksisee seera qabeessa hintaasisiin sigabaa akka hingalle tuma tuman. Namichi dhufee itti galu kun akka haaraatti cidha godhee, goromsa kennee hawaasa waamee foolleen beekee sirbee ragadee erga mirkaneessee booda akka ta’u murtaa’e. Yoo kana hingodhiin hafe laga buusanii irratti uffata muru; namichi gochaaleefi tokkummaa hawaasummaa kamirrattiyyu hinhirmaatu. Kun safuu dubartii abbaan manaa irraa du’eeti.(Afgaaffiifi daawwannaa miseensota Garee Foollee Roobaleerraa, Bitootessa 2014 fudhatame)

Safuun afee armaan olii keessatti mul'ate, safuu dubartii abbaan manaa irraa du'eefi ijoollee abbaa manaa jalqabaatiif ta'udha. Dubartiin abbaan manaa irraa du'e mirga nama biraatti heerumuu yoo qabatteyyu akkaataa ilmoon abbaa manaa duraa miidhamuu hindandeenyeen adeemsifamuu qaba. Kunis, namni tokko gaafa barbaade itti galee haga waliin jiraatu jiraatee gafa jibbe dhiisee kan deemu akka hintaaneef sirna dhaaban. Akkasuamas, sanyiin namicha du'ee garee hawaasaa keessatti gahee abbaa isaa raawwachaa jiraachuuf kan malu ta'uusaa agarsiisa. Sirna kana kan tume jarmiyaa warra Gadaa yoo ta'aniyyu, kan hordofuufi raawwatu garuu garee foollee tiksitoota sirna gadaati. Gareen foollee haalonni akkasii akka hinuumamneef gosa hawaasa Torban Oboofi ganda hundarraa qindoomiinnaan hojjetu. Kanaaf, qaama adeemsa kana keessa osoo hindarbiin jireenya dhoksaa dubartii abbaan manaa irraa du'etti galu ni adabama; sochiilee hawaasummaa adda addaa keessaa dhorkama. Kana mul'isuuf laga buusanii gaabii ykn uffata irraa muru. Akkasumas, tokkummaa hawaasaa keessaa baasu; miseensa Warra Gadaa hinta'u; gosa bakka bu'ee hojiilee hawaasaa hinraawwatu. Sirni kun hawaasa Torban Oboo biratti haga ammaatti lafa qabatee hojiitti jijjiiramaa jira.

Yaadni ijoo gochaaleefi sirna hawaasaa kanarraa hubatamu, Oromoon akka walii galatti, Torban Oboo addaatti kunuunsaafi xiyyeeffannoo dubartii abbaan manaa irraa du'eefi ijoollee namichaaf qaban mul'isa. Aadaan hawaasa Torban Oboo namni tokko sababa du'eef maatiin akka hinbittinnooneefi sanyiin isaa akka itti fufuuf kana tasisu. Akkasumas, kunuunsaafi eeggannoo dubartii abbaa manaa hinqabnee agarsiisuuf sirna kana gargaaramu. Qaama sirna kana hinfudhanneefi hojiitti hinjijjiirre mallattoo ittiin hawaasummaa keessaa baasan agarsiisuuf laga buusanii uffata irraa muruun isaanii aadaafi barsiifata hawaasaa hojiidhaan mul'isu. Itti dabalee, ragadanii qalanii nyaachiisuun immoo gaa'ela raawwatame sanaaf beekamtii kennuufi hawaasa biratti kabaja argachuusaa mul'isuuf dhimma ba'ama. Safuun dubartii abban manaa irraa du'e kun hawaasichi ilaalcha gaarii maatii fufsiisuu jabeessee cimsee jira.

Walumaagalatti qabxiileen boqonnaa kana keessatti mul'atan, akkaataa afseenessootni Torban Oboo ijaarsa eenyummaa ibsan kan agarsiisu ture. Kunis, afseenessoonni eenyummaa Torban Oboo hidda dhalootaa seenessuun, dhaloonni achii as dhuftee isaaniifi aadaa abbootaa kunuunsanii eenyummaan isaanii akka turu taasiseera. Kana hojiitti jijjiiranii mul'isuuf sirna qopheessuun akka jabaatu taasiseera. Akkasumas, afseenessi eenyummaa gama ijaarsasa qixxee gosaafi firaan mul'atu mul'isuun hawaasa gidduutti waliif birmannaan, tokkummaafi ilaalcha gaarii waliif qabaachuun akka jiraatu taasiseera. Gama biraan immoo afseenessi eenyummaa hawaasaa safuufi safeeffannaa oboofi cooraa kabaja abbaa, haadhaafi hangafaa bu'uura godhatee safeeffannaan akka dagaagu taasiseera. Kunis, abbaafi haadhaaf kabajni malu yoo kenname egereen ijoollotaa eebbaan kan itti fufu ta'uusaafi kan hinsafeeffanne yoo ta'e immoo rakkoon akka mudachuu danda'u agarsiisee jira.

# BOQONNAA SHAN: AFSEENESSA EENYUMMAA ABBUMMAAA LAFAAFI EEGUMSA DAANGAA

## 5.1. Seensa

Boqonnaan kun akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa eegumsa daangaa lafa Torban Oboo ibsan dhiyeessa. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaa akkaataa afseenessi hawaasa Torban Oboo eenyummaa isaanii daangaafi eegumsa waliin walqabsiisanii ijaarratanii tursiifataniifi dabarsaa turan ibsuufi addeessuudha. Akkasumas, qorannoon kun boqonnaa kana keessatti yaaxxina ijaarsa hawaasaa kan dhimma ba'ame akka (Andrews, 2012) ibsetti, amalli beekumsaafi akkaataa ijaarsi hawaasaa kan qajeelfamu yaaxxina armaan olii kanaan. Riessman (1993) maleenyi afseenaa qorataan akkataa aadaa hawaasichi of ibsutti nama dhuunfaarraa , gareerraa yookiin immoo ijaarsa seenaa hawaasaa waliin walqabsiisuun haala ifa ta'een mul'isuuf tajaajilama waan jedhuuf qorannoo kana keessatti dhimma ba'ameera.

Boqonnaan kun kutaa lama of jalatti qabatee jira. Ktaan jalqabaa, eegumsi daangaa, babal'inaafi itti gaafatamummaa warra angoo ofharkaa qabanii dhimma daangaarratti qabann addeessa. Kutaan lammaffaa boqonnaa kanaa immoo afseeneffamoota gahe sirna bulchiinsaa hawaasummaafi eegumsa daangaa xiinxalee dhiyeessuurratti xiyyeeffatee jira.

Hawaasni Torban Oboo akkaataa eenyumma isaa ijaaru keessa inni tokko afseenessa dhimma daangaa ofii babal'ifachuu, kan qabatan eeggachuufi garee abbummaa fudhatee kanarratti hojjetu bakka buufachuudha. Hawaasichaaf daangaan dhimma dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi eenyummaa akka ta'e raghimtoonnifi beektoonni dhugaa ba'u. Akka aadaa Oromootti waliigalatti dhimmi daangaa babal'ifachuufi eeggachuu, akka Torban Obootti immoo addatti xiyyeeffannoo guddaa qaba. Sababiin isaa daangaan bakka jireenyaas ta'e qabiyyeen jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti ilaalcha adda qaba(Asefa,2010). Akkasumas, hawaasni tokko beekees ta'e osoo hinbeekiin daangaa isaa gadhiifnaan

eenyuummaan, qabeenyiifi ulfoon hawaasichi safeeffatu waliin bada. Aadaan Oromoo keessatti immoo lafti mataan isaayyu ayyaana, eebba abbootii durii akka qabu mul'isa. Kanaaf, hawaasichi dhimmoota lafa waliin walqabatan eenyummaa waliin walqabsiisee seenessa. Dhimmoota lafaafi daangaa isaa waliin walqabatee ragaan marii gareefi afgaaffii(marii garee jaarsoliifi abbootii Gadaa Torban Oboorraa Caamsaa, 2013) fudhatame akka mul'isutti hawaasni Torban Oboo eegumsa dangaafi eenyummaa haala armaan gadiin walqabsiisanii ibsu. Kunis daangaa ofii eeguun gahee garee hawaasa gaggeessaniidha. Gareen yeroo tokkotti gaggeessaa hawaasaa ta'ee filatamu daangaa duraanii dabarsee eeguu mala. Hawaasichi ilaalacha kana cimsuuf afseenessa eenyummaa ittiin akkaataa daangaa isaanii eeggataniifi eeggachaa turan haala armaan gadiin ibsu. Kutaa kana keessatti dhimma daangaafi eegumsa daangaa waliin walqabatee qabxiilee sadiitu ibsamanii jiru. Isaaniis,inni jalqabaa afseenessa eenyummaa abbummaa lafaa, gaheefi dirqama warra abbaa Gadaa daangaa eegsissuufi kabachiisuu keessatti qabantu xiinxalameera. Kutaa lammaffaa keessatti immoo seenessa qeeqa gareelee warra abbaa Gadaa gahee isaanii hinbaanee irratti kanneen biroof barumsa akka ta'uuf karaa garee hawaasa adda addaa kennametu addeeffameera. Dhumarratti seenessa miidhaa daangaan sarbamuun fideefi yaada furmaataa rakkoofi miidhaa dhufe jalaa ba'uuf taa'etu xiinxalamee jira.

### 5.2. Lafti Akka Qabeenya Hawaasaatti

Hawaasni Torban Oboo lafa dhuunfaan yoo gargaarameyyu, abbummaa lafaa ilaalchisee akka qabeenya garee yookiin hawaasa bal'aatti ilaalaa malee akka kan ofii qofatti hinilaalu. Kanas jireenya waloo waan jiraatuuf seenessa abbummaa lafaa eenyummaa garee hawaasaa waliin walqabsiisee dhiyeessa. Kana jabeessuuf yeroo eenyummaa lafa waliin qabsiisanii seenessan himtee armaan gadiin addeessu.

**AfsTO (15)**

Oromoon Torban Oboo lafa naannoo isaa ofuma isaa akka qabate ibsuuf

> Abbootiin keenya duri yeroo Finfinneerra babal'achaa deeman naannoo kanaa keechaa leencaafi arba irraa kaasanii lafa dheedicha looniif mijeefftaa turre jedhu. Yeroo kanas bineensota kanneen waliin wallolaa, dhiiga dhangalaasnee, madoofnee qabanne. Lafti gosoonni Torban Oboo irra qubannee jirru kun kan nama biraa osoo hintaanee kanuma keenya. Kanaaf, lafa wal'aansoo qabannee arganneef of eeggadhaa jedhanii nu barsiisan. Yeroo sana gariin leencaan ykn qeerramsaan nyaatamne waan lafa kana qabanneef yaa dhalootaa lafti kun dhiiga keenya waan ta'eef ofeeggadhaa nu jedhu.

Afeen armaan olii kun hawaasni Torban Oboo gosa Oromoo Tuulamaa ta'uusaaniifi naanno Finfinneerraa gara bahaatti babbal'achaa deemuu isaanii agrsiisa. Akkasumas, duubeen hawaasichaa kan loon horsiisuun jiraachaa turan ta'uusaanii addeessa. Lafti isaan irratti loon bobbaasaa turan bajjiifi bosona waan tureef haala dheedicha loon isaaniif mijatutti bineensa keessaa oofaa turuu isaanii seenessu. Kana mul'isuuf immoo *bineensa waliin wallollee, dhiiga dhangalaasnee, madoofnee qabanne jedhu.* Lafti isaan irra jiraataa turaniifi amma irra jiran qabsoofi bu'aa ba'ii baayyeen argamuusaa addeessu. Kanneen malee, qabiyyee lafa isaanii kana jalqaba hawaasa biroo irraa ari'anii akka hinfudhanne ibsu. lafa bineensota waliin wallolaa qabatan kannen illee dhaloonni haaraa akka waan laayyooti ilaalee abbaa argeef gadi akka hindhiifne jabaatanii akka eeggattan cimsanii himu. Himteen hawaasaa kun lafti loon irra bobba'anii jiraatan garee hawaasichaa gidduutti kan daangeffame osoo hintaane, hawaasichi akka waliigalaatti kan waliin gargaaramudha.

Himtee hawaasaa dhimma abbummaa lafaa waliin walqabatee armaan olitti dhiyaate kun kan nu hubachiisu,tamsa'inniifi babal'inni Torban Oboo gidduugaleessa Oromiyaa naaannoo Finfinnee akka ta'eefi damee Tuulamaa ta'uusaanii agrarsiisa(Alemayehu,2014). Itti dabalees, maddi dinagdeefi bulmaata hawaasichaa horsiisa loonii waan ta'eef looniif lafa dheedicha mijataa'aa ta'usaa mul'isa. Kanneen malee, lafti isaan irra qubatanii jiran lafa ofiisaanii dhiiga isaanii dhangalaasanii baafatanii irra jiraatan malee akka warren siyaasaa saba Amaaraa lafa keenya jedhanii ololan akka hintaane mirkaneessa. Dhumarratti, xiyyeeffannoo lafa dhiiga dhangalaasasaniifi lubbuu itti dhabanii baafatan

salphaatti nama kamiif akka hinkennine cimsanii himuu isaanii mul'isa. Akkusumas, lafti gareen hawaasa Torban Oboo hundi waliin qabatee waliin irra jiraataa turee

**AfsTO (16)**

> Akka abbootiin keenya nutti himanitti lafti kan waaqaafi kan hawaasaati; nu'i irra qotannna Lafa irra tikfanna malee abbummaan kan waaqaafi kan dhalootaati. Yeroo du'anillee lafti hawaasa yookiin gosatti kennama. Lafti kan gosaafi kan firaati; Lafti kan dhalootaati malee kan namicha irra jiraachaa turee qofa miti. Kan dhaalus warra gosaati malee namni dhuunfaan tokko gurgurachuus ykn orma galaa dhaalchisee deemuu ykn du'uu hindanda'u. Kanaaf, lafa abbootii keenyaarra nu'i waliin yaafanna ;waliin dheechifanna ;waliin horanna. Kunis jireenya tokkummaan walii gallee akka jiraannu nu taachiseera. Abbummaa lafaa ykn malkaa kana mirkaneeffachuuf abbaa kolbaa ykn abbaan itti qalu gosa dura naannoo sana buufatedha. Nama jalqaba ulfina lafa sanatti kennee qaluu jalqabe jechuudha. Abbaan kolbaa yeroo jedhamu karaa biraa abbaa qeyee ykn abbaa malkaa gosa kan lafa sana dura qabatedha. Namni kamillee osoo karaa deemuu yoo lafti itti dhiye abbaan kolbaa kanaa eenyu jedhee eeyyamsiisee malee naannoo sana hinbulu.

.Himtee kana keessatti hawasichi lafti kan uumama Waaqaa ta'uusaa akka amanu addeessa. Kan Waaqaa immoo waliin itti jiraachuuf kan oolu malee namni kamuu kan kooti jedhee kan ittiin baannatu hinqabu. Kana cinaattis, lafti uumama Waaqaa kun abbummaan isaa kan hawaasaa waan ta'eef waliin irraa fayyadamuun, jiraachuun kunuunsuu malee qabeenya Waaqaa kan dhuunfaa kooti jechuun sirrii akka hintaane ibsu. Gahee nama tokkoo irra jiraachuu malee abbummaa lafichaarratti gahee murteessuu kan qabu garee yookiin gosa hawaasaa naannoo sana jiraatuti. Kanaaf, *lafti kan dhalootaati malee kan namicha irra jiraachaa turee qofa miti* jechuun abbummaa gosaa agarsiissuun *namni dhuunfaan tokko gurgurachuus ykn orma galaa dhaalchisee deemuu ykn du'uu hindanda'u* jechuun addeessu.

Kanneen cinatti, hawaasichi abbummaa lafaa kan waliinii ta'uusaa yoo amaneyyu maqaan lafaa naannichaa ittiin waamamu nama jalqaba qeyee sanatti qalee irreeffatedha. Kun immoo nama jalqaba ulfina lafichatti kenne jedhanii himu. Kunis, garee abbootii gosaa dura malakaa achii obaafateefi qubate ta'uusaa agarsiisa. Kanaaf, gosti biraas ta'e, keessummaan achi buluufis ta'e jiraachuu fedhu eeyyama abbaa kolbaa sana barbaada.

Ibsiifi amntaan seenessa abbummaa lafaa himtee armaan olii keessatti addeessame kan agarsiisu, lafti hawaasicha biratti uumama Waaqaa ta'uusaafi qabeenya waloo gosti hundi waliin kunuunsuufi ittiin jiraatu ta'uusaati. Akkasumas, hawaasicha gidduutti waliin tokkummaafi jaalalaan jiraachuu malee yaadni ofittummaa anaaf qofa jedhu bakka akka hinqabne agarsiisa.

Kanas, ciroo *nu'i irra qotannna malee, irra tikfanna malee abbummaan lafaa kan waaqaafi kan dhalootaati* jechuun ilaalchaafi amntaa dhimma lafti qabeenya waliinii ta'uusaa agarsiisu. Gama biraan lafti kan waliinii ta'uusaa cinatti kan abbummaan maqaa waamamee haaloota jiran hordofuufi to'atu abbaan kolbaa jiraachuu akka qabu hubatama. Sababiin isaa laficharratti gareen abbummaan hooggganu hinjiru yoo ta'e, kunuunsi barbaachisaa ta'e akka hinkennamneefi ormi abbaan dhufee fudhachuu danda'a. Itti dabalee, ayyaana abbootii lafa irra jiraataniifi loon tikfataniif kabajaafi ulfina kennuun uumama Waaqaa kanaaf gatii hawaasichi kennutu caalaatti mul'ateera. Yaadni ibsa afee armaan olii walqabatu haasaa dubbii hawaasichaa armaan gadiin cimsuun deeggaranii himu.

**AfsTO (17)**

> Lafti abbaa qabdi; kan gosaati. Namni kamuu ormaas ta'e warri biyyaa osoo karaa deemanii yoo itti dhiye eeyyama gosaa ykn abbaa malkaa malee goranii buluu hindanda'an. Kanaaf, dursanii nooruu ganda (warra) Gamuu ykn maqaa gosaa dura lafa sanatti ulfina kenne waamuun bultii gaafatu. Kun immoo lafti kan gosaa ta'uusaa agrsiisuuf seera tumanne.
> Dhumarratti immoo '*Kan du'e abbaa biyyoo*
> *Kan jiru abbaa biyyaa' jedhanii mammaaku*.

.

Haasaan dubbii armaan olii akka agarsiisutti hawasaa Torban Oboo biratti seenessi eenyummaa isaan gargaaraman kan agarsiisu lafti eenyummaa qabaachuu isheeti. Kunis kan gosa ta'uu isheeti; maqaa gosaan waamamti. Kanaaf, qaamni yeroo gabaabaaf ykn dheeraaf jiraachuu barbaadee dhufe dursee beekee gosa dursa naannoo sana jiraachuu eegale ofbeeksisuun irraa eegama. Osoo manni amma fedhe baay'atu naannoo sana jiraateyyu, maqaa nama dhuunfaa waamanii eeyyama hingaafatan. Kun immoo

namni tokko lafa sanarra jiraateyyu warra gosaa malee abbummaa biraa akka hinqabne himu. Sababiin isaa beekamtii warra gosaa sana malee ormis ta'e kanneen biroo safuufi aadaa hawaasichaa cabsuu danda'a.

Dhimmi haasaa dubbii (himtee) armaan oliirraa hubatamu eenyummaa hawaasicha keessaa tokko seenessa lafti kan gosaa ta'uufi hangafa gosaa jalqaba bakka sanatti malkaa saaquun ulfina itti kennedha. Kana jechuun, qabeenya kan biraa mataa ofii godhachuun danda'ama malee, lafti abbumman kan sabaafi gosaa ta'uusaa agarsiisa. Akka aadaa hawaasichaatti lafti ayyaana waan qabuuf namni naannoo sanatti dursee gales ayyaantummaa qabaachuu qaba. Laftis akka qabeenya gosaatti ilaalamee miseensonni gosaa hundi laafa irra jiraatan kunuunsuufis ta'e irraa fayyadamuuf itti gaafatamummaa akka qaban agarsiisa. Hawaasichi nama naannoo sanaaf keessummaa ta'e ykn beekamtii hinqabne qeeyee keessatti arginaan gaafachuun hangafootatti dhiyeessuun dirqama. Kunis namni faallaa safuufi aadaa hawaasichaa ta'e dhufee jireenya isaanii akka hinbooressine gargaareera. Akkasumas, miseensi hawaasaa hunduu daangaa isaa eeguufi itti gaafatamummaa qabaachuu isaa nu hubachiisa. Saba Oromoo biratti lafti kabaja qabdi. Kanaaf, irratti qalu. Oromoof lafti madda qabeenyaa/dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa ta'uusaa agarsiisu.

Yaadni ibsa afee armaan olii walqabatu dubbii ogumaa mammaaksa armaan gadiin cimsuun deeggaranii himu. Dhimmi ijoo hawaasni qabiyyee ykn abba biyyummaa waliin walqabsiisee himtee armaan oliin walqabsiisee mammaaku akka agarsiisuutti abbummaan lafaa kan hawaasaa ta'uusaa erga seenessa himtee armaan oliin ibsaniin booda mammaaksa *kan du'e abbaa biyyoo, kan jiru abbaa biyyaa jedhanii afseenessa himame* jabeessu. Yaadni kun abbaan kolbaa irra jiraachaa turee yoo du'e, lafa yeroo lubbuun jiru irra jiraachaa ture amma erga du'ee biyyoo ta'uusaa himu. Kunis namichi abbaa biyyaafi abbaa kolbaa ta'e sun yeroo isaatti laficha ulfeessee yoo du'eera ta'e ammayyu ulfinni lafichaa waliin jiraachuu isaa addeessu. Karaa biraa, lafa kunuunsee jiraatera yoo ta'e nagaan isa simachuusaafi erga

du’ee laficha dhalootaaf dhiisee deemu isaa agrsiisa. Akkasumas, osoo qaama biraa dhalchisee du’eera ta’e ofuma isaayyu bakka itti owwalamu akka argachuu hindandeenye mirkaneessu. Ciroon *kan jiru abbaa biyyaa* jedhu immoo kunuunsiifi abbummaan lafaa itti gaafatamummaan isaa kan dhaloota jiruu ta’uusaa mul’isa. Ammayyu lafti kan hawaasa lubbuun irra jiraachaa  jiruu ta’uusaafi kan nama dhuunfaa yookiin garee murtaa’e qofa akka hintaane jaarsoliin jabeessanii seenessu.

Ergaan ibsa mammaksa olitti ibsamerra argamu kan hubatamu, lafti yeroo irra jiraatanis ta’e erga irraa dhabamanii booda kan garee hawaasaa hundaa ta’uusaafi abbummaan qabatanii kunuunsuun eenyummaa hawaasaa sana tursiisuuf kan gargaaru ta’uusaati. Kunis, namni yeroo lafarra jiraataa ture ofii jiraatee itti fayyadamee dhiisuu qofa osoo hintaane, dhaloonni jirus abbummaan haala ittidhaga’amuu danda’uun qabatee daangaa isaa eegsisee itti fufsiisuu hubannaafi beekumsa qabaachuusaati.

**AfsTO (18)**

Sirna gadaa keessatti lafti akka kan hawaasaatti amanama malee akka kan qaama dhuunfaatti hinfudhatamu. Kanaaf, Oromoo biratti namni lafti kun tiyya /kan kiyya qofa hinjedhamu. Garuu erga sirni Nafxanyaa dhufee Bale Risti jedhee aadaa tokkummaa balleechuun ofittummaa dagaagse. Yeroo kana Oromoon ristiin maalii jedhee falmaa ture . Kanaafillee yeroo babal’insa  warshaa Shukkaaraa Wanjiif mootummaan Hayile Sillaasee qarshii fudhadhaati buqqaa’aa jedhe yeroo dhiibaa turetti yaadicha didduun akkas jedhanii geeraraa turan

*Hinfudhu gimmitii*
*Biyya abbaa ofii gurgurachuun sirrii mitii*
*Hinjijjiiriin waadaa keeti*
*Hingurguriin gudunfaa abbaa keetii*

‘Namni qabiyyeefi daangaa lafa ofii gadhiiseefi
kan haadha manaa isaa namaaf kenne tokko jechuun yaada isaanii cimsu.

Seenessi hawaasaa afee armaan olii kan agarsiisu Torban Oboon sirni Gadaa jiruufi jireenya isaanii hunda keessatti gahee taphatu qabaachuu isaanii mul’isa. Sirna Gadaa kun dhimmoota bulchiinsa hawaasummaa qofa kan eegu osoo hintaane akkaataa eegumsaafi abbummaa lafaa akka ilaallatu agarsiisa. Hawaasichi lafti kan dhalootaa ta’uusaa amanee akka fudhatu kan taasise duudhaa sirna Gadaa

ittiin walgaggeessan ta'uusaa amana. Gama biraatiin, bulchiinsa lafaarratti kan ga'ee qabu warra Gadaa of harkaa qaban ta'uusaa mul'isa. Sababiin isaa sirni Gadaa bulchiinsa dimokiraatawaa ta'uusaa itti waan amananiif murteef qajeelfama abbootii Gadaatiin kennamu shakkii malee simatu.

Haata'u malee, erga sirni Nafxanyaa babl'atee asitti qabeenyi uumamaa hawaasni akkaataa sirna Gadaan fayyadamaa ture hafuusaa dabalanii ibsu. Sirni Nafxanyaa haaraan dhufe sun immoo qabeenyummaa lafaa isa kan waloofi dhalootaa ture 'Bale risti' jedhee kettoo koloneeffattootaa turan harka galchuudhaan kan dhuunfaa taasise. Yeroo lafti jalaa fudhaamu ayyaanni, aadaafi safuun hawasichaa irraa molaqame. Garuu hawaasichi yeroo kana haala karaa Naafxanyaa isaanitti dhufe hunda callisee hinsimanne. Ilaalchaafi sirna aadaa isaanii faallessu mormuun gaaffii kaasuun sirna 'Bale ristii' dide. Kanaaf, tilmaama qabiyyee lafaa sirna aadaa balleessu sanaan mormuun *hinfudhu gimmitii biyya abbaa ofii gurguruun sirrii miti* jechuun adeemsa sirnichi fide akka hinfudhanne diddaa geerarsaan agarsiise. Hawaasichi lafti qabeenya irra tikfatan, irra facaafatan kan waloo/hawaasaa ta'uusaa malee qabeenyummaa harka nama dhuunfaa ta'uusaa amantaafi duudhaa tokkummaa isaanii balleessu mormuun didan. Hawaasichi duudhaa kana qabatee waan jiruuf lafa abbootii isanii dirqiin yoo ta'e malee tilmama fudhatee akka gadi hinlakkifne cichee falmaa jira.

Akkasumas, haaloonni siyaasaafi bulchiinsi yeroo sanaa dhiibbaa yoo isaanirra geessiseyyu, waadaa abbootii isaanii jijjiiruuf fedhii akka hinqabnee agarsiisuuf *hingurguriin gudunfaa abbaa keetii* jechuun bifa gorsa abbaa isaanii agrsiisuun geerarsaan cichoominaan walgorsu. Yaadni ittiin isaan walgorasan kun waadaa dura abbootiin itti kennan gama aadaafi eenyummaan bu'aafi faayidaa argatanii akka hinjijjiirre mul'isu.

Himteen armaan olii bif geerarsaan dhiyaate kun kan nu hubachiisu lafti ibsituu eenyummaa ta'e Torban Oboo biratti adeemsa sirna Gadaatiin kan buluufi warri Gadaa of harkaa qaban dhimma hawaasummaafi lafa waliin walqabaturratti hoogganuu akka danda'an mul'isa. Akkasumas, jiruufi

jireenyi hawaasichaa keessatti sirni Gadaa gahee olaanaa kan taphatu ta'uusaa agarsiisaa. Itti dabalee, eenyummaan hawaasa Torban Oboo lafaafi qabiyyee lafaa waliin walqabatee waan jiruuf lafa faayidaa kaminuu akka hinjijjiirre agarsiisuuf *hinfudhu gimmitii* , *biyya abbaa ofii gurguruun sirrii miti* jechuun geerarsaan ibsatu. Yaadni kunis, lafti bu'aa yeroo xiqqoon kan bakka hinbuune ta'uusaa mul'isa. Itti dabalee, hawaasni naannoo qorannoo kun bara mootummaa Hayile Sillaasee eegalee investimentiifi kanneen biroof jedhamee beenya lafa isaaniif qarshiin xiqqoo kennamee akka nannoo sana gadhiisaniif dhiibbaa ta'aa ture dandamatanii jiraataniru. Cichoomina akkasii kan argatan abbootiin dursanii ijoollee isaanii eenyummaa lafaa waliin walqabsisanii barsiisuu akka ta'e ragaan argame mirkaneessa. Sababni guddaan kanaaf isaan ga'e immoo aadaa hawaasichaa keessatti lafti waan hunda kanneen ayyantummaa, safuufi dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisuu ta'uusaa beekuu isaaniiti.

Gama biraan immoo akka sirna Gadaattis ta'e seera qixxee gosaafi firaatti hawaasichi yeroo baallii dabrsu, qabeenya dhuunfaas ta'e kan waloo dhaloota aanee dhufutti dabrsu hunda waadaa malee sirna kamuu hinraawwatan. Akka aadaa hawaasa Oromootti, caalaatti Torban Obootti namni takkaa waadaa yoo gale deebi'ee hinhaalu. Kanaaf, hinjijjiiriin waadaa keetii, hingurguriin gudunfaa keetii jechuun waadaan dhugaa ta'uu isaafi dhugaan immoo ilma Waaqaa ta'uusaa hubachiisu. Geerarsa kana keessatti *himni hingurguriin gudunfaa keetii* jedhu qabeenya namtolchees ta'e kan uumamaa abbootiin dhalootatti dabarsan akka waadaa galanitti amanamummaan eeganii qabu yaada jedhu kan agarsiisu ta'uusaa hubatama. Hawaasichi sirba xiiqii qabsiisu kana erga sirbee booda mammaaksa armaan olii itti dabaluun haasaa isaa goolaba.

Afeen kun daangaa lafaafi haadha manaa walbira qabee ibsa. Namni osoo fayyaatti jiruu haadha manaa isaa dabarsee namatti akka hinkenninee, qabiyyeefi daangaa lafa ofii ormaaf dabarsanii kennuun aadaa hawaasichaa keessatti baay'ee salphinaafi gadaantummaa ta'uusaati.

### 5.3. Lafa Baasuufi Eeguu

Oromoon akka walii galaatti, Torban Oboo immoo addatti dhimmoota eegumsa daangaa waliin walqabatu abbummaasaa warra Gadaa yeroo abbaa dabaree ta'aniin hoogganamee tikfata; walbobbaasas. Kana immoo himteefi afseenaatti gargaaramee eenyummaa eegumsa daangaa waliin walqabsiisee addeessa. Afseeneffamoonni armaan gadiitti dhiyaataniifi addeeffamanillee yaada kana agrsiisanii jiru.

**AfsTO (19)**

> Akkataa ittiin daangaa keenya eeggannee dhalootaatti dabarsinu keechaa inni bu'uuraa akkaataa sirna Gadaa irratti hundaa'eeti. Akka Torban Oboo naannoo Boosat jiraannutti sirna Gadaa keechatti warri dabaree Gadaa fudhatan daangaa irratti mana ijaarachuun **lafa baasuun dirqama** ture. Gareen Gadaa tokko yeroo dabaree Gadaasaatti daangaa duraan jiru eeguun tursiisuun yookiin achi butuun irraa eegama. Yoo waan biraa dadhabe illee bakka gareen Gadaa duraanii ga'anirratti eeganii tursiisuun dirqama. Darbanii daangaa dabaluun immoo jabina warra Gadaa yeroo sana ofharkaa qabaniiti. Gareen Gadaa itti aananii dhufanii immoo bakka daangaa Gadaan duraa ga'e eeguun kan biraa itti dabaluu achi butuu qabu. Bakka warri gadaa duraa ga'anirraa dabalanii daangaa bal'isanii argamuun jabinaafi cimina warra Gadaa yeroo sanaa waan agarsiisuuf itti cichanii Godaansaan eeggatu. Goodaansa jechuun immoo isa rakkoof yookiin beelaaf goodaanan osoo hintaane hanga barri gadaa isaanii dhumeennaan inni itti aanu dhufutti naannoo ykn daangaa eeguufi tursiisuuf kan adeemsifamudha. Daangaan Torban Oboo dhiibamanaan warra Gadaa ofharkaa qabuti itti gaafatama. Itti gaafatamummaa isaanii sana ba'uuf ofqusannaa malee hojjetu. Gareen Gadaa ofharkaa qabu tokko yoo daangaa duraan eegamee jiru hineegiin hafee ykn hanqatee diinaan dhiibame warri gadaa yeroo sanaa geeraraasaan, weedduufi kkf ni arrabsamu.(Marii gareefi afgaaffii abbootii Gadaafi Jaarsolii biyyaa, Caamsaa,2013) .

Yaadni afee armaan olii daangaan afseenessa eenyummaa hawaasa Torban Oboo keessatti bakka olaanaa qabachuusaati. Kanaaf, dhimma daangaarratti xiyyeeffannoo kennuun jaarmiyaatiin akka hoogganamu taasisu. Kana raawwachuuf immoo hawaasni Torban Oboo sirna Gadaa abbootii isaaniirraa dhaalan lafa qabachiisanii akka jiran himu. *Akkataa ittiin daangaa keenya eeggannee dhalootaatti dabarsinu keechaa inni bu'uuraa haala sirna gadaa irratti hundaa'eeti*. Adeemsa Sirna Gadaa keessatti dhimmi daangaa eeguu yookiin dabaluu gahee hojii hooggantoota hawaasaa ta'uusaa

ibsu. Daangaa ofii kabachiisuuf yookiin kan dura turerra dabaluuf gareen hawaasaa sirna kana keessatti angoo argate qeyeefi bakka duri jiraachaa turan dhiisanii gara naannoo daangaa hawaasichaan addaan ba'ee beekamuu deemu. Hawaasa Torban Obootti sirna Gadaa keechatti warri dabaree gadaa fudhatan daangaa irratti mana ijaarachuun lafa baasuun beekamaa ture.

Itti dabaluun, himteen armaan olii kun akka agrsiisutti dhimmi daangaa dura ture eegsisuufi kan biraa itti dabaluun dhimma ijoo olaanaa xiyyeeffannoon kennamuudha. Akka sirna ittiin bulmaata hawaasichaatti dirqamni daangaa eeguufi eegsisuun kanneen warra Gadaa of harkaa qabaniiti. Abbootiin Gadaa hawaasicha qindeessanii gareelee daangaa eegan, kanneen misoomatti bobba'aniifi hojiilee hawaasummaa hojjettaniif kallattii kennuun ga'ee isaanii ta'uusaa mul'isu. Kun sirna ittiin bultoo hawaasichi dhalootaa dhalootaatti ittiin gaggeeffamaa turedha. Warri Gadaa yeroo dabaree isaaniitti daangaa eeguu qofa osoo hintaane, bakka dura jirurraa lolaniis ta'e karaa danda'ameen daangaa dabalanii garee booda dhufanitti dabarsuun dirqama ta'uusaa himu. Kana gochatti jijjiiruuf gareelee hawaasaa yeroo sanatti dirqama qaban qindeessuun gara naannoo daangaatti bobbaasu. Haala kana keessatti bakka daangaan dura jirurra dabaluuf ciminaafi ofkennuu waan barbaachisuuf jabaatanii hojjechuu akka qaban beeku. Gareen warra abbaa dabree daangaa dabalee tursiise, hawaassicha keessatti kabajni olaanaa bakka hundaatti akka kennamuufii dursanii waan beekaniif cichoominaan hojjetu.

Daangaarratti mana ijaarrachuun lafa baasu. ***Lafa baasuun*** bakka warra gareen Gadaa duraanii turanirratti daangaa lafaa achi butuun dabaluu akka ga'umsa olaanaatti fudhatu. Gahee warra Gadaa dabaree fudhatanii keessaa inni olaanaa daangaa duraan jiru eegsisuufi yoo ciman immoo lafa biraa dabaluudha. Lafa baasuun isa dura eeguu qofa osoo hintaane lafa loon dheedaniifi qonnaaf ta'u barbaadanii karaa danda'ameen dabalaa deemuun itti gaafatamummaa abbaa Gadaafi warra Gadaati. Xiyyeeffannoon dhimma daangaa walqabatee dhimmootaa biroo caalaa guddaadha. Hawaasni Torban Oboo cimina daangaa eeguun qabaniin bakka olaanaa akka waliif kennan himu. *Dadhabe illee bakka*

*gareen Gadaa duraanii ga'anirratti eeganii tursiisuun dirqama. Darbanii daangaa dabaluun immoo jabina warra Gadaa yeroo sana ofharkaa qabaniiti.* Itti dabaluun , yeroo dabareen Gadaa fudhachuuf qophaa'an dursanii dhimma dangaa eegsisuu beekaanii hojiirraa eegamuuf kaallattiinis taa'e alkallattiin ofqopheessuun waadaa galu.

Dhimma daangaa dabaluufi isa duraan jiru eeguu keessatti akka sirnaatti *'Godaansa'* raawwatu. *Goodaansi* kunis isa beela'anii yookiin rakkatanii goodaanan osoo hintaane, kaayyoofi dirqama irraa eegamu ba'uuf dhimma ta'udha. *Goodaansa jechuun immoo isa rakkoof yookiin beelaaf goodaanan osoo hintaane hanga barri gadaa isaanii dhumeennaan inni itti aanu dhufutti naannoo yookaan daangaa eeguufi tursiisuuf kan adeemsifamudha.* Kanneen miseensa warra Gadaa abba dabaree ta'an ittigaafatamummaa isaan ba'uuf qee'eefi naannoo dur jiraatan gadhiisanii haga yeroon Gadaa isaanii dhumutti maatii isaanii hunda fudhatanii bakka daangaa lafa isaaniitti galuun hojii dhuunfaa isaanii hojjetachaa ofdanda'anii osoo jiraatanii daangaa isaanii eeggattu. Yoo diinni dhufes tokkummaan ni lolu.

Akkasumas, Torban Oboof *Godaanuu* jechuun dhimma kaayyooti malee rakkoo bakka jiraatan gadhiisan miti. Sababiin isaa bakka godaananittis qabiyyee lafaa eegan sana rakkoo malee hojjetanii jiraatu; maatiin isaanii qaama kaamittuu osoo ba'aa hinta'iin ofdanda'anii jiraatu. Godaansi isa diinaaf yookiin waa baqatanii lafa handhuurri ofii itti awwaalame gadhiisan baqatanii deeman miti. Godaanansi hawaasa isa kaan eeguufi dhalootaa itti aanee dhufuuf lafa dhaalamu qopheessuudha.

Kanaaf, gareen hawaasaa dirqama yeroo qabu kun gahee isaa ba'uuf bakka naannoo daangaatti haga yeroon isaa waggoottan saddeet dhumutti naannoo daangaatti goodaanu. Kanneen godaananii daangaa eegan kunneen rakkoon haga fedhe isaan mudateyyu bakka hingadhiisan. Haata'u malee, yeroo haalli

akkasii itti dhufu, gareen hawaasaa qeyee jirutti dhaamuun gosaafi garee gadaa osoo adda hinbaasiin waliif birmatanii diina isaan lole offirraa deebisu.

Daangaa kabajchiisuu akka eenyuummaa ijaarrachuutti waan fudhataniif afseenessa isaaniin eenyummaa daangaa isaanii waliin walqabsiisanii tarreessu. David (2020) immoo dhimmoota daangaa waliin walqabatan haala armaan gadiin yoo ka'u, daangaa akka qaama uumamaa ilaalamuu olitti haala teessummaa, yaaduu, gochaalee hawaasaafi adeemsa hawaasaafi bakka walitti hidhu ta'uusaa ibsa . Akkasumas, daangaafi haalli daangaa adeemsa siyaasaa qofa osoo hintaane, mallattoo hawaasaafi karaa angoo siyaasaa gama qabiyyeefi nageenyaan mul'atu ta'uu isaa ibsa. Itti dabaluun, daangaan eenyummaa, amanamummaafi gidduu gala jaalala hawaasaati jechuun ibsa.

Yaadni hayyuu armaan oliifi beekumsa hawaasa Torban Oboo kan nu hubachiisu, dhimmi daangaa bakka teessuma lafaa qofa osoo hintaane eenyummaa ta'uusaati. Kanaaf, hawaasichi daangaa isaa eegsisuuf sirnaafi jaarmiyaan hoogganamee ofeeggatee jiraataa jira. Akkasumas, qeyeefi maatii isaa dhiisee haga baroonni Gadaa isaanii dhumutti goodaanee kan eeggatee jiraatu. Kun immoo yeroo ammaa kanallee hawaasichi daangaa isaaf iddoo olaanaa kennee dhiiga isaa dhangalaasaa jiraaxhuu mul'isa. Dhimma godaananii daangaa ofii eeggachuu mirkaneessuuf qorataan naannoo warri Gadaa abba dabaree godaananii jiran ganda isaan jiraatan dhaqee dawwannaa taasiseen odeeffannnoo afgaaffiifi mare gareerraa argame dhugoomseera. Kunis, gareen hawwaasaa kun daangaa lafa isaanii naannoo Amaaraa Minjaar-Shonkoraa waliin waldaangessutti godaananii ganda Borcataa keessa jiraachaa daangaa isaanii eeggataa, hojii mataa hojjechaa akka jiraatan mirkaneesseerra. Gareen hawaasaa kunis naannoo ganda Borcataa kanaatti godaanaanii daangaa isaanii eegaa, hojiidhaan ofdanda'anii hirkattummaa malee jiraataa akka jiran argeera. Aadaan kun imaanaa abbootii durdurii kaasee jiru cimsuuf dhalootaa ammaanillee fudhatama godhatee hojiirra oolaa kan jiru ta'uusaa mul'isa.

Yaada kana caalatti cimsuuf hawaasichi qaamni abba dabaree ta'e daangaa isaa seeraan akka eeggatuuf afseenessaan eenyummaa daangaa of beekuufi kunuunsuu barsiisaa jiraachuu isaanii argeera.





*Fakkii . Warri Gadaafi gareen Baabsaa dhimmoota daangaafi kanmneen biroorratti yeroo mari'atan*

### 5.4. Ayyaantummaa Qabaachuufi Baabsaa Bobbaasuu

Aadaa Oromoo keessatti dhimmoonni olaantummaan ilaalaman safuufi safeeffannaa cinatti ayyaantummaa qabaachuudha. Gahee gaggeessitoonni dhimma bulchiinsaa raawwatan cinaatti ayyaantummaa qabaachuun kennaa baay'isee caalaatti barbaachisudha. Ayyaantummaan abbootii Gadaa angoo hawaasaan kennameefii qofa osoo hintaane wanti isaan wantoonni isaan hojjetaniifi dubbatan gargaarsa Waaqaan dafee hojiitti kan jijjiiramu ta'uu akka qabu abbootiin biyyaa ni himu. Kanneen malee, ayyaantummaan yeroo rakkinaafi kan biroo Waaqa yeroo kadhatan waan dhimmoonni Waaqa itti kadhatan sun dafanii deebii argachuudha. Kanaafis, garee hawaasaa warra dhalootaan ayyaantummaan isaaniif kennameera jedhamee amanamu qabatanii Waaqa kadhatanii rakkoo hawaasaa mudateef deebiin Waaqa biraa akka kennamuufii addeessu. Himteen armaan gadii bulchittooni Gadaa gaheelee isaan nagaummaa hawaasaa keessatti kallattii ayyaantummaan qaban kan ibsanidha.

Akkasumas, warri Gadaa daangaa eegsisuuf garee hawaasaa kanneen baabsaa jedhaman gosaafi bakka hundaatii walitti qabuun bakka eegumsi malu hundatti bobbaasuun biyya eegsisuun gahee isaaniidha.

**AfsTO ( 20)**

> Nu'i Warri Gadaa Torban Oboo biratti bulchiinsa ykn daangaa eegu qofa osoo hintaane ayyantummaa qabaachuu qabu. Kunis yeroo rakkoon hongeefi dhukkubni dhufe illee itti gaafatamummaa waan qabaniif qaalluu isaanii qabatanii Waaqa kadhatanii hawaasicha baraaruuf warra waaqa dhageessifachuuf carraa qaban ta'uu qabu. Kana keechatti gareen Baabsaa jedhaman kanneen ganda hunda keessaa filatamanii bakkee tarsiimmoo taa'aanii eegan ni jiru . Isaan kan ajaja kennu immoo warra Gadaa yeroo sanaa ofharkaa qabaniiti. Warri Baabsaan (jechuun warra daangaa eegu jechuudha) immoo bakka Walaansaan (warri Gadaa duraanii dorgomamee irraa fudhatame )darbamee bulama. Yoo bakka walaansaa duraanii hindarbiin hafan ykn gadhiisan gareen Gadaa ofharkaa qabu sun ni arrabsamu . Kunis safuu sirna Gadaa cabsuu ta'a. Safuu hawaasaa hanqachuudha. Kanaaf, Warri Gadaa kanneen Baabsaa ta'an ganda ganda keessaa funaananii bakka adda addaatti bobbaasu. Warri Baabsaa kunneenis bakka dheedichaa loon dura deemuuun lafa taarsiimmoo qabatanii taa'anii eegu. Akka aadaa keenyaatti daangaa dura jirurraa duubatti deebi'uun hinjiru yoo kana ta'uu dhaabaate ni arrabsamta(Afgaaffii jaarsoli biyyaa,Maammoo Gadaa, Daadhii qumbii, Nagaawoo Bosat Irraa Caamsaa ,2013 fudhatame).

Yaadni jaarsooliifi abbootii Gadaarraa armaan olitti ibsame kun warri Gadaa daangaa eeguufi eegsissuun gahee isaanii yoo ta'eyyu ayyaantummaa qabaachuun isaanirra akka eegamu ibsu. Kunis,

gareelee hawaasaa dhimmoota adda addaaf itti gaafatamummaa qaban hunda qabatanii Waaqa kadhatanii kanneen dhageessifatan ta'uu akka malu jaarsoliin ni himu.

Warri Gadaa abbaa dabaree kunneen safuufi ayyaantummaa kan qabaatan yoo ta'e gareen baabsaa kanneen daangaa eeguuf qophiifi ga'umsa qaban ni abboomamuuf; yoo ayyaantummaa hinqaban ta'e immoo warri Baabsaa daangaa eeguuf hindhimman; yeroo kana diinni daangaa cabsee hawaasicha miidha yaada jedhu himu. Gaheen warra baabsaa immoo ajaja abbootii Gadaa fudhatanii bakka tarsiisoomoo warri walaansaa duraa ga'aniiru dhaabbatanii daangaa eeguufi sochii diinaa to'achuu ture. Yoo bakka warra abbaa Gadaa duraanii hinga'iin hafan immoo safuufi aadaa hawaasichaatu caba. Hawaasa Torban Oboo keessatti safuun dhimmoota hawaasummaa qofa osoo hintaane daangaa ofii bakka dura tureerraa gadhiisuun safuun baduu akka ta'e addeessu. Akka aadaa hawaasichaatti gareen abbaa angoo yeroo angoosaatti  daangaa akka ta'utti hineegiin hafe ayyaantummaa dhabuu qofa osoo hintaane safuu cabsuu waan ta'eef dubartootaafi dhiirotaan bakka walga'ii hawaasaatti arrabsama.

Afeen armaan olii kan mul'isu  dhimmi daangaa eeguufi nagaa buusuun gootummaa qofa osoo hintaane ayyaantummaa warra muudamanii gaafata. Kanaaf, warri Gadaa Waaqa dhageessifachuuf qaalluu qabtanii waaqa kadhatanii kanneen dhageessiffatan ta'uu malu. Warri Gadaa bulchiinsa  yookiin daangaa eegu qofa osoo hintaane ayyantummaa qabaachuu qabu.  Kunis  yeroo rakkoon  hongeefi dhukkubni dhufe illee itti gaafatamummaa waan qabaniif qaalluu isaanii qabatanii Waaqa kadhatanii hawaasicha baraaruuf warra  waaqa dhageessifachuuf carraa qaban ta'uu qabu. Itti gaafatamummaafi ayyaantummaa isaanii immoo dhimma hawaasummaa hunda ilaallata. Fakkeenyaaf, yoo isaan ayyaantuu ta'an biyyaatti hongeen hindhufu; waraananiifi gadadoon biyyaarraa dhaabbata. Kanaaf, gaheen isaanii lolanii deebisuu qofa osoo hintaane lolliifi waraanni sun akka hindhufneef yeroo bulchiinsa isaanii warra kadhatanii waaqa dhaggeessifachuuf carraa qabaan  akka ta'an  mul'isa. Afseenessu kun waan hojjetan keessatti Waaqa sodachuu, haqaan hojjechuufi kadhatanii

dhageessifachuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Akkasumas, murtoon isaan kennan kan loogummaa hinqabne, sooreessaafi hiyyeessa fira aanteefi orma jedhamee loogiin agarsiifamuu akka hinmul'anne amantaa hawaasichaa ta'uu mul'isa.

Aadaa Oromoo akka waliigalaatti, Torban Oboo keessatti immoo addatti saafuufi ayyaantummaan bakka olaanaa qaba. Akka Dirribii (2009)itti yoo safuun bade Waaqni fuulasaa namarraa garagalchata. Waaqni fuula nama irraa garagalfate jechuun immoo ayyaana dhabuu akka ta'e ibsa. Yaada kana walfakkaatu (Asebe, 2007) immoo walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsuufi aadaa kan itti fufsiisu yoo safuun sodaatamedha. Goochaaleen safuu cabsan hawaasa keessa jiraannan nagaan hawaasaallee waliin miidhaamaa akka deemu ibsa.

Yaadni beektootaafi qabxiileen afgaaffii jaarsolii biyyaarra argame  agrsiisuutti safuun hawaasaa dhimma fuudhaafi heeruma ykn sirnoota hawaasaarratti argamuu qofa osoo hintaane dhimmi daangaa dhimmoota hawaasichaan xiyyeeffannoon olaanaa kennameef ta'uusaa argina. Kanaaf, akka *aadaa keenyaatti  daangaa dura jirurraa duubatti deebi'uun hinjiru yoo kana ta'uu dhaabaate safuutu cabe kan isaan jedhan*. Akkuma safuun abbbafi haadhaa angafaafi quxusuu, sirnootaafi aadaa hawaasaa irra darbuun safuu ta'e, daangaa ofii eegsisuu dhiisanii diinaan dhaalchisuun safuu hawaasichaa isa kabajamaa kan cabse ta'uusaa argsiisa. Akkasumas, gaheen warra Gadaa  abba dabaree abbaa angoo ta'anii hawaasicha bulchuu qofa osoo hintaane ayyaantummaa qabaachuun barbaachisaadha. Akka madda ragaa armaan oliirraa hubchuun danda'amutti ayyaantummaan carraa waaqatti dhiyaachuufi kadhachuu ta'ee, Waaqnillee kadhaata kan dhaga'ee deebii atattaamaa rakkoo isaan mudateef furmaata kennuu haqniifi ayyaantummaan yoo jiraate ta'uusaa cimsanii argsiisa.



*Fakkii - Abbaa Gadaafi jaarsoliin bakka Galma Boosat Karra Torbaatti*

Yaadni ijoo afee armaan kan biroon immoo warri Gadaa daangaa eegsisuu keessatti gahee isaan bahan keessaa inni olaanaa ofii isaanii dhaqanii lolu qofa osoo hintaane, garee Baabsaa jedhaman ganadaafi gosa hawaasa  hunda keessaa filachuun bobbaasuudha. Garee Baabsaa warri jedhaman namoota akka loltuutti hawaasaan dursanii  leenji’anii waraanaafi nageenya hawaasaa eeguuf  qophaa’anii jiraatanidha. Isaan kunis  rakkoon gandoota  naannoo daangaas ta’e hawaasa gidduutti  rakkoon yoo uumame saffisaan  bobba’aniin nagaafi daangaa kabachiisan ta’u. Gareen Baabsaa kunneen yeroo lolli daangaarratti ka’e  qofaa osoo hintaane nannoo bakkeewwan tarsiimmoo ta’an hundallee buufatanii ni eegu. Garuu rakkoon addaa bakka tokkotti akka taasaa yoo uumamee walitti birmachuun diina ofirraa qolatu. Gareen Baabsaa kun gosoota Torban Oboo hunda keessaa ofeeggannoodhaan filatamanii qophaa’anii kan taa’anidhaa. Warri waraanaaf filataman kunneen bakka hundatti bobba’anii warra loon tiksaniifi qonnaa qotan dura deemanii habuuruun naannoo qulqulleessu.  Kanaaf, daangaa isaaniirratti

cichanii eeggattu malee bakka hingadhiisan. Hawaasichi kanneen daangaa eegan bakka isaanii akka hingadhiifneef haala ittiin to'aatan qopheeffatnii qabu. Innis, gareen warra Gadaa yeroo sanaa daangaa diinaaf kennanii yoo baqatanwaliin jireenya hawaasummaa keessaatti akka ulfinaafi kabaja hinqabne mul'isuuf weedduu, geerarsaafi kanneen biroon arrabsu. Ijollonnifi dubartoonni isaaniillee yaaddoofi sodaan akka jiraatan taasisu. Kana kan taasisan gareeen kanneen biroo yeroo dabree isaaniitti Gadaa fudhatan cimanii daangaa akka eegan gochuuf tooftaa ittigargaaramanii daangaa isaanii tikfatanidha. Kunis, daangaa qaama eenyummaa waan ta'eef, daangaa ofii dhabuu jechuun eenyummaan ofii dabrsanii diina ofiitti kennuutti fudhatama. Ilaachi kun xiyyeeffannoo sabni Oromoo dhimma daangaarratti qabu agrsiisa.

Itti dabalee, dirqamni inni olaanaa daangaa Walaansaa duraa kabachiisee tursiiseeru eeguu yoo ta'u, dabalanii argamuun immoo ciminaafi gootummaa garee amma angoorraa agrsiisa. Gareen yeroo dabaree isaatti bakka daangaa dura kabachiifamee jiru yoo gadhiisee, hawaasa keessatti ijoolleefi haati manaa isaanii arrabsamaa yoo jiraatan, gareen lafa dura jirurraa daangaa dabalee yeroo isaa fixate immoo kabajani bakki olaanaa kennameefii jiraatu. Sababiin kun ta'uuf immoo dhimmi daangaa kabachiisanii tursiisuun dirqamaa hawaasummaa ta'uusaa beeksisuuf. Yaada kana cimsuun Oromoon lafa waan hunda waliin akka walqabsiisu ibsuun warri Torban Oboo naannoo Boosat eebba warra duriirraa dhaalan lafa hidda dhalootaa isaaniin bakka buufatan ibsa. Dabalees, hawaasni kun lafa isaaniif abbaa biyyaa waan ta'aniif lafa abboota isaaniirraa dhaalan eeguuf gootota gosa isaanii daangaa eeganii tursiisaniin dhaadatu.



*Fakkii - Daangaa Torban Oboo  naannoo ganda Borcataa Gaafa 20/10/2021 suuraa fudhatame*

### 5.5 Haqaafi Qulqullummaa Qabaachuu

Sirna bulchiinsaa aadaa Oromoo keessatti haqaafi qulqullummaan hawaasa bulchuufi gaggeessuun bakka olaanaa qaba. Sirni Gadaa keessatti dorgommiin angoof ta'ullee haqaafi dhugaan adeemsifama. Dhimmoota kana ilaalichisee himteen hawaasaa haala armaan gadiin dhiyaateera.

**AfsTO (21)**

> Warri Gadaa haqaanillee deemuu, qulqullummaafi iftoomina qabaachuu qabu. Waaqa kadhatanii kan dhaga'amuuf qulqullummaafi haqa yoo qabaatan qofa. Garuu yeroo ammaa tana haqni dhibamaa deemeera. Uummannillee kan nagaan bulu, dhukkubni, balaafi hongeen kan badu haqni karaa warra abbaa gadaa sana yoo jiraatedha. Waliigalteefi jaalalli karaa warra abbaa Gadaa hinjiru taaanaan hawaasni mo'amuu, weeraramuufi rakkoolee addaaf saaxilama. Yeroo angoof waldorgomu ta'ellee haqaan malee dabaan wal hindorgoman. Aangoorratti yeroo waldorgaoman walqeequu, ceephessuufi walarrabsuun ni danda'ama. Garuu waldorgommiin kan nagaati(Afgaaffii jaarsoli biyyaafi abbootii Gadaa, Bitootessa, 2013).

Keeyyanni afseenessa hawaasa Torban Oboo armaan olii akka mul'sutti warri dabree Gadaa ofharkaa qaban kan raawwatan gahee gaggeessummaa qofa osoo hintane haqaafi qajeelummaa kan hojjetan ta'uu

akka qaban agrsiisa. Karaa daangaa dhiibamuufi lolamuuf kan sababa ta'u hawaasicha keessatti dhugaa hojjechuun yeroo badu ta'uusaa mul'isa. Akkasumas, hawaasicha gidduutti waliigalteefi tokkummaan yeroo dhibu diinni qaawwa sanatti gargaarme miidhuusaa isaa seenessu. Wal ceephessuufi ceephefamuun yeroo dorgommii abbaa Gadaa ta'uu malee filannoo xumuramnaan nagaan tokkomanii waltumsanii jiraachuun dirqama hawaasichaati. Hawaasaafi warra Gadaa gidduutti tokkummaan hinmul'atu taanaan eebbiifi ayyaantummaan waan baduuf rakkoolee uumamaafi nam-tolcheef saaxilamuu kan fidu ta'uusaa afseenessa kana keessaa argina.

Yaadni afee aramaan olii dhugaatti amanuufi dhugaan gaggeeffamuu hawaasa Torbaan Oboo ilaalchise amantaa uummatichaa ifa baasee mul'iseera. Kunis yaada ilaacha Oroomoo "Dhugaan ilmoo Waaqaati"( Maammoo, 2016) jedhu nuuf mirkaneessa. Akka ilaalcha xabboo Oromootti qaamni tokko jiraachuufis ta'e gaggeessuuf dhugaa hojjechuufi dhugaaf jiraachuu akka qabu amanu. Aadaan hawaasa Oromoo hawaasa gaggeessuu qofa osoo hintaane haqni akka hinbanneefi dhugaan akka hindabne cimsee jabeessa. Warri dabaree abbaa Gadaallee yoo haqaafi dhugaan hinhoogganaan ta'e, hawaasichi rakkoolee adda addaaf saaxilamuu akka danda'u beekuun haqaaf jiraachuu akka qaban beekuu malu.

Kanaaf, amantaa *Uummannillee kan nagaan bulu, dhukkubni, balaafi hongeen kan badu haqni karaa warra abbaa gadaa sana yoo jiraatedha.*Yaadni kunis, dogoggorri kallattii warra gaggeessitoota hawaasaa abbootii Gadaa mul'atu, daangaan dhiibamuu qofa osoo hintaane, gaaga'ama jiruufi jireenya hawaasaafillee sababa isa guddaa ta'uusaa agrsiisa. Haqniifi dhugaan hawaasa keessaa dhabameennaan, biyyi goolamuu danda'a. Akkasumas, waliigalteef jaalalli kan argamu haqniifi dhugaan hawaasicha keessatti bakka qabtee yoo jiraate ta'uusaa mul'isuuf *Waliigalteefi jaalalli karaa warra abbaa Gadaa hinjiru taaanaan hawaasni mo'amuu, weeraramuufi rakkoolee addaaf saaxilama.* Tokkummaafi walta'insi kanneen hawaasa gaggeessan gidduu hinjiru yoo ta'e, diinaan weeraramuufi mo'amuu fida. Kanaaf, afseenessi hawaasaa kun qaamni hawwasicha oogganu, garee hawaasichaa hunda loogii malee

walqixxaan bulchuu qabaachuu akka qabu nu hubachiisa.  Kanneen itti dabalee, hawaasni  yeroo ammaa kana amantaan hawaasa Oromoo haqniifi dhugaan ilmoo Waaqaa ta'an waan badaniif, rakkoofi dararamni hawaasichaa fiixeerra ga'uusaa mul'isa. Kana cinatti, dhibilee addaa addaa isaan mudataa jiraniif, gareeleen hawaasaa dhugaafi qulqullummaan jiraachuu furmaata tokkodha.

Kanneen malee, warri abbaa Gadaa yeroo  hawaasa gaggeessuuf daorgommii taasisanillee, *Yeroo angoof waldorgomu ta'ellee haqaan malee dabaan wal hindorgoman*. Yaadni himaa kanaa  faallaa gareelee siyaasaa yeroo ammaa akka Oromiyaattis ta'e, Itoophiyaatti mul'ataa jiruuti.  Ilaachiifi amntaan hawaasa Torban Oboo gareen hooggansaaf waldorgomu dabaaafi shira malee haqaan dandeettiifi beekumsa qabu mul'isee, gocha  hawaasicha fayyadu dhiyeessuun mo'achuu akka qabu agarsiisa. Yaadni kun yeroo amma kana qabatamaan hawaasa kana keessatti mul'ataa jira. kunis, paartilee siyaasaa naannoo filannoo bara 2013 ALH biyya Itoophiyaafi naannoo Oromiyaaf waldorgoman gidduutti haqa waan dhabaniif, akka bulchiinsa jiru simachaa hinjirre quuqama garaatii qaban dabalanii mul'isaniiru.

Itti dablee, afeen armaan olii kan nu hubachiisu aadaa hawaasicha keessatti haqniifi dhugaan yoo dhabame  mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu jiraachuu dhiisuusaati. Kunis, yeroo dorgommiis ta'e booda ceephessuufi ceepha'amuun ilaalcha baratamaadha malee, akka maqaaa walbal.leessuutti fudhatamee waladabuufi walloluun hinjiru. Hanqa ittiin ceepha'aman simatanii of sirreessuun hawaasicha tajaajiluutti amananu malee haaloofi jibba kuusanii hamaaf walhinsaaxilan. Haqniifi qulqullummaan aadaa ykn eenyummaa sabni Oromoo ittiin beekamuufi amantaa godhateeru ta'uusaa agrsiisa.

### 5.6. Waadaa Eeguufi Aadaa Abbaa Jabeessuu

Hawaasni Oromoo Torban Oboo daangaafi qabiyyee lafa isaaf bakka olaanaa kenna. Kanaaf, yeroo warri itti gaafatamummaa qaban dagatanii  daangaa isaa sarbamu callisee hintaa'u. Kanaaf, gahee

ofiisaa bahuu alatti abbaan/ warri Gadaa abbaa dabaree ta’anii dhufan kanneen darbanirraa waadaa galaniifi baratan seeraan daangaa eegsisuu akka qaban haala armaan gadiin warra dirqama isaanii hinbaane qeequ.

**AfsTO (22)**

Duri bara Gadaa Duuloo wagga 60 dura Amaarri naannoo weerareennaan warri Gadaa kun bakka gadi dhiisanii jalaa siqanii turan. Yeroo kana bakka hawaasumaa adda addaatti dubartoonni weedduun, dhiironni immoo geerarsaan haala armaan gadiin arrabsaa turan

*Duuloon mamaa hingoone Gadaa teechan*
*Kan ilaaltu callistee yoo biyya irraa dheechaan*
*Silaa warri Gadaa yoona qaarii dabala*
*Isa xurree ilaalee godaanee gala*
*Ni eegsisa biyya Baabsaa dirqiitti baasee*
*Kaan horii qalee kaan dhayichoon albaasee*
*Kanaaf jenne kunoo aadaa abbaa jabeechaa*
*Namni biyya mataa deemee lolchiisu eecha*? Erga jedhanii booda
‘Lafti abdatan sanyii nyaatee ,
Namni abdatan lammii nyaate’ jennee mammaakna
(Marii gareefi afgaaffii abbootii Gadaafi Jarsolii , Caamsaa,2013)

Akka yaadni afee armaan olii kun mul’isutti warri Gadaa yeroo sanaa Duuloo turan**;** warri Gadaa dabaree of harkaa qaban daangaa isaanitti kenname akka ta’utti seeraan hineegiin yoo hafan diinni biyya weeerare, haala armaan oliin arrabsamu. Kunis, warri Gadaa Duuloo akka ta’utti daangaa osoo hineegiin hafnaan biyyi Amaaraan fudhatamee ture . Yeroo sanatti hawaasichi warra Gadaa dirqama isaanii hinba’iin hafan sanaan dubbii cigoofi arrabsoo qabuun arrabsaa turan; ammallee ittiin arrabsaa akka jiran himu. Akka aadaa hawaasa Torban Obootti warri Gadaa daangaa akka Walaansaa irraa fudhatan gadhiisuu hinqaban turan. Warra Gadaa Duuloo dura daangaan hawaasichaa hundi eegamee ture. Garuu Warri Gadaa Duuloo yeroo sana waan isaan irraa eegamu hinba’iin hafan. Kanaaf, gareen biraa isaanirraa arganii akka jiilaniif arrabsoo kana gargaaraman. Yeroon kun raawwatame waggaa afurtama dura naannoo bara 1970 gara jalqabaa keessa ture.

Warri Gadaa yeroo sanaa Duuloo akka isaanirraa eegamutti haala aadaa isaaniin daangaa hineegiin hafanaan lafti naannoo daangaa Torban Oboo jalaa fudhatamnaan geerarsa kanaan arrabsan. Hima *Duuloon mamaa hingoone Gadaan teechan'* Gadaan dabree garee Duuloo ture .Osoo Gadaan kan isaanii ta'ee jiruu waan isaanirraa eegamu hinbahiin hafan. Innis warri Gadaa Duuloo ittigaafatamummaa isaanii dagatanii biyyaafi daangaa warri Gadaa duraanii tursiisanii itti kennan gadhiisanii duubatti deebi'an. Laftiifi qabeenyi hawaasichaa warra Argobbaafi Amaaraan saamamame. Sababiin isaa kan warri Gadaa abbaa dabaree sun hawaasa qindeessanii garee baabsaa bobbaasanii daangaa eegsisuuf gahee isaanii hinba'iin hafan.

Akkasumas, hordoffiifi ofeeggannoo isaaniirraa eegamu hinbaane. '*Kan ilaaltu callistee yoo biyya irraa dheechan'* warri yeroo sanatti daangaa akka eeganiif bobba'an akka ta'utti daangaa kabachiisuu dhiisanii bakka gadhiisanii turan. Yeroo kana warri Gadaa ofharkaa qaban kanneen daangaa eegaa turan bakka akka hingadhiifne jajjabeessanii, warra fagoo jiran qindeessuun tumsuu qabu turan. Haata'u malee, angoofi humna qindeessuu ofharkaa osoo qabanii warri baabsaa yoo biyyarraa dheessan callisanii ilaalan. Kun immoo barsiifatni daangaa ofii kabachiifachuu hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e, jalaa sarbamuu isaa agarsiisuuf warra Gadaa sanaan osoo beektanii caalisanii dhiisuu isaanii qeeqan.

Yaada armaan olii cimsuun *'Silaa warri Gadaa yoona qaarii dabala'* warri Gadaa yeroo dabaree isaaniitti isa ofharkaa qaban dabrsanii kennuu osoo hintaane, kan biraa osoo dabluu qabuu diinaaf karaa bantanii nu miitan yaada jedhun qeeqan. *'Isa xurree ilaalee godaanee gala'* warri abbaa dabaree angoo ofharkaa qaban godaananii daangaa osoo kabachiisanii tursiisuu qabu turan. Garuu *godaansi afee tokkoffaa kana keessatti* ibsame sana gochuu dhiisanii , daandiifi gaaddisa beekumsa hawaasaa dagatanii jireenya sabichi akka sarbamuuf diinaaf karaa banan. ' *Ni eegsisa biyya baabsaa dirqiitti baasee'* baabsaan kuusaa yookiin warra daangaa eeguuf qindaa'aniifi dirqama qaban yoo ta'an kan

isaan bobba'aniifi daangaarratti lolan qajeelfama warra abbaa Gadaa yeroo sanaani. Warri Gadaa daangaan isaanii sarbamnaan baabsaa dirqiitti baasanii hawaasaafi qabeenya hawaasaa eegsisuun gahee isaan yeroo angoo fudhatan waadaa galan keessaa tokko.

Paasi (2008:48) dhimma daangan walqabsiisee yaada falaasama hawaasa Torban Oboo kana waliin walfakkaatuun yoo ibsu "--*territories can become the spatial containers in which people are socialized through various social practices and discourses.--material and the symbolic are combined through territory so that land is controlled the symbolism associated with people's social identity."*

Yaadni armaan olii kun immoo daangaan takkaa hundaa'eennaan gochaalee hawaasummaa sabni tokko keessatti of murteessu ta'a. Qabeenyiifi daangaa waliin yoo walhidhatan , mallattummaan isaa immoo eenyummaa hawaasaa kan ibsu ta'u addeessa.

Maier (2016: 28) yaada kana cimsuun daangaafi eenyummaa haala walfakkatuun yoo cimsu "Territories have role in the formation of people's self-identity and contribute to feelings of belonging or exclusion. Territory can be seen as both a decision space and an identity space, so that the political and cultural are intrinsically linked." Yaadni beektota armaan olii kunneen kan agrsiisu daangaafi akkaataan hawaasaan hubatamu eenyummaa hawaasaa ijaaruufi miirri abbummaafi ormummaa akka mul'atu kan taasisan keessaa tokko ta'uu mirkaneessa. Itti dabaluun, daangaan bakka murtoo, eenyummaa hawaasaa ta'ee siyaasaafi aadaa waliin hidhatu. Haaluma yaada kana waliin walitti hidhatuun hawaasnin Torban Oboo dhimma daangaa eenyummaa siyaasaa, aadaafi dinagdee daangaa waliin walqabsiisanii seenessaniifi jaarmiyaa sirna gadaa keessatti bakka olaanaa kennanii afseenessaan ijoollee isaanii barsiisu.

Qabxiileen armaan olitti ka'anfi afseenessi hawaasni Torban Oboo daangaan isaanii qabeenyaa, eenyummaa siyaasaafi hawaasummaa walitti hidhachuu isaa waan beekaniif lafa baafachuu yookiin daangaa dabaluufi bal'ifachuun walqabsiisanii afseenessaan eenyummaa isaanii dagaagsanii jiru. Kun

immoo, daangaa bal'ifachuufi eeggachuun dur durii kaasee haawaasa Oromoo keessatti bakka olaanaa qabaachuu isaa mul'isa. Kanaan walqabatee hawaasichi lola karaa daangaa saba Amaaraafi Argobbaa Minjaar Shonkooraan deddeebi'ee isaan mudatu abbootaa gadaan harka jiruun qindaa'uun gosti hawaasaa hundi tokkummaan ofirraa faccisuu. Kun hundi sabni Oromoo ilaalcha '*lafti keenya lafee keenya'* jedhu waliin walqabsiisanii aarsaa kaffalaa tureefi jiru nuuf mirkaneessa. Akkasumas, daangaan mallattoo, eenyummaafi aadaa hawaasichaan walqabachuu isaa agarsiisa.

Inni biraan immoo sababa warri Gadaa Duuloo gahee isaanii hinraawwatiin hafaniif rakkoon sun hawaasicha qunnamuu isaa addeessu. Kana keessatti biyya eegsisuun aangoofi ittigaafatamummaa warra abbaa Gadaa ta'uusaa mirkaneesu. '*Kaan horii qalee kaan dhayichoon albaasee'* Warri abbaa angoo sun isa sodaatee baqate barsiisanii yookiin immoo reebanii biyya eegsisuuf , kanneen gootummaan dhaabbatanii lolaniif loon warra sodaatanii qalee nyaachisuuf dirqamaafi aboo qabu turan; haata'u malee, kana gochuu waan dhiisaniif hawaasichaan qeeqaman. '*Kanaaf jenne kunoo aadaa abbaa jabeechaa'* kanaaf akka falaatti kan kaa'ame, aadaan abboota keenya durii dhimmi biyya eegsisuufi eenyummaa ofii tikfachuun kan danda'amu aadaan abbaa ofii yoo jabate qofa taa'uusaa agarsiisu. *Aadaan abbaa ofii dur jabbaatee* jiru laaffisuurraa kan ka'e sarbaminsi daangaa isaanii hawaasicha qunnamuu isaatu mul'ate. HawaasaTorban Oboof daangaan eenyummaa, dinagdeefi waa hunda. Daangaan isaanii sarbamuun eenyummaa dhabuutti waan fudhataniif cimsanii eeggatu turan. Garuu warri Gadaa Duuloo yeroo sanaa daangaa itti kenname hineegsisiin waan hafaniif hawaasichaan baayyee komatamaanii turan. Sabaabiin isaa warra Gadaa abbaa dabareef daangaa eeguun dhimma fedhii dhabuufi qabaachuu qofa osoo hintaane dirqama lammummaa ture.

Kanaaf, Baabsaa dirqiitti baasanii, isa dide immoo dirqamaan dulchisanii biyya eegsisuu qabu turan. Silaa warra Gadaa yerootu dura deemee kana raawwachisa ture. Isaan garuu cimanii lolanii daangaa dabaluu osoo qabanii bakka dura jiru gadhiisuun dadhabiina garee sanaa ta'uusaa agarsiisuuf seenessa

kanaan arrabsan . Rakkoon kun akka mudatuuf kan sababa ta'e qaamni isa ilaallatu gahee isaa bahu dhibuu dhabamuurraa kan ka'e ta'uusaa agarsiisuuf *'Namni biyya mataa deemee lolchiisu eecha?* jechaa komiifi qeeqa qaban mul'isu. Aadaafi waadaan hawaasa Torban Oboo warra Gadaa abbaa dabaree irraa barbaadu biyya dura deemanii kallattiifi tarsiimmoo kennanii daangaa biyyaa eegsiisuu, aadaafi safuu hawaasichaa kunuunsuufi tursiisuu ture . Garuu jarri warra abbaa angoo kana gochuu hindandeenye. Kun immoo hawaasichaan qeeqamuufi balaalleffatmuu isaanitti fide.

Yaada kana Asafa(2010) cimsuun bulchiinsi Gadaa gama dinagdeen, aadaan,siyaasaafi jaarmiyaalee amantiin hawaasa qindeessuun itti gaafatamummaa warra gaggeessitootaaf kennuun bakka bu'uumma gosoota hundaaf kennee rakkoolee uumamaniif furmaata kennuun mirgaafi bilisummaa bu'uuraa hawaasichaa kabachiisa. Akkasumas, bakkoota walfalamsiisoo ta'aniifi waldhabdee hawaasicha gidduuttis ta'e kanneen biro gidduutti uumamee furuu danda'a. Yaadni kun gadaan dhimmoota bu'aaleefi jireenya sabichaa eegsisuu keessatti gahee olaanaa akka baa'aa tureefi jiru agarsiisa.

Warri Gadaa yeroo dabaree isaanii garee irraa fudhatan yookiin haaraatti dabarsu bosona ykn bakka diinaatti ergee lafa qabsiisa. Kun immoo bara baraan itti fufa. Namni tokko yeroo Gadaa yookiin dirqama isaa fixeyyu galee hintaa'u;warra kaan waliin biyya isaa eega malee. Warri gadaa of harkaa qaban taa'anii daangaa yoo eegan warri ofharkaa hinqabne immoo bakka jiran taa'anii eegu (hordofu). Uummanni hundinuu jaarsaafi jaartii osoo hinjedhiin walta'anii walgargaaraanii lolu; biyya isaanii eeggatu.

Qabxiilee xiinxala afee armaan oliirraa wanti hubachuu dandeenyu, hawaasni Torban Oboo daangaan sarbamnaan callisee kan hindhiifneefi fala atattamaa akka barbaaduu hubachiisa. Falli karaa hawaasichaan kenname aadaa abbaa ofii jabeessuu ta'uusaa geerarsaafi weedduu isaaniin mul'isu. Kunis, aadaan hawaasaa laafuun dhimmoota hawaasaa xixxiqqaarra taaree rakkoolee gurguddoo kanneen daangaa sarbamuufi eenyummaa ofii mulqamuuf saaxilaamuu isaanii agarsiisa.

Mammaaksonni abbootii Gadaafi jaarsoolii gosoota Torban Obbo yeroo marii gareefi walga'ii qixxee gosaafi hawaasaa gargaaramanii ijoollta isaanii gorsanillee haaluma walfakkaatuun qaama aadaafi waadaa hawaasaa hineegne akkaataa armaan gadiin qeequ. ,

Afeen armaan olii keessatti mammaaksi dhumarratti isaan gargaaraman kan hawaasni Torban Oboo yeroo walga'ii qixxee gosaafi firaa ijoollee isaanii gorsan kan itti dhimma ba'anidha. Dhaloonni yookiin ijoollonni isaanii waan isaaniirraa eegamu hinraawwatiin hafan mammaaksa armaan olii kanaan qeequ. Kunis, lafaafi nama walbira qabanii addeessu. Akkuma lafti sanyii gaarii naaf kenna jedhanii abdatan sanyii hinkenniin hafu, namni yookiin dhalli qeyeefi biyya eega jedhamee abdatame gahee isaa hinba'iin yoo hafee lammii nyaachisa yaada jedhu mul'isu.

Dhimmi ijoo yaada hawaasaa armaan oliirraa hubatamu, sanyiin faca'u tokko itti fufee ija biraa kennuuf, lafti sanyiin irraatti faca'e murteessaa akkuma ta'e, namni imaanaa fuudhee waan waadaa gale aadaafi amantii eegee dhaloota dhufutti hindabarsine yoo ta'e , beekumsiifi duudhaan hawaasichaa karaatti kan hafu ta'uusaati. Kanaaf, hawaasni Torban Oboo ijoolloonni yookiin warri Gadaa abbaa dabaree ta'an akka isa abdatamee lammii nyaatee hintaaneef mammaaksa kanaan walgorsu. Kunis, haala mijataafi mijataa hintaane keessatti waadaa hawaasaa eeguuniif kunuunsuun kan irraa eegamu ta'uusaafi kan abdatame lammii akka hinganne agarsiisuuf gargaaramuu isaanii hubachiisa. Kanneen malee, aadaa hawaasichaa keessatti waadaan abbootiin kenname hineegamu taanaan, dhaloonni sun lafa sanyii faca'e hinbiqilchiin hafe waliin tokko ta'uusaa agarsiisa.

Hawaasni Torban Oboo himteewwan armaan olii cinatti gooroowwan afseeneffamoota holooloo malee sirbootaafi geerarsootatti gargaaramee eenyummaa biyyaafi jiraachuu ogwaloolonillee ni ibsata.

**AfsTO (23)**

Yartuun ilmaas dhalattee yaa tokkichummaa jettee
Tokko ta'aniif du'uuree lamaaf du'a ooluuree
Gubaalechi aaraaree gubataan daraaraaree
Namni aaree gubatee biyya abbaasaa dhiisaaree( Daawwannaa misooma daboo oolanii

yeroo geeraran, Waxabajji, 2013 mana obbo Nagawoo Boosattitti waraabame)

Geerarsi armaan olii hawaasni Torban Oboo seenaa biyya ofiifi jedhanii gootummaan wareegamuu akka qaban bakka dabootti of ibsuu isaanii addeessa. Kunis, kan qofa dhalates ta'e, baayya'atee dhalate du'a hinoolu waan ta'eef biyya ofiif aarsaa ta'uun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisuuf *Tokko ta'aniif du'uuree lamaaf du'a ooluuree* jechuun himu. Geerarsi hawaasaa kun rakkoon yoo uumameyyu *Namni aaree gubatee biyya abbaasaa dhiisaaree* biyya abbaa ofii dhiisuun barbaachisaa miti yaada jedhu ibsuuf gargaaramuu isaanii akka addeessan mul'isa.

Ergaan ijoo geerarsa armaan oliirraa hubatamu, yartuu ilmaa tokko ta'ee osoo gahee isaa hinba'iin geeraruu akka hinqabne mul'isa. Gama biraan immoo, biyyi ofii hineegamne taanaan xiqqaatanis ta'e baay'atanii dhalatan duunii yookiin daangaan sarbamuun akka hinoolle ibsa. Biyyi takkaa ormaan weeeraramnaan akkuma *Gubaalechi aaraaree gubataan daraaraaree* gubataan daraaruu hindandeenye, aadaan, amantaan, abbummaa lafa ofii gaafachuu akka hindanda'amne agarsiisa.

Kanaaf, geerarsi kun miseensonni hawaasaa hundi rakkoon karaa daangaa uummata naannoo mudatu keessaa qooddachuu waan danda'uuf, hundumtuu gahee isaa ba'uu akka qabu jabeessuuf gargaaramuu isaanii hubanna.

Weedduun yookiin sirbi biraan kan armaan gaditti dhiyaateu immoo dhaloota safuufi duudhaa hawaasaa irraa eegamu dhiisee yaada ormaafi faallaa hawaasaa ta'e raaawwatu qeequuf dhiyaate.

**AfsTO (24)**

*Gangalataa wadalaa*
*Daaraarraan dadhabee*
*Saree guddisaa badde*
*Gandarraan dadhabee*
*Gowwaan lafa onaa*
*Marageetiin dadhabee*

Afee kana keessatti yaadni odeefkennaa kun amala badumaa ilmasaa balaaaleffachuun garee hawaasaa naannoo isaatti seenessa isaa bifa sirbaan dhiyeessa. Akka hiriyyoota isaa dhaqee duulee daangaa eeguu

dhiisee akka wadala harree bakka argamuu qabu dhiisee bakka hintaane dhaabachuu haala jeekkara kanaan amala ilma isaa *Gangalataa wadalaa daaraarraan dadhabee*

jechuun kan beeyladaa waliin walbira qabee ibsata. Kunis, akkuma harreen daaraa keessa bakka tuffatamaafi gatamaa keessa gangalattu ilmi isaanii bakka kaayyoo hinqabne dhaabachuu isaa agarsiisuun dhaloota dirqama hinbaane qeequ. Wadalli / kormaan harree bakka abbaan qabeenyaa barbaade hinoolu. Jarreen kun amala harree kan walbira qabuun dargaggoota yaadaafi qajeelfama abbootii hinfudhanne cigoodhaan amala badaa ilmaan irraa mul'atu balaalleeffatu .

Itti dabaluun, akkuma sareen osoo nyaanni baayyeen mana ishee jiruu adeemtee gandarra labdee kajeeltu , dhaloonni qeeyeefi kaayyoo saba isaa dhiisee ormatti firoomu amala gadhee ta'uusaa agarsiisuun *Saree guddisaa badde gandarraan dadhabee jechuun* dubbii qolaa kanaan ibsu. Sareen mana nyaatteef waan duttuuf, ilmaan isaanii takkaa ormaaf bitamnaan hawaasa, gosaafi fira waan gananiif dursanii gorsachuun barbaachisaa ta'uusaa cimsu. Sareen manaa hinbaanee, warraaf amanamtuu akka taate ilmi mana ormaa hinbarrellee gosa hundumaaf amanamaa akka ta'e jabeessan barsiisu. Haaluma kanaan seenessaan weedduun ibsu kun gowwaa gorsanii sirreessuun rakkisaa ta'uusaa dabalee mul'isa. Garuu dhaloonni kaayyoofi galma hawaasni barbaade bira akka ga'aniif garaa bal'atanii gorsuun barbaachisaa ta'uusaa amanu. Akka hawaasa Torban Obootti dhalli kan hawaasaa waan ta'eef, abbaan yoo ofiisaa gorse sirreessuu dadhabe , gosti yookiin firri akka sirreessuuf qixxee firaa/ gosaatti dabarsu. Kun immoo ijoolleen dhalattee jirtu kan nama dhuunfaa yookiin garee tokkoo qofa osoo hintaane kan hawaasa bal'aa ta'uusaa mul'isuun qixxeen gosaa akka sirreessuuf firootatti himatu. Qixxeen gosaa immoo akka seera hawaasaatti adabanii sirreessu.

Kanneen malee, namni kamiyyu kan gosaati malee ofqofaaf akka hintaane odeefkeennitaoonni dabalanii himu. Jireenyi akkasi immoo hawaasichi hagam akka waljaallatuuf tokkummaa qabu mul'isa.

Jaalalli isaanii kun immoo guddina hawaasummaafi tokkummaa isaanii keessatti gahee olaanaa akka gumaacheeru ragahimtoonni dabalanii himu. Kunis, yeroo lolaa/waraanaa , jigii/daboo , gaddaafi gammachuufi sirnoota adda addaa keessatti akka waliin ta'anii waliif biramataniif gumaacha guddaa kenneera.

Yaadni armaan olii dubbii haalaa bakka buusaan dhiyaate kun daangaa ofii eeggachuuf dhaloota bodarraan dhufan cimsanii yoo qabatanii guddisan malee, safuufi duudhaa hawaasichaa dhiisanii daandiirra gorraan ulfaataa ta'uusaa agarsiisuuf , hawasichi eenyummaa isaa dabrsee fufsiisuuf ijoollota isaa akka dhuunfaatti ;akkasumas, akka hawaasaatti cimsee barsiisuu yookiin leensuu akka qabu mul'isa.

Hawaasni Oromoo Torban Oboo daangaa isaa kan eenyummaa waliin walqabatu dogoggora warren itti gaafatamtoota ta'anirraa kan ka'ee dhiibamanii miidhaan irra ga'eera yoo ta'e haala afee armaan gadii kanaan rakkoo isaanirra ga'eefi fala isaa kaa'uun bifa weedduudhaan seenessu. Kunis rakkoon dhufu garee hawaasaa tokko qofa kan miidhu osoo hintaane hunda akka ilaallatu agarsiisu.

**AfsTO (25)**

Duri bara tokko yeroo warri Gadaa abbaa dabaree akkaataa irraa eegamutti daangaa osoo hineegsisiin hafnaan Amaarri qeyee Torban Oboo weerartee uummata xiqqaafi guddaa lubbuu balleessite. Yeroo kana miidhaa ga'e sana ibsuuf jeekkaraaan ibsaa turan.

. *Guddaa teenya fixanii adiin gaara ciisaa*
*Dargaggoo keenya fixanii jaftaan gaara ciisaa*
*Shamarran teenya fixanii faayyi gaara ciisaa*
*Haawwan keenya fixanii okoleen gaara ciisaa*
*Oromoo lammii kiyya dubbiin garaa na ciisaa*
*Yoomiin galee ofciibsaa*

Akkuma xiinxala **AfsTO(22**) jalatti ibsametti bara dabaree warra Gadaa Duuloo diinni/ nafxanyaan yeroo isaan daangaa isaanii cabsan jaarsoliin waan dhumaniif, *Aarrii waan gaara ciisaa jechuun* kana mataa harrii qabu dhabamuu , gaara bakka irreeffataanitti ajjeeffamuu isaaniirraa kan ka'e maanguddoonni , beekaan hawaasa gidduudhaa dhumuu bifa jeekkara kanaan himatu. Itti dabaluun, *Dardara keenya fixanii Filaa waan gaara ciisaa* dargaggoonni warri goofaree filatan waan dhumaniif

dhaloota bakka nu bu’u hinqabnu yaada jedhu agarsiisuuf seenessu; ittiin waldaddamksu. Filaan meeshaa aadaa dargaggoonni mukarraa qopheeffatanii ittiin mataa filatan ture. Gareen hawaasaa dargaggoonni meeshaa sanaan fayyadaman gaara gubbaatti waan dhumaniif meeshaan sun tajaajila akka hinkennine agrsiisa. Akkasumas, calleen kan dubartoonni gargaaraman sababa ijoolleen durbaa diinaan miidhamaniif ,rakkoon jiru saalaafi umrii kan adda baasee akka hintaane ibsu. Haaluma walfakkaattun dubartoonni ga’eeyyiillee sababa dhumaniif rifeensi isaanii bosona keessaatti gatamuu mul’isu. Kun hundi namni umurii kamiiyyu weerara yeroo sana karaa daangaas ta’e kallattiin mootota Habashaan adeemsifamen kan miidhaman ta’uu isaanii ibsuuf akka gargaaraman dabalanii himu. Jeekkaraan/weellisaan kun garaan isaa haloo ba’uu barbaada. Afseenessa isaanii bifa walaloon dhiyeessan kanaan callisanee teenyee diinaan nyaatamuurra, hundi keenna kaanee haaloo haa baanu jechuun walkakaasaa jiru. Gama kaanin immoo nan obsa jedhanii sodaatanii taa’uurra diinaa Oromootti roorristu gumaa baa’uun daangaa isaanii eeggachuun barbaachisaa akka ta’e mirkaneessuuf *Dhiigaatu garaa na ciisaa, Yoomiin galee gacciisaa’* jechuun dhaadatu. Kunis, diinni miidhaa geessissuu waan itti fufuuf ofdgannee taa’uu hinqabnu yaada jedhu cimsuuf weedduu kana gargaaramu. Himni *‘Dhiigaatu garaa na ciisaa’* jechuun gostiifi firoonni isaanii waan dhumaniif gaddi garaa isaanii hagam daraan gadi fagoo akka ta’e agarsiisa. ‘*Yoomiin galee gacciisaa’* kanaaf hawaasni hundi erga miidhamee tasgabbii argachuu waan hindandeenyeef boqotanii ciisuun hindanda’amu .

Dhimmi ijoo weedduu armaan oliirraa hubatamu, hawassni Torban Oboo yeroo weedduun kun weeddifame diinni daangaa darbuun qaama hawaasaa saalaa, umuriifi amantii osoo hinqoodiin nama hundumaarratti miidhaa geessisuusaati. Kanaaf, callisanii taa’anii du’a eeggachuurra, namni hundi gama isaan ka’ee loluu akka qabu afseenessa bifa walaloon dhiyaate kanaan walonnachiisuu isaanii nu hubachiisa. Akkasumas, warra harrii qaban, harmoolii, dargaggoonniifi shamarran eenyummaa

hawaasichaa ibsuu keessatti bakka olaanaa qabaan akka hinbadneef gareen hawaasaa hundi gahee isaa ba'uu mala yaada jedhu mul'isa.

**5.7. Ilaafi Ilaammee**

Hawaasni Oromoo Torban Oboo sarbama daangaa isaan mudateef osooma yaada isaanii afseenessaan himanii walakaatti yookiin dhumarratti fala gara fuulduraatti gochuu qaban bifa geerarsa /jeekkaraan dabalanii himu. Kun immoo dhaggeeffataan caalaatti si'atee xiyyeeffannoon akka hordofuuf daddammaksuuf ta'uusaa ni himu. Hawassichi sarbamni daangaa lafaa yeroo isa mudatu callisee harka maratee akka hinteenye agarsiisuuf dhaloota haala jeekkara afee armaan gadiin gorfatu / onnee itti horu.

**AfsTO (26)**

Weeraraafi miidhaa **(Afee 25)** keessatti ibsamerratti hundaa'uun jaarsoliifi hayyoonni sababa tokkummaafi waldhaga'uu dhabuurraa kan ka'e ta'uusaa agarsiisuuf weedduu armaan gadii bifa geerarsaan weeddisu

*Dhagahii dhaggeeffadhuu*
*Yaadaan na qalbeeffadhu*
*Bakka gosaa jeekkaraan beekanii*
*Bakka firaa Shubbisaan beekanii*
*Bakka guulaa ragadaan beekanii*
*Akkanaan jechuu beeka Waani naan jettuun eega* (Geerarsa Nagawoo Boosatiin geerarame; Caamsaa, 2013)

Yaadni afee armaan olii yeroo tokko ajajaafi waamicha abbootii Gadaa gareeleen hawaasaa kabajuu didnaan karaa kallattii kaabaa ganda Borcataa sabni Argobbaafi Amaraa daangaa cabsanii hawaasicha miidhanii waan turaniif rakkoo afee digdamii arfeeffaa keessatti mudateef furmaata akka ta'uuf , dhaloonni haaraan abbootii duraan turan kanneen aadaa, safuufi dhuudhaa hawaasaa beekanirraa akka barataniif, maal gochuun akka isaanirraa eegamu dhaggeeffatanii hojiitti akka jijjiiraniif gorsu. Kunis, hima diduu dhiisanii yaada abbootii akka fudhataniif *Guurii gurraa fudhadhuu* jechuun xiyyeeffannoon akka isaan barbaachisu himu. Haaluma kanaan *Bakka gosti bule jeekkaraan beekanii* gosti waliin ta'ee

taphachaa tokkummaan jiraachuun yoo waldhaga'e gaarii ta'uusaa , ilaalchaafi amantaa gosa ala akka hintaane agarsiisu. Akkasumas, bakka firri bule beekuun seenaa ofii baruun tiksuu ta'uusaa addeessu. Kanneen cinatti, firri jiruufi jireenya waliin keessatti bakka olaanaa qabaachuusaa ibsuuf *Bakka firri bule Shubbisaan beekanii* jechuun ibsu. Kunis, yeroo daangaa eeguus ta'e safeeffannaa hawaasaa beekuun firaafi gosa biratti fudhatamaa ta'uusaa hubachiisa. Akkasumas, kan wal'aansoo nama gaafatuyyu yoo ta'e ilaalcha hawaasaa keessatti oftiksuun gammachuu qabaachuu isaa ibsa.

Walumaa galatti, jiruufi jireenya Torban Oboo keessatti amantaa hawaasaa kabajuu dhiisuun akka adabsiisu, seenaafi ka'umsa abbootii beekuu, yaadaa qixxee gosaafi firaa kabajuun bakka olaanaa qabaachuusaa agrsiisuuf seenessu. Akkasuams, hawaasni tokko hooggantoota isaa dhaga'ee kabajee hinabboomamu yoo ta'e diinaan sarbamuun isaa kan hinoolle ta'uusaa hubanna. Kun immoo dhaloonni isaanii eenyummaa isaanii akka tikfatanii tursiifachuuf isaan gargaaruu isaa mul'isa. Itti dabaluun, haala armaan gadiin cimsanii xiiqiidhaan dhaggeeffatoota isaanii mala agrsiisu.

**AfsTO (27)**

*Dhagahii dhaggeeffadhuu*
*Yaada qalbii fudhadhuu*
*Mukni Borcataa gubatee*
*Daaraan labbaa ganda Garrii ciisaa*
*Akka biishaan haroodhaa*
*Waatu garaa kiyya meesaa* .

Ragaan afee armaan oliin dhiyaate kun yeroo tokkotti waldhaga'uun hawaasicha gidduuti dhibnaan, naannoon diinaan weeraramee ture.

Afseenessi armaan olii bifa geerarsaan dhiyaate immoo rakkoo sarbama daangaarraa kan ka'e miidhaa isaanirra gahe mul'isuuf kan geerarame; guddaafi xiqqaan akka waldhaggeeffatuufi waltumsu jajjabeessuuf kan dhiyaatedha. Kunis, akkaataa ilaalcha siyaasaa qaba. Akka yaada ragahimtoottaatti mukni Garrii gubatee jechuun rakkoo hawaasa Torban Oboo warra naannoo ganda Garrii jiraatan

diinaan miidhamuufi balaa hawaasicha mudate bifa dubbii qolaan ibsata . Mukti Garrii fakkoomii hawaasaa naannoo ganda jiraatan waliin walqabata. Kunis akkuma mukti yoo guddataa adeemu nama tajaajilu, hawaasni tokko nageenyi isaa eegsifatee jira yoo ta'e caalaatti walhoruun waliif da'oo ta'uu danda'a. Garuu baroota 1970 keessa yeroo daangaan isaanii hawaasichaa warra Argobbaafi Amaaraan sarbame uummanni naannoo daangaa ganda Borcataa baayee miidhamee ture. Hawaasni irraa hafe buqqa'ee gara gandoota olaatti godaanee .

Yaadni afee armaan olii kun immoo hawaasichi yeroo sana baay'ee hubamuufi dararamuu isaa agarsiisa. Seenessaan afee armaan olii *akka bishaan haroo callisee ciisu* sana gadda gadi fagoo garaa isaa keessatti kuufame jiraachuu isaa mul'isa. Dubbiin qolaa bakka buusni haroo ciisu sunis aariifi dhiphina garaa keessaa agrsiisuuf walbira qaabbiin muka gubate ibsuun dhiyaate. Akkasumas, har'allee hawaasni waldhaga'ee, waliigalee daangaa isaa hineeggatu taanan, eenyummaa hawaasichaa kan mul'isu qabeenya uumamaas ta'e lafa isaa diinaan kan saamamu ta'iisaa hubatama.

## 5.8. Tokkummaa Qabaachuu

Hawaasa Oromoo Torban Oboo sarbama daangaas ta'e rakkoon kan biraa yoo isa mudatu callisee taa'a osoo hintaane, taa'ee mari'atee furmaata barbaada. Sababa waldhaga'uu dhiisuu yookiin tokkummaa dhabuu yoo ta'e haala durdurii armaan gadiin bira qabee fakkoomiin dhaloota barsiisa**.**

**AfsTO (28)**

> Namichi tokko ijoollee torba qaba ture. Ijoolleen isaa tun walii hingalanu; halkanii guyyaa wal lolan,;wal arrassan,;wal rukutan. Kabajaafi jaalala walii hinqabanu. Abbaan gaaffii afaaniin gorsaa dhaqee dadhabee jennaan gaafa tokko isaan cufa walti yaame. Isaan duuchi ulee qaqalloo tokko tokko naa fidaa jedheen. Isaan duuchiinuu fidaniif. Kanaan duuba ulee qaqalloo torba walitti hidhee tokko tokkon caccabsaa jedheen; caccabsuu dadhaban. Ulee kaan ammalle gargar baasee tokko tokkoon itti kennee me caccabsaa jedheen. Uleen addaan baanaan haaluma salphaan caccabsan. Kanaan duuba abbaan isaanii akkasi jedheen, argitanii? Yoo isin torbaanuu walii galtanii akka ulee tana tokko taatan humna guddaa qabdu; nami kamiiyyuu isin cabsuu hindanda'u. Yoo akka ammaa kanatti yeroo hunda wal dhabaa gargar faffacaatan, akka ulee tanaatti diinni keechan tokko tokkoon isin caccabsa jedheen. Kanaaf, tokko ta'aa jedhee fakkeenyaan barumsa guddaa kenneef. Isaanis tole jedhanii walii galanii tokkummaan jiraachuu jalqaban jedhama(afgaaffii jaarsa biyyaa Nagawoo Boosatirraa, Fulbaana,2014).

Durduriin afee armaan oliin dhiyaate, rakkoo yeroo hawaasni Torban Oboo tokkummaa isaa hineeggatiin hafeennaan, saboota naannoo isaanii afee 27fi 28 jalatti ibsamaniin miidhaan irra ga'e ture. Yeroo sana gareeleen hawaasaafi gosoonni tokkoomuu dhiisanii kallattii isaanitti faakkaateen lolanii waan miidhamaniif, deebi'anii akka walii galaniif jaarsoliin biyyaa gosoota hundumaa walitti qabanii durdurii kanaan isaan barsiisuuf akka ta'e ni himu. Kun immoo kan agrsiisu yaada Oromoon ' tokkummaan humna' jedhu cimsuuf. Haga fedhe baay'atanillee walta'insi hinjiru taanaan qaama amma ofii hingeenyeen miidhamuun akka hinoolle addeessa. Ergaan durdurii kanaa hawaasni tokko eenyummaafi daangaa isaa eeggatee tursiisfachuuf gosaa jalqabee haga firaafi maatiitti tokkoomuun barbaachisaa ta'uusaa dabalee dhugoomsa. Ciminniifi ga'umsi tokkummaan walqabatanii jiraachuufi dhaabbachuu ta'uusaa hubachiisa.

Afseenessi armaan olii bifa dur duriin dhiyaate kun rakkoo sarbama daangaa hawaasicha yeroo adda addaa kallattii adda addaan mudateef furmaanni sabni Oromoo akka walii gaalaatti , Torban Oboo immoo addatti tokkoomee yoo waliif birmatee walta'ee waliin lole malee miidhaafi sarbama qeyee ofiirraa buqa'uu ooluu akka hindandeenye agrsiisa. Kanaaf, tokkummaan jiraachuufi hojjeechuun eenyummaa uummatni Oromoo ittiin beekamu deebi'ee akka dagaaguuf haala kanaan ibsan.

Kannen malee, gosoonni afseeneffamoonni adda addaa hawasni Oromoo Torban Oboo gargaaramee jiru aadaafi duubee seenaa abbootiin dargaggaootaafi garee hawaasaa adda addaa ittiin barsiisuuf gargaaramudha. Hawaasni Oromoo Torban Oboo afseeneffamoota armaan olii gargaaramee aadaa isaa tursiisuuf, jireenya hawaasummaa isaa cimsachuun akkaataa eenyummaa isaanii beekan, seenaafi afaan isaanii kunuunsaniif gargaara. Itti dabalees, haala darbeerraa barachuun egeree ofii tilmaamuu, haala falaasama safuu, heeraafi seeraa qabuun jiraachuun daangaa isaafi ofkabachiisee akka jiraatuu kallattii agrsiiseera.

Kanneen, kutaa armaanm olii keessatti qabxiileen bu'uuraa hubachuu dandeenyu, hawasni Oromoo Torban Oboo haala Gadaarratti hundaa'ee daangaa lafasaa kan eenyummaa isaa ittiin mul'isu ofeeggannoo guddaan kan tikfatu ta'uusaa afseeneffamoota armaan oliirraa hubanna. Akkasumas, daangaa eeguun dirqamaafi gahee warra abbaa Gadaa yoo ta'eyyu miseensi hawaasichaa hundi dhimma daangaaarratti ilaalcha tokko waan qabaniif yeroo barbaachisaa ta'etti bakka wamaamanitti argamanii daangaa isaanii tikfachuun dirqama ta'uusaa mul'isa. Gama biraan immoo gareen hawaasaa yeroo dabareesaatti dirqamaafi gahee isaa hinbaane karaa hundumaa ni qeeqama. Hawaasummaa keessattis kanneen biroo of eeggannoo akka ta'uufi ittiin barsiisuuf jara kannen dirqamaa isaanii hinbaane tokkummaa keessaa ni baasu. Kana fiixaan baasuuf, haala adda addaan bifa jjeekkaraanis ta'e geerarsaan ni gorsu; ni qeequ . Akka seera bulmaata qixxee gosaafi firaan yookiin garee Gadaa keessatti argamaniin walitti ba'anii nama dirqama isaa hinbaane ni adabu.

Walumaagalatti, xiinxalliifi qaacceessi boqonnaa kana keessatti argaman akka agarsiisutti daangaan lafaa, dhufteen hidda dhalootaa afseenessaan eenyummaa waliin akka ibsaman mul'isa. Qabxiileen as keessatti mul'ata Torban Oboon sanyii isaanii barsiisuuf bakka dhalotaa eenyummaa seenessaan akka barsiisan argina. Dhimma daangaa waliin walqabsiisanii afseenessi isaanii eegumsi daangaa dhimma hawaasa hundaa yoo ta'eyyu, olaantummaan hordofuufi qindeessuun gahee garee hawaasaa dabree Gadaa of harkaa qabnii ta'uusaa mul'isa. Gareen warra Gadaa biyya nagaan geggeessuu, bulchuufi daangaa ofii eegsisuuf aadaa abbaa jabeessuu akka qaban, waldhaga'uu, haqaafi qulqullummaafi ayyaantummaa qabaachuun barbaachisaa ta'uusaa afseenessa isaaniin cimsaa jiraachuu isaanii argina.

# BOQONNAA JA'A: FAKKOOMII AFSEENESSA EENYUMMAA HARIIROO NAMAAFI UUMAMAA

## 6.1 Seensa

Boqonnaan kun akkaataa itti afseenessoonni eenyummaa Torban Oboo walitti dhufeenya namaafi uumama naannoo isaanii gidduu jiru ibsan xiinxaluun dhiyeessa. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaa akkaataa afseenessi Torban Oboo hariiroo nama, lafaafi uumama naannoo eenyummaa agarsiisuu keessatti qaban adda baasuun, hawaasichi akkamiin eenyummaa isaanii walitti dhufeenya uumama naannoo waliin ijaarratan, tursiisatan, kunuunsaaniifi dabarsaa turan ibsuufi addeessuudha. Akkasumas, qorannoon kun boqonnaa kana keessatti yaaxxina hiika fakkoomii hawaasni tokko hiika fakkii yookiin mallattoo wanta tokkoo fudhachuun hiikaa waloo ittiin waliif galan bakka buusuun itti gargaaramuun jireenya har'aa booruu keessatti fayyadama yaada jedhutu dhimma ba'ame. Sababiin isaa fakkoomiin akkaataa namni dhuunfaas ta'e gareen hawaasaa addunyaa kana ilaaluufi hiika itti kennu waliin hidhatinsa qaba ilaalcha jedhu qaba(Carter and Fuller, 2015 ). Akka Fakiruddin (2023) ibsutti immoo galma aadaafi ce'umsaatti fakkoommiin aadaafi sirna hawaasa dhugaa uummata keessa jiru ijaaruuf oola. Amalli, beekumsaafi akkaataa ijaarsi hawaasaa kan qajeelfamu yaaxxina kanaan. Haaluma yaada armaan olii cimsuun Bruce (2023) immoo hiikaan fakkoommii miiraafi yaadota ijaan hinargamne qindeessuun erga walitti fidee hawaasni hubannoo addunyaa akka qabaatuuf ilaalchaa, kaayyoofi gocha kakaasuuf ta'uusaa waliin walqabsiisuun haala ifa ta'een mul'isuuf tajaajilama waan jedhuuf qorannoo kana keessatti maleenyi hiikaa fakkoomii kun dhimma ba'ameera.

Maleenyi qorannoo boqonnaa kana keessatti dhimma ba'ame immoo maleenya gaaffii seenessaa yoo ta'u, gaaffii afaaniitu maddarraa waraabameetu hiikame xiinxalaaf dhiyaate. Abrams (2010) maaleenyi afseenaan yeroo adda addaa keessaatti kanneen jijjiiramaniifi akkuma jirutti itti fufan agarsiisuun,

muuxannoo hawaasaa, dhiibbaa jijjiiramaafi mudannoo jireenya isaanii sadarkaa xiqqaa haga olaanaatti akka ibsan gargaara yaada jedhu qaba. Kanaaf, qorannoon kunis boqonnaa kana keessatti hariiroofi fakkoomii uumamni naannoo hawaasicha keessatti dur qabuufi amma qabu dhiyeessuun xiinxalee jira.

Boqonnaan kun kutaalee gurguddoo shan ofjalatti hammatee jira. Kutaan jalqaba afseeneffamoota fakkoomiifi hariiroo namaafi gaarreen hawaasni Torban Oboo qabuu waliin walqabatee ilaalchaa, amntaafi safuu hawaasichi waliin walqabsiisee eenyummaa isaa ijaaruuf taasisu dhiyeessa. Kutaan lammaffaan immoo, fakkoomiifi hariiroo, kabaja, ilaalcha, eegumsaafi kunuunsa uummatichi mukkeeniifi biqiltoota naannoo isaanii jiraniif qabu addeessa. Kutaan sadaffaan boqonnaa kanaa immoo afseeneffamoota hariiroofi fakkoomii namaafi Sululawwan, laggeeniifi malkaawwan xiinxalee dhiyeessuurratti xiyyeeffatee jira. Kutaalee lamaan itti aanan keessatti immoo fakkoomiifi walitti dhufeenya namaafi bineensotaatti dhimma ba’uun haala hawaasni Torban Oboo eenyummaa isaanii seenessaan ibsa. Kutaan dhumaa ilaalcha, duudhaafi fakkoomii ujubawwan abbootii durii ayyaantummaa waliin walqabsiisanii safeeffataniifi gargaaraman addeessa.

### 6.2. Hariiroo Namaafi Garreen

Oromoon ilaalcha isaa keessatti uumama Waaqni uume hundaafis kabajaa guddaa qaba. Dastaa (2015:5) yaada kana “... the Oromo respect all nature. They pay respect to everything Waaqa created” jechuun ibsa . Kunis, kabajaafi ulfina Oromoon uumama Waaqani uume hundumaaf qabu agarsiisa. Uumama kanneen keessaa ilaalchi Oromoon tulluuwwaniif qabu olaanaadha. Tulluuwwaniin of ibsa; maqaa moggaaffata, achittis tokkummaan walarga. Itti dabaluun, Bernbaum (2022:287) *“As divine ancestors, mountains provide many societies with their identity and cohesiveness.”* Kana jechuun akka Waaqa abbootii duraatti tulluun hawaasa keessatti walta’insaafi eenyumma ijaaruu keessatti gahee olaanaa akka qabaatu kan taasisu ta’uusaati. Kunis, ilaalcha Oromoo biratti tulluun kabajaafi ulfina

guddaa qaba jedhu cimsa. Akkasumas, Waaqni tulluu yoo uumu ayyaana gurguddoo waliin uumee lafa biroo irraa ol kaasee adda taasise ta'uusaa Oromoon amana.

Haaluma walfakkaatuun afseenessoonni Torban Oboo tulluuwwaan waliin walqabsiisanii seenessan akkaataa eenyummaa isaaniin ibsatan qabatee jira. Afee armaan gadii mee haa ilaalu.

**AfsTO (29)**

> Oromoo biratti tulluun ykn gaarri ulfoodha. Tulluun lafa ol ka'aafi qulqulluudha; bakka itti Waaqa waliin itti walarganidha. Bakki Waaqni lafa hundumaa irraa adda taasisee olkaasee uume kun ulfoodha. Tulluun madda burqaawwan bishaaniti. Caffeen Tuulamaa tulloota akka Cuqqaalaa, Yereriifi Boosat bakka olaanaa qabu waan ta'eef akka ulfootti beekamtii kenneerafii . Nuuf warra Oboof immoo gaarri Bosat addadha. Kanaaf, tulluun hinqotamu, mukkeen tullootaas hinmuraman . Kun immoo namni hundi jiraachuuf naannoosaa kunuunsuufi ofeeggannoo akka taasisuuf ta'e(Marii Garee abbootii Gadaafi jaarsolii biyyaarraa fudhatame.).

Afeen armaan olii Oromoon dhimmoota uumaafi uumama waliin walqabatee safuu dhalootarraa gara dhalootaattti darbaa ture akka qabu agarsiisa. Kunneen keessaa tokko tulluu yoo ta'u, tulluun lafa tuttuqaa namaafi bineensota adda addaarraa bilisa ta'e waan ta'eef bakka waaqni Uumaan argamu ta'uusaa himu. Bakka Waaqni dursee olkaasee uume ulfoo waan ta'eef kabaja akka qabaatu himu. Tulluun hedduun yoo jiraataniyyu, hawaasichi haala sirna Gadaarratti hundaa'ee tulloota ulfoo ta'anii uummatichaan safeeffatamuu qaban labseera. Haaluma kanaan, Caffeen Tulamaa tulloota beekamoo naannoo daangaa isaanii keessatti argaman keessaa kanneen akka ulfootti adda ba'aan keessaa muraasni Cuqqaalaa, Yereriifii Boosat isaan beekamoo ta'uusaanii aaddeessu. Garreen madda burqituuwwanii, iddootti Waaqa waliin walarganiifi madda burqiittuwwan ta'uusaa agrsiisu. Gaarreen Gadaa Tuulamaatiin akka ulfootti ilaalaman keessa gaara Bosatiif ilaalchaafi kabaja guddaa qabaachuu isaanii mul'isu. Kanneen malees, hawaasichi tulluuwwan biroo naannoo isaanii jiran akka hinqotamneefi eeggumsa taasisaa jiraachuu isaanii dabalanii himu. Kanaaf, tulluun akka hinqotamne qofa osoo hintaane, mukkeen tullootarraas akka hinmuramane dabalanii eeru.

Akkasumas, sirni bulchiinsa Gadaa Torban Oboo dhimmota mukkeeniifi bineensota malee labasiin abbootii Gadaa gaarreeniifi tulluuwwaniif bakka olaanaa kenneerre. Kanneen walqabatee caffeen Tuulamaa tulloota Cuqqaalaa, Yereriifi Boosatiif beekamtii kennuun akka bakka jilaatti fudhatamanii haa kununfamniif seera tumeera. Gaarreen kunneen akka kunuunfamaniif labsaman keessaa kan naannoo hawaasa Torbnan Obootti argamu Gaara Boosat hawaasichi kunuunsee qabatee jira. Kanaaf, labsii gaareen hinqotaman, mukkeen gaarotas hinmuraman jedhu kabajee argama. Of eeeggannoo sanyiin nama muka gaarotaa muruufi gaarreen qotu baraaramuu; namas horiis hinhoru jedhu waliin tumsu . Sababiin isaa garreen bakka qulqullaa'aa hawaasichi itti ba'ee Waaqa kadhatu, yeroo hongeen dhufu, balaafi dhukkubni biyyafi safuun namaafi Waaqarratti cabu itti ba'anii kadhatanii Waaqarraa araara argatan. Kanaaf, mukti gaararararraa haga fedhe bareedas ta'e, ta'uu baate hinmuramu; lafti garaarrraa biyyee gabbataa qabaateefis hinqotamu. Kunis gammoojjii haala akka sanaa keessatti mukkeen naannoo gaarotaatti heeddumaatanii jiraachuu isaaaniif ragaadha

Dhimmoota kanaaf yaadni isaan dhiyeessan gaarri diigamnaan uumamni kan biroollee waliin waan diigamaniif naannoon isaan jiraatan isaaniif mijataa akka hintaane ibsu. Sababiin isaa gaarri yeroo diigamee qotamu burqaan loon obaafatan waliin googa; mukkeeeniifi uumamni naannoon isaanii qilleensa mijataa ta;e keessa akka jiraatan isaan taasisan waliin manca'u waan ta'eef. Kun immoo uumamni naannoo sun hawaasichi jireenya sirriifi gammachiisaa jiraachuuf madaalliin akka eegamu taasisuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa agarsiisu. Akkasumas, tullootaan dhufteefi eenyummaa isaanii ittiin himachuufi dhaloota isaanii barsiisaanii mul'isu.

Haaluma ilaalchaafi amantaa hawaasa Torban Oboo waliin walfakkaatuun, tulluun iddoo ulfoofi kabaja hawaasaan bakka olaanaa kennamu ta'uusaa isaa Asafaa (2015) hawaasni Oromoo tulluuwwan bakka tarsiimoofi ardaawwan jilaatti akka gargaaramu addeessa. Kanaafis, kabajaafi kunuunsa barbaachisu miseensa hawaasichaa hundumaan akka ta'uus sirna Gadaa keessatti tumsuun hojiirra oolchu.

Akkasumas, Elena(2023) “Mountain areas are addressed as a system, the identity of which we ought to recognize, in terms of protection, promotion, and integrated development,” ibsiti. Yaadni kunis gaarreen adeemsa eenyummaan ittiin hubatamu, ittiin of ibsamuufi guddina waliin keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa mul’isa.

Yaadani bu’uuraa ragaafi hayyootaan armaan olitti ibsame akka mul’isutti, hawaasni Oromoo akka waliigalaatti, Torban Oboo immoo addatti garreeniifi uumama kanneen biroof ilaalchaafi kunuunsa addaa akka taasisaa jiru hubaanna. Sababiin isaa garreen madda badhaadhummaafi akka fakkoommii eenyummaatti amanuu isaanii argisiisu. Akksumas, akka ilaalcha Oromootti tulluun olaantummaa uumaati; guddina uumaafi sabaati. Iddoo ol jedhaa Waaqatti siqudha; Waaqatu ayyaana guddaa wajjin isa uumeeefi bakka Waaqeffanaa Waaqni  itti nama dhagahu,  bakka araarri ykn nageenyi itti labsamu, lafa ulfinaa, lafa jaarsummaa, bakka dhugaafi sobni itti adda ba‘u, lafa murtiin itti kennamuufi araarri itti bu‘u, lafa uumaatti nama dhiyeessu, lafa safeeffannaafi hoodaa ta’uusaa mirkaneessa. Hawaasni Torban oboo bakka gaaraatti ba’ee yeroo Waaqeffatu bakka qulqulluu jedhee waan amanuuf bakka kanatti sobni dhugaarratti olaantummaa hinargatu jedhee amana.

Itti dabalees, amantaan hawaasichaa uumama naannoon kanneen akka tulluu hinkunuunfaman  taanaan wantoonni sababa jiraachuu gaarreniin jiraatan kanneen akka bishaanii, mukkeen naannoo madaalllii eegan hundi waliin baduu akka danda’an duranii akka beekan mul’isa. Gama biroon immoo tulluun bakka itti Waaqaan walarganii yoo manca’e , ayyaanni sababa uumama naannoo isaanii waliin jiraatu akka dhiisee deemu mul’isa.  Ayyaanni kun bannaan immoo nagaafi tasgabbiin, misoomni hundi jireenya hawaasichaa keessaa kan  waliin baduu ta’uusaa agarsiisa.

Gama biraan immoo, gaaronni naannoo daangaa hawaasa Torban Obootti argaman fakkoomii ykn mallattoo afuura abbootii isaanii naannoo sana jiraataa turanii waan ta’eef, maqaa ijoollee isaanillee

akka yaadannoo abbootiitti maqaa itti moggaasu. Keessumaa yeroo amma kana maqaan namootaa Boosat, Cuqqulaafi kkf namoota durii biratti argama. Hawaasichi dhimmoota gaaroota kanaan walqabsiisee akkuma gaaroonni kun baroota keessa darban jiraatan eenyummaan isaanii dhiibbaa siyaasaa, aadaafi amantaa ormaa dandamatee jiraachuu isaa kan agrsiisu ta'uusaa nu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, afeen afseenessa Torban Oboo armaan gadii raagamantaa hawaasichi gaara Boosat maaliif addatti ulfootti ilaalee akka filate kan taasise ta'uusaa ibsa kenname qabatee dhiyaateera.

**AfsTO (30)**

> Dur tokko nama dhugaa qabu tokkotu hawaasa keecha jiraata ture. Sababa dhugaa dubbatuufi murtoo haqaa kennuuf, namoonni isa lollaan gaara Boosatitti olbaqate. Itti fufee, bosona gaara Boosat keecha jiraate. Namoonni sun namicha gaara kanatti baqate ajjeesuu barbaadanii sababa bosona garaa Boosat kana akkataa itti dhiyaatanii ajjeessan dhabanii bosonichatti abidda qabsiisan ;yeroon isaas bona ture. Sana booda, abiddichi bosona qabatee boba'uu eegale. Akka abiddichi boba'uu eegaleen bona walakkaa kana keecha bokkaan yaandoo itti roobee abiddicha dhaamse. Kanaaf, namichichi hingubatiin hafe. Kanrraa kan ka'e hawaasni Torban Oboo gaarri kun ayyaana dhugaaf falmu qaba waan ta'eef, koottaa roggee gaara kanaatti baanee iddoo Waaqa araarfannu taasifanna jedhanii aarsaa gochuu eegalan eegalan. Sana booda, gosoonni Torban Oboo tokkummaan achitti olba'anii galma balbala torba qabu ijaarranne. Erga yeroo sanaa kaasee namni gaara sanatti olba'ee yoo Waaqa kadhatu kan dhala dhabe, dhala argata; kan harki qallate achitti ba'ee yoo irreeffate qabeenya horachuu eegale( Afgaaffii jaarsolii biyyaarraa fudhatame)

Haaluma walfakkaatuun afeen afseenessa Torban Oboo armaan gadii ilaalchaafi xiyyeeffannoo hawaasichi gaara Boosat itti addeessu qabatee dhiyaateera. Aadaa saba Oromoo keessaatti dhugaan bakka olaanaa qaba. Kanaafis Oromoon "Dhugaan ilmoo Waaqaati," jedhu. Akkuma amantaan Kiristaanaa 'Yesuus dhugaadha; ilma Waaqaati jedhanii amanan Oromoonis amantaafi aadaa isaa keessatti dhugaaf gatii olaanaa kennee falama. Gama biraan immoo nama dhugaa qabu namni dhugaa hinqabneefi loogummaatti amanu ni ari'ata. Kanaaf, namichi dhugaa qabu dhugaan iddoo waan dhabdeef namichi dhugaa qabu sun osoo dhugaa qabuu haqni kennamuuf dide. Dhugaan kan namaaf aragmu bakka ulfoo argama Waaqaa jedhametti baqate. Dhugaan ari'ame sun garuu hinbadne. Sobni

abbaa dhugaa dhabamsiisuuf abiddaan gubuu yaalaniyyu, milkaa'uu hindandeenye; yeroo haalli qilleensaa abiddi akka hinbobaanne dhorku hinjirretti ,Waaqni dhugaa oolchuuf bookkaa roobsee abbaa dhugaa oolche. Gaarri Boosat bakka argama Waaqaa ta'uusaa mirkaneessuuf , dhugaaf falmee dhugaa baduuf ka'e oolche. Kanaaf, yeroo sanarraa kaasanii hawaasni Torban Oboo akka gosa isaaniitti galma Torba qopheessanii achirratti yakkaafi rakkoo isaan mudate hundaaf aarsaa diyeessanii Waaqa araarfachuu eegalan. Gaara Boosat kana akka mallattoo faajjii isaaniitti ilaaluun ittiin of moggaaffatan.

Akkasumas, gaarri Boosat bakka dhugaan mul'atu qofa osoo hintaane iddoo Waaqni kadhata namaa dhaga'ee deebii kennu ta'ee hawaasichaan ilaalchi addaa kennameeraaf. Bakki kun iddoo madda dinagdeefi baay'achuu dhalootaa ta'uun hawaasa Torban Oboo biratti iddoon olaanaa kennameefii bakka deeman hundatti fakkoomii Waaqa isa dhugaa arguufi murteesuutti fudhhatanii safuufi safeeffannaa addaa taasisaafii jiru.

**AfsTO (31)**

> Torban Oboof Gaarri Boosat iddoo addaadha. Gaarri kunis Karra torba qaba. Gaara kanarratti yeroo bokkaan bade, hongeen baayyatu achi dhaqnee yoo kadhanne waaqayyo nuuf dhaga'ee akka roobsu taasisa. Gaarri Boosat Torban Oboof akka uummanni inni kaan bakka taabootaa inni kaan immoo bakka mazgiidaa ilaaluti. Yeroo dhugaa waliif himnu ykn waadaa waliif gallu Boosat karra torbaa jeannee kakanna.
>
> Kanaaf immoo akkas jennee faarfanna
> *Yaa warra Boosee yaa warra Boosee mandaraa*
> *Dharraa koo dardaraa*
> *Yaa warra Boosee yaa warra Boosee Abbayii*
> *Ilmoo nuuf wayii ( Nuuf ilmoo keenya nuuf eegi ykn tiksii)*
> *Yaa warra Boosee yaa warra Boosee lammii*
> *Raagoo maqaan* (maqaa muudamaa ykn title) kan ittiin waliif baasan
> *Boosat karra torba akka nu wajjin deemtu Boosee garaanuu na beekaa*

Hawaasni Torban Oboo afee armaan olitti gargaaramee gaarreen naannoo isaanii jiran keessaa kabajaafi ilaalcha addaa gaara Boosatiif qaban haala armaan oliin seenessaniiru. Kunis, gaarrii kun iddoo addaa ta'ee , galma gosoota Torban Oboo bakka bu'ufi akkaataa gosa gosa isaaniin bakka itti walitti qabaman

karra torba qabaachuu isaa himu; iddoo karra gosa isaaniitti korma qalanii rakkoo isaan mudateef Waaqa araarfatu. Gaara kanarratti ba'anii Waaqa kadhannaan bokkaan bade roobee hongeefi gadadoon naannoo isaaniirraa akka baduuf waggaatti si'a lama birraafi arfaasaa irratti irreeffatu. Akkasumas, akka amnataaleen kan biroo bakka waaqeffannaa qaban, Torban Oboon Gaara Boosatiif ilaalchaafi kabaja addaa kenna kennan, Torban Oboof bakka addaa itti Waqaa waliin walarganiifi hawaasichi dhimmoota adda addaa irratti murtii dabarsan ta'uusaa addeessu. Dhugaan bakka biraaatti dhokatellee gaara Bosatirratti ifa ba'uu mul'achuu akka danda'u mul'isu. Kanaaf, *waadaa waliif gallu Boosat karra torbaa jeannee kakanna* jedhu. Sababiin isaa gaarri Boosat bakka argama Waaqaa jedhanii waan amananiifi mallattoo eenyummaa isaanii godhatanii waan fudhataniif, maqaa gaara kanaa waamanii kakatu; waadaa waliin jireenyaa, tokkummaafi amantii isaanii ittiin eeggartan godhatanii fudhatu.

Kanneen malee, faaruu isaanin gaarri Boosat bakka abdii akka ta'e ibsuuf Boosee *Dharraa koo dardaraa* jechuun gatiifi ulfina gaara kanaaf qaban himuuf ittiin weeddisu. Gaara kana akka mallattoo eenyummaa isaaniitti mul'isuuf, *yaa warra Boosee Abbayii Ilmoo nuuf wayii* jedhanii kan jeekkaran gaarri sun ayyaana waan qabuuf, ayyaanniifi Waaqaa gaaricharratti isaan waaqessan ijoollee isaanii akka eeguuf maqaa dhahanii kadhatu. Akka aadaa hawaasichaatti immoo ilmoo qabaatanii yoo guddattee bakka abbootii buutee malee, safuufi safeeffannaan isaan qaban jalaa baduu danda'a yaada jedhu ture. Eenyummaa isaan qabanillee kan eegamee itti fufu ilmooleen isaanii eegamanii yoo guddatan qofa ta'uusaa cimsanii himu. Itti dabalee, naannoo fagaatanii bakka fedhan yoo deeman, ayyaanni gaara Boosat rakkoo isaan mudate hundumaa keessatti waliin deemee isaan eeguu kan danda'u ta'uusaa agrsiisu. Hawaasichi yoo lola deemee mo'atee kan galu, qabeenyi qeyee jiru ulfinaafi kabaja isaa eegee turuuf garri Boosat ga'ee guddaa qabaachuusaa cimsanii himu.



*Fakkii- Gaara Boosat bahaan yoo ilaalamu*

Ilaalchi, kabajniifi bakka ulfoo ta'uu gaarri Boosat, hawaasa Oromoo biratti tulluun kabajaafi ulfina guddaa qabachuu isaa agarsiisa. Waaqni tulluu yoo uumu ayyaanaafi kabaja waliin uumee lafa biroo irraa ol kaasee, adda taasise kaa'uun olaantummaa uumaati. Iddoo ol jedhaa Waaqatti siqee uumame kun ayyaana guddaa wajjin waan uumameef, akka Oromoon amanutti bakka Waaqeffanaafi Waaqayyo itti nama dhagahu, araarri ykn nageenyi itti labsamu, bakka dhugaafi sobni itti adda ba'u, lafa murtiin itti kennamuufi araarri itti bu'u, lafa safuu, safeeffannaafi hoodaati(Sisaay; 2018). Hawaasni Torban Oboof immoo gaarri Boosat fakkoommii eenyummaa isaanii haga yoonaatti jijjiirama siyaasaafi hacuuccaa mootummoota Itoophiyaa hunda keessa darbanii damdamatanii jiraachuu isaanii ta'uusaa hubanna. Akkuma gaarri Boosat erga uumamee osoo bakkaa hinbadiin ture, eenyummaan hawaasichaa dhalootaa dhalootatti darbaa jiraachuu isaa agrsiisutti fuadhatanii bakka buufachuu isaanii nu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, gaarri Boosat lafa naannoo sana jiran hundarra caalee akkuma mul'atu, eenyummaan, gootummaaniifi sabboonummaan isaan daangaa isaanii waliin walqabatee haga yoonaatti eegamee jirullee kanneen biroof fakkeenyummaan kan fudhatamu ta'uusaa agarsiisa. Akkasumas, naannoon garreen eenyummaa, guddinaafi eegumsa hawaasni tokkoo ittiin waamamu waan ta'eef, hawaasni Torban Oboo bakka deeman hundatti, gaara Boosatiin dhaadatu; waammatanii rakkoo isaan mudate oolu. Kunis yaada ijoo Elena(2023) yaad-rimee eenyummaan dhiimmoota gaara tokkorratti raawwatamaniifi aragamanirratti hundaa'uun hubatama jedhu waliin waltumsa. Eenyummaan hawaasa tokkoo haaloota siyaasaan, ammayyummaafi amantiin dhiibbaan irra ga;ee yoo rakkoon irra ga'ellee, jireenyaafi eenyummaa hawaasa naannoo jalaafi itti dhiyaatanii jiraatanii salphaatti geeddaramuu akka hindandeenye, hawaasa Toraban Oboo naannoo gaara Boosat kanarra hubachuu dandeenya. Kunis, qubannaan goosoota hawaasichi torban gaara kanaan fuulleetti naanna'anii jiraataniin ta'uun isaa eenyummaan isaaniirra darbee haga daangaa siayasaa aanaa isaan keessa jiraatan maqaa gaara kanaan waamamuun ragaa tokkodha. Yaada kana waliin walfakkaatuun Knez (2014) yaada eenyummaa nama dhuunfaas ta'e garee hawaasaa mul'isan keessaa tokko gaara ta'uusaa ibseen walsimata.

Dimshaashatti, afseeneessa Torban Oboo gaara ilaalchisee seeneffamanirraa wanti hubatamu, gaarri madda dinagdee, jireenyaafi ibsituu eenyummaa hawaasa naannoo sana jiraataniifi iddoo dhugaafi argama Waaqaa ta'uusaa nu hubachiisaa.

**AfsTO (32)**

*Biyyoole biyyoolee yaa biyyootoo*
*Boosee yaa dhalotaa Izgootaa*
*Waa hamaa nurraa dhowwi*
*Boosee dheedi garbaabee*
*Nun nu harkisee*
*Yaa biyyaa*
*Yaa Boosee korbaa nuuf tursi*
*Yaa hayyuu abbaa cilee*

*Ati Hamtuu dhowwi nurraa*
*Isin Waaqaan kan dubbatu (Yaa'ii waggaa hawaasa Torban Oboo gaara Boosat karra torbaatti ba'anii yeroo jiranitti Waxabajji, 2013)*

Afeen armaan olii ilaalchaafi eegumsa gaarri Boosat hawaasa Torban Oboof.qabu ibsuurratti xiyyeeffatee dhiyaate. Kunis, gaarri kun haala eenyummaa hawaasichaa argisiisuun cinatti bu'aa inni hawaasichaaf buusu argsiisa. Gaara Boosatiin jecha jaalalaan mason waamanii , gaarri kun eegumsa isaaniif gahee olaanaa qabaachuu isaa agarsiisuuf *Boosee yaa Izgootaa Waa hamaa nurraa dhowwi* jechuun gaarriittiin isaan eenyummaa isaanii ibsan kun humnaafi angoo hawaasicha gargaaruu keessatti qabu eeru. Akkasumas, dheedi loonii burqaa gaara Boosat jalaa burquun margi kan laalisu ta'uusaafi kormi sawwa isaanii akka turuufi hormaatani badhaadhimna isaan ittiin dhaadatan akka itti fufuuf gahee olaanaa qabaachuu isaa geerarsa isaanii kanaan agrsiisu. Kanaaf, gaara sana jala jiraachuun akka isaanitti tole agrsiisuuf *sirra jiraachuun nun nu harkise* jechuun gaara kana bira jiraachuutti gammaduu isaanii himu.

Gama biraan immoo gaarri sun humnaafi dandeettii hawaasa sanaafi biyya sana eegu waan qabuufi iddoo qulqullummaafi Waaqatti dhiyoodha jedhanii waan amananiif gaara sanarratti waaqni dhufee akka dubbatu agrsiisuuf *Ati Hamtuu dhowwi nurraa, si'i Waaqaan kan dubbatu* jedhanii amantaa gaarri Boosat bakka argama Waaqaa ta'uusaa ibsu. Kunis, gaarri Boosat Waaqa wajjin kan jiruufi yeroo rakkoofi dhibee akka dhowwuufi eegu ibsachuu isaanii agrsiisa.

Yaadni ijoo afee armaan oliirraa hubatamu, gaarri Boosat eenyummaa hawaasa Torban Oboo mul'isuun cinatti madda nagaa, eebbaafi badhaadhummaa isaanii ta'uusaati. Kana malees, gaarri kun waaqaan walitti dubbatuuf waan hamtuu hongee, beelaa, waraanaafi balaa adda addaarraa biyya isaanii dhowwuu kan danda'u ta'uusaa mul'isa. Dhimmi biraan afee armaan olii keessaa hubatamu, gaarri Boosat hawaasichaaf Waaqa bakkka bu'ee waan hundumaa raawwachuufii kan danda'u ta'uusaa mul'isu. Kun immoo duudhaaleen aadaa, seenaafi miidhaginni eenyummaa hawaasa Torban Oboo

mul'isan gaarreen waliin mul'atan caalaatti eenyummaafi ilaalcha hawaasichi kabaja bakka ulfoo kanaaf qaban calaqisiisa. Itti dabalees, ayyaanni ykn argamni Waaqaa gaara kana irratti mul'atu, hamaa weerara aadaa ormaa, nagaaf tasgabbii isaan qabaniifi tokkummaa isaan Waaqaa waliin gaara kanarrtti qaban, kan eenyummaa isaanii balleessuu yoo itti dhufe argamni Waaqaa isaan qabanii irraa dhowwuu akka danda'u ta'uusaa agarsiisu.

### 6.3. Hariiroo Namaafi Mukkeen

Hawaasni tokko mukkeen yaadrimee dhokataa jireenya isaa keessatti argamu fakkoomiin qaqbatamaa gochuun gargaarama(Janes & Cloke, 2002). Addatti immoo gatiin fakkoomii mukkeen walitti hidhatinsa beekumsa xabboo uummataa gidduu jiru hubachuuf bakka guddaa qaba. Mukkeen xabboo bakka tokko tokkotti immoo eenyummaa waloo hawaasaaafi seenaa kan waliigalaafi abbeentaa bakka bu'u (Jones,2011; Pauline von, 2016) addeessu.

Akkasumas, mukkeen guutummaa addunyaa keessatti sirnoota, raagamantaa, seenessa naannoofi dhimmoota adda addaa agarsiisuuf akka tajaajilu (Castro, 2003) addeessa. Akka Murakami (1994) itti immoo seenessi mukkeen xabboo fakkoomii abbeentaafi tajaajila hawaasaaf oolu. Yaadoleen armaan olitti ibsaman hundinuu bu'aalee fakkoomii mukkeen xabboo garaagraa walitti hidhatinsa duudhaa aadaa hawaasaa waliin qaban agrsiisu. Hawaasni Torban Oboo afseenessa isaaniin mukkeen beekumsa xabboo adda addaa fakkoomiifi duudhaa akkaataa eenyummaa hawaasichaa ibsuu danda'aniin seenessaan haala armaan gadiin xiinxalamanii jiru.

**AfsTO (33)**

> Waan uumamaa keessaa tokko akkuma badaa deemeen hawaasichatti waatu hir'ataa deema. Oromoof mukti ayyaana qaba. Mukti naannoo itti biqile sanatti ayyaana mataa isaa qabatee uumama. Gosti mukaa bakka tokkotti biqilu haala qilleensa naannoo sanaa mijeessuuf biqila. Fakkeenyaaf, Adaamaatti adaamiitu baay'ata. Maqaan Adaamaa illee kanarraa ka'ee akka mogaafame abbootiin keaanya nuttii himaniiru. Adaamiin bannaan naannoo saatti wanti hir'atuti jira. Kanaaf, Namni muka hundeen mure abaaramaadha. Muka muruun waaqa waliin walitti nama buusa; akka lubbuu ajjeesuutti

> ilaalamaa. Sanyiin warra muka muranii hindagaagan. Duubni isaanii hintoluu. Gadaan yoo lallabullee mukkeen tuqamuu hinqabneef xiyyeeffannoo kenna. Mukti muramus sababii malee hinmuramu. Yoo murame illee dameetu murama malee hundeen isaa hinmuru. Gosti mukaas yoo ta'e sanyiin yoo akka malee manca'ee yoo bade waatu hir'ata (Afgaaffii jaarsolii biyyaarraa fudhatame)

Hawaasa Torban Oboo afee kana keessatti mukti ayyaana qabaachuu isaa himu. Mukti naannoo tokkotti biqilu, naannoo sanaaf bu'aa fidee dhufu qabaachuu isaatti amanu. Mukti bakka tokkotti biqile bannaan wantoonni hawaasicha fayyadan gabbinni biyyee, qilleensi mijataan, nyaanni loonillee waliin badaa dhufuu isaa himu. Oromoof mukti ayyaana waan qaabuuf, mukti naannoo bannaan ayyaanni waan gaarii isaaniif hojjetu waliin kan badu ta'uusaa seenessu. Kanneenn malees, moggaasa maqaa naannoo, nama dhuunfaafi ayyaanni qabaniillee maqaa mukkeen naannoo isaaniin akka himamu tarreessu. Adaamaan, maqaa mukkeen naannoo sanaa keessaa adaamiin baay'achuu isaarraa kan ka'e akka ta'e mul'isu. Yeroo ammaa mukkeen naannoo sanaa ayyaana waliin uumaman duukaa waan badaniif, jireenyi hawaasichaa manca'aa ta'uusaa himu. Kanaf, *muka muruun waaqa waliin walitti nama buusa; akka lubbuu ajjeesuutti* jechuun ilaalcha gaarii waa'ee mukaaf qaban mul'isu. Muka muruufi lubbuu namaa ajjeessuun tokko ta'uusaa walbira qabanii agarsiisu.

Gama biraan immoo garreen yookiin maatiin ilaalchaafi amantaa hawaasaa kanarra darbee muka naannoo akka hintaanetti muran, sanyiin isaanii akka hindagaagneefi egereen isaanii akka hintolle jabeessanii addeessu; *duubni isaanii hintoluu* jechuun ijoolleen irraa dhalatanillee rakkoon akka isaan mudatu seenessu. Sababiin isaa mukti agrsiiftuu eenyummaafi bakka abbootii duriiti; akkasumas, ulfoofi amantaa ittiin jiraataa turan kan agarsiisu ta'uusaa mul'isu. Gadaann sirni bulchiinsa hawaasichaa kan ta'ellee yeroo lallabu mukkeen muramaniifi hinmuramne adda baasee seenessa. Dameen mukaa akka muramu kan taasisanis, hundeen muramnaan hiddi mukaa achumaan gogee bada; dameen muramnaan garuu inni hafe deebi'ee lalisuu danda'a.

Yaadaafi ilaalcha hawaasaa afseenessa armaan oillitti ibsame kana waliin haala walfakkaatuun Workeneh (2010) cimsee yoo ibsu afoolli yookiin afseenessi Oromoo namni uumama Waaqaa balleessuf akka hineeyyamne mirkaneessa . Sanyii bioqiloota naannoo ofii balleessuun rakkoolee adda addaaf hawasichi akka saaxilu amana jechuun addeessa. Gemeda (2021:2) immoo afseenessi Oromoo Gujii gosoota mukkeen mallattoo adda addaan bakka buusee gargaaramuu isaa ibsa . Fakkeenyaaf, yeroo nama hawaasa keessatti yakka hojjete mallattoo godhatanii ittiin abaaran, sirnoota amntii keessatti humna waaqummaafi yeroo araaraa akka mallattootti gargaaramanii nagaa buusuu isaanii dabalee ibsa.

Afeen afseenessa armaan oliifi yaada hayyootaa kanarraa waan hubatamu, mukti eenyummaa hawaasa naannoofi bakka itti biqilu akkamu argsiisuu danda'u, bakka Waaqnii jaalqaba ayyaana waliin uumee dhabamsiifamnaan garuu wantoonni hawaasichaaf barbaachisu hundi nagaan, gammachuufi misoomni waliin baduu kan danda'u ta'uusaati. Akkasumas, naannoon tokko tokko kan moggaafaman maqaa mukkeen bakka sanatti biqilaniin waan ta'eef, yeroo mukkeen kunneen manca'anii badan seenaan, aadaafi duudhaan hawaasaa xabboo naannoolee waliin kan dhabamsiisfamu ta'uusaa nu hubachiisa. Kanaaf immoo akka fakkeenyaatti kan mul'ateeru dhimmi Magaalaa Adaamaa yoo ilaallu, qubattoonni naannoo sana dura jiraatan mukkeen iddoon sun ittiin beekamu mancaasuun maqaa magaalittii jijjiiranii turan. Yeroo amma kana afaan, aadaafi barsiifatni hawaasa Oromoo hafee kanneen Amaraan dhuunfatamuu isaa mul'isa.

Itti dabalees, mukkeen eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf ga'umsa qabaachuu isaanii kan mul'isu, hawaasichi mukkeen filatamanii adda ba'an walga'ii dhimmoota hawaasummaa kanneen akka qixxee gosaafi firaa jalatti adeemsifatu. Haalli ammaa kun garuu mukkeen baayyeen waan dhabamaniif dhimmoota eenyummaa isaanii ibsan galma adda addaa magaalaa keessatti ijaarameeru keessatti kan isaan raawwatan argamaa jira. Haala walfakkaatuun, mukti lubbuu waan qabuuf waan lubbuu qabu muruu akka lubbuu ajjeesuutti ilaalama. Sababiin isaa mukti naannoo tokkoo kan jiraattoota iddoo sanaa

bakka bu’u, haala hintaaneen muramee, baduufi seenaafi eenyummaan hawaasa naannoo sana jiraatuu waliin baduu isaa waan ta’uu danda’uuf. Afseenessi kun akkuma mukti dameen yoo murameef hundeen isaa baduu hindeenye, eenyummaan aadaa, amantaafi duudhaan Oromoo mootota Itoophiyaa darbiniin yoo dhiibbaan irra ga’eyyu, Oromummaan haga yoonaatti hundeen dandamatee jiraachuusaa hubachiisa. Akkasumas, mukkeeniifi moggaasa maqaa naannichaa eenyummaa hawaasichaa waliin kan walitti hidhatinsa waan qabuuf, mukkeen kunneen badnaan, wantonni eenyummaa agrsiisan kan mukkeen bakka sana jiran waliin deeman dhabamuu isaanii agarsiisa. Kanaaf, mukkeen magariisummaafi madaalli qilleensaa eegsisuu qofa osoo hintaanee agrsiiftuu eenyummaa ta’uu isaanii afseenessi kun nu hubachiisa.

Afseenessi *AfSTO (32*) gara gadiitti dhiyaatee jiru fakkoomiifi mallattummaa mukkeen akka agarsiiftuu eenyummaatti tajaajiluuf oolan qabatee dhiyaateera.

**AfsTO (34)**

*Sirni Gadaa Mukkeen hawaasa biratti bakka olaanaa qabaaniif xiyyeeffannoo kenna*
*Odaan hooda, birbirsi hooda , ejersi hooda.*
*Odaan tokkummaa keenya*
*Birbirsi nuuf guddina*
*Mi’eessaan mallattoo nagaati*
*Urgeessan mallattoo hormaatati*
*Mukkeen gurguddoo qeeyeef kabajaafi gammachuuti*
*Qeyee mukti gurguddoon jiru ayyaanatu jira*
*Mukti jiidhinsa qabatee jira*

Afee armaan olii keessatti hawaasni Oromoo Torban Oboo dhimmoota mukkeeniifi eenyummaa waliin walqabate afseenessaan ibsa. Kunneenis, mukkeen mallattoo eenyummaa waan ta’aniif bulchiinsa sirna Gadaa keessattiillee xiyyeeffannoo kennamee gahee hawaasni kunuunsa mukkeeeniif gochuu qabu mul’isaniiru. Jalqabarratti gosoota mukkeen hundaaf akka waliigalaatti, sirnoota hawaasaa waliin walqabataniif immoo addatti Gadaan lallabamu. Mukkeen addaatti ilaalaman kanneen fakkoomii ykn mallattoo eenyummaa hawaasichaa bakka bu’anii ibsamu. odaan, birbirsiifi ejersi hooda jechuun sababii isaan mukkeen hooda ta’an ibsu. Fakkeenyaaf, odaan bakka ardaa jilaa waan ta’eef fakkoomii tokkummaafi eenyummaa Oromoo ta’uusaa himu. Birbirsi ol dheeraa waan ta’eef mallattoo kallattii

hundaan guddachuutti amanu. Akkasumas, mi'eessaan mallattoo nagaan dhuunfaan ykn waliin jiraachuu yoo ta'u urgeessan mallattoo hormaataafi baayyachuu ta'uusaa eeru. Akkassumas, mukkeen kanneen ijaan mul'ataan yaada dhokataa jiruufi jireenya har'aa boruu keessatti dhimma ba'an bakka buusanii kunuunsi barbaachisaa ta'e akka taasifamuuf fakkoomiin agarsiisu. Kunis, mi'eessaa nagaan bakka buusanii ibsu. Mukti mi'eessaan naannoo sanaa ciramee bannaan nagaan kan waliin badu ta'usaa nu hubachiisa. Kanaaf, hawaasichi mallattoo eenyummaa isaa kan ta'e nama kamuu wajjin nagaan jiraachuu muka mi'eessaan bakka buusee dhiyeessuusaa hubanna.

Itti dabaluun, faayidaalee mukkeenii kallattii adda addaan walbira qabanii tarreessu. Kunis, qeyee mukkeen gurguddoo jiran qeeyee kabajaafi gammachuu, qeyee ayyaanni abbootii jiruufi jiidhinsi jiru waan ta'eef wanti naannoo jiran hundi lalisaa ta'uusaa agarsiisu. Itti fufuun, hafaafi bayaan mukaa waliin eebbi abbootii waan jiruuf akka hinmuramne. Kana keessatti eebbi abbootii muka naannoo qeyeetti hafaa ta'anii turan waliin jiraata jedhu. Mukti abbootii keenya duri kunuunsaa turan bannaan eebbiifi waan gaarii isaan dhalchisanii du'an dhaloota jalaa akka badutti himu. Mukkeen oldheeroo bakkoota adda add mul´isaa hinmuraan; sababiin isaa duri tooftaan ittiin dhufaatii diinaa eeggatanii daangaa of  ofii to'atan keessaa tokko ta'uusaa addeessu. Mukkeen dhedheeroo akkasii kunneen akka eenyummaa isaaniitti fudhatanii bakka sanatti walbeellamanii achiirraa bakkoota biraatti tamsa'an mul'isu.

Kanneen malee, aadaa Oromoo keessatti mukkeen jilaafi ulfoo bakka argama Waaqaa waan ta'aniif ayyaana waliin waan jiraniif hinmuraman . Ayyaanni hawaasni sun nagaafi tasgabbiin walii galee akka jiraatu taasisu mukkeen jilaa waliin jiraata. Mukkeen kunneen muramnaan ayyaanni kun isaan dhiisee deema. Mukti ejersaa immoo muka jabaataa salphaatti qottoon kan hinmuramneefi umurii dheeraa kan jiraatu waan ta'eef, fakkoomii eenyummaa, aadaafi afaan Oromoo haga yoonaatti dhiibbaafi hacuuccaa mootummoota Itoophiyaa  dandamatee yoona ga'eeru agrsiisuuf kan dhimma ba'an ta'uu hubanna.

Kanaaf, xiinxalli afseenessa armaan olii akka agarsiisutti, hawaasni Oromoo mukkeen kan kunuunsuufi eeggatu madaallii naannoo eeguu qofa osoo hintaane, mallattoofi fakkoomii yaada dhokataa eenyummaa isaa ittiin mul'isu ta'uuaa agarsiisa.



**(a)**



(b)
*Fakkii : Gosoota mukkeen adda addaa naannoo gaara Boosat Balbala Torbaa (a) dhiyeenyarraa (b)fageenyarraan*

Afeen armaan gadii immoo fakkoomii hawaasni Torbaan Oboo mukkeen waliin walqabsiisee ittiin eenyummaa ibsuutu addeessuurratti xiyyeeffatee jira.

**AfsTO (35)**

*Hafaan mukaa hinmuramiin. Eebbi abbootii waliin jira*
*Bayaa mukaa hinmuramiin.*
*Muka mul΄isaa hinmuramiin. Irraan daangaa ofii to'atu*
*Muka maqaa hinmuramiin.*
*Muka Jilaa hinmuramiin. Ayyaanni bira jira*
*Mootii mukaa hinmuramiin. Itti irreeffatama*
*Mukeeleen Gadaan labsaman kunneen yoo muraman sanyiin namicha muree ni abaarama. Ni badas.*
*Sanyiinsaa hinbaraaramuu; namas ta'e horiis hinhoru.*

Kanaaf, mootii mukaafi muka jilaa dames ta'e jirmi muramuun safuufi safeeffannaa hawaasaa cabsuu waan ta'eef seera sirna bulchiinsa hawaasaatiin kanneen dhorkamanidha. Sababiin seerri kun ba'eef immoo mukkeen kun kaan akka ibsituu eenyummaa hawaasaatti yoo fudhatman kaan immoo akka bakka bakka bu'oota Waaqaatti fudhatamu. Hawaasni Toran Oboo seeraafi safuu kana eegsisuuf adabbiifi miidhaa garee ykn nama dhuunfaarra ga'uu danda'u dabalanii beeksisu. Kunis, sanyiin nama gosoota mukkeen kanaa muree kan abaaramuufi badu ta'uusaa, hiddi dhaloota fuulduratti kan dhufullee baraaramuu akka hindandeenye cimsanii beeksisu; kan inni hojjetuufi qabeenyi inni qabullee badaa kan deemu ta'uusaa dabalanii ibsu.

Ragaan afgaaffiifi marii garee hawaasa Torban Oboorraa argame kun akka mul'isutti hawaasichi uumaa, uumama naannoofi eenyummaa haala armaan gadiin afseenessaan qindeessee ibsa. Kunis uumaa, uumama naannoo jiru eenyuummaa isaa waan ta'eef beekuufi kunuunsuun gahee hawaasa hundumaa ta'uusaa addeessa. Hawaasichi afseenessaa isaa kanaan gargaaramee uumaan safeeffatamuufi uumamni hineegamu yoo ta'e hawaasichiyyu jiraachuu akka hindandeenye agrasiisu . Kanaaf, dhaloonni itti aaaanee dhufu dhimma uumamaafi haala naannoo beekuu waan qabuuf xiyyeeffannaan barsiisu. Sababiin isaa uumamni naannoo eenyummaa isaa waan agrsiisuuf, bifa afseenessaan walbira

qabee addeessa. Hawaasichi ilaalacha kana cimsuuf afseenessa eenyummaa naannoo ofii kunuunsuufi eeggachuu dabarsaa jiran haala armaan oliin labsii, eebbaafi abarsaan agarsiisu.

Afseenessa kanaan hawaasichi kunuunsaafi of eeggannoo uumama naannoo isaaf qabu eenyummaa isaa ta'uu agrsiisa. Kanas, hawaasichi walhormaanni namaafi bineensotaa, naannoo madaalli isaa eeggate keessa jiraachuuf safuufi safeeffanna uumama naannoof qaban eenymmaa jiruufi jiraachuu ta'uusaa agarsiisuun ijoollota sanii cimsanii barsiisu. Itti dabaluun, hawaasni Torban Oboo eenyummaan itti fufinsa akka qabaatuuf , dhaloonni itti aanaanii dhufanis gahee isaaniirraa eegamu akka bahaniif haala afseenessan cimsu. Akkasumas, itti fufanii dhalotaa kan jiraatu yoo uumama naannoo isaanii jiran keessaa bineensotaaf kunuunsa barbaachisu kennuu akka qabn agrsiisu.

Yaadni afseenessa armaan olii agarsiisu akka aadaa hawaasa Torban Obootti kunuunsa bineensota cinatti biqiltoonniifi mukkeenillee kunuufamuu akka qaban bulchiinsi Gadaaa xiyyeeffannoo guddaa kennamuu isaa mul'isu. Kunis mukti ofuma isaa ayyaanna abbootii waan qabuuf namni muka hundeen muru abaaramaa; muka hundeen muruun sanyii muka sana balleessuu ibsu. Bineensonni kaawoofi fakkoomii walhormaataa taa'an jiraachuuf da'oo isaanii kan ta'e mukti jiraachuun dirqama. Mukti hinjiru yoo ta'e , bineensotnis hinjiraatan. Sababiin isaa mukti hundi ayyaana , eebbafi safeeffannaa mataa isaa qaba. Kanaaf, kan muka haala malee muru hawaasaan, waaqaan ni abaarama. Sanyiin warra muka muruu ni bada. Akkuma sanyiin muka hundeen muramu badu, hiddi latinsi nama mukicha miruus ni dhabama**.** *Namni muka hundeen mure abaaramaadha jedhu.* Kunis, itti fufinsa sanyii dhala namaaf mukti baayyee barbaachisaa akka ta'e agarsiisuuf. Hawaasichi akka hawaasa biroo tasa ba'ee kan galu osoo hintaane ayyaanaan lafaafi mukaan oolee kan galu; *ayyaana* hedatee kan jiraatu ta'uu himu. Kanaaf, muka muruun lubbuu namaa ajjeessuun walbira qabanii seeneessu.

Yaada kanaaf sababiin isaan dhiyeessan *Mukkeen ijoollee waaqaati jedhu* **.** Namni akkuma dhala isaaf kunuunsa godhu qabeenya uumamaa kan waaqni uumee namaaf kenneef eegumsa guddaa gochuu akka godhu agarsiisuuf. Dhalli Waaqaa immoo safeeffatamuufi kabajamuu akka qabu agarsiisuu. Kanaaf, duubni yookiin hiddi dhaloota warra muka dhala Waaqaa ta'e haala malee muranii akka badu, *Sanyiin warra muka muranii hindagaagan;duubni isaanii hintolu* jechuun ilaalcha guddaa mukkeeniif qabaan mul'isu.

Afee kana keessatti sirni bulchiinsa Oromoo Gadaan yeroo yeroon seera baasu yookiin lallabu, seera hawaasa qofa osoo hintaane sirna kunuunsa uumamaa waliin walqabsiisee dhimma mukkeenii ni mul'isa. Kunis mukkeen muramuu hinqabneef, muramuu danda'an adda baasee lallaba. Fakkeenyaaf, muka odaaan, birbirsiifi ejersi hooda akka ta'an himuun, *Mukkeen gurguddoo qeeyee kabajaafi gammachuuti; qeyee mukti gurguddoon jiru ayyaanatummaatu jira.* Naannoo mukkeen gurguddoo jiran kabaja, gammachuufi ayyaanni abbootii durii waliin hafeeru jiraachuu mul'isa. Roobni qeeyee mukkeen jiranirraa roobuu akka eegalu, naaannoo mukkeen jiran lafti jiidhaa ta'uusaa, qilleensiifi lolaan salphaatti biyyee haree hinballeessu. Kun immoo gabbina biyyeef, namaafi jireenya bineensotaaf mukti barbaachisaa ta'uusaa agrsiisu. Kunis, sirni Gadaafi amantiin Oromoo Torban Oboo eenyummaa hawaasichi uumama naannoo isaanii eeguun lafarratti jireenya nagaa akka jiraataniif dandeessiseera

Itti fufuun, eebbii abbootii waliin waan jiruuf hafaan mukaa, bayaan mukaa, mukti mul'isaa kan irra yaabbatanii kallattii diinni dhufu ilaaluun daangaa ofii diinarraa eeggattan, mukti maqaa, muka *maqaa hinmuramiin jechuun Gadaatiin seerri ba'a***.** Mukti jilaa kan ayyaanni bira jiru, mootiin mukaa akka hinmuramne agarsiisu. Mukkeen kunneenis mallattoo isaan bakka bu'an waliin seenessu . *Odaan mallattoo tokkummaati* walitti dhufee Oromoon kan mo'atee jiraatee itti fufes ta'e itti fufuu danda'u yoo tokkummaa qabaate; *Birbirsi mallattoo guddinaati* misoomniifi ba'anii mul'achuun hawaasichaaf barbachisa***;*** *Mi'eessaan mallattoo nagaafi miidhaginaati.* Oromoof nagaan, tokkummaa, misoomniifi

jaalalli iddoo olaanaa qabaachuu mul'isa. Akkasumas, yeroo gaa'elaa dameen mi'eessaa muramee karra yookiin balbala gurbaa fuudhuurra karaa bitaafi mirgaa kaa'uun mallattoo jaalala dubartii fuudhu waliin booda qaban, hormaataa, nagaafi osoo addaan hinba'iin bara isaanii guutuu akka waliin jiraatan agarsiisuuf gargaaramuu isaanii agrsiisa. Akkuma maqaan isaa mul'isutti jechi mi'eessaa jedhu warri kanaan dura waliin hinjiraanne yeroo waliitti dhufanii jireenya tokkummaa eegalan walitti mi'aanii nagaa, gammachuufi badhaadhinaan waliin jiraachuu hawwiifi jaalaala dhalootaaf qaban agarsiisuuf gargaaramu. Dhugaa kana mirkaneessuuf yeroo hawaasicha gidduu deddeebi'ee raga guuraa turetti dubartii abbaa manaa hiiktee yookiin dhiira haadha manaa hiikee hawaasa keessa jiraatu hawaasa naannoo qorannoo gidduutti baayyinaan hinagarre. Kana malees, abbootii waggoota 50-60 waliin jiraatanii qabatamaan ammallee waljaallatan argeen jira. Kun immoo amantaafi ilaalcha hawaasichi jiruufi jireenya dhugaa uumama keessaa mallattoon mukkeeneen bakka buusee ilaalcha mukkeen akka malee hinmancaaneef gargaaru tooftaa dhaloota ittiin barsiisudha.

Haaluma walfakkaatuun , mallattummaa mukni hawaasa Oromoo Gujii biratti qabu Gemeda (2021) uummanni Oromoo Gujii gosoota mukkeen mallattoo adda addaan bakka buusee gargaaramuu isaa ibsa . Fakkeenyaaf, yeroo nama hawaasa keessatti yakka hojjete mallattoo godhatanii ittiin abaaran, sirnoota amntii keessatti humna waaqummaafi yeroo araaraa akka mallattootti gargaaramanii nagaa buusuu isaanii cimsee ibsa. Kunis, hawaasni Oromoo teessuma lafaan walirraaa fagaatee haajiraatu malee xiyyeeffannoofi kunuunsa mukkeeniif qabu mul'isa.

*Urgeessan immoo mallattoo walhormaataafi bilchina umurii* waan agrsiisuuf yeroo dhiiroota dhaqna qaban cinaa kaa'u***;*** yeroo gaa'elaa gurbaan fuudhaaf deemuu eeboo waliin qabatee mana intalaa deema.

Afseeneffamoonni armaan olii hawaasichaan seeneffamman gatiin mukaa lubbuu dhala namaa waliin tokko ta'uusaa, ayyaana kan qabu , yaabbatanii diina ofii fagootti arganii of eeggachuufi kkf tajaajiluu

isaa mul'isu. Akkasumas, aadaa hawaasa Torban Oboo keessatti fakkoomiin mukkeenii akaakuu mukaafi dhimma itti ba'aman waliin walqabsiisanii yaada dhokataa sammuu namaa keessaa jiru waan ijaan mul'atuun walbira qabanii safuufi safeeffannaan uumama naannoo isaanii jiru ibsu. Kanneennis, mukti Odaa iddoo sirnoonni ardaa jilaa hawaasaan raawwattaman yoo ta'aniyyu, saba Oromoo bakka adda addaa jiran biratti kabajaafi safeeffannaa guddaatu kennamaaf. Kanaaf, Odaan fakkoomii ilaachaafi yaada hawaasa Oromoo amantaafi bakkaan osoo walhinqoodiin tokko godhudha. Kunis, hawaasichi iddoo jiru hundatti eenyummaa walfakkaataa Oromummaa akka himatu isaan taasiseera. Hawaasni Torban Oboo bu'uura aada Oromoon walhormaanni sanyiin ykn hiddi dhalootaa akka itti fufuuf baayyee barbaachisaa ta'uusaa agarsiisuuf muka urgeessaa akka fakkoomii tokkootti gargaaramu. Kunis, dargaggoonni walfuudhan haalonni walitti isaan buusu yoo jiraateyyuu waldanda'anii walitti urgaa'anii waliin jiraachuun dhaloota eenyummaa barsiisanii akka guddisaniif fakkoomii muka kanaa gargaaramu.

### 6.4. Hariiroo Namaafi Bineensotaa

Hawaasni Oromoo akka waliigalatti Torban Oboo immoo addatti uumama naannoo isaanii jiraniif bineensotaafi mukkeeniif safuufi safeeffannaa adda ta'e ni qabu. Workneh(2010:38) yoo ibsu "What is interesting is that the Oromo people have the view that there are cases where a species becomes extinct because of natural environmental change and human activity." Kunis, hawaasni Oromoo ilaalcha gochi namaa of eeggannoo malee ta'u sanyii uumama naannoo jiru balleessuu akka danda'u mul'isa. Itti dabalee, Workneh(2010) Oromoon bineensota midhaan isaanis ta'e bineeldota jalaa miidhanillee hunda sanyii isaanii hinballeessu. Sababiin isaa sanyii bineensota bosonaa warra hamoo ta'an hunda balleessuun hawaasicha beelaafi hongeef saaxiluu akka ta'etti fudhata. Haaluma kana ibsuun afseenessi hawaasichaa haala armaan gadiin dhiyaatee xiinxalameera.

Hawaasni Torban Oboo Oromoo hinta'iin waliiniyyu haala ittiin jiraatu qaba. Dhalaa namaan alattillee safuu bineensa waliin jiraatu ni qabaata. Bineensillee safuu hawaasicha ni beeka jechuun seenessa isaanii eegalu.

**AfsTO (36)**

Nagaan jiraachuudhaaf bineensasa ta'e nama naannoo kee waliin nagaan jiraadhu jedhu duri. Bineensi nama isa miidhuufi jaallatu beeka. Fakkeenyaaf, namni tokko bineensa tasa daandii isaarra deemu namas ta'e qabeenya isaa osoo hinmiidhiin yoo ajjeesse ykn madeeche bineensichi haala biraan miidhaa irra geechisa.

*Kanaaf, Balaloo naacha Hawaas*
*Kan Mogortu baasa jedhu duri warri keenya*

Afeen walitti dhufeenyaa Torban Oboo bineensotaafi eenyummaa waliin walqabsiisanii dhiyasan hawaasni tokko nagaafi tasgabbiin jiraachuuf bineensota bosonaas ta'e kanneen biroo waliin nagaan jiraachuun barbaachisaa ta'uusaa addeessu. Yaadni isaan kana ilaallatee dhiyeessan bineensa qabeenya namaas ta'e maatii hinlolle miidhuun bineensa sana waliin haaloo kuusuu ta'a jedhu. Bineensa miidhaa geessissu ta'eyyu, kan dandii isaarraa nagaan deemu taanaan aajjeessuun ykn madeessuun labsii warra abbaa Gadaan dhorkameera. Sababiin isaa bineensa nama miidhuu danda'u waliin nagaan buusanii jiraachuun tasgabbii jireenya dhuunfaafi gareef barbaachiisa ta'uusaa amanu. Yaadni amantaafi sirni hawaasaa kun hinta'iin hafnaan bineensi sun haaloo ba'uun maatiifi qabeenya namaarratti miidhaa guddaa kan geessisu. Kanaafis, yaadni amansiisaa isaan akka fakkeenyaatti himan gosa bineensa tokkoo bakka tokkotti miidhaniiru yoo ta'an, sanyiin bineensichaa nama miidhaa geessise sana bakka biraatti arginaan haaloo ba'uu kan daanda'u ta'uusaa addeessu. Yaada kanas, *balaloo naacha Hawaas Kan Mogortu baasa* jechuun ibsu. Kunis, bineensi bakka adda addaa yoo jiraateyyu kan sanyii isaa miidhe hinwallaalu ilaalcha jedhu agarsiisu.

Yaadni afee armaan olii kan mul’isu bineensotni naannoo tokko jiraachuun bakka sanaaf kallattii baay’een bu’aa qabachuu isaa hubanna. Gama biraan immoo hawaasichi yeroo bineensotaaf ofeeggannoofi kunuunsa taasisu, bineensonni naannoo isaanitti aragaman eenyummaa isaanii waliin walqabsiisaniiti. Akkuma, bineensa nagaa daandiisaa irraa deeemu yoo namni tuqe malee miidhaa biraa hingeessifne, hawaasni Torban Oboo kan hawaasa kanneen biroo waliin nagaa yoo jiraate waliif birmate diina akka adabuu danda’u agarsiisa. Akkasumas, bineensonni miidhaa sanyii isaaniirratti raawwatame akkuma haaloo ba’an , hawaasichi gosa isaa keessaa kan dabaan miidhe bakka fedhe yoo jiraateyyu, eeggate gumaa baasuu kan danda’u ta’uusaa hubachiisa. Gama biraatiin immoo, gosuma isaa keessaalee dabaan saba biraa ykn gosa biraa miidheera taanan hawaasichi waliin ta’eetu waan gosa mudate furuu danda’u. Hawaasni Oboo kun bineensotaaf akkuma kunuunsa taasisu, ofii isaanii nagaa jiraachuu akkuma jaallatan, qaama kamuu eenyummaafi aadaa isaanii miidhuu barbaadu obsanii bira darbuu hindanda’an. Dhugaan jireenya isaanii kana mirkaneessu, ormas ta’e qaamni biroon kan dhufee qeeyee isaanitti gale haga nagaan jiraatetti kan simataniifi waliin jiraatan yoo ta’eyyu, dirqamaan aadaafi safu hawaasichaa hinkanbaju taanaan saffisaan kan ofkeessaa baasan ta’uusaa jiruufi jireenya hawaasichaa keessaatti mul’atu nuuf mirkaneessa.

Kanneen itti dabalee, akkaatuma bineensonni sanyii isaanii kan miidhe beekuun haaloo ba’an, hawaassichi rakkoo gosa isaa mudate bira dhaabbachuudhaaf fagoofi dhiyaadhaa kan waliif birmataniifi tokkummaa kan qaban ta’uu isaanii nu hubachiisa. Kanaaf, qabxiileen xiinxala afee armaan olii keessatti mul’atan kan agarsiisan, hawaasni Torban Oboo akkaataa eenyummaa tikfachuu qabu dhalootaa yeroo barsiisu, haala faayidaafi kunuunsa bineensa naannoo isaanii jiratan waliin walbira qabee kan mul’isa ta’uu isaanii hubanna. Tokkummaafi waliif birmannaan bineensota gidduutti akkuma mul’atu, hawaasichi walta’uun eenyummaa isaa tikfachuu akka qabu haala jireenya bineensotaan walbira qabee kan agarsiisu ta’uusaa mul’isa.

Durduriin/sheekkoon armaan gaditti jiru immoo fakkoomii haala waliif birmannaa Torban Oboo kan bineensa waliin waliin walqabsiisanii seenessantu dhiyaata.

**AfsTO (37)**

> Yeroo tokko nama Duuloo jedhamu tokkotu waraabecha halkaan nyaata barbaachaa deemu argee ajjeesse. Itti ansee, gosoonni waraabechaa galagala galagala yeroo hundumaa obbo Duuloo hurdofuu eegalan .Gaaf tokko osoo inni qawwee isaa qabatee irbaata nyaachaa jiruu, waraabessota keessaa tokko saroota inni qabu bira darbee mana seenee fuula isaa dura dhaabbate. Namichi kun waraabechicha ajjaassuuf harkasaa olkaasee rukkuutuu hindandeenye. Isa booda waraabechichi ofuma isaa ba'ee deeme. Erga waraabechichi deemee sareen isaa ka'ee dute. Saree dura yeroo waraabeechi dhufe dutuu dhiisetti aaree rasaasaan rukkutee ajjeeche. Haala kana erga hubatee Obbo Duuloon gara waa beekaa naannoo isaa jiru dhaqee rakkoo kana akka furuuf itti hime.Isa booda waa beekaan kun Obbo Duuloon firoottan waraabecha ajjeefame sanaaf gumaa baase yoo araarfate malee yeroo dhiyoo keessatti isayyu nyaachuu akka danda'an itti hime.
> Kanaaf, harree bitee laga geechee akka hidhu gorse. Wanta jedhame sana Obbo Duuloon raawwate. Haata'u malee, waraabechoonni sun guyyaa sadiif harree lagatti hidhamee jiru sana nyaachuu didan. Itti aansee, waa beekaa duraa bira deemee haala jiru itti himnaan adeemsa gumaa baasuu seeraan yoo hodofe malee akka isaan hinyaanne itti hime. Isa booda, akkaata adeemsa sirna Gadaan gumaa baasuu hordofee, ashaboofi kanneen biroo barbaachisan baalarra kaa'ee naannoo harreen hidhamee jiru sanaa kaa'un, akka Gadaatti warri sirna raawwatan achitti akka argaman ta'e. Achii booda ,waaqaafi lafaaf, namichi gosa keessan ajjeeche gumaa dhiigaa kaffaleera, waan isiniif qophaa'e koottaa ashaboo waliin nyaadhaa jedhaa jedhan. Yerooma sana guyyaa walakkaa warabeechoonni walguuranii dhufanii harree sana nyaatan . Guyyaa sanaa eegalee Obbo Duuloon waraabechaan hindoorsifamne(Haasaa Obbo Nagawoo Boosat bakka walga'ii qixxee gosaatti hawaasatti himan Waxabajji, 2013)

Afeen dudurii armaan olii kun kunuunsaafi ilaalcha hawaasni Torban Oboo bineensotaaf qabuufuufi fakkoomii ittiin ijoollee isaanii barsiisanidha. Kunis, obbo Duuloon waraabeessa daandii isaa deemu osoo qabeenya isaa hinmancaasiin argee ajjeesse. Akka safuu hawaasichaatti bineensi haala akkasiin adeemu du'uu akka hinqabne ibsu. Garuu namichi kun dogoggora waan hojjeteef, sanyiin waraabechadu'ee baayyatanii gumaa baasuuf ifaajan. Obbo Duulaan safuu hawaasaa waan hineegiiniif osoo saroonni isaallee hinargiin, waraabeessi mana seenee isa doorsiisuu eegale. Obbo Duuloon dogoggora uumame kanaaf furmaataaf fala akka inni barbaadetu mul'ata. Falli argames, guma waraabeessa du'ee sanaa yoo baase malee, yeroo booda kan isa nyaatanii ajjeessan ta'uusaa kan bare ta'uusaati. Itti dabalee, yakka isaa akka baree safuu hawaasaatti akka deebi'u isa taasisuu isaa himu.

Akkasumas, bineensi tokko yoo du'eyyu firoottan kan biroon gumaa kan baasan waan jiraniif daba hojjechuurraa of eeggannoon barbaachisaa akka ta'e addeessu.

Itti dabaluun, sirni hawaasaa adeemsaafi safeeffannaa of danda'e waan qabuuf, osoo irra hintariin raawwachuun dirqama isaa ture. Obbo Duuloon dogoggora isaa qofa baruu osoo hintaane, adeemsa sirna ittiin araarrri ta'ullee beekuu qaba. Kanaaf, gara sirnaafi aadaa hawaasaatti deebi'uun rakkoo isa mudateef fala barbaaduun rakkoosaa furachuun dirqama ture. Itti fufuunn falannaa haala armaan gadiin dhiyeessu

**AfsTO (38)**

Waraaboo Kunoo gumaa kee siif baafnee siif kennineerraa nyaadhu.
Gumaa kee kana nyaatte nama kanatti haaloo hinqabattu.
Adamsitee qabeenya isaa , maatii isaafi nama kana irratti hamaa hin yaaddu.
Seera aadaa Oromootiin siqabneerra harra
Siifii namakana gidduutti nagaa deebifneerra jechuun

Adeemsa kanaan seerri dhalootaafi lubaan erga tumamee gumaan waraabessaa baafamee namni kun cubbuu raawwate kanarraa qulqulla'a jedhama.(Afgaaffii gaafa guyyaa Waxabajjii obbo Nagawoo Boosat irraaa fudhatame. Adeemsa kana irraa wanti hubatamu uummanni Oromoo bara jiraatu keessatti qaama miidhaa irraan ga'uuf yaalu kamuu irratti haaloofi gadoo osoon qabanne dhiifama godhee akka dhala isaatti ilaalee kununsuun nagaan waliin jiraachaa akka tureefi qaama daangaa darbee eenyummaa isaa sarbuun obsa fixachiisaa raawwate irratti ammoo tarkaanfii barsiisaafi amansiisaa ta'e fudhachaa jiraachuu isaa kan mullisudha.

Ibsaafi ergaa afseenessa armaan oliirraa wanti hubatamu, fakkoomii hawaasni Oromoo gumaa bineensotaan waa'ee gosa isaanii ijoollee isaan barsiisanidha. Kunis, uumama naannoo ofii wajjiin nagaan jiraachuun barbaachisaa akka ta'e barsiisuun, yoo ta;uu baate kan miidhamu garee hawaasaa naannoo sana jiraatu akka ta'edha. Akkasumas, bineensi tokko tasa yoo du'eyyu, gareen haaloo ba'uu

akka danda'aniifi rakkoon biraa dabalaa akka deemu nutti mul'isa. Fakkoomiin isaa immoo akkuma bineensonni gumaa garee isaanii baasan, gosti hawaasa Torban Oboo gumaa fira baasuun dirqama ta'uusaa mul'isa. Kunis, jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qixxee gosaafi firaan walitti hidhatanii tokkummaafi kutannoon walbira dhaabbachuun eenyummaafi amantaa hawaasichaa kan agarsiisu ta'uusaati

Afeen gaditti dhiyaate immoo fakkoomii bineensonni eenyummaa hawaasa waliin walqabatanii ibsantu xiinxalamee dhiyaatee jira.

**AfsTO (39)**

*Arbi mallattoo hormaataati*
*Arbi yoo bade kaawootu bada*
*Sanyiin keenyas arba*
*Daggala daandii godhee darba*
*Gadamsi ykn borofni mallattoo ayyaantumaati*
*Biyyi ayyaantuun oofkala*
*Cirriin yoo bade loon hinhoran*
*Cirriin yeroo madaa horii nyaattu akka talaalliitti waan kennituufii qabdii*
*Cuqulisni qulqulluudha mallattoo mana jala bullaan dhabduutu ilmoo argata*
*Dinbiccoon mallattoo qabeenyaati  midhaan nyaattee hinballeessitu*
*Weenni hinajjeessinaa himtuu/dammaksituu yerooti*
*Leenci goota asxaa Torban Obooti, tuqan malee nama hinmiidhu*
*Leenci daangaa isaa beeka, of eega*
*Kanaaf, akkuma waan uumamaa keessaa tokko akkuma badaa  deemeen hawaasichatti waati hir'ataa jedhu(*Afgaaffii jaarsolii biyyaa Daadhii Qumbiifi Maammoo Gadaarraa,Fulbaana 2014 fudhatame*)*

Afeen armaan olittin dhiyaate fakkoomii bineensonni hawaasa Torban biratti qaban eenyummaan walitti firoomsee seenessa. Arbi guddaa waan ta'eef mallattoo bal'inaafi hormaataati fudhatu.  Mallattoo walhormaataa  kan ta'e kana, adamsanii balleessuun namas ta'e bineensotni akka walhinhorreef naannoon abaarama. Arbi badeennaan sanyiin olkaa'ameeru ni badaa; kanaaf,  arbi yoo bade kaawootu

bada jechuun himu. Arbi naannoo tokkoo guutummaatti badnaan walhoranii baayyachuun badaa akka adeemutti amanu. Kana malees, arbi guddaa akkuma ta'e Oromoon guddaa ta'uusaa walbira qabanii addeessu. Arbi bineensota bosonaa keessaa hunda caalaa guddaa waan ta'eef, daandiin daggalaa ykn bosona inni keessa darbe nama kamiinuu ni beekama. Kanas, guddummaafi baay'ina uummata Oromoon walbira qabanii agarsiisuuf sanyiin keenya arba jedhu. Akkasumas, borofni mallattoo ayyaantummaa kan safuufi amantaa aadaa Oromoo waliin walqabatu ta'uusaa dabalanii ibsu. Borofni balaafamaa miti. Margadheeduurraa kan hafe Oomisha namaa kamiyyu hinmiidhu. Ayyaantummaan ofeeggannoo safuu Waaqaa barsiisa. Biyyi ykn hawaasni tokko rakkoo isa mudate kaan oolu ayyaantummaan kaayyoo Waaqaa hawaasatti himu yoo jiraate qofa. Kanaaf, bineensonni ayyaantummaan bakka bu'an naannootii yoo dhabaman, hawaasichi rakkoofi dararama adda addaaf akka saaxilamu ittiin agrsiisuuf kan gargaaraman ta'uu isaanii amantaa qaban ibsatu.

Gama gosoota shimbirroo keessaa cirrin bakka birootti gogaa loonii nyaattee akka miidhaa geessistutti yoo fudhatamu, hawaasa Torban Oboo immoo cirriin yoo bade loon hinhoran jechuun faayidaa isheen qabdu agarsiisu. Kana malees, cirriin waan horii miitu yoo fakkaatellee, madaa loonirra teessee nyaachuun ishee faayidaa akka qabu mul'isuun, yeroo madaa horiirra teessee nyaattu dhukkuba looniifillee qoricha kan ta'u akka talaalliitti kan dabrsitu ta'uu ishee seenessu. Talaallii cirriin karaa madaa kennitu keessa walhormaataafi dhibee loonirratti mul'atan fayisuuf waan gargaaru jiraachuu isaa mul'isu. Kanaaf, waan uumamaa keessaa tokko akkuma badaa deemeen hawaasichatti waatu hir'ataa deema jechuun safuu bineensotaaf qaban agarsiisu. Looni immoo hawaasicha keessatti akka madda dinagdeefi eenyummaatti fudhatamu. Kun immoo akka aadaa hawaasichaa duriitti dinagdeen hawaasichaa loon horsiisuu qofaarratti waan bu'uureffateef, loon baayyee qabaachuun akka badhaadhummaafi olaantummaatti ilaalma.

Akkasumas, gosoota bineensota keessaa weennii akka agarsiiftuu yerootti fudhatanii seenessu. Weenniin halkan darbee lafti bar’uusaa korrisee beeksisa. Bineensi kun halakan si’a sadii korrisuun hawaasichi baariin lafaa dhiyaachuusaa akka tilmaamu taasisa. Kana malees, weenniin baala muka nyaachuu qofa malee miidhaa akka hingeessifneefi akka nama kan hinlolle ta’uusaa ibsu. Garuu bineensi kun kan miidhaa hingeessifne haa ta’u malee, bakka inni nagaan jiraatutti qaamni kamuu isa lollaan akka hindhiifneefi caalaatti miidhuu kan danda’u ta’uusaa addeessu.

Yaada kana Workeneh (2010) cimsee yoo ibsu Oromoon uumama Waaqaa balleessuf of hineeyyamu. Sanyii bineensota naannoo ofii balleessuun faayidaaleen ittiin eenyummaa ibsataniifi walbarsiisan hedduun waliin jalaa waan baduuf rakkoolee adda addaaf hawasichi akka saaxilu amana jechuun addeessa.

Afseenessa kanaan hawaasichi kunuunsaafi of eeggannoo uumama naannoo isaaf qabu eenyummaa isaa ta’uu agrsiisa. Kanas, hawaasichi walhormaanni namaafi bineensotaa, naannoo madaalli isaa eeggate keessa jiraachuuf safuufi safeeffanna uumama naannoof qaban eenymmaa jiruufi jiraachuu ta’uusaa agarsiisuun ijoollota isaanii cimsanii barsiisu. Itti dabaluun, hawaasni Torban Oboo eenyummaan itti fufinsa akka qabaatuuf , dhaloonni itti aanaanii dhufanis gahee isaaniirraa eegamu akka bahaniif haala afseenessan cimsu. Akkasumas, itti fufanii dhalotaa kan jiraatu yoo uumama naannoo isaanii jiran keessaa bineensotaaf kunuunsa barbaachisu kennuu akka qabn agrsiisu.

Yaadni afseenessa armaan olii agarsiisu akka mul’isutti aadaan hawaasa Torban Oboo kunuunsi bineensotaa bulchiinsi Gadaaan xiyyeeffannoo guddaa kennamuu isaa mul’isu. Kunis bineensonni tokko tokko ofuma isaanii ayyaana abbootii waan qabaniif namni bineensota akka malee ajjeese abaaramaa; ayyaanni bineesota naannoo sanaa jiraatanii haaloo ba’ee ajjeesuu kan danda’u ta’uusaati. Kun immoo gosoota bineensota naannoo sanatti beekaman keessaa sanyiin gosa tokkoo bannaan hawaasni naannoo sanaa dogoggora hojjeteeru akka qabutti fudhatama. Sabaabiin isaa wantoota naannoo sanatti jireenyaaf

barbaachisan keessaa kan bade jiraachuusaa mul’isa. Gama biroon immoo bineensonni baayyeen fakkoomii amantaafi duudhaa hawaasichi jireenya isaa har’aa boruu keessatti qabu bakka bu’uun eenyummaa hawaasichaa mul’isa. Kunneenis, arba naannoo tokko jiraachuun kaawoo hawaasni Torban Oboo itti jiraataniifi babal’ataanii naannoo sana dhaalan agarsiisuufi arbi guddina isaarraa kan ka’e bosonaafi daggala inni keessa darbe daandii saaquun akkuma beekamu, hawaasni Oboo naannoo isaa jiraachuun diinota isaanii biratti soda kan agrsiisu ta’uusaa hubanna.

Itti dabaluun, hawaasni Trorban Oboo fakkoomii jaalalaafi tokkummaa isaan gidduu jiru agrsiisuuf arbaan dhaadatu; kabaja olaanaa kennuuf. Bineensotaafi shimbirroowwan kaawoofi fakkoomii walhormaataa taa’an agrsiisuuf cuqulisaafi arba dabalanii ibsu. Hawaasichi akka hawaasa biroo tasa ba’ee kan galu osoo hintaane ayyaantummaa lafaafi uumama naannoon oolee kan galu waan ta’eef; ayyaana hedatee kan jiraatu ta’uu himu. Kanaaf, bineensota nyaataaf oolanillee rimaa ykn kan mucaa dhalteetee hosisaa jirtu taanaan, akka lubbuu namaa ajjeessuutti walbira qabanii seeneessu. Afseenessi isaanii kun walitti dhufeenyi isaan bineensotaafi uumama naannoo isaanii gidduu jiru kun tooftaa hawaasichi eenyummaa isaa tursiisuuf gargaaramaa tureefi jiru keessaa tokko ta’uusaa nu hubachiisa. Kunis, fakkoomiin bineensonni isaan ittiin walbira qabanii ykn bakka buusanii eenyummaa isaanii ibsan kunneen naannoo sanaa dhabamnaan, ijoollonni isaanii waan ittiin eenyummaa isaanii hubatan akka hinjirreetti fudhatama.

Bineensonni akka weennii immoo agrsiiftuu yeroo ta’anii fakkoomiin seeneffamaniiru. Hawaasichi yeroo lolaa diinaan weeraramu bineensa kana akka dammaksituu ykn yeroo himtuutti fudhata. Diinni weeraruuf dhufee naannoo isaanii buufatee jira taanaan, hawaasichi yeroo korrisa weennii irratti hundaa’uun dammaqee of qopheessee dursee diinota isaarrtti tarkaaaffii akka fudhachuuf gargaarama. Kanaaf, bineensa kana akka fakkoomii mul’istuu dammaqsituu yeroo daangaa ofii eeganiitti ilaalu. Kunis, ibsa afseenessa daangaa ofii eeggachuu keessatti abbootiin Gadaafi warri baabsaa dammaqanii

itti gaafatamummmaa itti kenname akka eeganiif mul'ate keessatti bineensi kun gahee olaanaa akka qabu agrsiisa.

Afseenessa hawaasa Torban Oboo olii keessatti leenci akka asxaa hawaasicha bakka bu'uutti fudhatamee seeneffameera. Fakkoomiin dhiyaatees haaluma kana waliin walqabtee yoo ta'u, leenci bakka fedhettuu daangaa isaa eeguun gosoota leencaa kan biroos ta'e bineensota gosa biraa daangaa akka hinseenneef cimsee to'ata. Diinonni ykn garee biraa kan yaaluree yoo ta'e walqindeessee loluun daangaa isaa kabachiisa. Fakkoomiin kun tooftaa hawaasni Torban Oboo leenca daangaa isaa diina lolee eegsifatau waliin walqabsiisanii ijoollota isaaniif seenessu. Kunis, ijoollonni isaanii daangaa isaanii jabeessanii akka eeggataniifi diinni didee kan dhufu yoo ta'e immoo lolanii daangaa isaanii isa eenyummaa isaanii ta'e akka kabachiisan ittiin barsiisuuf kan gargaaraman ta'uu isaanii mul'isa. Leenci baqatee diinaaf daangaa isaa osoo hingadhiisiin akkuma irratti du'u, ijoollonnis daangaa isaaniirratti kabachiisuurratti aarsaa akka ta'an cimsuuf fakkoomii leencaa kanaan agrsiisan ta'uu isaanii hubanna.

### 6.5 Hariiroo Ujubaafi Namaa

Ujubni bakka owwalchaa Torban Oboo mallattoo ayyaana walitti dhufeenya kanneen du'aniifi jiraataniidha. Bakki kun seenaa Torban Oboo beekuu keessatti kallattii hidda latinsaafi achii as dhuftee isaanii ittiin mul'isanidha. Bakki owwalchaa Oromoon du'aa isaa dhoksu ujuba ykn kaabaa jedhamu ooyiruu ykn qeyee sirni owwalchaa itti raawwatamu kun ayyaanni abbootii du'anii kanneen lubbuun jiran eegu itti mul'atudha jedhamee amanama. Akka aadaa Oromootti ujubni iddoo owwaalaa nama du'ee qofaa miti. Ayyaannii warra jiran gaggeessuufi hamaarraa eegu naannoo sana akka jirutti amanu. Kunis, waan dhaloonni lubbuun jiran Waaqa gammachiisuuf raawwataniifi yeroo daba hojjetan deebisee gara sirriitti akka dhufan taasisu hoodniifi safuun bakka ujubaa jiraata jedhu(Maammoo, 2016). Haa ta'u malee, Torban Oboo biraatti immoo ujubni warra ayyaantuuwwanii addatti ilaalma. Haaluma kanaan raagamtaan armaan gadii ujubawwan ayyaantuu waliin walqabatee haala armaan gadiin dhiyaatee

xiinxalamee jira. Ragmtaan immoo afseenessota hawaasni tokko seenaafi eenyummaa isaa ittiin mul'isu keessa tokko ta'uusaa (Sumner, 1996) ibseera.

**AfsTO (40)**

> Nama Dhiibuu Rabbii jedhamu Waaqarraa argame tokkotu ture. Dhalatee waggaa 3-4 gidduutti faajjii, dibbee ulfoo ta'an waliin Waaqa qabtee dhalate waan ta'eef sanyiin isaa ayyaantuudha; hawaasnis isaan sodaata; kabajas. Sanyiin isaanii warra Boosat Luumee Dhiibuu Rabbii Waaqaa bu'an jedhamanii beekamu. Isaaniis ayyaantuu warra qaalluudha. Safuu eeggatu; cubbuu lagatu. Akkasumas, kan sodaatamaniifi kabajamanidha. Warra Waaqni dhaga'uufi kadhatanii dhageechiifatnidha. Hojii hawaasaafi Waaqaa hojjetu malee dhimma dhuunfaa keecha hingalan. Kanaaf, yoo du'anillee hinowwaalaman; yeroo du'an osoo namni hinowwaaliin dumechaan ykn bokkaafi hurriidhaan Waaqatu dhufee ol fudhata. Yeroo isaan du'an gogaan/ittilleen maranii ala kaa'u turan. Isaan keechaa Luumeefi Dhiibuu dabalatee warri turan yeroo du'anitti Waaqni haala kanaan fudhate( *Mare garee ayyaantuuwwanii, Abbootii Gadaafi jaarsolii biyyaa Onkoloolessa, 2014* )

Raagamtaa hawaasa Torban Oboo armaan olii kun sanyiin warra ayyaantuu jalqaba Dhiibuu Rabbii warra Waaqarra bu'an ta'uu isaanii ibsa. Sanyiin isaaniillee yeroo ammaa kana warra Boosat Luumee Dhiibuu Waaqarraa Torban Oboof ergaman jedhanii amanu. Yeroo Waaqarraa dhalatanillee wantoota hawaasicha biratti ulfoo ta'aniifi faajjii mallattoo Waaqarraa dhufuu isaanii agrsiisu qabatee dhufuu isaa dabalanii himu. Kunis, yeroo ammaayyu hawaasicha keessatti haaluma kanaan fudhatama godhatee akka itti amanaa jiran addeessu. Gareen ykn sanyiin warra Waaqarraa bu'an kun ayyaantuu warra ykn warra qaalluu Waaqaafi nama gidduu jiran dhugaa kan dubbataniifi caalaatti Waaqatti kan dhiyaatan ta'uu isaanii addeessu. Hawaasichi Waaqarraa dhaga'ee waa'ee egeree kan itti himuufi rakkoo isaan mudateef furmaata kan barbaadu karaa warra qaalluu ykn ayyaantuu kana akka ta'e seenssu. Dhimma nama dhuunfaa keessa hingalan; warra Waaqatti dhiyaatan waan ta'aniif qulqullummaa isaanii eeggatu; safuu qabu; cubbuus hinhojjetan jedhanii akka amanan ibsu. Hojii, amalliifi dhufteen isaanii warra Waaqarraa dhufan waan ta'aniif yoo du'anillee laafatti akka hinhafne isaan taasisee ture. Lafarra yoo jiraatanii du'anillee lafarratti hinowwalaman; reeffi isaanii gogaa looniin maramee mana ala kaa'ameetu

haga Waaqni duumeessaan dhufee gogaa dhiisee fudhatee deema. Kunis, Waaqni warra qulqulluu waliin tokkummaafi walitti dhufeenya inni qabu kan mul'isu ta'uusaati.

Seeneeffamma hawaasaa keessatti raagamantaan akkaataa ittiin hawaasni tokko eenyummaa, duudhaafi safuufi safeeffannaa hawaasa tokkoo cimsuun dhaloota barsiisuu danda'uun dhiyaata. Okpewho (1992) raagamtaan adeemsa jireenyaafi muuxannoo seenaa keessatti kan nama qunnamurraa akka maddu addeessuun akkaataan itti uumamu garuu, namoota kaanirraa garaagarummaa ibsa. Kunis, raagamtaa hawaasni Torban Oboo dhimma warra ayyaantuuwwaniifi bakka ujuba isaanii waliin walqabatee jiru yaada hayyuu kana waliin walitti dhufeenya qaba. Hawaasa Oromoo biratti ujubni ilaalchaafi safeeffannaa addaa qaba. Kunis, ayyaanniifi hoodni abbootii warra du'anii ammayyu naannoo sana jiraatee hawaasicha akka warra jiran eegaa jiruufi fakkoomii walitti dhufeenya warra jiraniifi du'an gidduu jiru ta'uusaa amanama(Asafa, 2015). Raagamantaan gaheefi ujuba warra ayyaantuuwwan hawaasicha keessa jiruullee yaada kana cimsee jia.

Afee yookiin raagamantaa armaan oliitti dhiyaateefi ibsa yaada hayyoota armaan olirraa wanti hubatamu, aada hawaasa Oromoo keessatti qaamni addatti Waaqa waliin walitti dhufeenya qabu kan jiru ta'uusaa hubanna. Isaan jalaqaba faajjiifi meeshaalee ulfoo Waaqarraa qabatanii dhalatan; akkasumas, kanneen qulqullummaa isaanii baay'ee eeggatan qaalluu ykn warra ayyaantuu jedhaman akka jiran mul'isa. Kanaaf, ija jabummaan Waaqatti dhiyaatanii yaada Waaqaa uummataaf dhiyeessu. Oromoon aadaa isaa keessatti sufuufi safeeffannaan cubbuurra oflaga. Qaama qulqullummaan hinhojjenne, waaqani irraa adda ba'ee qullaa akka hambisu nu hubachiisa. Kun immoo qajeelummaa hojjechuu kan sabni Oromoo itti amanu nuuf mirkaneessa. Akka aadaa Oromootti kan daba hinhojjenne yeroo hundumaa Waaqaan kan jaallatamuufi umurii dheeraa qabaatu ta'uusaati. Akkuma afeen armaan olii kun mul'isutti qaamni qulqulluummaan hinhojjenne suuta suuta adeemsa Waaqaa keessaa ba'aa deema.

## AfsTO(41)

> Bara tokko sanyii warra ayyaantuu kanneen ta'an keessaa Boosat Luumee kan jedhamu safuu abboota isaa durii eeggachuufi cubbuu lagachuu dhiisee yakka waan hojjeteef Waaqni itti dhufnaan du'e. Yeroos, akka abboota isaa duraa Waaqni haa fudhatu jedhanii ittillee/gogaa ittiin maranii Waaqni akka fudhatuuf ala kaa'an. Haata'u malee, Waaqni dhufee gogaa irraa fuudhee qullaa hambisee reeffa isaa achittii dhiisee sokkinaan firoottan fuudhanii owwalan. Sanyiin isa boodaan dhalaatan safuurraa waan kaatameef achumatti owwaalamuu itti fufan. Kanaaf, naannoo isaa bakka kaabaa ykn ujuba warra ayyaantuu jedhame. Bakki kun ammayyu hawaasa keenya biratti akka ulfootti waan fudhatameef , iddoon sun yeroo sanaa eegalee bakka ardaa jilaafi sirnoonni hawaasaa adda addaa itti raawwataman ta'ee fudhatamee jira. Garuu, yeroo ammaa kanayyu sanyiin isaanii safuu eeggachuuf hawaasa kaanirra waan wayyaniif uummanni isaan kabaja. Hawaasa Torban Oboo keechatti bakka gosti warra ayyaantuu kunneen hinjireetti sirnoonni kamiyyu hinraawwataman. Warra ayyaantuufi ujubni isaanii nu'i warra Toraban Oboof kan ittiin beekamnudha. Kabaja ujubaaf qaban agarsiisuuf *Uleen ujubarraa haga fedhe bareedeyyu hinmuramu* jechuun dubbatu (Mare garee ayyaantuuwwanii, Abbootii Gadaafi jaarsolii biyyaa Onkoloolessa 2014 )

Sanyiin warra Waaqarraa bu'anii keessaa Boosat safuu eeggachuu dhiisuun dhimma dhunfaa keessa seenuun ergama isaa daagatanii cubbuu hojjechuun irraa hineegamu ture. Garuu Boosat Luumee safuu kana cabse. Gosa sabaa keessaa kan waaqni waliin ta'u warra qulqulluu ta'an malee waan hintaane hojjenan walitti hinfiroomu. Kanaaf, yeroo inni cubbuu hojjete sana Waaqni itti dhufe. Waaqni itti dhufe jechuun sabab yakka inni hojjeteen ajjeesuusaati. Boosat duunaan akka abboota isaa Waaqni dhufee haa fudhatu jedhanii itilleen maranii ala yeroo kaa'an, Waaqni Oromoo warra safuu eeggatan malee waan hinfudhanneef, gogaa ittiin marame irraa fuudhee qullaa godhee reeffa dhiisee sokke. Achii booda, firoottan fuudhanii owwalan. Sababa kanaaf sanyiin namichaa isa booda dhufan hundi Waaqaan fudhatamuun isaanii waan hafeef, bakkuma sanatti owwaalamuu itti fufan. Bakki isaan itti owwalaman kun yeroo ammaa ujuba warra ayyaantuu jedhamee beekama. Ammallee sanyiin isaanii ujuba qeeyee isaaniitti malee iddoo bataskaanaatti qeyee isaaniirraa fagaatanii hinowwalaman. Iddoon ujuba isaanii kun haga ammaatti iddoo ulfoo hawaasni Torban Oboo bakka argama Waaqaa jedhanii amananidha. Yeroo baallii walitti kennaan, rakkoon goginsaafi hongeen isaanitti dhufu bakka kanatti walitti qabamuun korma qalanii Waaqa kadhatanii araarfatu. Yoo diinni itti dhufellee bakka kanatti qalanii,

sanyii warra ayyaantuun eebbifamanii lolatti bobba'anii mo'atanii galu. Wayitii ammaa kana iddoon ujuba warra ayyantuu kun bakka addaa ta'ee hawaasicha biratti kabaja gudda argatee jira.

Gareen warra ayyaantuu ykn qaalluu sun ammayyu hawaasa naannoo kanneen biraa caalaa 1safuufi aadaa eeggachuu keessatti hawaasa naannoo irra kan wayyan yoo ta'aniyyu du'a ooluu hindanadeenye. Bakki ujuba warra ayyaantuuwwanii kunnneen yeroo ammaa kana hawaasa Torban Oboofi akka lafa fakkoomii bakka argama Waaqaa ta'uusaa hubanna. Ammallee hawaasni naannoo sana bakka argama Waaqaafi idddoon itti rakkoon isaan mudate fala argatu ta'uusaa mul'isa. Gama biraan immoo hawaasichi bakka argama Waaqaa kana akka eenyuummaa isaatti qabatee yeroo hunda achitti walga'a. Sababiin isaa bakki kun iddoo ayyaanni warra du'anii warra lafarra jiraatan waliin walitti dhufee gaarummaafi hooda duriin isaan jiraachisu ta'uusaa agarsiisa. Itti dabalees, ujubni warra ayyaantuu kanneeniin akka isaan kaanii naannoo Bataskaanaa osoo hintaanee qeyee sanyii isaanii waan ta'eef garee gosaa ykn firaa malee qaamni biraan lafaafi bakka sanarratti angoo qabu hinjiru; tutuqaa kanneen aadaafi amantaa hawaasichaa balaaleffatani hinqabu. Kunis fakkoomii ofiin ofbulchuu ykn of oogganuu hawaasichaa agrsiisa. Kanneen malee, ujubni bakka ulfoo waan ta'eef safeeffatamee yeroo dheeraaf jiraata. Kanaaf, bakki ulfoo hawaasa Torban Oboo mallattoo ykn fakkoomii tokkummaa warra du'aniifi jiranii gidduu jiru agarsiisa. Akkasumas, ujubni fakkoomii ayyaanni abbootii warra durii isaan gidduu jiraachuu bakka bu'ee seenaa hawaasichaa keessatti eenyummaa hawaasichaa mul'isuun tajaajila kennaa jiraachuu isaa hubatama. Fakkoomiin ujuba warra ayyaantuu kun inni biraan, bakki kun iddoo argama Waaqaa waan ta'eef, yeroo eebba, mo'ichafi misooma barbaadan bakka kanatti walitti qabamanii kadhatanni rakkoo isaaniif furmaata argachuun iddoon kun Waaqa isa ijaan hinmul'anne bakka bu'ee gaaffii isaaniif deebii kenna.

Kanaaf, yeroo ammaa kanallee mammaaksa yeroo mammaakan kabaja ujubaa himuuf Uleen ujubarraa haga fedhe bareedeyyu hinmuramu jechuun mul'isu.

Ujubni kabaja qabaachuufi bakka bu'aa eenyummaa hawaasichaa kan agarsiisuu ta'uusaati. Ujubni lafa iddoo owwaalchaa hinqotamne waan ta'eef mukkeen babbareedoo irratti biqilu. Firri namoota du'aniis ittiin yaadachuus ujuba sanarratti akka mallattootti muka dhaabu. Mukti ujuba sanarraa haala mijataa waan argatuuf qajeelee guddata. Nama karaa sanarra darbu hunda ni hawwata. Garuu mukti kun muka bakka bu'aa kanneen lafarra hinjirree waan ta'eef hinmuraman. Sababni ujubni sun ayyaana warra firoottan lafarra hinjirree qabatee akka jirutti amanama. Kanaafis, kunuunfama.

Oromoon namni tokko lafarraa yoo du'e ayyaanniifi safuun dhalootatti darba jedhee amana. Kanaaf, mukkeeniifi marga ujuba isaanirratti biqileef gatii kennu. Bakka sana tutuqqaa namaafi kottee horiirraa eegu. Sababiin isaa ujubni sun kanneen du'an sanaaf sanaaf akka bakka bu'aatti ilaalama. Akkasumas, lafti ujubaa haga fedhe biyyeen isaa gabbataa yoo ta'eyyu hinqotamu. Ergaan guddaa kunuunsa ujubaarraa hubatamu, hawaasni Oromoo ujuba bakka warra lubbuun hinjirree buufatee, isa ijaan hinmul'anne safeeffachuutti gatii kennuu isaa mul'isa. Safuufi safeennaan aadaa hawaasichaa keessa jiru, abbaan lafarra hinjiru yoo ta'eyyu, gorsaafi kabaja abbootiif kennamu malu dhaloonni itti aanan akka kennaniif dhimma kanaaf bakka kennan. Kanneen malee, bakki ujubaa hawaasichaaf iddoo ulfoo argama Waaqaa waan ta'eef, nama yakkeef raraarri ta'a; rakkoo biyyatti dhufeef falli argama jedhamee amanama.

Walumaagalatti, fakkoomiin afseeneffamoota Torbanm Oboo hariiroo uumama naannoo waliin qabaniifi akkaataa ittiin eenyummaa isaanii isa mul'taafi dhokataa, walitti dhufeenyaafi safeeffannaa isaanuumaa waliin qaban ibsuurratti xiyyeeffata. Garreen hawaasa kana biratti akka bakka ulfoo argama Waaqaa, madda bishaanii, dinagdee, siyaasaattifi iddoo iit dhugaan dhokate mul'atu; murtiin haqaa beekaafi wallaalaa, deegaafi sooressa osoo hinjedhiin iddoo haqni garee hawaasaa hundaaf itti kennamutti fudhatu. Akkasumas, gaarreen ykn lafa ol ka'oo naannoo isaanii keessaa gaara Boosat baay'ee ola ka'aafi bakka hundatti mul'atuu eenymmaa Torban Oboo dhiibbaa haalota siyaasaa,

amantaafi aadaa mootota Itoophiyaa duraan dandadamatanii turuu isaanii agarsiif fakkoomiin bakka buufatanii ittiin of ibsuuf gargaaramaa jiaachuu isaaniiti. Biqilootaa ilaalcheisee fakkoomiin isaan afseenessa keessatti agarsiisan, biqiltoonni mallattoo tokkummaa, hormaataa, guddinaa, badhaadhummaafi nageenya isaaniitti amananii kunuunsu gudaa gochaa jiraachuu isaaniiti. Hawasa Torban Oboo biratti bineensonni asxaa jireenya naannoo isaaniitti fudhachuun borofaa bakka bu'aa nageenyaatti, arba tokkummaafi leenca immoo gootummaa daangaa ofii kabachiifachuu fakkoomsanii gargaaramu. Fakkoomiin ujubaa immoo bakka argama aayyaana warra du'anii dhaloota amma jiran walarganiifi safuufi safeeffannaa agarsiisan bakka buusanii kan gargaraman ta'uu isaanii adda ba'ee jira.

.

# BOQONNAA TORBA: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun kan inni xiyyeeffatu akkaataa hawaasni qorannoo kanaa afseenessaan eenyummaa haaloota jiruufi jireenya isaa waliin walqabsiisee ijaaree tursiiseerutu addeeffama. Ijaarsi eenyummaa yeroodhaa gara yerootti beekumsa gareen hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsaa adeemu akka ta'e( Tajfel & Turner, 1979) ibsu. Bruner (1991) akka ibsetti, dhalli namaa kan yaada walii isaa ijaaru, muuxannoo walirraa horatuufi yaadannoo jireenya isaa har'aa boruu keessaa unkaa seeneffamaan qindeessudha jedha.

Haaluma kanaan qabxiileen boqonnaa kana keessatti xiyyeeffannoon dhiyaatan mala dhuftee isaanii ittiin cimsatan, fakkoomiifi ilaalcha hawaasichi uumamma naannoo kanneen mukkeen, garreen, bineensotaa, ujubawwaniifi kkf akka mallattootti bakka buusatee eenyummaa isaa ibsatu afseennessoonni boqonnaa shanii eegalanii dhiyaatan xiinxalamaniiruamaniiru. Qabxiin biraan immoo xiyyeeffannoofi ilaalcha daangaa qabiyyee lafa isaaniif qaban addeeffamaniiru.

## 7.1. Cuunfaa

Qorannoo xiinxala afseenessoota ijaarsa eenyummaa Oromoo Torban Oboo taasifame kana keessatti, Oromoon akka walii galaatti Torban Oboo immoo addatti haala keessatti eenyummaa ijaaruufi ijaarratee ture seenessuu, maaliifi akkamitti seenessu sirna qindaa'ina olaanaafi abbummaa qabuunis ijaaruun kan itti dhimma ba'u akka ta'e, akkasumas, afseeneffamoonni himaman xiyyeeffannoofi ergaa garaagaraa kan qabaniifi faayidaalee adda addaafis kan itti dhimma bahaman ta'uu ibsamee jira. Afseeneffamoonni Torban Oboo kunneen oguma, beekumsaafi seenaa hawaasaa dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa hawaasa tokkoo addeessuufi dandeettii kalaqa sammuu dhala namaa ibsudha. Afseeneffamoota Torban Oboo hedduuf ka'umsi rakkoolee jiruufi jireenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee isaanii keessatti isaan mudatanidha. Hawasichi eenyummaa isaa tursiifachuuf rakkoo mudate seenessaan icciitii isaa

eegee bifa fakkoomiin garreen, biqiltootaa ujubawwaniifi bineensota waliin walqabsiisee dhaloota isaa barsiisaa adeema. Seenessuu yommuu fedhan yookiin dirqama itti ta'u immoo bineensotaafi biqiltoota naannoo isaanii fudhachuun akka fakkoomiitti gargaaramuun yaada ijaan hinmul'anne eenyummaa isaanii walqabsiisanii seenessuun himu. Xiinxalli fakkoommii taasifamee immoo Torban Oboo bineensotaafi wantota naannoo isaa jiraniif hiikaafi bakka bu'iinsa adda addaa kennuun akka mala walqunnamtiitti ittiin yaada waljijjiiruufi waliif galu ta'uu ibsa. Akkasumas, afseeneffamni kunis namaa namatti himamaa deemuun daangaa bal'ifataafi umurii dheereffachaa deemuun eenyummaa hawaasa sana ijaaree kan jiraatu ta' e. Rakkooleef taateewwan adda addaaa yommuu jiruufi jireenya hawaasa sanaa keessatti yeroo uumamanis afseeneffama kalaqamee jiru sana fayyadamuun ibsu; walbarsiisu , isa dogoggores adabanii sirreessu.

### 7.2. Argannoo

Yaada gaaffilee bu'uuraa qorannoo xiinxala ragaa argameerraa kanarrtti hundaa'uun argannoowwan qorannoo kanaa isaan bu'uurris akka itti aananii jiran kana ta'u. Inni tokko,

- Hawaasni Oromoo Torban Oboo afseenessaan achii as dhuftee, hidda dhalootaa, bakkaafi daangaa abbootiin irra jiraachaa turaniifi jiran seenessuun dhalootaa dhallotatti cimsee dabarsaa tureefi jirudha. Kunis, Oromoon hidda dhalootaa ijoollee isaa kan barsiisu fedhii qabeenya waloo fayyadamuufi tursiissuuf, adeemsa dura buutota siyaasaafi amantii dursanii hundeessanitti gargaaramuun yaada jedhuu cimsa. Fakkeenyaaf, bakka turtii abboota durii agrsiisuuf dhaloonni abbummaafi ayyaana isaanii akka beekaniif maqaa iddoo jarreen jiraachaa turaniin maqaa moggaasu. Kun immoo dhaloota ammas ta'e inni itti aanu yeroo dheeraa booda siyaasa, amantii gaggeessaan dursanii leenjisuu, cimsuufi guddisuufi akka gargaaruu beekumsa isaan qaban agarsiisa. Hiddi dhalootaa beekuun immoo namni tokko eenyu akka ta'ee, eessaa akka dhufeefi sanyii dhaloota darbanii mul'isa.

- Afseenessi daangaa qabiyyee lafaa hawaasa Torban Oboof damee eenyummaa jireenya har’aa booruu bocuuf olu ta’ee miira bakka jirraatoonni abbummaa lafa irra jiraatanirratti eenyummaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qabaachuun isaa ifoomeera. Itti dabalee, afseenessi ilaalchaa, beekumsa hawaasaafi mirga daangaa ofii addaa baasanii beekanii kabachiifachuufi eegsifachuu guddisuu keessatti gahee qaba. Daangaan jireenya har’aa boruu keessatti immoo miira abbummaa lafa ofii bocuu keessatti gahee olaanaa bahaa jiraachuun isaa adda ba’eera. Daangaafi haalli daangaa adeemsa siyaasaa qofa osoo hintaane, mallattoo hawaasaafi karaa angoo siyaasaa gama qabiyyeefi nageenyaan mul’atu ta’uu isaa ibsa . Haala walfakkaatuun hawaasni bakka tokko dursee qubatee jiraataa ture, mirga naannoo isaa jiraachuufi walitti dhufeenya addaa qabaachuun kunuunfachuu, daangaa ofii kabachiifachuu, qabeenya daangaa ofii keessatti argamu kanneen akka bishaan, albuuda fayyadamuufi dhaloota itti aananii dhufaniif tursiisuu akka qaban amantaa hawaasa Oromoo Torban Obooti.

  Akkasumas, hawaasni xabboo naannoo tokko qabiyyee isaa godhatee jiraate mirgaa daangaa abbootaa isaa duraanii falmachuufi qabeenya achi keessatti argaman akka kan ofiisaatti mirkaneeffachuu ulfoo isaanii tursiisuu haala aadaafi tokkummaa hawaasa isaanii kununsuu mirga akka qaban mul’ateera. Kanneen malee, hawaasa xabboof lafti jireenya akka ta’e agarsiissuun kan barbaacha ofii ittiin guutatan qofa osoo hintaane, bu’uura itti fufinsa dhaloota duraafi ammaati. Madda qabeenyaarratti dabaluun lafti hawaasa xabboo Afrikaafi hiikaa hawaasaafi aadaa qaba.

- Afseenessi hawaasa Oromoo Torban Oboo qabeenyaalee uumamaa naannoo isaanii jiraatan kunuunsuufi ittiin eenyummaa isaa ibsuu keessatti safuu, safeeffannaafi duudhaa hawaasichi qabu cimsuuf haala adda addaan fakkoomiin ibsu. Kunis, gosa mukkeen adda addaa safuu isaanii eeggatanii akka kunuunfamaniif fakkoomii walhormaataafi bilchina umurii

walqabsiisuun sanyiin mukkeen badnaan, sanyiin namaa illee jiraachuu akka hindandeenye cimsuuf gargaaramaniiru. Akkasumas, mukkeen fakkoomii tokkummaa, guddinaa misoomniifi dagaaginaan, faajjii tokko jalatti walitti qabamuufi waliin jiraachuun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisu. Kun immoo hawaasni Oromoo Torban oboo saba nagaa barbaadu ta'uusaa mul'isaniiru. Biqiltoonni mallattoo tokkummaa, hormaataa, guddinaa, badhaadhummaafi nageenya isaaniitti amananii kunuunsu gudaa gochaa jiraachuu isaaniiti. Bineensota immoo asxaa jireenya naannoo isaaniitti fudhachuun bakka bu'aa nageenyaatti, tokkummaa,waaliif birmannaafi gootummaa daangaa ofii kabachiifachuu fakkoomsanii gargaaramuu. Ujuba abbootii immoo akka bakka argama aayyaana warra du'aniifi jiran itti walarganiifi safuufi safeeffannaa agarsiisan bakka buusanii kan gargaraman ta'uu isaanii adda ba'ee jira.

### 7.3. Yaboo

Yaadoleen qorannoo kana keessatti akka yabootti dhiyaatan kanneen armaan gadiiti. Qorannoo kana adeemsisuu keessatti ilaalchi hawaasni afseenessaafi eenyummaa isaaniif qaban daraan olaanaa yoo ta'u, kanneen baranne of jedhan biratti laafaa deemera. Dhaloonni haaraa bakkoota ardaa jilaatti argamanii seenaa abbootiirraa beekuufi afseenessa obsaan dhaggeeffachuurra miidiyaalee hawaasaa garaagaraa hordofuu kan filatan baay'eedha. Qaroomina teknoloojiin dhufeefi ammayyummaa aadaafi seenaa ofii wajjin walsimsiisanii keessa jiraachuufi itti fayyadamuu dhiisuufi dagachuun dhaloota haaraaf sababa ta'an isaan birooti. Kana malees, sirnoonni barnootaa, bulchiinsaafi siyaasni biyyattttii duraanii aadaafi ssenaa hawaasichaa dhabamsiisuufi balaa guddaaf saaxilan yoo ta'an, afseeneffamoonniifi eenyummaan hawaasichaas waliin kan miidhame ture. Akkasamas, aadaa haala eenyummaa ofii dagaagsuun hubachuu dhabuun rakkoo kan birooti.

Afseenessaa badiisa oolchuuf, itti fayyadama isaa isa barateefi magaalaa jiraatu biratti guddisuufi dhaloota haaraa hubachiisuuf sirna barnootaa Afaan Oromoofi saayinsii hawaasaa keessatti haalaan

hammachiisuun barbaachisadha. Afseenessa afaaniifi saayinsii hawaasa keessatti  barsiisuun sammuu dhalootaa baay'ee kan qaruu ta'uusaa qorannooleen afseeneffamarratti akka addunyaatti adeemsifaman ni agarsiisu. Waajjirri aadaa, turizimiifi dargaggoo, qaamoleen barsiisa seenaafi ijaarsa eenyummaarratti hojjetan  dhaloota haaraafi afseenessa hawaasichi eenyummaa isaa ittiin ijaaru dargaggootaaf leeenjiifi barsiisa gadi fageessee hundee qabsiisu qopheessuun dagatamuufi badaa adeemuu afseeneffama eenyummaa ijaaruu kana oolchuu danda'a

Yaadoleen akka furmaataatti armaan olitti dhiyaate hojiitti akka jijjiiramuuf, hawaasichi akka fedhaafi ilaalchasaatti aadaafi seenaasaa barsiifatuuf ani siif beekaa qaamota siyaasaan adeemsifamu dhiifamee, mirgaafi birmadummaa daangaa hinqabne kennuufiidha.

# Wabiilee


Abbas H. (2014). *Conquest and resistance in the Ethiopian Empire 1880-1974*. Toronto: Brill Publishing.

Abrams D.and.Hogg (2011)*Social Identification , Self –Categorization and Social Infulence*.University of Kent

Abrams, D., & Hogg, M. A. (1988). *Comments on the motivational status of self-esteem in social identity and intergroup discrimination*. European Journal of Social Psychology, 18, 317-334.

Abrams, L.(2010). *Oral history theory*.Routledge 2 Park Square,Milton Park, Abingdon, Oxon OX14 4RN

Abreham A. (2012) *Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the Southwestern Oromo of Ethiopia:* a Comparative Study PhD Thesis .VU University, Amsterdam

Adugna B.(2016) *The Discursive Construction And Representation Of The Waata Identity: A Critical Discourse Analysis Of Oral Texts*. Unpublished PhD Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Alamaayyoo H.(2007). *Sirna Gada: Siyaasa Oromoo Tuulama* (Jiildii 1ffaa). Finfinnee: Birhaaninnaa Saalam

Alemayehu H. & et al.(2006). History of the Oromo to the Sixteen Century (1st ed.). Finfinne: Oromia Culture and Tourism Bureau

Alemayehu H.(2009) *Gadaa System: The Politics of Tulama Oromo* vol.1. Finfinne: Oromia Cultureand Tourism Bureau,

Alemayehu H.(2014) *Sirna Gadaa Tuulamaa*.Addis Ababa: Oromia Culture and Tourism Bureau.

Andrews, et al. (2008) *In Doing narrative research.* Los Angeles Calif.: SAGE. http://site.ebrary.com/id/10546227

Anttonen, P.J. (2005). Tradition through Modernity: Postmodernism and the Nation-State in Folklore Scholarship. Helsinki Finish Literature Society.

Archakis, A., and A. Tzanne (2005) *Narrative positioning and the construction of situated identities.* Evidence from conversations of a group of young people in Greece. Narrative Inquiry 15.2: 267-291.

Archakis, A., and A. Tzanne (2009) Constructing Social Identities Through Storytelling: Tracing Greekness In Greek Narratives. Pragmatics 19:3.341-360 (2009) International Pragmatics

Asafa J. (2010) *Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview* University of Tennessee – Knoxville.

Asafa T.(2015) Ethnography Of Resistance Poetics: Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture , Ethiopia, Northeast Africa ; PhD Thesis, Department of Folklore and Ethnomusicology Indiana University

Asebe R.(2012). Contesting Views on a Protected Area Conservation and Development in Ethiopia. Soc. Sci. 1(1):24-43.

Asmarom L. (1973). Gada: Three Aproaches to the Study of African Society. New York: The Free Press.

Athes, H. (2010). Editorial.PostModernism(e*). Identity Dissolved*. Iasi, Institutul European. No.5-6: 3-8.

Austin, J. (1962). *How to do Things With Words*. London: Oxford University Press.

Badone, E.(1987). *Ethnicity, Folklore, and Local Identity in Rural Brittany*. Journal of American Folklore 100.396: 161-90.

Bamberg, M. (1997).*Positioning between structure and performance*. Journal of Narrative and Life History, 7, 335-342.

Bamberg, M. (2003). "Positioning with Davie Hogan: Stories, Tellings, and Identities." C. Daiute & C. Lightfoot (eds.). Narrative Analysis: Studying the Development of Individuals in Society. London: Sage, 135–57.

Bamberg, M.& Alexandra G. (2008). *Small Stories as a New Perspective in Narrative and Identity Analysis*. *Text & Talk* 28, 377–96\

Bamberg, M. (2010). *Who Am I? Narration and Its Contribution to Self and Identity*." Theory and Psychology 21.1: 1-22

Bartels, L. ( 1983*) Oromo religion. Myth and Rights of the western Oromo of Ethiopia- an attempt to Understand.* Berlin: Dietrich Reimer Verlag, Germany (1983), 10.2307/1581039

Bartis, P. (2002*) Folklife and Fieldwork*: A Layman's Introduction to Field Techniques

Bascom, W.(1983). "Malinowski‟s Contribution to the Study of Folklore‟, Folklore, 94(2) 163-172.

Basso, M (1984). *Stalking with Stories*. *Names, Places, and Moral Narratives Among the Western Apache.*

Basu, P. (2007) *Highland Homecomings: Genealogy and Heritage*-Tourism in the Scottish Diaspora, Routledge.

Baxter, P and . et al(eds.) (1996). *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiries.* Uppsala: Nordiska Afrika institute,.

Berger, L.P. and Luckman, T. (1967). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge.* Harmondsworth: Penguin Books

Bernbaum, E. (2022). *Sacred Mountains of the World* (2 ed.). Cambridge: Cambridge University Press. p. 287. ISBN 978-1-108-83474-2.

Bertaux, D. (1990). *Oral History Approaches to an International Social Movement*. In Else Oyen, ed.,Comparative Methodology: Theory and Practice in International Social Research. London: Sage.

Blumer, H. (1969) *Symbolic Interactionism: Perspective and Method*. Berkeley: University of California Press

Bottero,W(2023). *Identity And The Practice Of Family History.* Working Paper No. 121. CRESC, The University of Manchester

Brierley, M (2015) *DNA Portraits: Celebrations of the Technoself. Journal of Science Communication* 14: 1–15.

Brockmeier, J.( 2002). "Remembering and Forgetting: Narrative as Cultural Memory." Culture & Psychology 8.1: 15-43.

Bruce K. Ferguson (2023) *Symbolic meanings of ordinary city streets and their trees* . Pittsburgh, PA, United States

Bruner, J. (1986*). Life as narrative*. Social Research, 54(1), 11-32.

Bruner, J. (1990). *Acts of meaning*. Cambridge, MA: Harvard University Press.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press.

Buli E.( 2006.). *The Socio-Economic Dimensions of Development Induced Impoverishment:* The Case the Karrayyu Oromo of the Upper Awash Valley. Social Anthropology Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University

Burgess, M. E (1978). *The Resurgence of Ethnicity: Myth or Reality?* Ethnic and Racial Studies 1.3: 265-85

Carter, M; Fuller, C. (2015). *Symbolic Interactionism*. Sociopedia.isa.

Carter, M; Fuller (2016) *Symbols, meaning, and action:The past, present, and future*

*of symbolic interactionism.* California State University, Northridge, USA

Castro, A. (2003). Book review: The social life of trees: Anthropological perspectives on tree symbolism. In L. Rival (Ed.), Human ecology (pp. 170–14).

Cerulo, Karen A. (1997). *Identity Construction: New Issues, New Directions*. Annual Review of Sociology 23: 385–409

Ceyhan, S. (2003). "A case study of Gypsy/Roma identity construction in Edire" Middle East Technical University, Unpublished MA Thesis, Department of Sociology
Chandler (Eds.), *Changing conceptions of Psychological life* (pp. 233–240). Mahwah, NJ:

Clark, T. (2005). Community-identity Construction in Galatians: Exegetical,Social Anthropological and Socio-Historical Studies. London: New York.

Cortazzi, M. (1993).*Narrative Analysis.*Vol. 12. Social Research and Education

Creswell, J. W. (2009). *RESEARCH DESIGN: Qualitative, Quantitative, and Mixed Methods Approaches.* United States of America: SAGE Publications, Inc.

Dasta A. (2015). *Safuu: The Indigenous Oromo Moral System*. Unpublished MA Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Dastaa D. (2011). *Bu'uura Qorannoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East

David E. (2004). *Doing Research in the Real World*. London: SAGE. Publishing Ltd.

David , S. (2020) *Territory and territoriality: retrospect and prospect.* In: A Research Agenda for Territory and Territoriality. Elgar Research Agendas . Edward Elgar, Cheltenham, pp. 1-24. ISBN 978 1 78811 280 2 (print) 978 1 78811 281 9

Davies, B. & Harré, R. (1990).Positioning: *The discursive production of selves*.Journal for the Theory of Social Behavior, 20, 4363.

De Fina, A and et al . (2006). *Discourse and identity*. Cambridge: 205 Cambridge University Press.

Dejene G.(2002) Some Aspects of Conflict and Conflict Resolution Among Waliso Oromo of Eastern Macha, With Particular Emphasis on the Guma. MA, Thesis Addis Ababa University

Desalegn F.(2013) .*Indigenous Knowledge of Oromo on Conservation of Forests and its Implication to Curriculum Development:* the Case of the Guji Oromo MA thesis Addis Ababa University

Desalegn C.et al. (2005). Indigenous systems of conflict resolution in Oromia, Ethiopia. In *International workshop on 'African water laws: Plural legislative frameworks for rural water management in Africa* (pp. 26–28). International Water Management Institute

Desta D. (2015). A Functional Study of Tulama Oromo Oral Prose Narratives. Unpublished PhD Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University

Devine, D. (2001). *Evidence Analysis. In Professional Genealogy:* A Manual for Researchers, Writers, Editors, Lecturers, and Librarians. Edited by Elizabeth Shown Mills. Baltimore: Genealogical Publishing Company.

DeVos, G(1995) *Ethnicity. Ethnic Identity: Creation, Conflict, and Accommodation.* Eds.

Didion, J. (2009) "The White Album" from Didion, Joan, The White Album pp. 11 -48, New York: Farrar, Straus and Giroux ©

Dirribi D.(2011) *Oromo Wisdom in Black Civilization*. Finfinne: Finfinne Printing and publishing S.C.

Dornyei, Z. (2007*). Research Methods in Applied Lingustics: Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies.* New York. Oxford University Press.

Dorson, R. M. (ed.) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction.* Chicago: The University of Chicago press.

Elden, S.(2013) *The birth of territory.* Chicago. The University of Chicago Press.

Elena, K. (2023) *Mountain Identity and Development Aspirations*. Grassroots Journal of Natural Resources, Vol.6 No.1 (Apr 2023) ISSN: 2581-6853 | CODEN: GJNRA9 | Published by The Grassroots Institute

Erben, M. (1991) *Genealogy and Sociology.* Sociology, 25(2)275-92

Erikson,E.H.(1968).*Identity:Youthandcrisis*.NewYork:Norton

Eshete G. (2008). African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual studies of Oromo Oral Literature in Contemporary Perspectives (Phd Dessertation). Institute for Litteratur, Kultur og Medier

Fakiruddin, A. (2023) *Culture And Symbolic Transformations*: Understanding The Dynamics Of Societal Change. e-ISSN: 2582-5208 International Research Journal of Modernization in Engineering Technology and Science ( Peer-Reviewed, Open Access, Fully Refereed International Journal )

Fearson, J. (1999). *What Is Identity (As We Now Use the Word)*? Available

online: https://web.stanford.edu (accessed on 3 January 2019)..

Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxiford: Clarendon Press.

Finnegan, R. (1992). *Oral Traditions and The Verbal Art:Agide to Research Practices*. Newyork: Francis e-Library.

Firth, R. (1973). *Symbols: Public and Private*. Ithaca: Cornell University Press

Freeman M., and J. Brockmeier (2001) *Narrative integrity. Autobiographical identity and the meaning of the "good life"*. In J. Brockmeier & D. Carbaugh (eds.), Narrative and identity. Studies in autobiography, self and culture. Amsterdam and Philadelphia: John Benjamins Publishing Company, pp. 75-99

Gada M. (1999) *An Introduction to the History of the Oromo People*(Minneapolis: Kirk House Publishers, , pp10-13ff.

Gemechu M. (1993). "Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of the Oromo of East and Northeast Africa." (Unpublished PhD Thesis); London: University of London, School of Oriental and African Studies.

George F. *(2015) Symbols, Cultures and Identities in a Time of Global Interchange*. The Council for Research in Values and Philosophy. Washington, D.C.

Georges, R, and Jones, M. ( 1995). *Folkloristics: An Introduction.* Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press

Geremew Ch.and Hunduma D.(2018) *Oromo Oral Literature for Environmental Conservation:* A Study of Selected Folksongs in East and West Hararghe Zones. Haramaya University

Gergen, K. & Gergen, M. (1983), *Narratives of the Self.* In T. Sarbin & K. Scheibe (Eds.), Studies in Social Identity (pp 254-273). New York: Praeger.

Gergen, K. (2005). "Narrative, Moral Identity, and Historical Consciousness: A Social Constructionist Account."*Narration, Identity and Historical Consciousness.Making Sense of History*. Ed. Straub, J., New York: Berghahn Books, pp. 99-119.

Giddens, A. (1991). *Modernity and Self-Identity.Self and Society in the Late Modern Age*. Cambridge: Polity Press.

Girma G. (2018) A History Of The Torban Obo Oromo In Boset *Woreda*, 1855-1991. MA Thesis. Addis Ababa University.

Goffman, E. (1981). *Forms of Talk*. Oxford: Basil Blackwell

Goff, L. (1992). *History and Memory*. Translated by Steven Randall and Elizabeth Claman. New York: Columbia Univ. Press.

Green, A. (2013). *Intergenerational Family Stories: Private, Parochial, Pathological*? *Journal of Family History* 38: 387–402.

Guenther, L. (2008). *Being-from-Others: Reading Heidegger after Cavarero*. *Hypatia* 23: 99–118.

Hall, S. (1996). 'Who needs identity? : Introduction' In Hall, S. and Gay, P. (ed.), Questions of Cultural Identity. London: Sage Publication.

Harry, S. (1972). *Glossary of literary terms.* Pennsylvania: McGraw-Hill.

Harry, S. (1976). *Concise  dictionary of literary terms*. New York: McGraw-Hill.

Hatton, S. (2016b). *Thinking about Genealogical Identity*. National Genealogical Society Quarterly 104: 215–28.

Herbert ,L. (1990) *Gada*, Big Man, *Qaalluu*: *Political Succession among the Eastern Mecha Oromo*. Northeast African Studies, Vol. 12, No.1 (Michigan State University Press, 1990),

Hinchman,B. (2001). *Introduction. Memory, Identity, Community: The Idea of Narrative in the Human Sciences.*Eds. Hinchman, Lewis P. and Sandra K. Hinchman

Hitlin, S.(2003). *Values as the Core of Personal Identity: Drawing Links between Two Theories of Self*. *Social Psychology Quarterly* 66: 118–37.

Hodge, F,et al. (2002).*Utilizing Tradition*

Hogg, M. A. (2014). From Uncertainty To Extremism: Social Categorization And Identity Processes. *Current Directions in Psychological Science*, *23*, 338–342.

Hogg, M, & Williaams, K. (2000). *From I to we: Social identity and the collective self.* Group Dynamics: Theory, Research, and Practice, *4*(1), 81-97.

Holliday, A. (2010). *Intercultural communication & ideology*. London: Sage.

Ingelaere, B. and, et al. (2018). Why secondary towns can be important for poverty reduction -A migrant perspective. World Development,Vol.105, pp:273 -282.

Janes, O., & Cloke, P. (2002). *Tree cultures: The place of trees and trees in their place*. Berghahn Books

Jacques Le Goff(1992) *History and Memory* (New York: Columbia University Press,).

Jenkins, R. (2008). *Social Identity*. 3 edn. Oxford, New York: Routledge.

Jeylan W. (2006). *A Cultural Representation of Women in the Oromo Society*. *African Study Monographs, 25(3): 103- 147, October 2004*

Jones, S (1997). *The Arcaeology of Ethnicity: Constructing Identities in the Past and Present.*

Judy. (1998). *Learning Life Lessons from Indigenous Storytelling* with Tom McCallu London: Routledge.Journal for the Theory of Social Behavior, 20, 4363.

Juma.J .(2016) Oral Narrative Performance And The Construction Of Bukusu Perceptions On Communal Coexistence. A PhD Thesis Submitted to A PhD Thesis SubmittedUniversity of Nairobi

Kothari, C. R. (2004*). Research Mothodology: Methods and Techneques*. New Delhi: New Age Intarnational Publisher.

Kothari, U., & Hulme, D. (2004). *Narratives, stories and tales: understanding poverty dynamics through life histories.* Manchester, UK: Global Poverty Research Group and Institute for Development Policy and Management, University of Manchester.

Kramer, A. (2011a) *'Mediat[is]ing memory*: *History, affect and identity in Who Do You Think You Are*?' European Journal of Cultural Studies, 14(3)428-45.

Kuwee K.( 1997) *The Siiqqee Institution of Oromo Women*. Journal of Oromo Studies. Vol.4, 95 No. 1 and 2,

Kyale, S. (1996). *Interviews: An Introduction to Qualitative Research Interviewing*. Thousand Oaks, CA: SAGE Publications.

Lawler, S. (2014). *Identity: Sociological Perspectives*, 2nd ed. Cambridge: Polity.

Lewis, H. (1994). *Aspects of Oromo Political Culture*. In Mohammed Hassen (ED.), The journal Oromo studies (Vol.1, No.2, Pp. 53-58). USA: Georgia State University.

Lowenthal, D. (1985). *The Past Is a Foreign Country*. Cambridge University Press.

Maammoo G. (2016) *Duudhaa Oromoo.* MYBT Printing Press.

MacDonald, M. et al. (1999).*Traditional storytelling today*:

Maier, Ch. (2016). *Territories of Power, Wealth, and Belonging since 1500.* Harvard University Press, Cambridge

Martin, G.(1996-2015*) Meaning and origins. In: The Phrase Finder*. Online Resource: Retrieved 20th December, 2021 from http://www.phrases.org.uk/meanings/proverbs.html

Michael, E. (1991). *Genealogy and Sociology: A Preliminary Set of Statements and Speculations. Sociology* 25: 275–92.

Mohammed, K. (2015). *An Interpretation of Two Oromo Folklore Genres Integrated*. Ethiop. J. Educ. & Sc. Vol. 10 No 1 , 23-38.

Moriarty, E (2005). *Telling Identity Stories: The Routinisation of Racialisation of Irishness*. Sociological Research Online. 10.3. Web. 25/04/2008

Muluugeetaa N.(1999) *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*: Wiirtuu-Jildii 8(f163)

Nagesa M. (2011). Indigenous forest utilization and management strategies vis-a-vis subsistance economy in Odo Shakiso Woreda Guji zone [MA Thesis]. Addis Ababa University.

Nash, C. (2002) *Genealogical identities'* Environment and Planning D, 20(1)27- 52

Natalie L F. (2015) *The use of oral history and narrative research in broadening the historical foundation of the agricultural communication field.* Purdue University

Negasa D.(2021) Building peace by peaceful approach: *The role of Oromo Gadaa system in peace-building* Article: 2023254 | Published online

Negaso G. (1984). *History of the Sayyo Oromo of Southwestern Wallaga, Ethiopia from about 1730 to 1886.* Frankfurt.

Neuman, W. L. (2007). *Basics of Social Research: Qualitative and Quantitative Approaches*. Boston Pearson Education, Inc.

Ochs, E., and Lisa, C.( 1996). *"Narrating the Self*." Annual Review of Anthropology 25: 19-43. of research. Psychological Bulletin, 108, 499 –514

Okpew, I. (1992). *African Oral Literature*. Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.

Olive, J.L. (2014). *Reflecting on the Tensions Between Emic and Etic Perspectives in Life* History Research: Lessons Learned. Forum Qualitative Sozialforschung / Forum: Qualitative Social Research, Vol. 15 (2.6). ISSN 1438-5627

Olupona, K.(1993). *Animal Symbolism in African Religion and Culture.*

Ong, W. (1982). *Orality and Literacy: The Technologizing of the Word*. London: Methuen.

Orbe, M., & Spellers, R. (2005). *From the margin to the center: Utilizing co-culture theory in Diverse contexts*. In W. B.Gudykunst (Ed.), Theorizing about intercultural communication

(pp. 173-210). London: Sage.

Oring, E . ( 1986). "*Ethnic Groups and Ethnic Folklore." Folk Groups and Folk Genres: An Introduction*. Ed. Oring, Elliot. Logan, Utah: Utah State University Press, pp. 23-44

overlooked the contentof ethnic identity. To fill this gap in the literature, the objective

Oring, E . (1996). *Folk groups and Folk genres :An introduction*. Logan: UTAH state university Press Patai, D. (1993). *Brazilian women speak: Contemporary life stories*. NewBrunswick, NJ: Rutgers University Press.

Paasi, A.(2008) *Territorial dynamics, cross-border work and everyday life in the Finnish-Swedish border' Space and Polity*

Paula, N.( 2017). *Genealogy, Psychology and Identity: Tales from a Family Tree*. London: Routledge.

Pauline, V. (2016*). Tree symbolism and conservation in the South Pare Mountains, Tanzania*. Conservation and Society, 14(4), 368–379. https://doi.org/10.4103/0972-4923.197615 [Crossref], [Web of Science ®]

Phinney, J. (1990). *Ethnic identity in adolescents and adults*: A review

Piquemal, N. (2003). *From Native North American Oral Traditions to Western Literacy*:

Plummer, Ken (1995).*Telling Sexual Stories: Power, Change and Social Worlds*. London: Routledge.

Polkinghorne, D. (1988). *Practice and narrative.In D. Polkinghorne.Narrative knowing and the human sciences* (pp157-184). NY: SUNY.Press.psychological life (pp. 233–240). Mahwah

Polkinghorne, D. (1995). N*arrative configuration in qualitative analysis. Qualitative studies in education*, Vol. 8, issue

Punch, M. (1998). Politics and ethics in qualitative research. In: N. Denzin and Y. Lincoln (eds), The Landscape of Qualitative Research: Theories and Issues. London: Sage. pp.156–84.

Richard , D. (1972). *African Folklore*. (Bloomington: Indiana University Press,. 18 Ibid., p8

Riesman, C. K. (1993). *Narrative analysis. Qualitative research methods series* Newbury Park, California: Sage Publications, Inc.

Robertson, D. (2012) *Build Your Resilience*. Hodder, London

Rogers,B. (2004). *Ethnicity without Groups*. Cambridge: Harvard University Press.

Ronald E. (2002), *Appreciative Inquiry and Organizational Transformation: Reports from the Field* (Westport: CN: Quorum Books)

Ryan, M. (2006). *Narrative, Media, and Modes*. M.-L. R. Avatars of Story. Minneapolis:

Sarbin, T. (2004). *A preface to the epistemology of identity*.In C.Lightfoot, C. Lalonde, & M. Erlbaum

Sarup, M. (1996). Identity, culture and the post-modern world. Edinburgh: Edinburgh University Press.

Scheepers, D,and et al. (2006). *Diversity in in-group bias: Structural factors, situational features, and social functions*. Journal of Personality and Social Psychology, 90(6),

Schiffrin, D. (1996). *Narrative as self-portrait: Socio-linguistic constructions of identity*. Language in Society, 25 167-203.

Shapin, S(2000). *Trust Me*, London Review of Books: vol. 22.

Schwandt, T. A. (2003). *Three epistemological stances for qualityative inquiry: Interpretivism, hermeneutics, and social constructionism*. The landscape of qualitative research (2nd ed

Sibley, D. (1995), *Geographies of Exclusion: Society and Difference in the West*. London: Routledge.[doi://dx.doi.org/10.4324/9780203430545]

Sims, M. et al. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. Logan, Utah: Utah State University Press

Sisaay K. (2018). Afseenaa Namoota Bebbeekamoo Aanaa Midaa Qanyii. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf gamisaan guuttachuuf Dhiyaate. Yuunivarsiitii Finfinnee

Smith, A, D.( 1995)*Nations and Nationalism in a Global Era*. Cambridge, UK: Polity Press.

Smith, T.W. (2007). Social identity and socio-demographic structure. *International Journal of Public Opinion Research, 19*(3), 380-390.

Snow DA (2001) *Extending and broadening Blumer's conceptualization of symbolic*

Stern, S. (1977). *Ethnic Folklore and the Folklore of Ethnicity. Western Folklore 36.1: 7-32.*

Steven, M (1989) *Domestic Revolutions:* A Social History Of American Family Life

Stevenson, N.(1989). *Genealogical Evidence: A Guide to the Standard of Proof Relating to Pedigree, Ancestry, Heirship and Family History*. Laguna Hills: Aegean Park Press.

Storey, D. (2020) *Territory and territoriality: retrospect and prospect*. In: A. Research Agenda for Territory and Territoriality.

Sumner, C. (1996). *Proverbs, songs and folktales: An anthology of Oromo literature*. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation interactionism. *Symbolic Interaction* 24(3): 367–377.

Tajfel, H., & Turner, J. (1979). *An integrative theory of intergroup conflict*. In W. G. Austin & S. Worchel (Eds.), The social psychology of intergroup relations (pp. 33–47). Monterey, CA: Brooks/Cole.

Tesema T. ( 2016). The Gada system and the some of its institutions among the Borana: A Historical perspective. Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities.

Tsegaye Z. (2002). "The Oromo of Salale: A History (c.1840-1936)." MA Thesis, Department of History, Addis Ababa University.

Trucker, E. (2009). *Children's folklore: A handbook*. USA: National Information Standard Organization.

Turner, J. et al. (1987). *Rediscovering the social group: A self-categorization theory*. Oxford, England: Blackwell.

Vansina, J. (1985).*Oral Tradition As History*.The University Of Wisconsin Press.114 North Murray Street why. *Perspect. Psychol. Sci.* 12, 956–972.

Varnum, M. and Grossmann, I. (2017). *Cultural change.*

Vento, U. *(2010). "The Role of The Kalevala" (PDF). Archived from the original (PDF)*

Waajjira Sab-Qunnamtii Aanaa Boosat (2008)

Walker, D.(2006). *Grounded Theory, an Exploration of Process and Procedure*. Qualitative Health Research, 16, 547-559.

Weedon, C. (2004*). Identity and Culture.* New York: Open University Press.

Weeks, J. (1990) "The Value of Difference, in J. Rutherford (ed.) *Identity, Community, Culture, Difference,* pp. 88–100. London: Lawrence and Wishart

White, H. (1981). *The value of narrativity in the representation of reality. In On Narrativ*e.Ed. WJT Mitchell. Chicago: University of Chicago Press.

William A. Wilson (1975). *The Kalevala and Finnish Politics*. *Journal of the Folklore*

*Institute* 12(2/3):

Workineh K.(2010) *Indigenous and Modern Environmental Ethics*: *A Study of the Indigenous Oromo Environmental Ethic and Modern Issues of Environment and Development.* Library of Congress Cataloging-in-Publication. USA

Young, M.W. (1979). The Ethnography of Malinowski: Trobriand Islands. New York: Routledge and Kegan Paul Ltd

Zerubavel, E. (1995) .*Social memories*. Qualitative Sociology, 19(3)283-99.

ብሩ ፀጋዬ፡፡ (2008)፡፡ *የሥሌጣኔ አፈሪካዊ ምንጭና በተረት መጋረጃዎች የተደበቁ እውነቶች*፡፡ አዲማ፤ በዴር ማተሚያ ቤት፡፡

ቀነኣ ለሚ:: (2010) *የኦሮሞ ሚቶልጂ ይዘታዊ ትንተና*፡፡ለፒ.ኤች.ዱ. ማሟያየቀረበ ጥናት፡፡ በአዲስአበባ ዩኒቨርሲቲ

አለማየሁ ሃይሌ:: (2008) *በገዳ ስረኣት የቱለማ ኦሮሞ ፓለቲካ፤* ኦሮሚያ ባህልና ቱሪዝም ቢሮ

ፍቃደ አዘዘ (1991)። *የሥነ-ቃሌ መምሪያ፤.* ኢትዮ ጥቁር ዓባይ አታሚዎች።.

# Dabaleewwan

## Dabalee 1. Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoo

Kabajamtoota odeeffattootaa, ani yeroon ammaa kana uummata Torban Oboo jedhaman kan Naannoo Oromiyaatti Godinaalee Bahaa aanaa Boosat keessa jiraatan irrattan qorannoo barumsa digirii sadaffaatiif ta'un geggeessaa jira. Gaaffiileen armaan gadiis akkaataa uummanni kun itti seenaa ofii ibsaniifi akkaataa uumama, daangaa keessa jiraatan itti isaan ibsan irratti odeeffannoo funaanuuf qophaa'an. Kanaafuu, gaaffiilee dhimma seenaa keessan kana ilaalchisanii dhiyaataniif deebiiwwan sirrii ta'an akka laattan kabajaanan isin gaafadha. Odeeffannoon isin kennitan ammoo dhimmi qorannoo kanaaiin alatti akka hinoolle, kan biraatiif hinoolu. Maqaa, bakka jireenyaafi yaanni isin laattanis of eeggannoodhaan dhimmi itti Bahama.

Galatoomaa!

**A. Gaaffilee Marii Garee**

Maqaa ______________________________________

Umurii ______________________Saala ________________

Goodina ____________________ Aanaa _____________Ganda ________________

1. Mata dureewwan kanaan gadiirratti waa'ee keessan maal beektu:

- Achii-as-dhuftee keessan?
- Hawaasummaa keessan karaa kamiin ijiraattan?
- aadaa keessan?
- seenaa?

 Wantoota/ iddoowwan  addatti ilaaltan qabduu? Maaliif?

 Walitti hidhatinsi isin Gaara Boosatiifi iddoowwan ulfoo adda addaa waliin qabdan maali?

2. Torban Oboo  naannoo kana jiraattan   kanneen biroorraa  maaltu adda isin taasisa?

3. Mata dureewwan kunneen irratti walitti dhufeenyi isin hawaasa Oromoo olla keessan jiraniifi

kanneen Oromoo hinta'iin  waliin qabdan maal  fakkaata:

 Dhimma daangaarratti

 waliin jiraachuurratti

 waliin hojjechuu

 Oromoo Arsiifi Karrayyuu naannoo keessan jiraatan waliin akkamitti walsimattu?

4.  Daangaan abbootii keessan duraa eessa ture? Ammoo?

5. Aadaan akka Torban Obootti waliin kabajjattan maalii?Akka gosaatti sirna qofaatti kabajjattan jiraa?

6. Maal safeeffattu?

7. Mata dureewwan kanaan gadiirratti hirmaannaan keessan hagami:

sirna Gadaa ?

 foollee?

 waldhabdee furuu?

 qonnaafi horsiisa loonii?

 hawaasummaa keessatti akkamiin hirmaattu? Qixxee gosaafi Qixxee firaa

**Dabalee 2- Qabxiilee Daawwanna**

1. Gochaalee guyyuu isaan yeroo adda addaa keessatti qaban

____________________________________________________________

__________________________________________

2. Sirnoota hawaasaa

____________________________________________________________

__________________________________________

3. Dhaabbilee hawaasumma naannawaa :

 Akkaataa rakkoo furan

____________________________________________________________

______________________________

 Kunuunsa uumamaa

____________________________________________________________

______________________________

 Qixxee gosaafi firaa

____________________________________________________________

__________________________________

 Galma amantii (Waaqeffannaa)

____________________________________________________________

__________________________________

4. Raawwiilee adda addaa kanneen akka

 Fuudhaafi heerumaa

- awwaalchaa/booyicha

- Sigabaa muruu
- Gumaa fixuu

- Gosa , fira ,maatiifi  ollaa araarsuu

- walga'ii foollee

### Dabalee 3- Gaafiilee Afgaaffii

Kabajamoo ragaa himaa, ani yeroon ammaa kana uummata Torban Oboo kan Naannoo Oromiyaatti Godinaalee aanaa Boosatiifi naannoo keessa jiraatan irrattan qorannoo barumsa digirii sadaffaatiif ta'un geggeessaa jira. Gaaffiileen armaan gadiis akkaataa uummanni kun itti of ibsaniifi seenaa isaanii ibsan irratti odeeffannoo funaanuuf qophaa'an. Kanaafuu, gaaffiilee hawaasa kana ilaalchisanii dhiyaataniif deebiiwwan sirrii ta'an akka laattan kabajaanan isin gaafadha. Odeeffannoon isin kennitan ammoo dhimmi qorannoo kanaaiin alatti akka hinoolle, kan biraatiif hinoolu. Maqaa, bakka jireenyaafi yaanni isin laattanis of eeggannoodhaan dhimmi itti bahama.

Galatoomaa!

Maqaa _____________________________________

Umurii ______________________Saala _________________

Goodina ____________________ Aanaa ______________Ganda ________________

**Gaaffilee Afgaaffii**

1. Waa'ee achii-as-dhuftee keessanii natti himtuu ?

2. Maalfaa hojjettanii jiraattu? Abbootiin duriiwoo?

3. Matadureewwan armaan gaditti dhiyaatan ilaalchiisee yaada qabdan natti himaa:

- Gosoota Torban Oboo hundi tokkummaa akkamii qabdu ?
- seeroonni hawaasaa qabdan maal fa'i?
- kan seera hawaasaa cabse maaliin adabdu?
- fuudhaafi heeruma maalirratti hundooftanii raawewattu?

4. Hawaasa Torban Oboo naannoo kanneen iddoo biroo jiraatan waliin

tokkummaa/garaagarummaa maalii qabdu?

5. Kanneen armaan gadiirratti hawaasa naannoo kanneen Oromoo ta'aniifi hinta'iin waliin walitti dhufeenya akkamii qabdu:

-  walirraa fuudhuufi walitti heerumsiisuu?
-  daangaa waliin qooddachuu? Bakka loon itti tiksitan waliin qabduu?
-  waliin hojjechuufi waliif birmachuurratti?

6. Daangaan keessan duri haga eessatti?Ammoo? Maaliif?

8. Oromoo Arsiiifi Karrayyuu waliin walitti dhufeenya akkamii qabdu?

9. Daangaa keessan akkamiin kabachiistu? Eenyutu ga'ee olaanaa qaba? Maaliif?

**Dabalee 4. Odeeffannoo Raghimtootaa**

| Lakk | Maqaa Guutuu | Saala | Umurii | Gosa | Hojii | Ganda | Gahee Hojii hawaasa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Baqqalaa Biiftuu Boruu | Dhi | 86 | Gumbichu | Q/Bulaa | | A/Gadaa Melbaa |
| 2 | Maammoo Gadaa | Dhi | 84 | Gamuu | Hayyuu | Adaamaa | Jaarsa Biyyaa |
| 3 | Nagawoo Boosat | Dhi | 86 | Gamuu | Q/Bulaa | Garrii | Ayyaantuu |
| 4 | Qumbii Roobaa | Dhi | 85 | Gamuu | Q/Bulaa | Xaddacha | Ayyaantuu |
| 5 | Biiftuu Boruu | Dhi | 87 | Gumbichu | Q/Bulaa | Garrii | A/Gadaa duraanii |
| 6 | Kaasayee Raayyaa | Dhi | 62 | Gamuu | Q/Bulaa | Dongoree | A/Gad.duraanii |
| 7 | Gannaa Roobaa | Dhi | 76 | Gamuu | Q/Bulaa | Xaddacha | Ayyaantuu |
| 8 | Jiruu Damee | Dhi | 28 | Gamuu | Hoj.Dhu | Adaamaa | Foollee |
| 9 | Daadhii Qumbii | Dhi | 87 | Gamuu | Q/Bulaa | Garrii | Jaarsa Biyyaa |
| 10 | Abarraa Guutamaa | Dhi | 56 | Oborii | Q/Bulaa | Garrii | Foollee |
| 11 | Dachaasaa Jimaa | Dhi | 55 | Yaayyaa | Q/Bulaa | Xaddacha | Foollee |
| 12 | Ifaa Ida'oo | Dhi | 56 | Eekkaa | Q/Bulaa | Dongoree | Foollee |
| 13 | Guddataa Baariyoo | Dhi | 60 | Digaluu | Q/Bulaa | Garrii | Foollee |
| 14 | Asheetuu Hawaas | Dhi | 67 | Gullallee | Q/Bulaa | Dongoree | Jaarsa Biyyaa |
| 15 | Boosee Lataa | Dhi | 72 | Digaluu | Q/Bulaa | Harroojjii | Jaarsa Biyyaa |
| 16 | Gaddafaa Roobalee | Dhi | 54 | Oborii | Q/Bulaa | Xaddacha | Warra Gadaa Melba |
| 17 | Raggaasaa Badhaasoo | Dhi | 55 | Oborii | Q/Bulaa | Digaluu | Warra Gadaa Melba |
| 18 | Tasfaayee Jimaa | Dhi | 18 | Gamuu | Q/Bulaa | Doonii | Warra Gadaa Melba |
| 19 | Abbushee Sooroo | Dhi | 15 | Oborii | Q/Bulaa | Dongoree | Warra Gadaa Melba |
| 20 | Ashuu Shuumii | Dhi | 18 | Digaluu | Q/Bulaa | Digaluu | Warra Gadaa Melba |
| 21 | Xaasoo Jiruu | Dhi | 58 | Oborii | Q/Bulaa | Xaddacha | Warra Gadaa Melba |
| 22 | Gammachuu Caalaa | Dhi | 65 | Yaayyaa | Q/Bulaa | Oolancittii | Jaarsa Biyyaa |
| 23 | Guutaa Boruu | Dhi | 66 | Digaluu | Q/Bulaa | Xaddacha | Jaarsa Biyyaa |
| 24 | Habeebee Raayyaa | Dhi | 67 | Oborii | Q/Bulaa | Bofa | Jaarsa Biyyaa |
| 25 | Laggasaa Raggaasaa | Dhi | 61 | Eekkaa | Q/Bulaa | N/Heraa | Foollee |
| 26 | Lammaa Boriyoo | Dhi | 77 | Gumbichu | Q/Bulaa | B/ Dochee | Jaarsa Biyyaa |
| 27 | Raggaasaa Gurmuu | Dhi | 67 | Gumbichu | Q/Bulaa | D/Dagaa | Warra Gadaa Melba |
| 28 | Zannabaa Boruu | Dhi | 66 | Eekkaa | Q/Bulaa | Dagaagaa | Jaarsa Biyyaa |
| 29 | Daawitii Caalaa | Dub | 67 | Digaluu | Q/Bulaa | Digaluu | Hawwan |
| 30 | Dachaasaa Ifaa | Dhi | 72 | Yaayyaa | Q/Bulaa | Doonii | Jaarsa Biyyaa |
| 31 | Dagafaa Dachaasaa | Dhi | 62 | Digaluu | Q/Bulaa | Doonii | Jaarsa Biyyaa |
| 32 | Dachaasaa Badhaasoo | Dhi | 75 | Digaluu | Q/Bulaa | Bofa | Jaarsa Biyyaa |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 33 | Caalii Abarraa | Dub | 64 | Digaluu | Q/Bulaa | Oolanittii | Hawwan |
| 34 | Boruu Hawaas | Dhi | 67 | Oborii | Q/Bulaa | Borcata | Jaarsa Biyyaa |
| 35 | Birqii Dhugoo | Dub | 67 | Eekkaa | Q/Bulaa | Garrii | Hawwan |
| 36 | Tulluu Bushee | Dhi | 77 | Gumbichu | Q/Bulaa | Doonii | Jaarsa Biyyaa |
| 37 | Warqii Baqqaalaa | Dub | 32 | Eekkaa | Q/Bulaa | Borcata | Hawwan |
| 38 | Dagaagaa Daadhii | Dhi | 33 | Garrii | Q/Bulaa | Garrii | Foollee |
| 39 | Saaliyaa Huseen | Dhi | 29 | | W/A/Turz. | Oolancitti | |
| 40 | Hasan Huseen | Dhi | 29 | | W/A/Turz. | Oolancitti | |
| 41 | Aster Birehaanuu | Dub | 32 | Ammayya | Barsiiftuu | Bofa | Hawwan |
| 42 | Ashannaafii Biiftuu | Dhi | 29 | Gamuu | Hoj.Dhu | Garrii | Foollee |
| 43 | Guutamaa Biiftuu | Dhi | 39 | Gamuu | W/Darg. B | Oolancittii | Foollee |
| 44 | Baqqalaa Hayee | Dhi | 37 | Eekkaa | Q/Bulaa | Siifaa Battee | Foollee |
| 45 | Alamuu Aabbee | Dhi | 28 | Digaluu | H/Dhuunfaa | Garrii | Foollee |
| 46 | Qajeelaa Abbuu | Dhi | 28 | Eekkaa | Q/Bulaa | Siifaa Battee | Foollee |
| 47 | Kumaa Roorrisaa | Dhi | 46 | Gumbichu | H/Dhuunfaa | Adaamaa | Foollee |
| 48 | Guddataa Tulluu | Dhi | 45 | Yaayyaa | Q/Bulaa | Doonii | Foollee |
| 49 | Xaasoo Sammuyyee | Dhi | 67 | Digaluu | Q/Bulaa | Baat/ Warjii | Warra Gadaa Melba |
| 50 | Hailee Waaqaoo | Dhi | 60 | Digaluu | Q/Bulaa | Saaraa/Ar | Warra Gadaa Melba |
| 51 | Yaaddechaa Badhadhaa | Dhi | 80 | Oborii | Q/Bulaa | Baat/ Warjii | Jaarsa Biyyaa |
| 52 | Lammii Shuumatee | Dhi | 45 | Gumbichu | Q/Bulaa | Ararsoo B. | Warra Gadaa Melba |
| 53 | Damee Leenjisoo | Dhi | 60 | Gullallee | Q/Bulaa | Ararsoo B. | Foollee |
| 54 | Darajjee Shuumatee | Dhi | 40 | Gumbichu | Q/Bulaa | Qacaacu.G | Foollee |
| 55 | Lammaa Roobaa | Dhi | 70 | Oborii | Q/Bulaa | Baat/Warjii | Jaarsa Biyyaa |
| 56 | Walabaa Baqqalaa | Dub | 50 | Yaayyaa | Q/Bulaa | Baat/Warjii | Hawwan |
| 57 | Likkee Gaaddisaa | Dub | 68 | Gullallee | Q/Bulaa | Baat/Warjii | Hawwan |
| 58 | Xaayituu Bultum | Dub | 60 | Gullallee | Q/Bulaa | Doonii | Hawwan |

## Dabalee 5 –Suuraawwan Adda addaa





Gareen Warra Gadaa Melbaa Irreecha Arfaasaa irreeffatanii yommuu galan( Waxabajji,2014)



Walga'ii Qixxee Firaarratti  Ilma Abbaatti yakke yeroo adabanii sirreessan (Sadaasa,2013)





Marii Foollee Roobalee dhimma hawaasummaa(Guraandhala,2014)



Yeroo walga’ii Qixxee Gosaa (Abbootaafi Ijoollotaa, Bitootessa,2014)





Warra ayyaantuu Qumbii Roobaa naannoo Ujuba Boosat Luumeetti(Onkoloolessa 2014 )



Qeyee obbo Nagawoo Boosat (Um.85)fi Dagaagaa Daadhii(32) gargaaraa yeroo ragaa guuruu (Onkoloolessa 2014 )



Foollee Roobalee yeroo Sigabaa muran